# DALDALA SEERAAN ALAA

# MOOJULII LEENJII HOJII IRRAA YEROO GABAABAAf QOPHAA'E

**QOPHEESSAAN: Obbo Geetaachoo Kabbadaa (LL.B; LL.M)**

**GULAALTOOTNI:**

1. **Obbo Dobee Dhaabaa (LL.B; LL.M)**
2. **Obbo Habtaamuu Bultii (LL.B;LL.M)**
3. **Obbo Hashiim Tuunaa(LL.B;LL.M)**

**EEBLA, 2015 (ILQSO)**

## BAAFATA


Gabaajewwan ..... i

Seensa Waliigalaa ..... 1

BOQONNAA TOKKO ..... 4

Dhimmoota Waliigalaa Daldala Seeraan Alaa ..... 4

1.1. Seensa ..... 4

1.2. Maalummaa Hojii Daldalaa ..... 5

1.3. Maalummaa Hojii Daldala Seeraan Alaa ..... 7

1.4. Sababoota ka'umsaa Daldala Seeraan Alaa Ta'an ..... 10

1.5. Miidhaawwan Daldala Seeraana Alaa ..... 10

1.5.1. Miidhaa Daldalli Seeraan Alaa Diinagdee Irratti Qabu. ..... 10

1.5.2. Miidhaa Daldalli Seeraan Alaa Fayyaa Uummataa irratti qabu. ..... 11

1.5.3. Miidhaa Daldala Seeraan Alaa Eegumsa Naannoo Irratti Qabu ..... 12

1.5.4. Miidhaa Daldalli Seeraan Alaa Nageenya Biyyaa Irratti Qabu ..... 12

BOQONNAA LAMA ..... 13

Seerotaa fi Dhabbilee Ittisa Daldala Seeraan Alaa Keessatti Qooda Qaban ..... 13

2.1 Seensa ..... 13

2.2 . Haguuggii Seerota Hojii Daldalaa To'atan ..... 14

2.2.1.Heera Mootummaa Fedaraalaawaa Demokiraatawaa Reppubilika Itoophiyaa ..... 14

2.2.2. Labsii Galmeessa Daldalaa fi Kenna Hayyamaa lakk.980/2008 ..... 14

2.2.2.1 Galmee Daldalaa ..... 15

A. Maalummaa fi Kaayyoo Galmee Daldalaa ..... 15

B. Bu'aa Galmee Daldalaa irratti Galmaa'uu Qabu. ..... 16

C. Daldalaa Galmee Daldalaa Irraa Haquu. ..... 19

2.2.2.2 Hayyama Daldalaa ..... 20

A. Kaayyoo Hayyama Daldalaa ..... 20

B. Mirgaa fi Dirqama Hayyamni Daldalaa Hordofsiisu ..... 21

C. Hayyama Daldalaa Haareessuu ..... 24

D . Hayyama Daldalaa Haquu ..... 25

2.2.3 Labsii Bulchiinsa Nyaataa fi Dawwaa Lakk.661/2009 fi 1112/2019 ..... 25

A. Hayyama Oogummaa ..... 26

B. Hayyama Ragaa Mirkaneessa Gahumsaa ..... 29

C. Oomishaalee Galmessuu ..... 33

2.2.4 Labsiilee Sirna To'annaa Qulqullina Fi Daldala Bunaa ..... 34

A. Gabaa Hayyamame keessatti Daldaluu ........ 34
B. Qulqullina Oomishaalee Eeguu ........ 36
C. Waraqaa Darbinsa Daandii ........ 40
I. Aangoo Hayyama Darbinsaa Kennuu ........ 41
II. Yeroo hayyamni darbinsa Daandii itti dhiyaachuu qabu ........ 42
D. Hojii Daldalaa Gaggessuuf Dandeettii Seeraa Qabaachuu ........ 52
2.2.5 Dirqamoota Dabalataa Daldalaan fi Fayyadaman Qabachuu qabu ........ 53
2.2.6 Rakkoowwan Hojirra Oolmaa Seerota Daldalaa fi To’annaa Qulqullina Bunaa Sadarkaa Fedaraalaa fi Naannoo Oromiyaa Gidduu jiran ........ 55
2.2.7 Labsii Oomisha, Eegumsaa fi Itti Fayyadama Bosonaa lakk.1065/2018 ........ 67
2.2.8 Labsii Bittaa Horii Dhaabbii Lakk 819/2006 fi Labsii Gogaa Fi kalloo lakk.814/2006 ........ 70
2.2.9 Labsii Dorgommii Daldalaa fi Eegumsa Mirga Fayyadamtootaa ........ 72
I. Gocha Daldala Seeraan Alaa Ittisuu Keessetti Gahee Qooda Fudhattootaa. ........ 73
A. Sektaraalee Mootummaa Hojii Daldalaa Hordofuun Gocha Daldala Seeraan Aalaa Ittisan ........ 73
B. Gocha Daldala Seeraan Alaa Qabuu fi Qorachuu ........ 76
C. Aangoo Gocha Daldala Seeraan Alaa Himachuu ........ 78
D. Daldala Seeraan Alaa fi Aangoo Manneen Murtii ........ 81
2.2.10 Qorichoota Ykn Baalawwan Sammuu Adoochuu Naanneessuu Yookiin Fayyadamuu ........ 85
BOQONNAA SADII ........ 90
Aangoo Manneen Murtii fi Qaamolee Raawwchiiftuu Ciraa Qabame Irratti Qaban ........ 90
3.1 Seensa ........ 90
3.2 Barbaachisummaa Tarkaanfii Bulchiinsaa Qaamolee Raawwachiiftuuf Kennamuu ........ 91
3.3 Aangoo Qaamolee Bulchiinsaa Tarkaanfii Yookiin Murtii Bulchiinsaa Fudhachuu ........ 92
3.4 Dhimmoota Ciraa Qabaman Irratti Tarkaanfii Adeemsa Seeraan Fudhatamu Oliyyannoon Ilaaluu 97
*A. Seeraan Alummaa Murtichaa* ........ 98
*B. Seerotni Deemsaa Eegamuu Isaanii Mirkaneessuun* ........ 98
3.5 Aangoo Manneen Murtii Dhaddacha Hariiroo Hawaasaa Ciraa dhiyaate irratti qaban ........ 103
3.6. Aangoo Manneen Murtii dhaddacha yakkaa Ciraa Dhiyaate irratti Qaban ........ 112
Madda Wabii ........ 125

## Gabaajewwan

- **GDFD.................... Gochaawwan Daldalaa Farra Dorgommii**
- **Qajeelfama BDMGO....Qajeelfama Biiroo Daldalaa fi Misooma Gabaa Oromiyaa Qaj. Lak 1/2004**
- **S.Y...................... Seera Yakkaa**
- **RDFI ................... Rippabliika Dimokraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa**
- **MMWO...............Mana Murtii Waliigala Oromiyaa**
- **MMO...................Mana Murtii Olaanaa**
- **MMA...................Mana Murtii Aanaa**
- **Dha.Ij. ...................Dhaddacha Ijibbaataa**
- **SHH..........................Seera Hariiroo Hawaasaa**
- **Kwt------------------Keewwata**
- **Labsii DD fi ES. ......Labsii Dorgommii Daldalaa fi Eegumsa Shamattootaa 813/2006.**

## Seensa Waliigalaa

Daldalli biyya tokkoof utubaa dinagdee ta'ee hojiin sektara qonnaa, industirii fi tajaajilaa akka dagaagu ni taasisa.[1] Biyya keenya keessattis mootummaan hojiilee hawwaasummaa, siyaasaa fi nageenya uummataa bifa tarsiima'aa ta'een karoorsee hojjechuun milkaa'uu kan danda'u guddinni diinagdee sirrii ta'e yoo jiraate dha.Guddinni dinagdee kan galma ga'uu danda'us, sochiin daldalaa fayyaallessi bu'uura seeraan gaggeeffamu yoo jiraate dha. Shoora hojiin daldalaa guddina dinagdee keessatti qabu guddachaa akka deemu gochuuf, gochawwan sochii daldalaa kana miidhan beekanii to'achuun murteessaa dha.

Gochawwan daldala seera qabeessa ta'e miidhan keessaa tokko daldala seeraan alaati. Daldala seeraan alaa jechuunis meeshaalee fi tajaajiloota akka ittiin hin daldalamne dhorkaman daldaluu akkasumas meeshaalee fi tajaajiloota seera qabeessa ta'an ulaagaalee yookin adeemsa seerri bifa dirqiin kaa'u irra darbuun yookiin cabsuun hojii daldalaa geggeessuu dha.[2] Daldalli bu'uura seeraan deeggaramee hin gaggeffamne immoo miidhaawwan kanneen akka rakkoo dinagdee, rakkoo fayyaa, rakkoo nageenyaa fi duudhaa uummataa irratti geessisu daran olaanaa dha. Miidhaa daldalli seeraan alaa qaqqabsiisu keessaa miidhaa gama dinagdeen qaqqabsiisu yeroo ilaallutti, akkaataa gabaasni Biiroo Daldalaa Oromiyaa gabaasetti, akka lakkoofsa Itoophiyaatti bara 2008tti meeshaaleen daldalaa seeraan ala qabaman tilmaama qarshii miiliyoona 149 yoo ta'u bara 2011 immoo gara qarshii miiliyoona 193tti kan ol guddate yoo ta'u, gochi daldala seeraan alaa parsantaadhan 30% dabalaa akka jiru kan agarsiise dha.[3]

Daldala seeraan alaa kana maqsuuf yookiin xiqqeessuuf, mootummaan taateewwan daldalaa biyya keessatti raawwataman bifa miidhaa qaqqabsiisuu hin dandeenyeen to'achuu dha. Adeemsa kana keessattis seera bu'uura godhachuun warraa hojii daldala seeraan alaa irratti hirmaatan ittisuu, kanneen daldala seera qabeessa geggessuun dinagdee biyyaa utubuun daldaltoota hirmaachaa jiran immoo bu'uura seeraan jajjabeessuun murteessaa dha.[4]

---

[1] Dr.Abdi Yuya & Dr.Kassahun Dubale, Causes, Practices and Consequiences of Illegal Tarade in Oromiya Regional State, Adama Science and Technology University in Collaboration with Oromiya Trade Bureau,2022 pp.15

[2] Republic of Kenya National Action Plan and Implementation Framework to Combat Illicit Trade in 2019-2022, June 2019, pp. Vi.

[3] Miil jalee lakk.15

[4] Habtaamuu Bultii faa N-2, Daldala Seeraan Alaa To'achuu: Rakkowwan Seeraa fi Hoj-Maata Qaamolee Haqaa Keessatti Mul'atan (Qorannoo ILQSO, 2008), fuula 3

Akka biyyaattis ta'e akka naannoo keenyaatti miidhaa daldalli seeraan alaa qabu dhabamsiisuuf yookiin xiqqeessuuf seeroota gocha seeraan alaa to'atan qixa sirriin akka hojiirra oolan gochaa jiru.[5] Akkuma beekamu akka biyyaatti qajeeltoodhaan sirna gabaa bilisaaa akka geggeessaa jirru seerootni gara booda kanaa ba'an daran ifoomsaa jiru.[6] Biyya sirna gabaa bilisaa geggeessitu keessatti immoo shoorri sektaraalee dhuunfaa iddoo olaanaa kan taphatu dha. Kana jechuun immoo mootummaan gahee tokkoyyuu hin taphatu jechuus miti. Dirree gabaa sirni gabaa bilisaa ittin geggeefamu kanneen akka seeraa fi hojmaata dhimmichaan wal qabatan diriirsuu keessatti mootummaanis gahee kan qabu ta'uun isaa kan dagatamu miti. Kanneen keessaas, seeroota daldala seeraan alaa to'achuu danda'an baasuu fi hojiirra oolchuu dha. Bu'uuruma kanaan qaamolee mootummaa keessaa seeroota daldalaa hojiirra oolchuun gochi daldala seeraan alaa akka hin raawwatamne dursanii ittisuu keessatti shoora olaanaa taphatan seera rogummaa qabuun seektarootaaf aangoo fi gaheen hojii dhimmoota daldala seeraan alaa ittisuu kennameefii jira.[7] Akkasumas, sektaraaleen mootummaa kun aangoo seeraan kennameef qixa sirriin itti fayyadamuun ittisa irratti akka hojjetan gochuu dha. Seektaraaleen kun nama daldala irratti hirmaachuuf fedhii qabu kamiyyuu ulaagaa seeraa isa xiqqaa (minimum requirement) akka guuttatan gochuun gara daldalaatti akka seenan gochuu, dirree daldalaa keessatti naamusaa fi seera daldalaa eeganii daldaluu isaanii hordofuu lafa rakkoon uumametti tarkaanfii bulchiinsaa fi seeraa fudhachaa deemuun ittisa daldala seeraa irratti gahee leencummaa isaanii ni taphatu.

Akkasumas gochi daldala seeraan alaa yommuu raawwachuuf jedhu ykn rawwatu ittisuu, qorachuu, himachuu fi murtii adabbii dhimmichaan wal qabatu kennuun gochi daldalaa akka hin raawwatamne gochuu keessatti shoorri qaamolee haqaa iddoo olaanaa kan qabu dha. Haa ta'uyyuu malee qaamoleen mootummaa kunneen seerota daldala seeraan alaa ittisuuf ba'an qixa sirriin kaayyoo fi galma seerota kanaa bifa wal fakkaatuun hubachuun hojjechuu irratti hanqinni jiraachuu, murtii barsiisaa ta'ee fi si'oomina qabu kennuu irratti hanqinni bal'aan jiraachuu, wal hubannoon seektaroota manneen hojii mootummaa fi qaamolee haqaa gidduu jiru laafaa ta'uun to'annoo

---

[5] MoFED, Annual progress report for fiscal year of 2011/12, on Growth and Transformation Plan of Ethiopia, March 2013, fuula 37

[6] Labsii Dorgommii Daldalaa fi Eegumsa Mirga Shamattootaa lakk.813.2006 seensa isaa irratti "Where as, commercial activities must be conducted in accordance with the appropriate practice based on the free market economy policy af the country."

[7] Labsii Qaamolee hojii raawwachiiftuu naannoo oromiyaa lakk.242/2014.

daldala seeraan alaa irratti gama qaamolee haqaatiin taasifamu sadarkaa barbaadamu irra akka hin geenye taasiseera.[8]

Yaadama mata duree mojulii kanaa bifa galma gahuu danda'uun, moojuliin kun boqonnaa jajjaboo sadii(3) kan qabu ta'ee, Boqonnaa jalqabaa keessatti Dhimmoota Waliigalaa Daldala Seeraan Alaa irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u, boqonnaan lammaffaa Seerotaa fi Dhabbilee Ittisa Daldala Seeraan Alaa keessatti qooda qaban irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u boqonnaan sadaffaan immoo daangaa aangoo manneen murtii fi qaamolee raawwchiiftuu gocha daldala seeraan alaatiin ciraa qabame irratti qabaachuu qaban irratti dhimmaan deeggaruun gadi fageenyaan kan xiinxalamu ta'a.

Moojuliin kun leenjii leenjifamtoota hojii irraa yeroo gabaabaaf kan qophaa'e ta'uu isaatiin dhimmotni kan akka meeshaa waraanaa seeraan ala daldaluu, namaan daldaluu fi seeraan ala daangaa ceesisuu, seerota taaksii fi gumurukaan wal qabatan haguuggii kan argatan miti.

Bu'uuruma kanaan, xumura leenjii moojulii kanaatti leenjifamtootni,

- ✓ Maalummaa gocha daldala seeraan alaa, sababoota ka'umsaa fi miidhaa isaa ni hubatu,
- ✓ Hojii daldala seeraan alaa qabuu, qorachuu fi himachuu ilaalchisee rakkoowwan qabatamaan jiran adda baasuu fi dhiyeessa, madaallii fi mirkaneessa ragaa gocha daldala seeraana alaa waliin wal qabatanii jiran irratti hubannoo dabalataa ni argatu,
- ✓ Daldala seeraan alaan wal qabatee qabeenya ciraan qabamu irratti daangaa aangoo qaama bulchiinsaa fi aangoo manneen murtii qaban irratti hubannoo dabalataa ni argatu.

---

[8] Habtaamuu Bultii faa N-2 Daldala Seeraan Alaa To'achuu: Seeraa fi Hoj-Maataa (Moojulii leenjii hojiirraa ILQSO, 2009), fuula 5 fi Akkasumas, Daldala seeraan alaa irratti leenjii hojiirraa barreessaa moojulichaan baruma kana jechuun 2015 kennamaa tureen hirmaattota leenjichaan kan ka'aa turee irraa hubachuun danda'ameera.

# BOQONNAA TOKKO

## Dhimmoota Waliigalaa Daldala Seeraan Alaa

### 1.1. Seensa

Daldalli seeraan alaa yaadama bal'aa ta'ee fi hojiiwwan daldalaa akkaataa seeraan hojjetamuu qabu jedhamanii adda ba'anii beekaman seeraa fi hojmaata cabsuun daldala geggeessuu dha. Osoo kallattiidhaan gara daldala seeraan alaatti hin ce'iin dura maalummaa hojii daldalaa sirritti beekuun murteessaa dha. Daldalli bittaa fi gurgurtaa meeshaalee fi tajaajilootaa namoota giddutti taasifamu dha. Namootni jireenya isaanii gaggeeffachuuf guyyaa guyyaan bittaa fi gurgurtaa raawwachaa oolu. Hojii daldalaa jechuunis gocha bittaa fi gurgurtaa namootni meeshaalee yookiin tajaajiloota adda addaa ilaalchisuun raawwatani dha. Bittaa fi gurgurtaa isaan raawwatan kunis gama tokkoon kan meeshaalee(goods) ilaallatan yoo ta'u gama biroon immoo kan tajaajilootaa(services) ilaalchisuun raawwatamani dha.[9]

Adeemsa yeroo keessa sababa qaroominnii fi kalaqni dhala namaa dabalaa deemeef meeshaalee fi tajaajiloonni haaraa uumamaa dhufanii fi baay'inni namootaa daran dabaluu irraan kan ka'e, haalootni bittaa fi gurgurtaa si'eessan hedduminaan uumamaa dhufuun isaanii hojiin daldalaa akka babal'atuu fi wal xaxaa akka ta'uuf sababa ta'eera.[10] Keesumaa baay'inni uummataa dabalaa dhufuun qabeenya murtaa'e argachuuf wal dorgomuun waan hin oolle dha. Dabalataanis, sababa baay'achuu uummataa irraan kan ka'e qabeenya murtaa'aa ta'e kana argachuuf namootni tooftaa adda addaatiin fayyadamuun hojii daldalaa keessa seenanii jiru.[11]

Hojiin daldalaa wal xaxaa ta'aa deemuun fi fedhiin daldaaltootaa karaa qaxxaamuraa duroomuuf yaaluun seeraa fi hojmaata daldalaa cabsuun hojii daldalaa akka gaggeessan kan taasisu dha.

Boqonnaa kana keessatti leenjitootni:

---

[9] Kuusaa jechoota seeraa kan ta'e Blackslaw dictionary jecha daldala jedhu Kanaaf hiika inni kenne ilaaluun ni danda'ama. Bryan A. Garner(Ed.in chief), Blacks Law Dictionary(9th ed), Thomson Reuters,2009,p.304.

[10] Dollar, D; Kraay, A, 'Trade, Growth, and Poverty' (PDF):114 (493): The Economic Journal (2004), 22–49.CiteSeerX 10.1.1.509.1584. doi:10.1111/j.0013-0133.2004.00186.x. Archived from the original (PDF) on 2004-03-07 Retrieved 2019-3-2

[11] Lammii biyya Iskootilaandii kan ta'e Aleeksaandar Graahaam Bell bara 1872 ALAtti bilbila hin sochoone uumuun namootni iddoo adda addaa jiran sagalee walii dhaga'aa akka wal quunnaman taasisuun, daldalli bittaa fi gurgurtaa mi'aa fi tajaajilaa akka saffisu taasisee jira. Akkasumas bara 1973 ALAtti dhalataa biyya Ameerikaa Kaabaa kan ta'e Dr. Martin Cooper bilbila socho'u kalaquun fedhiin namootaa gara kanaatti guddachuun daldalli(bittaa fi gurgurtaa) moobaayilaanis raawwatamuun isaa guddinni daldalaa qaroomina dhala namaa fi fedhii isaan wal qabatee uumamu waliin dabalaa kan dhufe ta'uu kan agarsiisu dha.

- Yaadrimee Daldalaa akka waliigalaatti fi addatti immoo hiikkoo fi uwwisa seeraa biyya keenya keessatti argate irratti hubannaa ni dabalatu.
- Yaad-rimee yookiin maalummaa daldala seeraan alaa irratti hubannoo dabalataa ni argatu.
- Sababoota ka'umsaa daldala seeraan alaa adda baasun nii hubatu.
- Miidhaa daldalli seeraan alaa guddina dinagdee, hawaasummaa, fayyaa hawaasaa fi eegumsa naannoo irratti qabu ni hubatu.

### 1.2. Maalummaa Hojii Daldalaa

Hojii daldalaa jechuun yaadama waliigalaa bittaa fi gurgurtaa meeshaalee fi tajaajilootaa raawwachuu dha. Haa ta'uyyuu malee namni kamiyyuu bittaa fi gurgurtaa meeshaalee yookiin tajaajilaa keessatti hirmaatan hundi afaan seeraatiin daldalaa dha jechuu hin dandeenyu. Kanaaf ulaagaalee nama yookiin dhaabbata tokko daldalaa taasisan adda baasanii hubachuun barbaachisaa dha. Seerotni biyya keenyaa hiikkoo fi maalummaa daldalaa kana yeroo tuman:

Seerri daldalaa inni haaraan lakk.1243/2013 jecha daldala jedhu kallattiin keewwata 5 jalatti kan hike miti. Haa ta'u malee, daldalaa namootni jedhaman: daldala hojii oogummaa isaanii godhachuun bu'aa argachuuf jecha hojiiwwan (37) tarraa'an ykn *hojiiwwan biroo walfakkaatoo namaoota hojjetan* dha jechuun tumee jira.[12] Seerichi gosoota daldalaa seera daldalaa duraanii keessatti hojiiwwan 21 qofaa ture gara 37 tti ol guddisuun diddiriirsee kaa'ee jira. Kana qofaa osoo hin ta'iin seerri daldalaa hojiwwan tarreessuun bifa cufaa(exhaustive) ta'een yeroo tumutti gama biroon immoo seerri daldalaa inni haaraan immoo haala hojiiwwan gara fulduraatti bu'aa kalaqa dhala namaa ta'anii galii argamsiisuu danda'an kan uumaman yoo ta'e haala gara fulduraatti tarsiimoo mootummaa gidduu galeessa godhachuun hojii daldalaa keessatti hammachiisuun akka danda'amuuf hojiiwwan daldalaa labsicha keewwata 5 jalatti yeroo ammaa lakkoofsaan 37 ta'anii fi hojiiwwan daldalaa uumamuu danda'an haala qabachuu danda'uun banaa(illustrative) ta'ee tumee jira.

Akkasumas labsiiwwan hojii daldalaa hoogganuuf ba'an kan akka labsii galmeessa daldalaa fi hayyamaa lakk.980/2008tiin: hiikkoo afaan ingiliffaa fi afaan amaaraa garaagarummaan kan jiru yoo ta'u inni ingiliffi "Busness person means" jedhee yoo jalqabu hiikkoon inni amaariffaa immoo daldalaa jechuun kan eegalu ta'ee, hiikkoo isa amaariffa yeroo ilaallus, Daldalaa jechuun nama kamiyyuu daldala hojii oogummaa isaa godhatee faayidaa malu argachuuf hojii seera daldalaa

[12] Seera daldalaa Itoophiyaa,Fedaraal Nagaariit Gaazexaa,Maxxansa Addaa Labsii Lakk.1243/2013,Finfinnee, (kana booda Seera Daldalaa isa haaraa jedhamuun Moojulii kana keessatti ibsama), keewwata 5(hiikkoon kan barreessichaati.)

irratti tarreeffaman hojjetu yookiin tajaajila kan kennuu fi hojii daldalaa jedhamee seeraan kan murtaa'u kan hojjetu dha.[13] Labsiin kun kutaa labsichaa hiikkoo jedhu jalatti haaluma seera daldalaa duraanii waliin wal simuu danda'uun kan hiikkoon kennameef yoo ta'u, hojiiwwan daldalaa seera daldalaa duraanii keessatti kan hin haguugamne hammachuu bifa danda'uun waan hin bocamneef hojiiwwan kalaqa dhala namaatiin kalaqamanii tarsiimoo mootummaan qabate gidduu galeessa taasisuun galii argamsiisuu danda'an waan hammachuu hin dandeenyeef labsii galmeessaa fi hayyama daldalaa lakkoofsa 1150/2011tiin keewwattoota muraasa fooyyessuun jecha daldala jedhuuf "daldala hojii oogummaa isaa godhatee faayidaa malu argachuuf seera daldalaa fi qajeelfama gita kenna hojii hayyama daldalaa keessatti kan tarreeffaman hojiilee kamiyyuu nama hojjetu dha jechuu daldalaaf hiikkoo kennee jira.[14]

Seera daldalaa isa haaraa fi labsiiwwan hojii daldalaa bitan walumatti qabnee yeroo ilaalutti, daldalaa jechuun nama bu'aa argachuuf kaayyeffatee hojii dursaa isaa taasifachuun hojii daldalaa irratti bobba'e jechuu dha. Keessumattuu akkaataa seera daldalaa isa haaraa keewwata 5tiin ulaagaalee hunda galeessaa(cumulative requirements) namni tokko daldalaa dha kan jechisiisan qabxiiwwan jajjaboo afur(4) guutamuun isaanii Dirqama dha.

*Inni jalqabaa*, daldala irratti kan bobba'u nama ta'uu isaati. Nama jechuun immoo nama uumamaas ta'e seer-uumees kan dabalatu dha. Akkaataa seeraatiin yeroo ilaallu nama gosa lamatu jira. Inni jalqabaa nama uumamaa(natural person) yoo ta'u inni lammaffaa immoo nama seer-uumee(artificial/legal/juridical persons) dha. Namootni seer-uumee dhaabbilee seeraan akka namaatti ilalamanii dandeettii himachuu fi himatamuu seeraan gonfatani dha malee namoota uumamaa miti.

*Ulaagaan inni lammaffaa*; namni daldalaa jedhamu, nama bittaa fi gurgurtaa meeshaalee fi tajaajilootaa akka hojiiwwan daldalaatti lakkaawwaman keessatti hammatame ta'uu isaati. Kan hojii daldalaa jedhaman kunis kanneen seerichaan ifatti tarreeffaman ta'uu qaba. Fakkeenyaaf seerri daldalaa hojiiwwan daladalaa baay'inni isaa 37 fi gara fulduraatti hojii daldalaati jedhaman qofaa irratti kan xiyyeeffatu dha.

*Ulaagaan inni sadaffaan;* namni bittaa fi gurgurtaa meeshaalee keessatti hirmaate tokko akka daldalaatti kan lakkaawamu yoo bittaa fi gurgurtaan akka hojii dursaa isaatti (as principal calling)

[13] Labsii Galmeessaa fi Kenna Hayyamaa lakk.980/2008 keewwata 2(2).
[14] Labsii lakk.980/2008 fooyyeessuuf ba'e lakk.1105/2011 keewwata 2(2).

kan raawwatu yoo ta'e dha. Kanaaf, namni yeroo boqonnaa isaa qofaa hirmaatu yookiin maddi galii isaa gara biraa ta'e akka daldalaatti hin lakkaawamu.

*Ulaagaan inni dhumaa*, namni bittaa fi gurgurtaa meeshaalee irratti bobba'e kaayyoon isaa bu'aa argachuu kan gidduu galeessa godhate (for profit) yoo ta'e akka daldalaatti lakkaawama. Gama biroon immoo kaayyoo galii argachuu osoo hin taane hojiin tola ooltummaaf hojii hojjetamu hojii daldalaa keessatti kan hammatamu miti. Walumaa galatti, daldalaa jechuun nama bu'aa argachuuf kaayyeffatee hojii dursaa isaa taasifachuun hojii daldalaa irratti bobba'e jechuu dha.

Walumaa galatti maalummaa fi yaadrimee hojii daldalaa adda baasanii beekuun karaa salphaa ta'een garaagarummaa hojii daldala seera qabeessaa fi daldala seeraan alaa adda baasanii hubachuun ittisa daldala seeraan alaa taasifamu milkeessuuf shoora olaanaa qaba.

### 1.3. Maalummaa Hojii Daldala Seeraan Alaa

Daldalli seeraan alaa rakkoo addunyaa kanaa ta'ee hojiin daldalaa sirrii fi bu'uura seeraa qabu akka hin geggeffamne gochuun, akkasumas dorgommiin daldalaa seera gidduugaleessa godhate akka hin jiraanne ni taasisa.[15] Hiikkoon qaama beekamtii Idila Addunyaa qabuun kenname dhaabbatani fayyaa addunyaa daldala seeraan alaa irratti kenne dha.

> "*Any practice or conduct prohibited by law and which relates to production, shipment, possession, distribution, sales or purchase including any practice or conduct intended to facilitate such activity*[16]*"*

Yeroo gara afaan oromootti hikamuttis, daldalli seeraan alaa hojii daldalaa seeraan dhorkame tokko oomishuu, geejibuu, qabachuu, raabsuu, gurguruu yookiin bituu fi hojiwwan amaloota akkasiif mijeessuu hunda kan dabalatu dha.[17]

Akkasumas barreefanmi biroon daldala seeraan alaatiif hiikkoo kenneen;[18]

> *"Illicit trade is any form of trade that infringes as the rules, laws, regulations, licenses taxation systems, embargos and all procedures that countries use to organize trade, protect citizes, raise standard of living and enforce code of ethics. It involves the production, sale, purchase, importation, and exporation of goods in violations of the existing legislations relating to trade and other regulatory controls."*

---

[15] OECD, Reviews of Risk Management Polices: Illicit trade: Converging Criminal Network, (2016), p. 19
[16] Mil jalee lakk.6, fuula 28
[17] Isa olii hiikkoo barreessittoota moojulii daldala seeraan alaa barreessaniin kan hiikame dha.
[18] Kenya National Action Plan and Implementation Frame Work To Combat Illicit Trade, June 2019, pp.Vi

Akka hiika barreeffama kanaatti daldalli seeraan alaa gochaa seera, dambii, qajeelfamaa, fi akkasumas adeemsota biyyattiin daldala ittiin hooggantu, eegumsa mirga lammiilee ittiin taasifamu cabsuun daladala raawwatamu dha jechuun bal'isee hiikkoo itti kennee jira.

Daldala karaa sirrii ta'een qajeelchuun akka danda'amuuf hojii daldalaa seeraa fi hojmaata ifa ta'een hoogganuun murteessaa dha. Akkuma fakkeenyaatti kaasuuf labsii galmeessaa fi kenna hayyama daladalaa lakk.980/2016 keewwata 5(1) fi 22(1) tiin namni hayyama daldalaa baafachuu barbaadu osoo galmee daldalaa irratti hin galmaa'iin hayyama daladalaa argachuu akka hin dandeenyee fi akkasumas hayyama daldalaa ragga'e osoo hin qabaatiin hojii daldalaa akka hojjechuu hin dandeenye dhorkee jira. Namni kamiyyuu dhorkii kana irra darbee kan daldala seeraan alaa irratti bobba'e yoo ta'e itti gaafatamummaa seeraa ni qabaata.[19] Labsii to'annoo nyaata, qorichaa fi bulchinsa fayyaa lakk 661/2002 keewwata 33(1)fi keewwata 46(1) hayyama malee tajaajila yaalumsaa hammayyaa fi aadaa (keewwattni akka wal-duraa duubaan) kennuun akka hin danda'amne teechisee jira. Dabalataanis labsiin bulchiinsa nyaataa fi qorichaa lakk.1112/2011 keewwatni 23(1) namni kamiyyuu daldala qorichaa yookiin meeshaalee yaala fayyaa irratti osoo hin hirmaatiin dura qaama dhimma kana sadarkaa fedaraalaatti hoogganu yookiin sadarkaa naannootti qaama sektara fayyaa hordofu biratti osoo hin galmaa'iin fi waraqaa ragaa mirkaneessa gahumsa hojii hin baafatiin hojjechuu hin danda'u. Bu'uura dambii lakk.299/2013 keewwata 90(1)tiin namni kamiyyuu waraqaa ragaa mirkaneessa gahumsa hojii qaama aangoo qabu irraa osoo hin qabaatiin dhaabbata fayyaa hundeessee hojjechuu hin danda'u jechuun tumee jira.

Akkasumas, namni oomisha qonnaa daldaluu barbaadu qaama aangoo qabu irraa waraqaa ragaa mirkaneessa gahumsa hojii daldalaa fi hayyama daldalaa osoo hin qabaatiin hojii daldalaa gaggeessuu hin danda'u.[20] Qajeelfamni labsii fi dambii  qulqullinaa fi bittaa bunaa to'achuuf sadarkaa fedaraalaatti ba'e lakk.02/2012 keewwata 14.1(3) namni bittaa bunaa fi tajaajila bunaa irratti hirmaachuu barbaadu osoo waraqaa ragaa mirkaneessa gahumsa hojii fi hayyama daldalaa hin baafatiin hojii daldala bunaa yookiin tajaajila buna waliin wal qabatu kennuu hin danda'u. Hima biraan namni kamiyyuu ulaagaa labsiin, dambii fi qajeelfamaan dabalataan kaa'ame hin guuttatiin hojii daldalaa osoo geggessaa jiruu qabame daldala seeraan alaa raawwateera jedhamee

[19] Labsii lakk.980/2016 keewwata 49 ilaali.
[20] Labsii lakk.234/2013 keewwata 26 ilaali.

seeraan gaafatamuu ni danda'a.[21] Ulaagaa bu'uuraa seerri daldalaa akka daldalaan tokko yeroo oomisha qonnaa yookiin industirii geejibu hayyama darbinsa daandii qabachuu akka haalduree seera qabeessa tokkootti fudhatu qabatanii socho'u akka dirqamaatti seerootni tuman ni jiru.[22] Akkaataa seerichi barbaaduun daldalaan hayyama darbinsa daandii qabatee kan hin sochoone yoo ta'e seeraan kan gaafatamu ta'a jechuu dha. Fakkeenyaaf buna janfala gabaa sadarkaa 1ffaa irraa gara warshaa buna qopheessuutti geejibuun akkasumas warshaa buna qopheessu irraa gara gabaa gidduu galeessaatti geejibuuf hayyama darbinsa daandii qaama aangoo qabu irraa kennamuun geggeffamuu qaba.

Bu'uura labsii dorgommii daldalaa fi eegumsa mirga fayyadamtootaa keessatti daldalaan faayidaa fayyadamtootaatiif yoo ta'e malee oomishaa fi tajaajila gurguruu diduu hin danda'u. Dabalataanis oomishaalee yeroo seeraan ta'ee olitti kuusuu hin qabu. Kana malees oomishaalee bu'uura dandiiwwaan akka ittiin geejibamu eyyamameen ala gejibsiisuun dhoorkaa akka ta'e teechisee jira. Dhorkaawwan kana irra darbuun hojii daldalaa geggeessuun daldala seeraan itti gaafatamummaa kan hordofsiisu dha.

Walumaa galatti akkaataa seeraatiin hojii daldalaa tokko gaggeessuuf ulaagaa bu'uuraa ta'an kanneen akka galmee galdalaa irratti galmaa'uu, waraqaa ragaa hayyama gahumsa hojii qabaachuu, akka barbaachisummaa isaatti hayyama oogummaa qabaachuu, hayyama daldalaa qabaachuu, oomishoota adda ba'anii seeraan yeroo geejibaman hayyama darbiinsa daandii barbaadan harkatti qabachuu, fi ulaagaalee dabalataa qulqullina oomishaalee haala miidhuu danda'uun oomishuu, kuusuu, fi geejibuu dhabuu, oomishaalee akka qorichaafi keemikaala farra ilbiisaa haayyama oomishuu osoo hin argatin oomishuu, safartuulee sirrii hin taane fayyadamuu, daangaa hayyamameef keessatti hojjechuu dhiisuu fi kkf ulaagaalee seerri daldalaa, daldalli seerri qabeessi akka gaggeefamuuf bifa dirqiin kaa'u yookiin waan daldalaan tokko raawwachuu hin qabne dha jedhee kaa'u sana daldalaan sun hordofee raawwachuu fi raawwachuu dhabuu isaa adda baasuun dirqama dha.

[21] Dambii bunaa lakk.433/2011 keewwata 38 fi qajeelfama bunaa fedaraalaa lakk.02/2012 keewwata 1.2(8) fi 14.1(3) fi labsii to'annaa qulqullinaa fi bittaa bunaa lakk.1051/2009 keewwata 19(10) Walitti qabii ilaali.

[22] Labsiileen bittaa-gurgurtaa kallee fi gogaa lakk 814/2006 kwt 9(1), Labsii horii dhaabbii lakk.819/2006 keewwata 10 hanga 14tti jiraniin, Labsiin to'annoo fi bittaa bunaa lakk.1051/09 kwt.17(4), Dambii lakk.433/2011 kwt.38(8), Qajeelfama lakk.02/2012 lakk.14.1(18), labsii Oomishaalee qonnaa oromiyaa lakk.234/2013 kwt. 11(3), Dambii Jimaa lakk.224/2013 keewwata 24(6), Qajeelfama jimaa lakk.10/2014 keewwata 13(1a), Dambii midhaan dheedhii lakk.230/2014 keewwata 30(1f) fi Qajeelfama sirna raabsaa meeshaalee bu'uuraa zayita nyaataa lakk.06/2012 kwt.14(0)fi kkf fudhannee ilaaluu ni dandeenya.

### 1.4. Sababoota ka'umsaa Daldala Seeraan Alaa Ta'an

Akkuma beekamu daldalli seeraan alaa kan raawwatu faallaa seeraa fi hojmaata hojii daldalaaf ba'an cabsuun fedhii dhuunfaa guuttachuuf hojjetamu dha. Haa ta'uyyuu malee sababootni ka'umsaa daldala seeraan alaa hedduu yoo ta'anillee, kanneen armaan gadii akka sababa dhiyoo (immediate cause) ta'anii bal'achuu daldala seeraan alaaf gumaacha olaanaa kan qabani dha.[23]

- Akka biyyaatti sirni to'annaa hojii daldalaa teknoolojii hammayyaa'aa ta'een deeggaramuun hoogganuu dhabuu,
- Fedhii fi dhiyessiin wal simuu dhabuu,
- Qindoominni qaamolee qooda fudhattootaa ittisa daldala seeraan alaa laafaa ta'uu,
- Fayyadamaan miidhaa daldalli seeraan alaa biyyaa fi uummata irratti qaqqabsiisu, hubachiisuu dhabuun deeggarsi gama uummataan jiru sababa kanaan laafaa ta'uu,
- Seerotni ba'an hanqina qabaachuu fi malaammaltummaa fi hojmaata badaa mana hojii mootummaa keessatti raawwatamu,[24]
- Addatti immoo naannoo keellaa irratti hordoffii fi to'annoon daldala seeraan alaa laafaa ta'uu fi kkf kaasuun ni danda'ama.

### 1.5. Miidhaawwan Daldala Seeraana Alaa

Daldalli biyya tokkoo akkaataa seeraa fi hojmaataan hin hoogganamu yookiin hin geggefamu taanaan utubaa dinagdee ta'uun biyya kan fayyadu osoo hin taane biyya mootummaan humna qabaatee rakkoo hawas-dinagdee uummataa furuu hin dandeenye akka jiraatuu fi hawwasni bal'aan jireenya gadadoo keessa akka jiraatu gochuu ni danda'a.[25] Miidhaawan daldala seeraan alaa kunis;

#### 1.5.1. Miidhaa Daldalli Seeraan Alaa Diinagdee Irratti Qabu.

Hanguma gochi daldala seeraan alaa babal'achaa deemuun galiin mootummaan daldala irraa argatu akka dhabu ni taasisa.[26] Akkuma fakkeenyaatti kaasuuf, gabaasa hanga kurmaana 2ffaa bara 2019/2020tti meeshaan daldala seeraan alaatiin osoo socho'uu qabame tilmaama qarshii 13,520,649 baasu qaamolee nageenyaan magaala Shaashamannee kessatti qabames agarsiiftuu

[23] Isa olii.
[24] Adama Science and Technology University (ASTU), 'Assessment of Attitudes and Practices of Corruption in Oromia Regional State' (2017) File at Adama University, Adama Town, pp. 12-13
[25] National council for the administration of justice, enforcement manual to combat illicit trade in Kenya, (2014),
[26] Illicit trade undermining development pp. 11

guddaa dha.[27]Biyya daldalli seeraan alaa heddumaatutti oomishaaleen industirii fakkeffamanii hojjetaman akka baay'atan gochuun omishootni sirrii fi qulqulina qaban akka dorgommii gabaa keessaa ba'an gochuun abbootiin kalaqaa mirga waan dadhabanii kalaqan akka ittiin hin fayyadamnee fi namni waan haaraa kalaquuf akka hin kakaane gochuu ni danda'a  Hima biraan daldaltootni seera qabeessaa seera daldalaa kabajanii hojii daldalaa raawwatan gabaa keessaa akka ba'an, dorgommiin daldalaa fayyaalessi biyyittii keessatti akka hin jiraannee fi investimentiin akka hin baballaneef gufuu ta'uu ni danda'u.

Dhaabbileen gurguddaa warshaa isaanii yeroo gara biyya birootti ergan akka haaldureetti kan isaan tilmaama keessa galchan haaldureewwan kaan akkuma jirutti ta'ee eegumsa seeraa kalaqaan walqabatee (intellectual property right) sadarkaa inni irra jiru gidduu galeessa godhachuun kan deemani dha. Kanaaf biyya eegumsi kalaqaa cimaa ta'e jiru yaa'insi investarootaa biyya alaa gara keessaatti taasisu baay'ee olaanaa dha. Faallaa kanaatin bakka daldalli seeraan alaa baay'atutti yaa'insi investimentii biyya alaa irraa gara biyya keessaatti taasisu xiqqeessuu yookin balleessuu keessatti iddoo olaanaa qaba.[28]

### 1.5.2. Miidhaa Daldalli Seeraan Alaa Fayyaa Uummataa irratti qabu.

Keessumaa daldalli seeraan alaa dawadhaan wal qabatee raawwatamu miidhaa hamaa nageenyaa fi fayyaa hawaasaa irratti ni qabaata. Bakka to'annaan seeraa hin jirretti fi maallaqni gahaan hin jirretti fayyadamaan dawaa qulqulina hin qabetti akka tajaajilamuuf ni saaxila. Gochi daldala seeraan alaa kun keesumaa dawaa qulqullina hin qabne hedduminaan oomishuun daangaa tokko malee gara hawwasa bal'aa akka qaqqabu gochuun hawwasni sababa alseerummaa kanaa fi to'annoon dawaa sababa daldala seeraan alaa kanaan dhibeen akka balaa hamaa hanga lubbuu dhabamsiisuutti gahuuf saaxilamuu ni mala. Keessattuu dawaa karaa seeran alaatiin oomishaman makaa dogongora ta'e (wrong dose of active ingredient) ykn makaa barbaachisuu kan hin qabne ykn makaa addaa kan hammatan ta'uu danda'u.[29] Dawaan gosti isaa "pain killer (Relief) jedhamu osoo adeemsa galmeessuu seera qabeessaa qaama aangoo qabuun hin geggessiin biyya alaa irraa karaa seeraan alaa galuun gabayaa keessa seenuun daldalamu akka fakkeenyaatti fudhachuun ni danda'ama.[30] Dawaan akkasii kun osoo qabiyyeen isaa ogeessa rogummaa qabuun karaa laabraatoorii ilaalamee hin mirkanaa'iin fi adeemsa galmeessuu keessa hin darbiin karaa daldala seeraan alaa fayyadamaa bira qaqqabuun isaa rakkoo fayyaa hawaasaa ni uuma. Dabalataanis karaa

[27] Ethiopia Custom Commission, Pamphlet Contained summery of Second Quarter Report (2018), pp.1- 2
[28] Mil jalee lakk. 26, fuula 14.
[29] Moojulii daldala seeraan alaa fuula 31
[30] Miiljalee lakk.24, fuula 137.

daldala seeraan alaatiin qorichoota kanneen akka sammuu namaa hadoochan (Narkotic drug), nyaata warshaa keessatti qophaa'ee fi yeroon fayyadama isaa darbe, dibata qaamaa gosa adda addaa haala kuusuu fi geejibuu seeraan alaatti fayyadamuun gara hawaasaa akka qaqqabu taasisuun fayyaa hawaasaa irratti daldalli seeraan alaa miidhaa akka qaqqabsiisu ni godha.

### 1.5.3. Miidhaa Daldala Seeraan Alaa Eegumsa Naannoo Irratti Qabu

Daldalli seeraan alaa mootummaan dammaqinaa fi humna dinagdee cimaa ta'een oomishootnii fi keemikaalotni summaa'oon oomishtootaan akka hin oomishane, akka hin geejibamne fi gabaaf akka hin dhiyaanne akka hin to'atamne gochuun eegumsa naannoo irratti miidhaan akka qaqqabu gochuu nii danda'u[31]. seerotni, dambiiwwanii fi qajeelfamootni eegumsa naannoo kabachiisuuf tumaman akka hojiirra hin oolle gochuun naannoon akka faalamu gochuun lammileen mirga naannoo qulqulluu keessa jiraachuu heeraa fi seeraan gonfatan akka hin dhamdhamne ni taasisa. Seerotni egumsa bosonaa fi bu'aa bosonaaf ba'an, summaa'uu biyyee eeguuf seerota kan akka xaa'oo waliin wal qabatan kallatti sirriin akka hojiirra hin oolle gochuun akka manca'an ni taasisa.

### 1.5.4. Miidhaa Daldalli Seeraan Alaa Nageenya Biyyaa Irratti Qabu

Biyya daldalli seeraan alaa heddumaatutti olaantummaan seeraa akka hin mirkanoofne gochuun alseerummaan akka baballatuu fi wal waraansi Walitti fufinsaa akka jiraatuuf gumaacha olaanaa ni qabaata. Kana malees daldalli seeraan alaa meeshaalee waraanaas kan dabalatu waan ta'eef yakkoonni akka raawwatamaniif haala mijataa uuma, kun immoo nageenya biyyattii irratti dhiibba qabaata.[32] Daldalli seeraan alaa madda galii yakkoota gamtaa (organized crime) fi garee shororkeessitootaatti waan ta'eef. shororkeessitootnii fi namootni yakka gurmuun raawwatan immoo kallattiin sodaa nageenya biyyaa ta'u jechuu dha.[33]Haaluma kanaan daldalli seeraan alaa kun kallatiiman madda rakkoo nageenya biyyaa ta'a.

---

[31] Illicit trafficking of counterfit goods and transnational organized crimes pp. 6
[32] Isa olii.
[33] Miiljalee lakk.26, fuula 3.

# BOQONNAA LAMA

## Seerotaa fi Dhabbilee Ittisa Daldala Seeraan Alaa Keessatti Qooda Qaban

### 2.1 Seensa

Daldalli seeraan alaa akkuma maqaa isaa irraa hunatamu daldala seeraa fi hojmaata daldalaa irraa maquun haala dinagdee biyyaa miidhuun, fayyaa hawaasaa balaa irra buusuu danda'uun, nageenya biyyaa fi eegumsa naannoo miidhuu danda'uun fedhii namoota dhuunfaa yookiin garee muraasaa galma gahuu danda'uun daldala geggeeffamudha jechuun ni danda'ama. Miidhaan daldalli seeraan alaa guddina dinagdee biyyaa irratti qabu, fayyaa hawaasaa, gama hawaasummaan, fi siyaasa biyyaa irratti qabu hubatamee seerotaa fi dhaabbilee yookiin sektaroota gahee hojii kennameef dabalataan ittisa daldala seeraan alaa irratti hojjetan qabaachuun dirqama dha.

Boqonnaa kana jalatti seerota akka biyyaatti fi naannoo keenyaatti ittisa daldala seeraan alaan wal qabatanii ba'anii jiran kan ilaalamani dha. Akkasumas hojiin ittisaa irratti dhaabbilee yookiin sektaroota to'annaa daldala seeraan alaa irratti aangoo fi itti gaafatamummaa qaban seerota rogummaa qabu waliin kan ilaalaman ta'a. Kana qofaa osoo hin ta'iin sektaraaleen mootummaa yookiin qaamoleen haqaa ittisa daldala seeraan alaa irratti bobba'anii hojjetan kun rakkoo hubannoo seerichaa irraan kan ka'e dogoggoroota hojii keessatti uumaman akka leenjiif toluttin dhimma dhimmaan deeggaramuun kan xiinxalaman ta'a.

Kanaaf xumura Boqonnaa kana irratti leenjifamtootni:

- Seerota ittisa daldala seeraan alaa waliin wal qabatanii jiran adda baasuun hubannaa duraan qaban ni gabbifatu.
- Ulaagaawwan bu'uuraa namni daldala seera qabeessa ta'e geggeessuuf guuttachuu qabuu fi guuttachuu dhabuun ulaagaawwan bu'uuraa bu'aa hordofsiisu irratti beekumsa dabalataa ni argatu.
- Ulaagaawwan bu'uuraa daldalaan tokko guuttachuu qabuun wal qabate baaqqeedhaani moo ulaagaa tokko guuttachuun ulaagaa isa biraa bakka bu'a kan jedhu adda baasuun hubannaa isaanii ni bal'ifatu.
- Namni kamiyyuu meeshaalee daldalaa hanga fayyadamuu yookiin yeroo tokkotti qabachuu qabu addabaasuun ni hubatu.

## 2.2 . Haguuggii Seerota Hojii Daldalaa To'atan

Akka biyya keenyaatti seerotni hojii daldalaa to'achuuf ba'an hedduun hojirra olaa jiru. Kana qofaas osoo hin taane sektaraaleen mootummaa garagaraa seerota ittisa daldala seeraan alaatiif bahanii jiran hojiirra oolchaa jiru. Hojii daldala seeraan alaa kana ta'achuuf akka mijatuuf, heera mootummaa fedaraalaa irraa kaasee, labsiiwwan, dambiiwwanii fi qajeelfamootni dhimmoota daldalaa hoogganan kan sadarkaa biyyaa fi naannoo keenyatti ba'uun hojii irra jiran tokko tokkoo isaa kaasuun bu'aa qabeesummaa leenjii kanaaf akka tolutti kaasnee haa ilaallu.

### 2.2.1.Heera Mootummaa Fedaraalaawaa Demokiraatawaa Reppubilika Itoophiyaa

Heerri mootummaa inni seerota hundaa ol ta'e lammileen biyyaa hundi naannoo qulqulluu jireenyaaf tolu keessa jiraachuuf mirga qabu jechuun tumee jira.[34] Mootummaan dirqama kana akka ba'achuu qabu heerichi ni dirqisisa. Akkasumas mootummaan lammiin biyyichaa hundumtuu naannoo qulqulluu fi fayyaa akka qabaatu carraaquuf itti gaafatamummaa qabu jechuun ni tuma.[35] Heerichi dhuma irratti mootummaa fi jiraattotni naannichaa naannoo isaanii kununsuuf dirqama qabu jechuun kaa'ee jira.[36]

Heerri mootummaa amaluma isaatiin waan waliigalaa kan tumu wan ta'eef mirgoota heera keessatti lammileen gonfatan seerota tarreeffamaan(detailed) ta'an kanneen akka eegumsa naannoon wal qabata, fayyaa, dhimmoota dinagdee fi hawaasummaa hammatan ba'anii jiraniin miidhaa hojiin daldalaa qabu to'achuun barbaachisaa dha. Seerota dhimmoota daldala seeraan alaa to'atan hedduu keessaas akka armaan gadiitti kanneen ijoo ta'an kaasuun dhimma qabatamaan deeggaruun kan xinxalaman ta'a.

### 2.2.2. Labsii Galmeessa Daldalaa fi Kenna Hayyamaa lakk.980/2008

Daldalli hojii of eeggannoo addaa barbaadu waan ta'eef akkasumas miidhaa daldaltoota seeraan alaa ta'an bifa to'achuu danda'amuun geggeefamuu qaba. Kanuma galmaan ga'uuf namni kamiyyuu hojii daldalaa hojjechuu barbaadu dirqamoota gurgoddoo barbaachisoo ta'an ba'achuu qaba. Dirqamootni kunis galmee daldalaa irratti galmaa'uu fi hayyama hojii daldalaa qaama aangoo qabu irraa fudhachuu dha.

[34] Heera FDRE 1995, keewwata 44(1)
[35] Isa olii, keewwata 92(2)
[36] Isa olii, keewwata 92(3)

Kaayyoon labsichaa inni guddaan; qajeeltoo iftoominaa, itti gaafatamuummaa fi bulchiinsa gaarii sirna daldalaa waliigalaa keessatti akka jiraatuuf haala mijeessuu dha.[37] Kaayyoo qabame kana milkeessuuf shoorri daldalaa guddina dinagdee keessatti qabu akka ba'achuu danda'utti ulaagaaleen jajjaboo daldalaan seera qabeessi tokko guuttachuu qabu kanneen armaan gadii labsichaa fi seerota biroo keessatti hammataman kaasnee haa ilaallu.

#### 2.2.2.1 Galmee Daldalaa

Nama hojii daldalaa geggeessuuf fedhii qabu ulaagaan inni jalqabaa guuttachuu qabu galmee daldalaa irratti galmaa'uu dha. Galmeessi daldalaa bu'uura seera daldalaa isa haaraa[38] fi labsii galmeessa daldalaa fi kenna hayyama daldalaa lakk. 980/2008 keewwata 5-13 fi labsii lakk.980/2008 fooyyessuuf kan ba'e lakk. 1150/2011tiin gaggeeffama.

#### A. Maalummaa fi Kaayyoo Galmee Daldalaa

Galmeen daldalaa galmee odeeffannoo waa'ee daldaltootaa qabatu dha. Galmeen kun odeeffannoowwan maqaa daldalaa, teessoo daldaltichaa, kaappitaala daldaltichaa, waajjira muummeef dameewwan daldaltichaa hojii gaggessitootaa fi bakka buutoota daldaltichaa fi kkf kan of keessatti qabatu dha.[39] Akkasumas, waliigalteen (barreeffama hundeeffamaa) shariikummaa galmee daldalaa keessatti hammatamuu qaba. Dhimmootni galmee daldalaa keessatti akka hammatamaniif seeroota adda addaatiin tumamanis galmee daldalaa keessatti hammatamuu qabaatu.

Kaayyoon galmee daldalaa odeeffannoowwan waa'ee daldaltootaa dhaqqabamaa (transparent and accessible) akka ta'u akkasumas, daldaltootni haala itti gaafatamummaan itti dhaga'amuun (accountable) akka daldalaniif galtee ta'uu dha. Akkasumas qaamni sadaffaa daldalaa galmaa'ee wajjin waliigaltee adda addaa keessa seenuun raawwachuu barbaadu odeeffannoo daldalaa sana ilaalchisee barbaadu argachuu danda'a. Kana jechuunis wanta galmee daldalaa irratti galmaa'ee argamu hin beekuun ture jechuun mana murtii fi qaama seerummaa kennuu danda'an duratti dhiyaatanii falmuun hin danda'amu. Gama biroon immoo namni miseensa waldaa ta'ee barruu hundeeffama keessatti hin caqafame yookiin barruu hundeeffamaa sana fooyyessuun miseensa waldichaa ta'uu mirkaneessuun galmee daldalaa irratti hin galmaa'iin miseensa waldaa sanaati jechuun mirgoota qaama sadaffaa irraa gaafachuu hin danda'u.

---

[37] Seensa waliigalaa labsii lakk.980/2008.
[38] Miiljalee lakk.12 keewwata 70-105tti jiran ilaalaa.
[39] Isa olii keewwata 87-98tti jiran ilaalaa

Odeeffannoo daldalaa gurmeessuuniifi dhaqqabamaa taasisuun namni yookiin namootni daldalaa galmaa'e waliin hojii daldalaa hojjechuu barbaadan odeeffannoo haqa qabeessa ta'e akka argatan gochuun gocha waliin dhahuu fi gowwoomsuu irraa tiksuuf haala gabaa qo'achuu fi xiinxaluuf iddoo olaanaa qaba. Mootummaanis imaammata biyyaa qopheessuuf, seera qabeessummaa daldalaa mirkaneessuuf, akkasumas tarkaanfiiwwan seera qabeessa kan biroo fudhachuuf galmee kana irraa odeffannoo argachuu ni danda'a. Keessattuu, barbaachisummaan galmeessa galmee daldalaa inni biroon, walitti hidhaminsa daldala naannolee waliin jiru cimsuuf bu'aa guddaa qaba. Sababni isaas odeeffannoon galmee daldalaa salphaatti dhaqqabamaa yoo ta'e daldaltootni naannoo biroo yookiin biyyoota biroo daldaltoota naannoo yookiin biyya keenyaa waliin hojii daldalaa hojjechuuf haala mijeessaaf[40] Kanaaf galmeen daldalaa uummataaf banaa ta'uu akka qabu seerichi ifatti tumee jira.[41]

### B. Bu'aa Galmee Daldalaa irratti Galmaa'uu Qabu.

Bu'aan inni jalqabaa daldalaan namaa kan uumamaa waldaa keessa beekettii (joint venture) irraan kan hafe, guyyaa galmaa'ee jalqabee mirgaa fi dirqama daldalaan tokko gonfatu ni qabaata.[42] Dabalataan daldalaan namaa kan uumamaa gaa'ela isaa ilaalchisee guyyaa fi bakka gaa'elichi itti raawwatame, yoo barreefamichi jiraate guyyaa wal fuutootni waliif mallatteessan galmee daldalaa keessa galfamuu qaba. Akkasumas murtii mana murtiin gaa'elichi kan diigame yoo ta'e, daldaltichi dandeettii hin qabu jedhamee murtii mana murtiin murtaa'ee yoo jiraatee fi hojii daldalaa haati manaa yookiin abbaan manaa mormitee/mormee jiraate dabalataan kunis galmee daldalaa keessa galuu qaba.[43]

Hambifannoon waldaa keessa beekettii (joint venture) akkuma jirutti ta'ee waldaaleen guyyaa galmaa'amii kaasanii namooma seeraa (legal personality) gonfachuun maqaa isaaniitiin himachuus ta'e himatamuu ni danda'u. Yeroo tokko galmee daldalaa irratti erga galmaa'ee booda odeeffannoo galmee daldalaa keessatti galmaa'e daldaltichi jijjiruuf yookiin fooyyessuuf yoo barbaade jijjiramichi yookiin fooyya'insichi galmee daldalaa irratti galmaa'uu qaba. Fakkeenyaaf kaappitaalli yoo guddate yookiin hir'ate, hojii gaggeessaa jijjiruu, kasaaraa, damee haaraa yoo bane, miseensi yoo dabalame yookiin hir'ate, hojii daldalaa haaraa yoo jalqabee fi kkf.galmee daldalaa keessa galuu qabu.[44]

---

[40] Fiqaaduu Pheexiroos, Seera Kubbaaniyaa Itiyoophiyaa, maxxansa 4ffaa, bara 2014 fuula 12
[41] Labsii Galmeessa Daldalaa fi Kenninsa Hayyama Daldalaa lakk.980/2008 keewwata 7(3) fi 13.
[42] Mil jalee lakk.12 irra jiru keewwata 99
[43] Miil jalee lakk.12 irra jiru keewwata 91
[44] Miil jalee lakk.12 irra jiru keewwata 90

Inni biraan galmee daldalaa waliin wal qabatee kan ilaalamuu qabu, haara'uu fi haara'uu dhabuu galmee daldalaan kan wal qabatu, labsiin galmeessa fi hayyama daldalaa lakk.686/2002 keewwata 18 jalatti fi labsii kana fooyyessuuf kan ba'e labsii lakk.801/2005 galmeessi daldalaa waggaa shan(5) keessatti al tokko akka haareffamuu qabu kan tumu yoo ta'u, haa ta'uyyuu malee bu'uura labsii lakk.980/2008tiin akka hafu ta'ee jira. Sababni haaressuu dhabuu galmee daldalaa galmee daldalaa al tokko galmoofnaan akka yeroo hin murtoofneef galmaa'eetti kan fudhatamu waan ta'eef, akkasumas, ulaagaalee jiran hir'isuun sirna daldalaa hammayyeessuu fi tooftaa biraatiin daldalaa to'achuun waan danda'amuuf kan hafe dha. Dhimmi xiyyeeffannoo addaa kutaa kana jalatti barbaadu, qaamni sadaffaa waliigaltee dhaabbata waliin taasisuun wal qabatee odeeffannoo galmee daldalaa irraa argachuun miseensa dhaabbata kan ta'ee galmee daldalaa irratti hin galmaa'iin mormii waligaltee taasifamu akka diigamu jechuun dhiyessuun akka hin raawwatamne gochuu akka hin dandeenyes hubatamuu qaba. Sababni isaas qaamni sadaffaan kan waliigalteen Dirqama fudhatu qaama yookiin nama maqaan isaa miseensa waldaa dha jedhamee qaama daldala galmeessuuf aangoo qabu biratti galmaa'ee yoo jiraate dha. Kanuma waliin dhimma wal qabatee mana murtii olaanaa Go/Wallagga Bahaa irraa ka'e tokko itti aansinee haa ilaallu.

**<u>Dhimma 1ffaa</u>**

Himattuun himatamtoota Waldaa Aksiyoona Barnoota Waliif waldaa sadarkaa fedaraalaatti galmaa'ee namoota 4 miseensota waldaa GAMTA IGM(PLC) ta'an kan bara 1985 kaapitaala qarshii 250000n ijaarame keessatti miseensa waldichaa keessaa maqaan isaa Mangistuu Markabee wajjiin haadha manaa fi abbaa manaa ta'uun gahee sheerii shan(5) kaappitaala qarshii 50000n hundoofnee kan turre yoo ta'u sababa gaa'elli keenya diigameef gahee keenya guutummaa isaa kan dhuunfaa koo ta'ee bu'uura murtii mana murtii lakk.g.20785 irratti ajaja kenneen waldaa GAMTAf dhiyaatee galmaa'ee waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa lakk.06/2006 kan gaafa 18/07/2006 waldicha irraa naaf kennameen miseensa waldichaa ta'uun koo mirkanaa'ee osoo jiruu miseensi waldichaa namootni afur(4) kun mirga koo sarbuun wixinee waliigaltee bittaa fi gurgurtaa qabeenya waldichaa ani miseensa itti ta'e aksiyoona barnootaa waliif gurguruun dabarsuuf adeemsa irra jiran faallaa seeraa waan ta'eef haqamee mirga dursaa ani qabu akka anaaf eegamu jechuun Mana Murtii Olaanaa Go/W/Baatti dhiyeessitti.

Manni murtii olaanaas himattuun murtii mana murtiin miseensa waldichaa ta'uun abbaa mirgaa taatee osoo jirtuu fedhii ishee duuba wixineen waligaltee bittaa fi gurgurtaa qabeenya waladaa GAMTA mirga ishee kan sarbe waan ta'eef waligaltichi akka haqamu murteesseera. Oliyyataan

Waldaa aksiyoona waliif murtii mana murtii jalaa komachuun M/M/W/Oromiyaa dhaddacha bahaatti dhiyeesseen himattuun murtii mana murtiin sheerii waldichaa keessaa gaheen abbaa manaa ishee himatamaa jalaa irraa qooddaa qabeenyaan abbaa mirgaa yoo taateyyuu miseensa waldichaa ta'uu ishee murtii fi maqaan ishee waajjira daldalaatti waan hin galmoofneef waliigaltee keenya waldaa GAMTA waliin raawwanne diiguuf mirga hin qabdu jechuun komee dhiyeesse gidduu galeessa godhachuun M/M/W/Or.daddacha lixaa murtii mana murtii jalaa diigee jira.

Dhimma armaan olii waliin wal qabatee kan hubatamuu qabu, waldaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e keessatti haala kamiin miseensa ta'uun akka mirkanaa'uu qabu ilaaluun baayyee murteessaa dha. Waldaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e keessatti misensa ta'uun kan mirkanaa'u maqaan isaa galmee waldichaa irratti galmaa'uuni dha. Kanaaf daddabarsi aksiyoonaa fi jijjirraan miseensa waldaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e barreeffama hundeeffamaa keessatti hammatamuu qaba.

Jijjiramni barreeffama hundeeffamaa miseensa duraan ture gadhiisuun haaraan bakka buufamuu, kaapitaalli waldichaa dabaluu fi kkf seeraan teechifaman yeroo raawwataman barreeffama hundeeffamaa jijjiruuf sababa ta'a jechuu dha. Jijjirraan miseensa waldaa tokkoo qaama daldalaa galmeessuuf aangoo qabu fulduratti yeroo lama dhiyaata jechuu dha. inni jalqabaa bu'uura labsii daldalaa galmeessaa fi hayyamaa lakk.980/2008 keewwat 10(1) akkasumas seera daldalaa keewwata 90(1) jijjiramoota jiran ji'a lama keessatti dirqama beeksisuu yeroo ta'uu inni biroon immoo bu'uura seera daldalaa keewwata 507(2) beekisa walitti qabaa boordiitiin yokiin hojii gaggeessaan raawwatuni dha.

Inni bitaan akkaataa seera daldala keewwata 508(1)tiin sirni jijjirraa aksiyoonaa qaama waliigaltee mirkaneessuuf aangoo qabu biratti akka raawwatamuu qabu ifatti tumu haa baatuyyuu malee labsiin mirkaneessaa fi galmeessa sanadootaa lakk.922/2008 jijjiramni barreeffama hundeeffamaa qaboo yaa'ii isaa waliin waajjirra mirkaneessaa fi galmeessa sanadaa fulduratti dhiyaatanii mirkanaa'uun galmaa'an keessaa isa tokko dha. Jijjirraan aksiyoonaa immoo sababoota jijjirraa bareeffama hundeeffamaa keessaa isa tokko dha.

Biyya keenyatti jijjirraan aksiyoona waajjira mirkaneessaa fi galmeessa sanadaatti erga mirkanaa'ee booda qaama sadaffaa irratti bu'aa akka qabaatuuf, kunumti galmee daldalaa irratti dabalataan galmaa'uu qaba. Galmee daldalaa irratti galmaa'uun immoo qaamni sadaffaan akka beekuuf haala mijataa uumuun akkasumas mormii booda odeeffannoo hin arganne jechuun mormii dhiyaatu hambisuuf fayyada.

Egaa jijjirraan aksiyoonaa sirna fi foormaalitii seeraan kaa'ame kana bu'uura godhatee hin raawwatamne bu'aa seeraa maalii qabaa kan jedhu ilaaluun murteessaa dha. Jijjirraan aksiyoonaa waajjira mirkaneessaa fi sanadootaa fulduratti mirkanaa'uun waajjira daldalaatti galmee daldalaa irratti hin galmaa'iin bu'aa seeraa(no legal effect) hin qabaatu.[45] Gama broon immoo jijjirraan aksiyoonaa baruu hundeeffamaa qaboo yaa'iin deeggaramee qaama sanadicha mirkaneessuu fi galmeessuu aangoo qabu biratti raawwatamuun isaa waliigaltoota gidduutti qofaa bu'aa seeraa qabaachuu mala. Waajjira daldalaatti galmee daldalaa irratti galmaa'uun immoo qaama sadaffaa irrattis dirqama seeraa(legal effect) akka qabaatu taasisa.

Walumaa galatti xiinxala seeraa armaan olii taasifame bu'uura godhachuun gara dhimma armaan oliitti dhiyaate yeroo ilaallutti himattuun murtii mana murtii aanaa Guutoo giddaatiin abbaa qabeenyaa aksiyoona maqaa abbaa manaa isheetiin galmaa'ee jiru isheef akka kennamuuf murtaa'uun galmee waldaa GAMTA irratti galmaa'ee waraqaan abbaa aksiyoonaa kennamuun isaa miseensota gidduutti qofaa bu'aa seeraa kan qabaatu ta'a. Himattuun bu'uura murtichaatiin gahee aksiyoonaa isheef murtaa'e miseensota waldicha irraa gaafachuun qooda ishee gahu argachuu garuu seerri ishee dhorku hin jiru. Gama biroon qaama sadaffaa garuu dirqisiisuu hin dandeessu, sababni isaas foormaalitii dabalataa akka qaama sadaffaa irrattis bu'aa seeraa qabaatu gochuuf dirqama waajjira daldalaatti dabalataan jijjirama aksiyoonaa taasifame ilaalchisee galmaa'uu qaba. Kanuma bu'uura godhachuun murtiin mana murtii waliigala dhaddacha lixaa kenne dhama qabeessaa fi bu'uura seeraa kan qabu dha.

### C. Daldalaa Galmee Daldalaa Irraa Haquu.

Daldalaa nama uumamaas (natural person) ta'e seer-uumeen galmee daldalaa irraa kan haqaman, bu'uura labsii galmeessa fi kenna hayyama daldalaa lakk.980/2008 keewwata 11 jalatti sababoota tarraa'an gidduu galeessa godhachuuni dha. Sababootni kunneenis, du'uu daldalaa, hojii dhaabuu daldaldaltichaa, kasaaraa, seera ifatti jiru cabsuun adabbiidhaan galmeessi daldalaa haqamuu ni danda'a.

Daldalaa Seer-uumee (artificial person) galmee daldalaa iraa kan haqamu karaa lamaani dha. Inni jalqabaa, sababa kaminiyyuu fedhii miseensa waldichaatiin fi bu'uura seera daldalaatiin yeroo diigamuu fi qabeenyi qulqullaa'ee yeroo raawwatu dhuma irratti galmee daldalaa irraa ni haqama. Sababni inni lammaaffaan tumaawwan labsii galmeessaa fi hayyama daldalaa yeroo cabanitti yookiin iyyannoo abbootii aksiiyoonaatiin yookiin qaama sadaffaatiin tarkaanfiin galmee haquu

[45] Labsii mirkaneessaa fi galmeessa sanadoota lakk.922/2008 keewwata 9(1)

daldalaa fudhatamuu ni danda'a. Daldalaan seer-uumeen galmee daldalaa irratti yeroo galmaa'u namooma seeraa (legal personality) akkuma gonfatu, yeroo galmee daldalaa irraa haqamus dandeettii seeraa ni dhaba(lacking legal personality), guyyaa haqame irraa kaasee hojii daldalaa itti fufuu hin danda'u, kan itti fufu yoo ta'es daldala seeraan alaa ta'ee itti gaafatamuummaa kan hundeessu dha.

#### 2.2.2.2 Hayyama Daldalaa

Namni tokko sababa galmee daldalaa irratti galmaa'eef qofaa hojii daldalaa seera qabeessa gaggeessuu hin danda'u. Ulaagaan dabalataa, hayyama daldalaa qaama dhimmi ilaallatu irraa baafachuuf dirqama qaba.[46] Namni kamiyyuu daldalaa jedhamee galmee daldalaa irratti erga galmaa'een booda hojiiwwan daldalaa hayyama lamaa fi isaa ol barbaachisu baasuun hojii daldalaa geggeessuu ni danda'a. Fakkeenyaaf daldalaan seer-uumeen tokko galmee daldalaa irratti yeroo tokko galmaa'ee, hojii daldalaa gara garaa kan hojjetu yookiin daldalu ta'e tokkoo tokkoo daldalaatiif hayyama daldalaa baasuuf ni dirqama. Waldaan Haroo itti gaafatamummaan isaa murtaa'e galmee daldalaa irratti galmaa'e hojii Barnootaa, Hospitaalaa, Hoteelaa, Geejibaa, yookiin daldala jimlaa irratti hirmaachuun daldala geggeessuu yoo barbaade bu'uura qajeelfama[47] tarree kenna hayyamaa irratti hundaa'uun tokkoo tokko gosa daldalaatiif hayyama baafachuu qaba jechuu dha.

#### A. Kaayyoo Hayyama Daldalaa

Kaayyoon hayyama daldalaa inni ijoon daldaltootni hojii daldalaa geggessaniin miidhaan uummata irra akka hin geenye ittisuuf hordoffii itti fufunsa qabu taasisuuf kaayyefateeti.[48] Akkasumas, sababni hayyama daldalaa kennuun barbaachiseef hojii daldalaa geggeffamaa jiru beekanii hoogganuu fi to'achuuf akkasumas tarkaanfii sirreeffamaa fudhachuuf shoora mataa isaa kan taphatu dha.

Hojiin daldalaa tokko tokko qabeenya uumamaa baay'ee muraasa ta'an irratti daldaltoota bobba'anii hojjetan kanneen akka bosona, bineensa bosonaa fi misooma qurxummii irratti hojjetan kkf eeguuf fi galii gibiraa tilmaamuuf kan kaayyeffate dha. Akkuma fakkeenyaatti kaasuuf hayyamamni hojii daldalaa yeroo kennamu dhimmoota akka sochii, kuufamaa fi hojii bu'aa bosonaa fi bineensa bosonaa karaa seera qabeessa ta'een qofaa akka gaggeeffamu taasisuun

[46] Miiljalee lakk.41 irra jiru, keewwata 22(1)
[47] Qajeelfama hayyama hojii daldalaa Itoophiyaa lakk.17/2011.
[48] Fiqaaduu Pheexiroos, seera daldalaa Itoophiyaa, maxxansaa 3ffaa fuula 18

mancaatii bosonaa fi iddoo jireenya bineensa bosonaa xiqqeessuu, sababa itti fayyadama seeraan alaa fi itti fufinsa hin qabneen badii mukeen biyya keessaa irra gahu xiqqeessuu, itti fayyadamni bu'aa bosonaa seera qabeessa ta'e mirkaneessuun qaamonni misooma bosonaa irratti bobba'an caalmaatti fayyadamaa akka ta'anii fi misooma bosonaa kana baballisan gochuutti akka xiyyaffatamu qajeelfamni to'annoo bu'aa bosonaa fi bineensa bosonaa oromiyaa barbaachisummaa qajeelfamichaa irratti tumee jira.[49]

Hayyama daldalaa kennuuf hojmaatni fooyya'aan fayyaa uummataaf, eegumsa naannoo fi nageenya biyyaatiif hojiiwwan daldalaa balaa qabaachuu danda'an adda baasuun to'annaa taasisuuf murteessaa dha. Bu'uuruma kanaan, labsiin galmee daldalaa fi kenna hayyama biyya keenyaatiin hojii daldalaa kamiyyuu hojjechuuf dirqamoota dachaa kanneen akka galmee dhaldalaa irratti galmaa'uu fi hojii daldalaa irratti bobba'ee hojjetu irratti qaama aangoo qabu irraa hayyama hojii baasuun hojjechuuf dirqama qaba jechuun tumee jira. Ulaagaawwan bu'uuraa kana osoo hin guuttatiin namni kamiyyuu hojii daldalaa irratti kan hirmaatu, gocha daldala seeraan alaatiin kan itti gaafatamu dha.[50]

### B. Mirgaa fi Dirqama Hayyamni Daldalaa Hordofsiisu

Namani daldala irratti akka hirmaatuuf hayyamni daldalaa kennameef, hojii gosa daldalaa isaaf kenname gidduu galeessa godhachuun hojjechuu qaba. Akkasumas dirqamni inni biraan nama hayyama daldalaa qabuun ba'achuu qabu, hayyama hojii daldalaa bakka mul'atutti fannisuu, hayyama ofii isaaf baafate namni biraan akka itti hin tajaajilame yookiin qabsiisaan akka qabatuuf yookiiin dabarsee akka kirreessuuf kennuu dhabuu, akkasumas daangaa hayyama hojii isaaf kenname keessatti hojjechuu fi kkf dha.[51]

Gama biroon immoo namni hayyama daldalaa baafate damee hayyama baafatee qabuun banee hojjechuu yoo barbaade hayyama daldalaa baasuun osoo hin barbaachisiin mirga hayyama dura baasee koppii isaatiin hojjechuu ni danda'a.[52]

Seerummaa hojii daldalaa namni tokko raawwatu adda baasuu keessatti ijoon falmisiisaa ta'u tokko daangaa raawwii hayyama hojii daldalaa adda baasuu dha. Labsichi akka ibsutti namni hayyama hojii daldalaa fudhate mirga/dirqama daangaa hojii hayyama hojii fudhatee keessatti hojjechuu qaba. *Daangaan raawwatiinsa hayyama daldalaa*, hayyama hojii

[49] Qajeelfama To'annoo Bu'aa Bosonaa fi Bineensa Bosonaa Oromiyaa lakk.01/2010 keewwata 2.
[50] Miiljalee lakk.41 irra jiru, keewwata 22(1)
[51] Miil jalee lakk.41 irra jiru, keewwata 34
[52] Isa olii.

kennamurratti waan ibsamuuf ibsa sanarratti hundaa'anii daangaa kaa'ame sakatta'uun ni danda'ama.

Dhimma kanarratti akka ijoo tokkootti ilaalamuu kan qabu tokko, daangaan raawwatiinsa hayyama hojii dhiphifamee moo bal'atee hiikamuu qabaa? Fakkeenyaaf, Namni tajaajila wal'aansa fayyaa kennuuf hayyama fudhate hayyamichaan dawwaa gurguruu ni danda'aa? Dhimmuma daangaa hayyama hojii daldalaa kanaan wal qabatee kan mana murtii Aanaa Magaalaa Aadaamaatti jalqabee mana murtii olaanaa ga'e kana itti aansinee haa ilaallu.

## Dhimma 2ffaa

Falmii Abbaa Alangaa fi Waasil Rashiid gidduutti Mana Murtii Aanaa Magaalaa Adaamaatti lakk. Galmee 27050 turerratti himatamaan gaafa 5/9/2012 magaala Adaamaatti hayyama daldala Qinxaaboo maqaa Fooziyaa Jamaal jedhamtuun damee meeshaalee tajaajila ijaarsaa, Qonnaa fi konstraakshinii ba'ee jirun simintoo kuntaala 400 jimlaa dhaan iddoo tokkotti gurguree konkolaataatti osoo geejibsiisuuf jedhuu harkaa fi harkatti qabameera jechuun Abbaan Alangaa daangaa hayyama qinxaaboo keessaa ba'uun jimlaa dhaan gurgurtaa raawwateera jechuun labsii 980/08 kwt. 49(2) jalatti himachuun, Abbaan Alangaa sababa himatamaan haaluun falmateef ragaa namaa dhiyeesseen akka himatamaan kun simintoo kuntaala 400 gurguree fi simintoo kuntaala 50 ol gurguruu seerri galmeessaa fi hayyama daldalaa qinxaaboon gurguruu akka dhorkutti ragaa dhageesifateen Manni murtii Aanaas ragaa dhiyaate kana madaaluun gocha himatamaan raawwate hayyama simintoo qinxaaboo bu'uura godhachuun yeroo tokkotti kuntaala 400 gurguruun isaa kallatiimaan hayyama daldala isaaf kenname keessaa ba'uun jimlaan gurgure kan isa jechisiisu miti jechuun himatamaa bilisaan akka gaggeefamu taasiseera.[53]

Manni murtii Olaanaa Godina Addaa Adaamaas himatni Abbaa Alangaa ta'e ragooliin isaa deebii kennitootni hayyama daldalaa qinxaaboon kuntaala 400 gurguruu malee eenyuuf akka gurguran kan hin mirkaneessinee fi seerichaan namni hayyama qinxaaboon hanga kana jedhamee ibsamee hin tumamneetti daangaa hayyamaa darbaniiru kan nama jechisiisu miti jechuun murtii jalaa cimsee jira.

Egaa dhimmoota ijoo dubbii armaan olii irraa sirnaan gadi qabamee qabxiin madaalamuu qabu jalqabumarraa kaasee gaaleen daldala qinxaaboo jedhu seera rogummaa qabuun kan hiikame

[53] Falmii Abbaa Alangaa Aanaa fi Waasil Rashiid gidduutti Mana Murtii Aanaa Magaalaa Adaamaatti lakk. Galmee 27050 taasifamee murtaa'e.

ilaaluun kallattii sanaan ragaan qindaa'uu qaba. Keesumattuu labsii galmeessaa fi kenna hayyama lakk.980/2008 keewwata 2(25 fi 26) jalatti;

"*Daldalaa Jimlaa*" jechuun nama meeshaa daldalaa oomishtoota yookiin fichisiistota irraa bitee daldaltoota qinxaabootiif yookiin dhaabbilee mootummaa fi miti mootummaaf yookiin waldaa hojii gamtaaf jimlaan kan gurguru dha jechuun hiika itti kennee jira.

"*Daldalaa Qinxaaboo*" jechuun nama meeshaa daldalaa oomishtoota yookiin fichisistoota yookiin daldalaa jimlaa irraa bituun fayyadamtootaaf kan gurguru jechuudha.

*"Fayyadamaa"* jechuus labsiin lakk.813/06 keewwata 2(4) jechuun deebisee gurguruuf osoo hin taane gatiin ofiif ykn namaaf kaffalee miya daldalaa bituun maatiif ykn ofiif nama ittiin tajaajilamudha jedhee hika.
Walumaagalatti hiikkoowwan seeraa armaan olitti insame irraa kan hubatamu: nama tokko daldalaa qinxaabooti yookiiin daldalaa jimlaa dha jennee gargar qoqqoduuf hiikkoo seeraa qaama seera tumuun kenname ilaaluun fala waara'aa kennuuf murteessaa dha. Gara ijoo dubbii himata A/Atti yommuu deebinu silaa galmeen qorannoo kan hammachuu qabuu fi himata A/A kessattis hammatamuu qabu akkaataa seeraatiin daldalaa daldala gaggeessaa jiru daldalaa qinxaaboodha jechuuf daldalaa qinxaaboo sana irraa akkaataa seeraan eenyutu irraa bituu qabaa yookiin eenyutti gurgruuf dirqama qaba kan jedhu ijoo seerichaa waliin ragaa rogummaa qabuun deeggaruun dhiyaachuu qaba ture. Kanaaf daldalaa qinxaaboo jedhamuuf hanga yookiin baay'ina gurgurtaa yeroo tokkoon daldalaan sun daldaluun osoo hin taane enyutti gurguree yookiin grguruu qabaa kan jedhutu ragaan adda ba'uu qaba. Kallattidhumaan daldalaan sun fayyadamtootaaf kan gurguru yoo ta'e daldalaa qinxaaboo dha jechuu dandeenya. Haa ta'u iyuu malee daldalaan sun seeraan dirqama nama itti gurguu qabu dhiisee nama biraatti yoo gurgure labsicha keewwata 49(2) tiin osoo hin taane keewwata biraa barbaaduun fala kan argatu ta'a. Fakkeenyaaf labsicha keewwata 26 jalatti gochoota dhorkaman kanneen akka daldala Sadarkaa wal fakkaatutti jechuun daldaltichi hayyama kan baafate daldala qinxaaboo yoo ta'e kan daldaluu qabu fayyadamtootatti ta'uu osoo qabu daldalaa qinxaabootti kan daldale yoo ta'e kunis ragaan kan mirkanaa'u yoo ta'e kewwaata 26(10) fi 49(8) walitti qabamee ilaalamee murtii Abbaa Alangaa kan argatu ta'a jechuu dha.

Gama biroon immoo daldalaan tokko daangaa hayyama daldalaa kennameef keessaa ba'ee hojii daldalaa hayyama mataa isaa danda'ee kennisisu hayyama daldalaa isaaf kennametti dabalee kan daldalaa jiru yoo ta'e dha. Fakkeenyaaf; Daldala bunaa keessatti hojiin buna qopheessuu, buna dhiyeessuu, buna kuusuu fi buna biyya alaatti erguu hojiiwwan walitti fufiinsa qabanii fi wal-

fakkaatiinsa qaban yoo ta'ellee of danda'anii, namoota daldaltoota ta'aniif, haayyama hojii daldalaa mata mataatti barbaadaniidha. Yaaduma kana kan jabeessu labsiin bittaa fi to'annoo bunaa lakk 1051/2009 keewwata. 8-14 fi qajeelfama kenna hayyama hojii daldalaa lakk17/2011 tiin hojii daldalaa mataa mataatti kennamuu qabu walitti makee akka hin hojjenne kan dhorku dha. Hojiiwwan daldalaa hayyamni daldalaa qofaa qofaatti ba'ee kennamu walitti make daldalaan hojii daldalaa geggesse labsii galmeessaa fi kenna hayyamaa keewwata 49(2) tiin kan gaafatamu ta'a jechuu dha. Kanaafis akka galteetti kan fayyadu qajeelfama tarree yookiin gulantaa kenna hayyamaa Sadarkaa fedaraalaatti ba'een hojiin daldalaa daldaltichaan hojjetamaa jiru qofaa qofaatti kennamuu fi dhabuu isaa adda baasuu kan gaafatu dha.[54]

### C. Hayyama Daldalaa Haareessuu

Daldalaan hojii daldalaa hayyama daldalaa hin haarofneen hojjetu adabbii namni hayyama daldalaa osoo hin qabaanne hojjetu waliin wal fakkaatuun kan itti gaafatamu ta'uu labsicha irraa ni hubatama[55]. Hayyamni daldalaa kunis kan haara'u waggaatti al takko akka ta'e labsiin galmee daldalaa fi kenna hayyama daldalaa ni tuma.[56]

Hayyamni daldalaas kan haareffamu, hayyamni Adoolessa 1 hanga Mudde 30tti yookaan xumura baajata waggaa itti galmaa'ee kaasee baatii jaha keessatti haareffamuu qaba. Yeroo kana keessatti hin haareffamne yoo ta'e ji'a itti aanu Amajji 1 hanga Waxabajjii 30tti kaffaltii haaromsaatti dabalee yeroon haaromsaa waan tureef baatii Amajjiitiif qarshii 2500 fi baatilee itti aanaaniif tokkoo tokkoo baatiitti adabbii qarshii 1500 kaffaluun haaromsuu danda'u.[57] Keewwata kana keessatti tumaan iftoomina gahaa hin qabne tokko adabiin qarshii 1500 baatii Amajjii keessatti ni kaffalamaa? Baatii Amajjii keessa hayyama haaressuuf kan haareffamu yoo ta'u kaffaltiin kunis yeroo hayyamni itti haareffamu waan tureef (boodatti) waan harkifateef kaffaltii raawwachuu qabutti ida'uun qarshii 2500 kaffalamuu qaba. Adabbiin qarshii 1500 baatii kana keessatti hin kaffalamu jechuu dha. Haa ta'u malee, adabbiidha jedhamee kan caqasame qarshii 1500 ammoo hin kaffalu. Bu'uura ibsa kanaatti, daldalaan hayyama daldalaa bara baajata darbe keessa baafate yookaan haareffatee fi hanga baatii Amajjii itti aanu keessattillee hayyamicha hin haaressine yoo ta'ellee baatii Amajji kana keessatti hayyama daldalaa fudhatama qabu qaba jedhamuu ni danda'a jechuu dha. Hiikkoon gama biraatiin ka'uu dana'u tokko garuu Mudde 30 erga darbee booda

[54] Miil jalee lakk.47.
[55] Miil jalee lakk.41 irra jiru, keewwata 2(12) fi 49(2) cimdiin walitti qabii dubbisi.
[56]Miiljalee lakk.41 irra jiru, keewwata 36(1)
[57] Miil jale lakk.41 irra jiru, keewwata 27(4)

hayyamni kan haareffamu yoo xiqqaate dabalataan qarshiin 2500 yoo kaffalamee dha. Namni kun yerootti waan hin haaressineef akka adabbiitti qarshii 2500 kaffalee haareffata jechuu dha.

Bu'uura labsii galmee daldalaa fi kenna hayyamaa lakk.980/2008 jalatti daldalaan hanga Waxabajjii/Sanee 30tti hayyaama isaa hin haareffanne hayyamni daldalichaa akka haqamu kan tumu akkaataa labsii lakk.1150/2011tiin daldaltichi waggaa tokkoof adabbii qarshii 20,000 kaffaluudhaan akka haareffachuu danda'u fooyyessuun tumamee jira.[58] Kanaaf, namni tokko hayyama hojii daldalaa yeroo seeraan kaa'ame keessatti osoo hin haaressin hojii daldalaa osoo hojjetuu yoo argame hojii seeraan alaa raawwateera jedhamee bu'uura labsii 980/2008 kwt 49(2) gaafatama jechuu dha. Haa ta'uyyuu malee yeroon haaressuu daldalaa erga darbee booda hayyamni daldalichaa haqamee daldaltichi yoo fedhii qabaate hayyama daldalichaa adabbii dabalataan alatti baafachuu ni danda'a.[59]

### D . Hayyama Daldalaa Haquu

Akkuma galmee daldalaa hayyamni hojii daldalaas haqamuu ni danda'a. sababotni hayyama daldalaa haqsiisuus hayyamni daldalaa yookiin kan haareffame sanada yookiin odeeffannoo sobaan ta'uu yeroo mirkanaa'u, daldaltichi hayyama daldalichaa kaayyoo kennameef alatti osoo tajaajilaa jiruu yoo argame, hayyamni daldalaa kan hin haarofne yoo ta'e, daldalticha irratti murtiin kasaaraa yoo kenname, daldalaan hayyama daldalaa isaaf kennameen hojjechuu yoo dhiisee fi galmeen daldalaa yoo haqame dha.[60]

Hayyama daldalaa akkaataa labsii galmee daldalaa fi hayyammaatiin qaama aangoo qabuun erga haqamee booda hojii daldalaa hayyama akkaataa qajeelfama kenna hayyama daldalaatiin kennamuu barbaadu hayyama daldalaan alatti irratti namni bobba'ee argames daldala seeraan alaatiin kan itti gaafatamummu ta'a jechuu dha.

### <u>Gaaffii Marii</u>

Dhaabbiillee daldalaa (business organization) kan jeedhamanin walqabatee hayyamni daldalaa isaanii yoo haqamee maal ta'uu?

### 2.2.3 Labsii Bulchiinsa Nyaataa fi Dawwaa Lakk.661/2009 fi 1112/2019

Kaayyoon labsii kanaa inni guddaan nyaataa, dawaa fi meeshaalee wal'aansaa qulqullinni isaa qaama aangoo qabuun osoo hin sakatta'amiin gara hawaasa bal'aatti tamsa'ee akka miidhaa fayyaa

[58] Labsii galmeessaa fi kenna hayyamaa fooyyessuuf ba'e lakk. 1150/2011 keewwata 17(6)
[59] Isa olii, keewwata 17(7)
[60] Isa lakk.41 irra jiru keewwata 30

hawaasaa hin qaqqabsiifne gochuu dha. Akkasumas ogeessa oogummaan hin gahoomneenii fi naamusa oogummaa hin qabneen kennemee miidhaan fayyaa hawaasaa akka hin geenye ittisuu dha.

Walumaa galatti galmi labsichaa dawaawwan aadaas ta'e kan hamayyaa gahumsaa fi qulqullina hin qabne fayyaa hawaasaaf balaa ta'an to'achuu, akkasumas dhaabbata tajaajila fayyaa kennuu barbaadu ulaagaa isa bu'uuraa kanneen akka galmee daldalaa irratti galmaa'uu, hayyama gahumsa hojii fi hayyama hojii daldalaa baafachuu akka qabu seeraan tumamee jira.[61] Dhimmoota ijoo labsiiwwan armaan olii kana keessatti xiyyeeffannoo addaa barbaadan akka armaan gadiitti kaasuun kan xiinxallu ta'a.

### A. Hayyama Oogummaa

Hayyamni oogummaa oogummaawwan jiran keessaa fedhii fi dantaa uummata bal'aa kabachiisuu danda'an qaama dhimmi ilaaluun safartuu addaa (specific standard) hojii oogumma sana hojjechuuf barbaachisan kanneen akka ulaagaa barnootaa, muuxannoo hojii fi qormaataan namoota ulaagaa oogummicha gahaa taasisan qabuuf ragaa kennamu dha[62]. Hayyamni Oogummaa kun walumaa galatti namni barnoota kan akka oogummaa fayyaa kana baratanii xumuranii booda qaama aangoo qabuun oogummichaan akkataa seeraatiin akka tajaajila kennaniif hayyama addaa ogeessotaaf gahumsa qabaachuu isaanii mirkaneessuun hojii oogummicha ilaallatu akka hojjetaniif kan kennamu dha. Akkasumas gosoota oogummaa seeraan hayyama hojii oogummaa baasuun akka dirqamaatti kaa'ame keessaa bu'uura labsii bulchiinsa nyaataa fi qorichaa lakk.661/2002 keewwata 33tiin namni oogummaa fayyaa baratee hojii oogummaa fayyaa hojjechuuf dirqama hayyama oogummaa baafatu malee hojjechuu akka hin dandeenye ni tuma.[63] Sababni labsichi xiyyeeffannoo addaa namoota oogummaa fayyaa baratan hayyama oogummaa baafatan male hojii tajaajila fayyaa akka hin hojjenne kan dhorkeef hojiin ogeessa fayyaa lubbuu fi fayyaa dhala namaa waliin kallattiin walitti dhufeenya waan qabuuf hojiin ogeessa fayyaan hojjetamu hanga danda'ame namoota dandeettii fi quuqama tajaajila hawaasaa qabaniin akka hojjetamu waan barbaadamuufi dha.

Inni biraan mata duree kana jalatti ilaalamuu qabu mana hojii mootummaa keessaa sektara isa kamtu hayyama oogummaa kana kennuuf bu'uura seeraan aangoo qabaa kan jedhu qabxii ilaalamuu qabu dha.

[61] Labsii bulchinsa nyaataa fi qorichaa lakk.661/2002 keewwata 4.
[62] Professional certifications and occupational licenses: evidence from the Current Population Survey : Monthly Labor Review: U.S. Bureau of Labor Statistics (bls.gov)
[63] Miiljalee lakk.60 keewwata 33.

Sadarkaa mootummaa fedaraalaatti labsii bulchiinsa nyaataa fi qorichaa lakk. 661/2002 raawwachiisuuf dambii lakk. 299/2013 ba'e keewwata 63 jalatti abbaan taayitaa nyaataa fi qorichaa Itoophiyaa hayyama oogummaa akka kennu tumuun bu'uura labsii qaamolee raawwachiiftuu mootummaa fedaraalaa aangoo fi dirqama isaanii murteessuuf ba'e lakk.1263/2021 keewwata 66 tiin abbaan taayitaa kunis akka dambii mana maree ministeerotaan hundaa'u labsicha keessatti caqafamee jira.

Sadarkaa Mootummaa Naannoleetti immoo labsiin Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa gurmeessuu, aangoo fi gahee hojii isaanii murteessuuf ba'e lakk.242/2014 keewwata 23(11)tiin Biiroon Fayyaa Oromiyaa aangoo hayyama hojii oogummaa kennuu akka danda'u aangessee jira.[64] Haa ta'uyyuu malee hayyamni hojii oogummaa kun akkaataa barbaachisummaa isaatti akka haara'uu qabu barreefamootnis ta'e seerri biyya keenyaa dhimma kanaan wal qabatan ni akeeku. Akkaataa labsicha[65]keewwata 33(2) naamusnii fi daldeettiin nama hayyama hojii oogummaa haareffatuu fi bu'uura dambicha[66] keewwata 66(2) qaama aangoo qabuun ilaalamee waggaa 5(shan) keessatti al tokko ni haareffama. Gama biroon immoo Qajeelfamni fedaraalaa bulchiinsa galmeessaa fi hayyama hojii oogummaa fayyaa kennuu lakk.770/2013 ba'e keewwata 13 jalatti ogeessi fayyaa hayyamni hojii oogummaa isaaf kenname kamiyyuu waggaa sadii(3) keessatti hayyama hojii oogummaa isaa fooyyeeffachuu akka qabu ni tuma.

Ulaagaan haareessa hayyama kanaatis; ogeessi fayyaa kamiyyuu yeroon hayyama hojii oogummaa kenname hin xummuramiin ji'a tokko(1) dura iyyannoo haarressa hayyama hojii oogummaa gaafachuu, hayyama hojii oogummaa dura kenname deebisuu, hojiirra kan ture ta'u hojjechisaa yookiin dhaabbata keessa hojjetaa turerraa dhiyeeffachuu, suuraa lama ji'a jahaa asitti ka'e dhiyeeffachuu, waraqaa ragaa sakatta'insa fayyaa taasisuu agarsiisu dhiyeessuu fi kkf dha. Kanuma irraa ka'uun ogeessi fayyaa tajaajila fayyaa kennuuf kan dandeetti gonfatu sababa oogummaa fayyaa barateef qofaa osoo hin taane qaama aangoo qabuun ulaagaa dabalataa qaamni aangoo qabu barbaadu guutuun erga hayyama hojii oogummaa baafatee booda dha. Osoo hayyama hojii oogummaa kana hin baafatiin yookiin hayyama oogummaa yeroon haaressuu isaa irra darbeen hojii oogummaa kana kennuun seeraan ala waan ta'eef itti gaafatamummaa ni hordofsiisa jechuu dha.

[64] Labsii Hojii Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa lakk.242/2014
[65] Isa olii lakk.45.
[66] Dambii Labsii lakk.661/2002 raawwachiisuuf kan ba'e lakk 299/2013

## Qabxii Marii

Hayyamni hojii oogummaa fayyaa akkuma qaama aangoo qabuun kennamu yeroo yeroon akka haara'uu qabu labsii lakk.661/2009 fi qajeelfamni lakk.770/2013 ba'e eerame ni ibsa. Haa ta'uyyuu malee hayyamni hojii oogummaa fayyaa bu'uura labsii bulchiinsaa nyaataa fi qorichaa lakk.661/2002 keewwata 33(2) tiin waggaa shan(5) keessatti al tokko akka haara'u yoo tumu gama biroon immoo qajeelfamni fedaraalaa bulchiinsa galmeessaa fi hayyama hojii oogummaa fayyaa kennuu lakk.770/2013 ba'e keewwata 13 jalatti ogeessi fayyaa hayyamni hojii oogummaa isaaf kenname kamiyyuu waggaa sadii(3) keessatti hayyama hojii oogummaa isaa akka fooyyeffachuuf dirqama qabuutti tumuun guyyaa yeroon hayyama kana hareessuu darbee booda osoo ittin hojjechaa jiruu yoo qabame akka waan hayyama hojii oogummaa malee tajaajileetti fudhatamee seeraan akka gaafatamu qajeelfamichi ni akkeeka. Ogeessi fayyaa waggaa sadii booda osoo hin haaressiin qabamee to'atamee dhufe itti gaafatamuummaa seeraa hordofsiisu qaba jettuu?Maaliif? Kanaaf garaagarummaa labsii kanaa fi qajeelfama kana yeroo harressa hayyamaan wal qabatee jiruuf raawwatinsa kan qabu qajeelfamicha moo labsicha dha jettu, yaada keessan bu'uura hiikkoo seeraan xiinxalaa.

Hayyama hojii oogummaan wal qabatee yaadi biroon ka'uu qabu, ogeessi fayyaa hayyamni hojii oogummaa fayyaa isaaf kenname haala kamiiniyyuu nama biraaf dabarsuus ta'e kireessuu akka hin dandeenye dambichi[67] keewwatni 65(3) tumee jiraachuun hubatamuu qaba. Akkasumas hayyama hojii oogummaa fayyaa kana ogeessi fayyaa kennameef adeemsa hojii keessa dogoggora uumamuun tarkaanfii bulchiinsaa qaamolee bulchiinsaa sektara fayyaatiin hayyamicha dhorkuus ta'e haquu seeraan kan kennameef ta'uu qajeelfamicha[68] keewwata 19, 20 fi 21 jalatti tumame cimdiin dubbisuun hubachuun ni danda'ama.

Walumaa galatti bifa addaan yeroo seeraan tumamu akkuma fakkeenyaatti kan akka oogummaa fayyaan wal qabatu ogeessichi dhuunfaa isaatti tajaajila fayyaa hawaasaa kennuu yoo barbaade jalqaba hayyama hojii oogummaa fayyaa baafachuu qaba. Itti aansuun hayyama gahumsa hojii kan kutaa ittaanu keessatti gadi fageenyaan ilaallu qaama aangoo qabu irraa baafachuu qaba jechuu dha.

[67] Miiljalee lakk.65.
[68] Qajeelfama Galmeessa ogeessota Fayyaa fi Bulchiinsa Kenna Hayyama Hojii Oogummaa lakk. 770/2013

## B. Hayyama Ragaa Mirkaneessa Gahumsaa

Hojii daldalaa seera qabeessa geggessuuf ulaagaan ijoon seerri akka haaldureetti yeroo gaafatu kan guutamu qabu inni biroon hayyama gahumsa hojii qabaachuu dha. Kaayyoon hayyama kanaatis gosootni daldalaa tokko tokko ulaagaa addaa dabalataa namoota dandeettii to’achuu miidhaa daldalli sun geessisu hambisuu danda’aniin akka geggeeffamu gochuun balaa qaqqabu yookiin miidhaa fayyadamaa irra akka hin geenye dhorkuuf yaadameeti.

Hayyamni mirkaneessa gahumsa daldalaa akkuma hayyama daldalaa qaama mootummaa aangoo qabuun sektaraalee mootummaa hedduuf kennameen kan raawwatu ta’ee ulaagaa ifaa sektarri dhimma daldala gaggeefamu abbummaan hoogganuun bahee namtichi hayyamicha gaafate dandeettii hojichi/daldalichi gaafatu guutuu fi guutuu dhabuu adda baasuun kan kennamu dha.Fakkenyaaf bu’uura labsii[69] lakk.661/2002 keewwata 41(1), labsii[70] lakk 838/2006 keewwata 4, labsii[71] lakk.672/2002 keewwata 15, labsii[72] lakk. 1051/2009 keewwata 7(5), labsii[73] kakk. 814/2006 keewwata 9 fi 11(1), Labsii[74] lakk. 819/2006 keewwata 10(2a), 11(2), 12(1), 13(1), 14(1), labsii[75] lakk.234/2013 keewwata 17(3), 18(1), 19(1a)(2a) Dambii[76] lakk 178/2010 keewwata 5-11 fi kkf yeroo seeraan namni kamiyyuu osoo gara hojii daldalaatti hin seeniin qabachuu qaba jedhee seerri dirqisiisu qabachuu fi baafachuun dirqama ta’a jechuu dha.

Qabiyyeen waraqaa ragaa mirkaneessa ga’umsaa kun kan hammachuu qabu kallattimaan dandeetti hojii daldalaa geggeessuu waliin kan wal qabatu ta’uu fakkeenyaaf dambiin[77]lakk 299/2013 keewwatni 90 qaamni rogummaa aangoo qabu waraqaa ragaa mirkaneessa gahumsaa yeroo kennu yookiin haaressu gosa mi’aa yookiin tajaajilaa haala oomishaa, qopheessuu, kuusuu yookiin kanneen biroo barbaachisaa ta’an qulqulinaa fi nageenya meeshichaa yookiin tajaajilicha waliin wal qabatu kamiyyuu haala dirqama sektarichaaf kennameen kaa’uu ni danda’a jechuun tumee jira. Qaamni rogummaa qabu akkuma barbaachisummaa isaatti hojiin daldalaa geggessuu waliin wal qabatee sektara hojicha hordofuu fi to’achuuf dirqama qabuun kennama waan ta’ee qaama mootummaa hedduun kennamu waan danda’uuf sirritti seera qaama aangoo rogummaa qabu isa kamiif kennameera jechuun seeroota jiran seecca’uu fi adda baasuu kan gaafatu ta’a.

---

69 Miiljalee, lakk.60
70 Lansii Boba’aa fi To’annoo Hojii Bu’aa Boba’aa lakk.838/2006.
71 Labsii Galmeessaa fi To’annaa Farra Ilbiisotaa lakk.674/2002.
72 Labsii To’annaa Qulqullinaa fi Bittaa Bunaa lakk.1051/2009.
73 Labsii Sirna Bittaa fi Gurgurtaa Gogaa fi Kallee Dheedhii lakk.814/2006
74 Labsii Sirna Bittaa fi Gurgurtaa Horii Dhaabbii lakk.819/2006.
75 Labsii Qulqullinaa fi To’annaa Oomisha Qonnaa Naannoo Oromiyaa lakk.234/2013.
76 Dambii Sirna Bittaa fi Gurgurtaa Salixaa fi Boloqqee Adii lakk.178/2010.
77 Miljalee lakk.65

Waraqaan ragaa Mirkaneessa gahumsaa kun akkuma waraqaa ragaa hayyama daldalaa waggatti al tokko akka haareffamuu qabuu labsiiwwan hedduun ni akeeku. Fakkenyaaf labsiin[78] lakk 661/2002 keewwata 41(2) fudhachuu ni dandeenya. Namni waraqaa ragaa mirkaneessa gahumsaa kennameef hayyama qaama angoo qabuun alatti haala kamiiniyyuu hayyamicha nama biraaf dabarsuu hin danda'u.[79] Akkasumas yeroo isaa eeguun ulaagaa hayyamich haaressuuf barbaachisu osoo hin haaressiin hojii daldalaa irratti bobba'ee jiru hojjechuu hin qabu. Hayyama gahumsa hojii yeroon haressuu isaa irra darbeen osoo hojii daldalaa hojjechaa jiruu yoo qabame daldala seeraan alaatiin kan isaa gaafachiisu dha.

Gama biroon bu'uura labsii lakk. 980/2008 keewwata 42(3)tiin jijjirraan teessoo yookiin bakki mirkaneessa waraqaa ragaa gahumsaa nama kennameefiin yoo taasifame teessoo isa haaraa yookiin haala bakkicha waliin kan wal simu waraqaa mirkaneessa gahumsaa qaama aangoo qabu irraa dhiyeessuuf dirqama qaba. Akkasumas labsichuma keewwata 42(4)tiin namni hojii daldalaa geggesuuf seeraan hayyama ragaa mirkaneessa gahumsaa ni gaafata jedhee jira taanaan osoo hayyama daldalaa hin baafatiin dura dirqama hayama ragaa gahumsaa kana baafachuu akka qabu labsiin kun tumee jiraachuun isaa hayyamni gahumsaa kun hagam murteessaa akka ta'ee fi hayama gahumsaa malee hayyama daldalaa baasuun hojii daldalaa seera qabeessaa geggessuun akka hin danda'ame agarsiistuu guddaa ta'uu hubatamuu qaba. Haaluma kanaan, seerri dhimmi ilaallatu hayyama gahumsa hojii baafachuun barbaachisaadha kan jedhu yoo ta'e hayyama jedhamu kana osoo hin baafatiin hojii daldalaa kana hojjechuun seeraa ala; gocha daldala seeraa alaa raawwachuu dha waan ta'eef itti-gaafatamummaa seeraa kan hordofsiisu ta'a jechuu dha. Dhimma qabatamaa waraqaa ragaa gahumsaa fi hayyama daldalaa waliin kan wal qabatu murtii mana murtii armaan gadii haa ilaallu.

## Dhimma 3ffaa

Falmii Abbaa Alangaa fi himatamaa Hamsaaluu Kindee gidduu tureen himatamaan labsii bulchiinsa nyaataa fi qorichaa lakk.1112/2011 bahe keewwata 67(5) irra darbuun hayyama daldalaa nama maqaa nama Amaanu'eel Masfiin jedhamuun hojii gurgurtaa qinxaaboo farra ilbiisotaa fi kemikaalota jedhamuun akka hojjetuuf kenname himatamaan qabachuun keemikaala farra ilbiisaa (bed bud killer) baay'inni isaa qaruuraa pilaastikaa 23 fi farra hantuutaa baay'inni isaa 112 ta'e magaala Diggaa ganda 01 keessatti ulaagaa seeraa guutee osoo hin jiraatiin konkolaataa TOYOTA irratti fe'ee osoo gurguraa jiru qabameera kan jedhuun, himata 2ffaa tiin labsichuma keewwata

[78] Miiljalee lakk.60.
[79] Miiljalee lakk.65 keewwata 90(5)

67(7) irra darbuun ogeessa qorichaa osoo hin ta’iin qorichoota kana akkaataa ijoo dubbii armaan oliitiin osoo gurguraa jiruu kan qabame ta’uu fi akkasumas himata 3ffaatiin , labsichuma keewwata 67(12) irra darbuun qorichoota uummataaf gurgurtaa socho’aa konkolaataa irratti raawwateera jechuun Mana Murtii Aaanaa Deegaatti dhiyaatee lakk. Galmee 08249 ta’e irratti ragaa namaa fi kan ogeessaa akkasumas ragaa barreeffamaa hayamni daldalaa maqaa nama Amaanu’eel Mesfiniin ba’ee jiraachuu kan ibsu karaa Abbaa Alangaa dhiyaatee erga dhaga’ameen booda himatamaan ragaa faccisaa hin qabu waan jedheef manni murtii himata Abbaan Alangaa himate jalatti murtii balleessummaa kenne jira. Manni murtii Olaanaa Go/Bunnoo Baddallees oliyyata dhiyaate cimsee jira.[80]

## Dhimma 4ffaa

Himannaa Abbaan Alangaa gaafa 09/12/2014 himatamaaMahaammad Ibraahiim jedhamu irratti dhiheesseen yakka raawwachuuf itti yaadee Labsii Galmeessa Daldalaa fi Kenna Hayyama Daldala lakk. 980/2008 tahe keewwata 42(3) fi 49(8) bira darbuun Godina Harargee bahaa Aanaa Haramaayaa araddaa Karroo tarkaanfii Ganda Waariyoo bakka jedhamutti hayyama gahumsa Oogummaa fayyaa Haaraya iddoo hojii isaa kan ammaa argisiisu qaama aangoo qabu irraa osoo hin qabaatin hayyama gahumsa fayyaa Naannoo amaaraa irraa fudhateen qoricha addaa addaa tiin hojii tajaajila fayyaa irratti bobbahee gaafa guyyaa 03/12/2014 waan qabamef yakka tumaa seeraa olitti ibsame kana cabsuu raawwatee jira kan jedhuudha.

Manni murtii himatamaa akkaataa himata abbaa alangaatiin waan amaneef bu’uura seera deemsa falmii yakkaa keewwata 132 fi labsicha keewwata 49(9) jalatti murtii balleessummaa fi addabbii kennee jira.[81]

## Gaaffii Marii Dhimma 3ffaa Irratti Hundaa’ee Dhiyaate

1. Himatni abbaan alangaa bu’uura labsii lakk.1112/2011 tiin dhiyaachuu qaba moo bu’uura labsii lakk.674/2002 tiin dhiyaachuu qaba? seera rogummaa qabu sababaan deeggaruun irratti mari’adhaa.
2. Daangaan labsiilee kanaa jechuun labsiin bulchiinsa nyaataa fi qorichaa lakk.1112/2011 fi labsiin galmeessaa fi to’annaa farra ilbiisootaa lakk 674/2002 hangam akka ta’e kaasuun irratti mari’adhaa.

[80] Falmii Abbaa Alangaa Aanaa fi himatamaa Hamsaaluu Kindee Mana Murtii Aanaa Giggaatti lakk.galmee 08249 irratti murtii argate dha.
[81] Murtii mana murtii aanaa haramayaa dhaddacha yakkaa lakk.galmee 55343 irratti gaafa 2012/2014 kenname ilaalii.

3. Gochi Himatamaan armaan olii ittiin himatame daldala seeraan alaati jedhamee himatame waan ta'eef dabalataan bu'uura labsii galmeessaa fi kenna hayyama daldalaatiin hin gaafatamu tureeyii? Labsiin kun dhimma armaan olii kana irratti raawwatinsa qaba moo hin qabu jettu?, mariin haa gabbatu.
4. Murtii Manni murtii Aanaa deegaa fi mana murtii olaanaa Go/ Bu/Beddelleen kenname akkamittiin ilaaltu bu'uura seeraa ni qaba jettuu maaliif?

**Gaaffii Marii Dhimma 4ffaa Irratti Hundaa'uun Dhiyaate**

- Gochi himatamaan kun raawwate labsii waa'ee hayyama daldalaa waliigalaa hoogganuuf ba'een bitamuu qaba moo bu'uura labsii bulchiinsa nyaataa fi qorichaa lakk.661/2002 yookiin 1112/2011 tiin ilaalamuu qaba jettanii yaaddu?, sababa keessan sababaan deeggaruun ibsaa.

Dabalataan ogeessi fayyaa tokko tajaajila fayyaa kennuuf hayyamni hojii oogummaa fi hayyamni gahumsa hojii qafti daldala/tajaajila fayyaa seera qabeessa ta'e geggesuuf gahaa miti. Sababni isaas tajaajila fayyaa maallaqa kafalchiisuun dhuunfaatti faayidaa argachuuf hojjechuun bu'uura labsii galmee daldalaa fi kenna hayyamaa lakk.980/2008 keewwata 2(2) daldalaa taasisa waan ta'eef dirqama daldalaan tokko guutuu qabu qaamni tajaajila fayyaa kennuu irratti bobba'es dirqama kana ba'uu qaba jechuu dha. Bu'uuruma kanaan osoo gara kenna tajaajila fayyaatti hin seeniin dura galmee daldalaa irratti galmaa'uun hayyama hojii daldalaa waajjira daldalaa irraa argachuuf dirqama qaba, kana hin ta'u taanaan garuu daldala seeraan alaatiin kan gaafachiisu ta'a. Kanuma kan nuuf jabeessu, labsiin 980/2008 kenniinsa tajaajila fayyaarratti raawwatiinsa akka qabu labsicha keewwata 3 fi 21(4) irraa hubachuun ni dana'ama. Akkaataa labsii kanaatti hayyamni kennamu hayyama hojii daldalaa hojjechuu nama dandeessisuu yoo ta'u bu'uura labsii 661/2002tti qoricha gurguruu fi tajaajila fayyaa kennuun hojii daldalaa keessatti akka ramadaman waan ibsuuf, namni hojii kana hojjechuu barbaadu hayyama hojii daldalaa baafachuu qaba jechuu dha. Dhimma kana moojulii gochaa daldala seeraan alaa jedhu irraa kan fudhatame dhimma kanaaf rogummaa qabu murtii armaan gadiirratti hundaa'uun mee haa ilaallu.

**Dhimma 5ffaa**

Falmii Abbaa Alangaa fi Sheek Abdallaa Ismaa'el gidduu turerratti[82] himatamaan hayyama qaamni aangoo qabu kennee fi to'annoon irratti taasifamu osoo hin qabaatiin tajaajila wal'aansa fayyaa fi dawwaa gosa adda addaa namootaa kennaa osoo jiruu argameera jedhamee seera yakka

[82] A/A Naannoo vs. Sheek Abdallaa Ismaa'el, BH Dhaddacha Bahaa, galmee A/A lakk 101955

keewwata 535(1) jalatti himatameera. Himatamaan hayyama hojii tajaajila ogummaa fayyaa qaba jechuun xalayaa barreessisee dhiyeeffateen bilisa gaggeeffameera. Murtichatti mufachuun ijoo komii Abbaa Alangaa tarreessee hanga Mana Murtii Waliigala Oromiyaatti dhiyeesse tokko himatamaan hayyama hojii ogummaa fayyaa biiroon eegumsa fayyaa kennu yoo qabaatellee hayyama hojii daldalaa biiroon daldalaa fi misooma gabaa kennu osoo hin qabatatiin hojii daldalaa hojjechuun seeraa ala jedhee falme.[28] MMOG Arsii fi MMWO Dhaddacha Bahaa ol'iyyata dhiyaate kufaa godhaniiru.[83]

Egaa akkuma jalqaba irratti ka'e hojii daldalaa geggeessuu keessatti ulagaan seeraa, daldalaan tokko guuttachuu qabu; galmee daldalaa irratti galmaa'uu, hayyama hojii daldalaa irratti bobba'een baafachuu fi akka barbaachisummaa isaatti keessattuu hojichi hojii ogeessa fayyaan hojjetamu yoo ta'e dabalataan hayyama hojii oogummaa fi hayyama gahumsa hojii baafachuu akka qabu labsii galmeessa fi kenna hayyamaa fi labsii bulchiinsaa nyaataa fi qorichaa hojiirra jiran fi kkf yeroo ilaallu haala ifa ta'een tumanii jiru.

## C. Oomishaalee Galmessuu

Oomishaalee kallattimaan fayyaa hawaasaa waliin walqabatan qaama aangoo qabuun faayidaa qabeessummaan omishaalee kanaa adda ba'ee osoo hin galmaa'iin gabaaf akka hin dhiyaanne seerootni dhorkan jiru. Galmeessi oomishaalee, sadarkaa qulqullina oomishaalee adda baasanii beekuu fi oomishaaleen karaa seeraan alaatiin gabaa keessa akka hin galle ittisuuf kan tajaajilu dha. Fakkeenyaaf, dawaan kamiyyuu yookiin meeshaaleen yaala fayyaa qaama aangoo qabuun osoo hin galmaayiin yookiin hayyama gabaa hin argatiin biyya keessa galchuun, biyya keessatti oomishuun, kuusuun, raabsuun, geejibuun, gurguruun qabachuun, hojiirra akka oolu gochuun naannessuun yookiin nama biroof dabarsuun dhorkaa dha.[84] Akkaataa labsichi dirqama tumee jiruun kan hin raawwatiin hafe irrattis itta gaafatamummaa seeraa akka dhufuu danda'u tummee jira.[85]

Gama biroon immoo dhimmoota labsii armaan olii waliin kan wal hin qabanne yoo ta'ellee dhimma mataduree xiqqaa armaan olii jalatti ilaalamuu qabu waan ta'eef, farri ilbiisaa kamiyyuu fayyisummaanii fi qulqullinni qorannoo laaboraatoriidhaan osoo hin yaalamiinii fi ministeera qonnaatiin osoo hin mirkanaa'iin galmaa'uu hin danda'u. namni kamiyyuu qoricha farra ilbiisotaa yookiin qorichootni farra ilbiisotaa faallaa haalota ittiin galmaa'aniin qopheessuun, gara biyya

[83] A/A Naannoo vs. Sheek Abdallaa Ismaa'el, MMWO Dhaddacha Bahaa galmee lakk 226512
[84] Labsii qorichaa lakk.1112/2011 keewwata 20.
[85] Isa olii keewwata 65 fi 67

keessaatti galchuun, golguun yookiin irra deebiin golguun, gurguruun, tamsaasuun, kuusuun yookiin fayyadamuun dhorkaa dha jechuun itti gaafatamummaa yakkaa waliin tumee jira.[86]

Akkasumas xaa'oon biyya keessatti oomishames ta'e biyya alaatii galee kan kuufamu, kan tamsa'uu fi gurgurtaaf dhiyaatu; istaandaardii Itoophiyaa kan guutuu fi biyya keessatti xaa'ummaatiin akka faayidaa irra ooluuf ejensichaan kan galmaa'e ta'uu akka qabu labsiin oomishaa fi daldala xaa'oo lakk.137/1998 ba'e keewwatni 13 ni tuma. Haala dirqama labsii kanaan kaa'ameen ala kan raawwatee argames keewwata 26(1)tiin itti gaafatamummaa yakkaa akka qabu ifatti tumee kan jiru ta'uu nii hubatama.

### 2.2.4 Labsiilee Sirna To'annaa Qulqullina Fi Daldala Bunaa

Kaayyoon labsii lakk1051/2009 bunni omishamu sadarkaa qulqullinaa isaa eeggatee gabaa biyya keessaa fi alaa irrattii dorgomaa ta'e sharafa biyya alaa argamsisuu akka danda'uuf sirna to'annoo, qulqullinaa fi daldala bunaa si'oomina qabu diriirsuun barbarchisaa ta'ee waan argameef, hojii daldala bunaa saffisaa fi baasii kan qusatu gochuun ommishtonnii bunaa daldala bunaa irraa galii barbaachisaa akka argatan taasisuuf haala mijawaa diriirsuuf kan kaayyeffate dha.[87] Kaayyoon gurguddoo armaan oliitti ibsaman bifa galma gahuun nama yookiin dhaabbilee hojii bunaa irratti bobba'anii hojjechuu barbaadaniif ulaagaa bu'uuraa armaan gadiitti kaa'ee jira.

Qotee bulaa dhimma jireenya dhuunfaa isaaf ittin jiraachuuf qotatu irraan kan hafe hojiin buna daldaluu, qopheessuu, kuusuu, geejibuu, alatti erguu fi kkf labsichaan beekamtii argatan hundi hojii daldalaa keessatti kan hammataman waan ta'eef daldalaan dhimma bunaa kana irratti hirmaachuu barbaadu dirqamoota kanneen akka galmee daldalaa irratti galmaa'uu, hayyama gahumsaa hojii baafachuu fi hayyama daldala hojii baafachuuf dirqama nii qaba. Ibsi dhimmoota galmee daldalaa, hayyama gahumsa hojii daldalaa[88] fi hayyama hojii daldalaa[89] mata duree armaan oliitti ibsame mataduree kanaafis raawwatinsa waan qabuuf irra deddebii xiqqeessuuf ibsa bal'aa osoo hin kenniin bira darbameera.

#### A. Gabaa Hayyamame keessatti Daldaluu

Daldalaan seera qabeessaa ulaagaawwan bu'uuraa kanneen akka galmee daldalaa irratti galmaa'uu, hojii daldalaa hojjechuu barbaadaniif hayyama daldalaa dursanii baasuu, hayyama gahumsa hojii baafachuu fi oomishoota gabaa irratti hanqinni mul'atan to'achuuf yookiin sababa dinagdee dhaaf

[86] Labsii farra ilbiisotaa galmeessuu fi to'achuuf ba'e lakk.674/2002 keewwata 3 fi 33(1)
[87] Seensa labsii to'annoo qulqullina bittaa bunaa lakk.1051/2009.
[88] Labsii to'annaa qulqullinaa fi bittaa bunaa lakk.1051/2009 keewwata 7(5)
[89] Miil jalee lakk.57.

oomishoota murteessaa ta'an to'achuuf daldalaan yookiin namni kamiyyuu yeroo seerri bakka bittaa fi gurgurtaan gabaa itti geggefamu murtaa'u murtii kana hordofee daldalaan hojii daldalaa gaggeessuuf dirqama qaba.

Seerootni biyya keenyaa tokko tokko oomishalee sadarkaa gabaa adda bahe keessatti bittaa-gurgurtaan isaanii raawwatuu fi hirmaatoota gabaa sana keessatti qooda qabaachuu danda'an adda baasanii kaa'u. Fakkeenyaaf, labsiin to'annaa fi bittaa bunaa lakk,1051/09 kwt.5 jalatti hirmaattota gabaa kaa'ee buna diimaa hanga buna qishiraa hojmaata inni ittiin hoogganamu yoo tumu, dambiin labsii kana raawwachiisuuf ba'es lakk 433/2011 keewwatni 4-14 fi qajeelfama dambicha raawwachiisuuf ba'e lakk.002/2012 keewwata 9.1.2 bifa wal fakkaatuun tumee jira.

- Bunni diimataa fi janfalli bittaa fi gurgurtaan gabaa sadarkaa jalqabaatti yookiin bakka qaama aangoo qabuun bakka bittaa fi gurgurtaan akka raawwatamuuf murtaa'een kan dhiyaatan yoo ta'u,[90]
- Buna qishiraa gabaa biyya keessaa oolu ilaalchisee immoo dameelee gidduu gala gabaa Itoophiyaatti akka raawwatamu labsichi tumee jira.[91]

Dabalataanis, gochoota labsicha keessatti dhorkaman muraasa kaasuuf, bunni miicamee qophaa'ee jirus sadarkaa gabaa jalqabaa keessatti dhiyaachuun dhoorkaa dha. Akkasumas,daldalaan bunaa qinxaaboo buna sadarkaa gabaa 1ffaa irra bituun dhoorkaa ta'uu kan tumuu fi kkf kaasuun ni danda'ama.[92]

Sadarkaa naannoo keenyaatti oomisha qonnaadhaan wal qabatee sirna bittaa fi gurgurtaa isaa seeraan akka hoogganamuuf labsiin bahee hojiitti galamee jira. Bu'uura labsii[93] kanaatiin bittaa fi gurgurtaa oomisha qonnaan kan wal qabatu sirni gabaa kan diriireef yoo ta'u, akkataa labsicha keewwata 5tiin bittaa fi gurgurtaan oomishaalee qonnaa giddugala gabaa seeraan daangeffamee fi hayyamame keessatti qofa kan gaggeeffamu ta'uu ni tuma. Kanumaan wal qabatee haala labsicha hojirra oolchuu danda'uun dambiin sirna to'annoo gabaa oomisha midhaan bilaa fi agadaa naannoo oromiyaa lakk.230/2014 keewwata 5 jalatti iddoo bittaa fi gurgurtaan oomisha qonnaa miidhaan biilaa fi agadaa gaggeefamu kaa'ee jira.[94] Sadarkaan midhaan bilaa fi agadaa kan geggeffamus; hirmaattota gabaa dambicha keewwata 6 jalatti ibsamaniin ta'e, sadarkaa gabaa oomisha midhaan

[90] Miil jalee lakk.86 keewwata 4(1a) fi Dambii lakk.433/2011 keewwata 4(1),7, 11(2)
[91] Miil jalee lakk.86 keewwata 5.
[92] Isa olii keewwata 12(2)
[93] Labsii Sirna To'annoo Gabaa fi Qulqullina Oomishaalee Qonnaa Naannoo Oromiyaa lakk.234/2013
[94] Sirni gabaa oomisha midhaan bilaa fi agadaa iddoon bittaa fi gurgurtaan itti gaggeefamuu qabu;Bu'uura labsii lakk.234/2013 fi dambii 230.2014 tiin waliigaltee koontiraataa qonnaatiin midhaan bilaa fi agadaa osoo hin dabalatiin , gidduu gala gabaa seeraan daangeffamee fi hayyamame keessatti gaggeeffamuu akka qabu,

bilaa fi agadaa gabaa bu'uuraa[95], Gabaa sadarkaa jalqabaa[96] fi gabaa sabarkaa lammaffaatti [97]kan qodamu ta'ee yoo bifa addaan seeraan hayyamame malee sadarkaa fi hirmaattoota gabaa sadarkaa saniif hayyamameen alatti bittaa fi gurgurtaa raawwachuun dhorkaa dha. Bittaa fi gurgurtaan gabaa hayyamameen ala raawwatamu daldala seeraan alaa tiin kan nama gaafachiisu dha.

Dabalataan, dambiin sirna to'annaa gabaa fi qulqullina oomisha jimaa lakk.224/2013 keewwata 6 hanga 10 fi qajeelfama sirna to'annaa gabaa fi qulqullina oomisha jimaa naannoo oromiyaa lakk.10/2014 keewwata 5-7 gabaa jimaan keessatti daldalamuu qabu tumee jira.Akkasumas bu'uura labsii lakk.234/2013 keewwata 14(3) fi dambiin sirna gabaa fi to'annoo qulqullina oomisha aannaniifi bu'aa aannanii naannoo oromiyaa lakk.221/2013 keeawwa 5 hanga 9tti hirmaattota fi iddoo bittaa fi gurgurtaa oomisha aannanii haala adda ta'een kan tumee jiru ta'uu keewwattoota kana irraa ni hubatama. Sababni isaas oomishaalee qonnaa midhaan agadaa fi bilaa bifa addaan yoo hayyamame malee gabaa sadarkaa bu'uraa, sadarkaa tokkoffaa fi lammaffaa keessatti akka raawwachuu qabu dambiin lakk.230/2014 keewwatni 8 hanga 10tti kan jiran ni akeeku, haa ta'uyyuu malee dambiin lakk.221/2013 keewwata 6 tiin fi qajeelfamni dambii kana raawwachiisuuf ba'e lakk. 07/2014 keewwata 5 hanga 7tti jiran bittaa fi gurgurtaan oomisha aannanii fi bu'aan aannanii kan gaggeeffamu qe'e oomishaa, gidduu gala gabaa, warshaa qindeessaa fi iddoo qaama aangoo qabuun hayyamametti akka raawwatamuu qabu tumanii jiru. Bakkeewwan dambii fi qajeelfama armaan oliitti hayyamamanii alatti bittaa fi gurgurtaa geggeessuun bu'uura labsii oomisha qonnaa naannoo oromiyaa lakk.234/2013 keewwata kwt.23(17) fi 26tiin seeraan kan nama gaafachiisu dha.

### B. Qulqullina Oomishaalee Eeguu

Bu'uura labsii to'annoo qulqullinaa fi daldala bunaa kwt 19(1)tti namni buna qopheessu kamiyyuu hojimaata tekinikaa Abbaa Taayitichaan ykn qaama aangoo qabuu sadarkaa naannootti jiru qpohessuun ala buna qopheessee qulqullina bunaa irratti fi hawwaasa naannoo industirii buna qopheessuu jiraatu irratti miidhaa yoo geessisee; oomishichi daldalaaf akka hin dhiyaanne fi industirichi akka cufamu ta'ee adabbii hidhaa waggaa tokkoo gadi hin taanee fi waggaa sadii hin caallee fi adabbii qarshii 20000 hanga 40000tiin ni adabama jechuun tumee jira.

Labsiin lakk. 234/2013 keewwata 8 jalatti oomishni qonnaa gabaaf dhiyaatu kamiyyuu qulqullina uumamaan qabu kan eeggate, ulfaatina oomishichaa akka dabaluuf jecha bishaan, biyyee, yookiin

[95] Dambii Sirna To'annoo Gabaa Oomisha Midhaan Biilaa fi Agadaa Naannoo Oromiyaa lakk.230/2014 keewwata 8
[96] Isa olii keewwata 9
[97] Isa olii keewwata 10

wantoota alagaa ta'an kan itti hin dabalamiin, oomisha hin tortoriin, hin caccabiin ilbiisa adda addaatiin hin nyaatamiin, yeroon itti fayyadama isaa kan irra hin darbiin, beellada yoo ta'e fayyuummaan isaa kan eegame, oomisha hin bilchaatiin, oomishni gabaaf dhiyaatu mana kuusaa fi qindeessaa qulqullina qabu keessatti kuufamuu fi qindaa'uu akka qabu tumee jira. Labsicha[98] keewwata 18(7,8,9), 19(1b,c), 23(4) dirqama daldaaltotaa yeroo tumutti oomishaalee qonnaa kanaan wal qabatee mana huusaa sadarkaa isaa eeggate qabaachuu fi mana kuusaa hin hayyamamnetti kuusuu akka hin qabne fi qulqullina oomishichaa miidhu itti makuun dhorkaa akka ta'e ni tuma. Daldalaan kamiyyuu qulqullina oomishaalee qonnaa irratti gochaawwan dhorkaman irra darbuun miidhaa kan raawwate lansicha keewwata 26 jalatti yakkaan akka gaafatamuu danda'u tumamee jira. Dhimmuma kana waliin wal qabatuun mana murtii aanaatti jalqabee dhaddacha ijibbaataa naannoo Oromiyaa ga'e tokko kaasnee haa ilaallu.

**Dhimma 6ffaa**

Mana murtii aanaa magaalaa Sabbataatti himatamaa irratti Abbaan Alangaa himannaa yakkaa hundeesseen labsii oomishaalee qonnaa lakk.234/2013 keewwata 19(1c) fi 26(11) irra darbuun oomisha qonnaa seeraan ala kuusuun dhorkaa ta'uu isaa osoo beekuu oomisha qonnaa garbuu guyyaa kuuse hin beekamne koree to'annaa fi hordoffii gabaan taasifameen gaafa 28/12/2013 hayyama mana kuusaa seera qabeessa osoo hin qabaatiin mana kuusaa nama Mollaash Tazarraa jedhamurraan kireeffadhe jechuun oomisha garbuu kuntaala 5463 ta'u hayyama mana kuusaa osoo hin qabaatiin kuusee waan argameef yakka oomisha qonnaa seeraan ala kuusuu raawwateera jedhamee himatameen Manni Murtii ragaa Abbaa Alangaa fi kan himatamaa erga dhaga'een booda himatamaan mana kuusaa hayyama oomisha qonnaa kuusuu hin qabnetti oomisha garbuu kuusuun isaa ragaa A/Atiin waan mirkanaa'eef manni murtii keewwata jalatti himatameen murtii balleessummaa kennuun hidhaa waggaa 2 fi ji'a jaha fi adabbii maallaqaa qarshii 20000tiin adabeera.[99] Himatamaan Mana Murtii olaanaa Go/Addaa N/Finfinneetti fi mana murtii waliigalaa dhaddacha gidduu galeessaatti oliyyata dhiyeeffatullee oliyyatni isaa cimee jira.[100]

Manni murtii waliigalaa oromiyaa dhaddacha ijibbaataa iyyata dhiyaate bitaa fi mirgaan falmisiisuun tumaa labsii lakk.234/2013 keewwata 2(15 fi 27), keewwata 8(3) caqasuun akkasumas, namni jilmaa daldala oomisha qonnaa ta'e dirqama qabu keessaa tokko mana kuusaa sadarkaa isaa eeggate qabaachuu fi mana kuusaa hin hayyamamnettis oomisha qonnaa kuusuu akka

[98] Miiljalee lakk.92.
[99] Mana Murtii Aanaa Magaalaa Sabbataatti himatamaa Kifloom Bakratsiyoon irratti Abbaan Alangaa himannaa yakkaa hundeesseen lakk.galmee mana murtii 16742 irratti murtii argate dha.
[100] Oliyyannoo dhaan dhimmumti kun mana murtii olaanaa Go/A/N/Finfinnee lakk.galmee 73515 irratti murtii mana murtii jalaa cimse dha,

hin qabne labsicha keewwata 19(b fi c) jalatti kan tumame irraa kan hubatamu yoo ta'u, daldalaan dirqamoota armaan olii kan cabse yoo ta'e immoo labsicha keewwata 26(11) jalatti yakkaan akka gaafachiisu tumee jira. Gama biroon daladalaa tokkoon kuusteetta jechuudhaaf ulaagaan keewwata 19(1n) guutamuu kan qabu dha. Haa ta'uyyu malee daldalaan kun warshaa biraaf kan bite ta'uu fi kan bitee kuusees 04-28/12/2013 ta'uu fi kunis turtii ji'a tikkoo kan guute miti waan ta'eef kuuseera jedhamuuf daldalaan ji'a sadiif sanaa oliif kuusuun isaa bu'uura keewwata 19(1n)tiin mirkanaa'uu waan qabuuf bakka kun hin mirkanoofnetti murtii balleessumaa kennuun doggoggora seeraa isa bu'uraatu raawwatame waan ta'eef bilisaan gaggeefamuu qaba akkasumas ciraan murtii mana murtiitiin akka dhaalamu ta'e himatamaaf deebi'uu qaba jedheera.[101]

Dhimmootni qabinsa oomishaalee qonnaa naannoo keenyaan wal qabatee kaayyoo labsichaa in guddaan, oomisha qonnaa qulqullinaa fi sadarkaa isaa eeggate baay'inaa fi yeroodhaan fayyadamtootaaf akka dhiyaachuu qabuu fi qaama aangoo qabuun akka to'atamuuf dha. Akkasumas daldaltootni oomishaalee qonnaa seeraa ala kuusuun gocha nam-tolcheen qaala'insi jireenyaa hawaasaa akka hin uumneef dha. Kunis qulqullina oomishaalee qonnaa to'achuun fayyaa hawaasaa eeguuf yaadameeti. Galma gahinsa kaayyoo kanaaf labsichi dirqama hirmaattota gabaa tarreesuun akkasumas addatti dirqama daldalaa jimlaa keewwata 19(1L) jalattii fi gochoota dhorkaman keewwata 23(15) jalatti tumee jira.

Akkuma beekamu labsichi keewwatni 26 gochoota dhorkaman jedhamanii keewwata 23 jalatti tarraa'an hedduu isaanii bifa hammachuu danda'uun yakka taasisee jira. Addumatti immoo dhimma dhorkaman jedhamanii keewwata 23(15) jalatti tumaman keewwata 26(11) jalatti ifatti hammachiisee jira. Daldalaan seera qabeessi hayyama gahumsaa fi hayyama daldalaa qabu dabalataan hayyama mana kuusaa osoo hin qabaatiin bakka qulqullina qabutti yoo kuuse yakkaan akka gaafatamuu qabu keewwatni 26 ifatti tumee hin jiru. Haa ta'uyyuu malee daldalaan tokko oomisha qonnaa kuuseera kan jedhamu hayyama qaama aangoo qabu malee kuusee yoo argame moo? Hayyama qaama aangoo qabu malee hanga kaapitaala galmeesise keessaa 25% ji'a sadii oliif yoo kuuse dha yakkaan gaafatama kan jedhu qabxii xinxala addaa barbaadu dha.

Egaa daldalaa jimlaa oomisha qonnaa naannoo oromiyaatti gaggeessuuf bu'uura labsicha keewwata 19(1a) tiin ulaagaan bu'uraa waraqaa hayyamaa fi waraqaa ragaa mirkaneessa gahumsaa akka qabaatu tumee jira. Waraqaan ragaa mirkaneessa gahumsaa kan kennamu dandeettii daldaltichaa waliin kan wal qabatu ta'ee hojii daldalaa hojjechuuf kanneen barbaachisoo ta'an kan akka mana

[101] Falmii iyyatta ijibbaataa Obbo Kifloom Bakratsiyoon fi Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa tureen lakk.galmee 393113 dhaddacha gaafa 20/07/2014 murtaa'e dha.

kuusaa qabaachuu yookiin kireefatee qabaachuu akka qabu seerota biroo daldala bunaa waliin wal qabatu akka guuttachuu qabu ni tumu.[102] Haa ta'uyyuu malee labsiin lakk.234/2013 keewwata 19(1a), dambiin fi qajeelfamni labsicha raawwachiisuuf bahe hayyama gahumsaa baafachuu akka qaban kan tumu malee ulaagaa hayyamicha baafachuuf barbaachisu kaa'ee hin jiru. Kanaaf daldalaan hayyama daldalaa fi hayyama gahumsaa hojii daldalaa qabaachuun mirkanaa'ee mana kuusaa qulqulina qabu keessatti yeroo ji'a sadii gadiif kan kuuse yoo ta'e akkaataa labsicha keewwata 26(11)tiin kan gaafachiisu hin ta'u.

Dabalataanis kan gochoota dhorkaman jedhamee keewwata 23(14) tiin oomisha qonnaa iddoo hayyamameefiin alatti qopheessuu yookiin qindeessuu kan dhorke yoo ta'u, mana kuusaa yeroo gabaabaaf seerichaan kaa'ameen gaditti hayyama malee kuusuu akka gochaa dhorameetti kaa'uu dhabuun isaas mana kuusaa qulqullina oomisha qonnaa irratti dhiibbaa hin qabaannee fi ji'a sadii gadiif daldalaa jimlaa oomisha qonnaa kuuse kan hin dhorkine ta'uu fi dhaddachi ijibbaataa manni murtii waliigalaa naannoo oromiyaa hiikkoo seeraa dhimma kanaan wal qabatee kennes kanuma kan jabeessu dha.

Akka waliigalaatti dhimmoota daldala oomisha qonnaa kanaan wal qabatee safartuu seera qabeessaan fayyadamuu, gatii seeraan qaama aangoo qabuun murtaa'een olitti bu'aa buufachuun bittaa fi gurgurtaa raawwachuu, konkolaataa ulaagaa seeraa hin guutneen geejibuu fi kkf dhorkaa ta'uu hubatamuu qaba.[103]

## Gaaffii Marii

Sirna dinagdee biyyi keenyi hordofaa jirtu ifatti heera mootummaa fedaraalaa irraa dhibullee labsiin lakk.813/2006 seensa isaa irraatti biyyi keenya akka sirna gabaa bilisaa geggeessaa jirtu kan agarsiisu ta'uun ni hubatama. Haa ta'uyyuu malee oomishaalee gabaa irratti hanqinni mudatu mootummaan gidduu galuun gatii murteessuun dhiyeessii mi'ichaa irratti akka murtii kennuu danda'u labsiin lakk.813/2006 keewwatni 52 ni tuma. Gama biroon immoo labsiin oomishaalee qonnaa naannoo oromiyaa lakk.234/2013 keewwata 23(16)tiin oomisha gabaa irratti hanqinni mudhachuu mimisteeraan beeksisa uummataan hin beeksisiin, gatii ittin bitamuu fi bu'aa agamuu qabu akka waan mootummaan naannichaa murteessutti tumamuun akkasumas qajeelfama Biiroon Daldalaa Oromiyaa lakk. BDO/HHD-1/1608 ta'een guyyaa 10/5/2015 baaseen gatii gurgurtaa qonnaan bulaan qamadii kuntaala 100 tokko qarshii 3200.60 fi gatii gurgurtaa daldalaan

[102] Qajeelfama Bittaa fi To'annoo Qulqullina Bunaa lakk.002/2012 keewwata 5.2.9 ilaali
[103] Miiljalee lakk.92 keewwata 23

jimlaa/yuuniyeniin gatii kuntaala 100 tokkoo qarshii 3381.90 tiin gurguruu akka qabu murteessuu isaa akkamitiin madaaltu? Biyyi keenya sirna gabaa akkamii hordofaa jirti jettanii yaaddu?

### C. Waraqaa Darbinsa Daandii

Daldala seera qabeessa ta'e geggessuuf ulaagaan inni biraan yeroo seerri barbaadu yeroo hunda dhiyaachuu kan qabu waraqaa darbinsa daandiiti. Labsiiwwaan Sadarkaa fedaraalaa fi naannootti ba'an waraqaa darbiinsaa kanaaf hiikkoo kennuuf yaalanii jiru. Fakkeenyaaf waraqaa darbinsa daandii(pass perit) jechuun waraqaa darbinsa qaama aangoo qabuun gogaa fi kalloo qeeraa irraa yookiin, gabaa sadarkaa 1ffaa irraa gara qopheessaa fi man-kuusaatti yookiin gara warshaa goggaatti akka geejibamuuf hayyama barreeffamaan kennamu dha.[104] Akkasumas labsiin[105] lakk. 819/2006 keewwata 2(16), fi labsii 1051/2009 keewwata 11(5).

Dabalataanis seerotni naannoo keenyatti ba'anis, Waraqaa darbinsa daandiidhaaf yeroo hiikkoo kennan, Waraqaa darbinsa daandii jechuun waraqaa oomishaalee qonnaa iddoo seeraan hayyamame irraa qaama hayyama qabuun bitamee yookiin oomishamee gara iddoo hayyamameefitti geessuuf seera qabeessa ta'uu isaa mirkaneessu ta'ee, oomishtootaa fi daldaltootaaf qaama aangoo qabuun kan kennamu jechuudha[106] Akkasumas qajeelfamni waraqaa darbinsa daandii lakk.13/2015 keewwata 2(6) jalatti bifa wal fakkaatuun hikkoon isaa kennamee fi jira. Kaayyoon seerichaa waraqaa darbiinsa daandii akka ulaagaa dabalataatti yeroo tokko tokko seeraan kan dirqisifamuuf, meeshaaleen daldalaa faayidaa uummataa guyyaa guyyaatiif oolan muraasa ta'an daldaluu keessatti ka'umsaa fi gahumsa meeshaa daldalaa ittiin to'achuun meeshaa gabaa irratti hanqinni uumame yookiin sababa biroo amansiisaatiin hordoffii gochuuf yaadamee ta'uu seeroota waa'ee hayama darbinsa daandii tuman waliigalaan tumaman irraa hubachuun ni danda'ama.

Waraqaan darbinsa daandii kunis, gosaa fi hanga meeshaa daldalaa fe'ame, bakka ka'umsaa fi ga'umsa meeshaa daldalaa, guyyaa ka'umsaa fi gahumsa meeshaan daldalaa itti dhaqqabuu fi xumura yeroo hayyama darbinsichaa , konkolaataa ittiin geejibame, konkolaachisaa konkolaaticha konkolaachisu, maqaa fi mallattoo ogeessa hayyama kennee fi marsaa meeqaaf akka waraqaan darbinsa daandii kun tajajjilu of irratti kan qabatu sanada seeraati.

Seerootni biyya keenyaa waraqaa darbinsa daandii malee oomishaalee qonnaa daldalaa geejibuu kan dhorkan; labsiin to'annoo fi bittaa bunaa lakk.1051/09 keewwata 17(4), Dambii lakk.433/2011

[104] Miil jalee lakk.74, keewwata 2(16)
[105] Miil jalee lakk.75
[106] Isa olii lakk.75, keewwata 2(26)

keewwata 38(8), Dambii saliixaa fi boloqqee adii lakk.178/2002 keewwata 13(6) Qajeelfama lakk.02/2012 lakk.14.1(18).

Akkasumas, seerota biroon waraqaan darbinsaa seeraan barbaachisu:labsii Oomishaalee qonnaa Oromiyaa lakk.234/2013 keewwata 11(3), Dambii Jimaa lakk.224/2013 keewwata 24(6), Qajeelfama jimaa lakk.10/2014 keewwata 13(1a), Dambii midhaan dheedhii lakk.230/2014 keewwata 30(1f), Qajeelfama sirna sassaabbii galii bu'aa bosonaa fi bineensota bosonaa oromiyaa lakk.09/2015 keewwata 5, labsiileen bittaa-gurgurtaa kallee fi gogaa lakk 814/2006 kwt 9(1), Labsii horii dhaabbii lakk.819/2006 keewwata 10 hanga 14tti jiraniin, fi Qajeelfama sirna raabsaa meeshaalee bu'uuraa zayita nyaataa lakk.06/2012 keewwata 14(0) fi kkf fudhannee ilaaluu ni dandeenya.

**<u>Qabxii marii</u>**

1. Itti gaafatamuummaa yakkaa fi bulchiinsaa jalaa ba'uuf waraqaan darbiinsa daandii yoom dhiyaachuu qaba jettu?,
2. Bu'uura labsii lakk.234/2013, dambii midhaan bilaa fi agadaa lakk.230/2014 fi qajeelfama hayyama darbinsa daandii lakk.13/2015tiin tiin sochii geejiba oomishaalee qonnaa waliin wal qabatee hayyama darbiin raawwatamuu qaba jedhu tumee jira. Haa ta'uyyuu malee dhimma Walitti hidhaminsa gabaa fi sochii qamadii dhaaf hojmaatni diriiree jiru yeroof akka hafu xalayaa biiroon daldalaa lakk.BDO/826/2-1 gaafa 17/7/2015 tiin beeksisee jira. Xalayaan sektara tokkoo labsii, dambii fi qajeelfama ragga'ee jiru akka hin raawwatamneef yeroof daangessuu ni danda'aa?, yeroof sochiin oomisha qamadii waraqaa darbinsaa malee akka socho'u hayyamuun kun gaaleen yeroof jedhu kun hanga yoomitti raawwatama jettanii yaaddu? Bu'uura seeraa ni qabaa?

## I. Aangoo Hayyama Darbinsaa Kennuu

Qabatamaan yeroo baay'ee hayyama darbinsa daandii kan kennu waajjira poolisii ta'ee seerummaa ragaa kennamuus qaamni daandii irratti mormu hin jiru. Haa ta'uyyuu malee seerota dhimmoota hayyama darbinsaa kanaan wal qabatee jiru yeroo ilaallutti akkasumas aangoo fi gahee Komishinii poolisii Oromiyaa seeraan kennameef ilaallu dhimmoota meeshaalee daldalaatiif hayyama darbinsa daandii akka kennu aangeffamee hin jiru.

Bu'uura labsii qaamolee raawwachiiftuu mootummaa naannoo Oromiyaa irra deebiidhaan gurmeessuu, aangoo fi hojii isaanii murteessuuf qophaa'e lakk.242/2014 yeroo ammaa hojiirra jira. Akkaataa labsii kanaa keewwata 18(35)tiin, Biiroon qonnaa waraqaa darbinsaa oomisha qonnaaf

akka kennu yeroo tumu , akkasumas dambii labsii lakk.234/2013 raawwachiisuuf ba'e keewwata 14(3)tiin Qotee Bulaan yookiin horsiisee bulaa Aanaa tokko irraa gara Aanaa birootti geejibuuf waraqaa deeggarsaa waajjira qonnaa sadarkaa gandaatti jiruun akka kennamuu qabu bifa labsii lakk.242/2014 waliin wal deeggaruun tumee jira.

Sadarkaa naannoo keenyaatti oomisha qonnaan wal qabatee qonnaan bultootaan ala kan jiraniif jechuun daldaltoota hundaaf bu'uura labsii lakk. 242/2014, kwt.32(17)tiin *Biiroo Daldalaa sadarkaa sadarkaan* jiraniin akka kennamuu qabu tumaan labsii kanaa ni tuma.

Dabalataan, qajeelfamni kaffaltii waraqaa dabarsa daandii lakk.13/2015 kwt. 4-7tti Biiroon daldalaa sadarkaa sadarkaan jiru akka waraqaa darbinsa daandii kennuu fi kaffaltii funaanu aangessee jira. Haa ta'uyyuu malee bifa addaan dhimmoota bu'aa bosonaa fi bineensota bosonaa socho'u kamiyyuu waraqaa hayyama darbii dhimma kanaaf Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo Oromiyaatiin yookiin caasaa isaa sadarkaan jiraniin kennamu kan bakka ka'umsaa fi ga'umsaa oomishichaa agarsiisu qabaachuu akka qabu qajeelfamichi nii tuma.[107]

## II. Yeroo hayyamni darbinsa Daandii itti dhiyaachuu qabu

Hayyamni darbinsa daandii ragaawwan ijoo dubbii falmiin irratti ka'e mirkaneessuuf yookiin fashaleessuuf qaama ragaa dhiyeessuu fi mirkaneessuuf dirqama qabuun kan barreeffamaan dhiyaatu dha. Haa ta'uyyuu malee biyyi keenya seera ragaa qindaa'e qophaatti kan qabdu osoo hin taane dhimma ragaa kanaan wal qabatee seerota bu'uuraa keessatti bakka adda addaatti faca'ee kan jiru dha.

Akka qajeeltootti ragaan rogummaa (relevant), fudhatama(admisible) fi ulfaatina qabu yoo seerri bifa addaan yeroo dhiyaatinsa ragichaa seeraan daangesse malee manni murtii akka barbaachisummaa isaatti seeraan ajajuun ragicha yeroo barbaade dhiyessisiisee ilaaluun madaaluu ni danda'a.

Gama biroon dhimmoota daldala seeraan alaa ittisuuf haqa qabeessumaa daldalaa mirkaneessuuf seerootni sadarakaa federaalaattis ta'e sadarkaa naannoo keenyaatti ba'an hayyama darbinsaa malee meeshaalee daldalaa geejibuu dhorkuun yeroo kamittiyyuu yeroo qaama aangoo qabuun qaamni meeshicha geejibu gaafatamu agarsiisuu akka qabu ni akeeku.

Haa ta'uyyuu malee, qajeeltoon armaan oliitti kaasne akkuma jirutti ta'ee bifa addaan (exceptionally) seerri yeroo dhiyaatinsa ragaa barreeffamaa kana ibsu, yeroo jedhametti dhiyeessuu dhabuun fudhatamisa ragaa sana gaaffii keessa galchuurra darbee akka hin fudhamne gochuu ni

[107] Qajeelfama To'annoo fi assaabbii Galii Bu'aa Bosonaa fi Bineensota Bosonaa Oromiyaa lakk.09/2015 keewwata 5.

danda'a. Sababni isaas ragaan kan mana murtiin fudhatamus ta'e kufaa ittiin ta'u bu'uura seeraani waan ta'eef ragichi rogummaa, fi ulfaatina kan qabu yoo ta'ellee sababa seeraan fudhatamummaa dhabeen (yeroo dhiyaatutti sababa hin dhiyaanneef) adeemsi kufaa itti ta'u ni jira. Kanuma cimsuuf labsiin oomishaalee qonnaa naannoo oromiyaa lakk.234/2013 keewwata 11(3). 19(1r),23(9,10,11 fi 12) Dambii jimaa labsii lakk.234/2013 raawwachiisuuf ba'e lakk. 224/013 keewwata 13(1), Dambii midhaan dheedhii labsii lakk234/2013 raawwachiisuuf ba'e lakk.230/2014 kwt. 14(3), Labsiin horii dhaabbii lakk. 819/2006 keewwata 12(4). fi 17(9),qajeelfamni labsii lakk.819/2006 raawwachiisuuf ba'e lakk.004/2007 keewwata 18(2) dirqama qaama horii dhaabbii geejibsiisuu kanaan wal qabatee, seera qabeessummaa horiin dhaabbii qaama to'annaa geggeessuun yeroo gaafatamu kan namni geejibaa jiru harkatti qabachuu fi agarsiisuuf dirqama qaba jechuun bifa dirqisiisaa ta'een tumee jira. Akkasumas, qajeelfamichi foormii waraqaa darbii kanaan wal qabatee qabiyyee isaa yeroo tumu, waraqaan darbichaa haqaa fi laaqa kan hin qabne, kallattii horiin dhaabbii irra geejibamuu qabu alatti geejibuu dhabuu fi konkolaachisaan kamiyyuu horii dhaabbii fe'ee konkolaachisu waraqaa ragaa darbinsa daandii kana qabachuu fi yeroo qaama seeraan gaafatamu agarsiisuuf dirqama qabaa jechuun tumee jira.

Akkasumas, labsiin gogaa fi kalloo lakk. 814/2006 kwt. 14(6)tiin yeroo konkolaachisaan meeshaa dalda'aa geejibaa jirutti hayyama darbinsaa kana qabatee konkolaachisuu akka qabu bifa dirqiin kan kaa'an ta'uu ni tumu. Kanaaf qaamni waraqaa ragaa darbinsa daandii harkatti qabachuu akka qabu seeraan kan dirqamu ta'ee osoo jiruu harkatti osoo hin qabatiin hafee qabame daldala seeraan alaan kan gaafatamu ta'a.

Keessattuu sadarkaa naannoo keenyaatti oomisha qonnaan wal qabatee hoogganuuf ba'e, labsiin 234/013 kwt 23(12) dhimma waraqaa darbinsa daandii dhiyeessuu waliin wal qabatee ifumaan *ragaan erga shakkamaan to'atamee booda dhiyaatu fudhatama hin qabu jechuun ni tuma.* Kunis kan ta'eef yeroo baay'ee waraqaa darbinsaa yeroo kennamu daldalaan sun ulaagaa guutamuu danda'u guuttachuun erga mirkanaa'ee booda kaffalttii seerummaa kaffalamee booda kan kennamu waan ta'eef ulaagaa hunda guuttachuu dhabuu irraan kan ka'e akkasumas kaffaltii dhimma kanaaf kaffalamu baqachuuf yaaduun daldaltootnii fi konkolaachiftootni hayyama darbinsaa malee osoo geejibanii yeroo qabaman hin qabnu jechuun erga himatamanii booda immoo yeroo hedduu ragicha qindeessuun dhiyeeffachuun itti gaafatamummaa seeraa jalaa bahaa sababa turaniif gocha akkasii kana dhorkuuf kan bahe dha.

**Qabxii Marii**

1. Gama biroon bu'uura labsii 234/2013 keewwata 23(12)tiin namoota itti gaafatamummaa seeraa jalaa ba'an qabuuf kan kaayyeeffate ta'e, haa ta'uyyuu malee karaa irratti sababa humnaa oliin waraqaan darbinsa seera qabeessaan daldalaaf yookiin konkolaachisaaf qaama aangoo qabuun kenname yoo jalaa badee fi kunis ragaan kan mirkanaa'u yoo ta'e adeemsi seeraa daldaltootni yookiin konkolaachiftootni waraqaan darbii kun sababa humnaa oliin jalaa bade itti gaafatamummaa seeraa jalaa itti ba'an ni jira jettanii yaaddu? Maaliif?
2. Gocha daldala seeraan alaa hubatamuun oomishaaleen qonnaa erga to'atamee booda sanadoota ykn ragaaleen dhiyaatu kamiyyuu fudhatama hin qabu jechuun labsii 234/2013 kwt.23(12) fi 819/2006 kwt.12(4) tumanii jiru. Gama biroon immoo seerri deemsa falmii yakkaa kwt. 142 immo namni tokko erga ragaan abbaa alangaa itti mirkannessee booda ragaa ittisaa kan dhiyeefatu ta'uu tumu waliin akkimittii madaltuu?

Barbaachisummaan waraqaa darbinsa daandii kaffaltii dhimma kanaaf kaffalamu mootummaaf galii akka ta'u gochuu qafaa osoo hin ta'iin daldalaa meeshaa daldalaa geejibaa jiru ulaagaa seera daldalaa warra bu'uura ta'an kabajuu fi kabajuu dhabuu adda baasuun seerootni daldalaa bu'uuraan akka kabajaman gochuu keessatti shoora olaanaa kan taphatu dha. Fakkeenyaaf namni waraqaa darbinsa daandii fudhachuuf gaafatu kamiyyuu ulaagaa armaan gadii guuttachuuf dirqama qaba.[108]

- Hayyama hojii ragga'e qabaachuu,
- Abbaa qabeenyaatiin ala yoo ta'e xalayaa bakka bu'insaa qaama aangoo qabuun kennamee waraqaa ragaa eenyummaa isaa ibsu waliin kan dhiyeeffate,
- Oomishaalee waraqaa ragaa gahumsaa barbaachisuuf waraqaa ragaa gahumsaa qaama dhimmi ilaalu irraa dhiyeeffachuu,
- Naga'ee kaffaltii tajaajilaa yookiin galii mootummaa adda addaa itti kaffalame,
- Sanada bittaa fi gurgurtaa maqaa isaatiin yookiin maqaa dhaabbata isaatiin maxxanfamee fi ittiin bite yookiin ittiin gurgure,
- Ogeessi waraqaa darbinsaa kennu osoo hin kenniin dura lakkoofsa, kiiloo giraama yookiin kuntaala oomishichaa sirritti adda baafachuu qaba.
- Konkolaataan oomisha qonnaa fe'u hayyama hojii daldalaa qabaachuu isaa mirkaneessuu qaba.

[108] Qajeelfama labsii oomishaalee qonnaa naannoo oromiyyaa lakk.234/2013 raawwachiisuuf ba'e lakk.13/2015 keewwara 8.

Akkasumas qonnaan bulaa yookiin horissiee bulaan oomisha qonnaa isaa Aaanaa keessa jiraatu irraa gara Aanaa biraatti geejibuu yoo barbaade bu'uura dambii labsii oomisha qonnaa naannoo Oromiyaa 234/2013 raawwachiisuuf ba'e lakk.230/204 keewwata 14(4) fi 15 waajjira qonnaa ganda oomishni qonnaa yookiin horsiisee bulaa geejibamuuf yaadame keessatti argamu irraa xalayaa deeggarsaa seera qabeessa ta'e qabachuu akka qabu ni tuma.[109]

Bifuma wal fakkaatuun dambiin sirna to'annaa gabaa fi qulqullina oomisha jimaa keewwata 13 fi 14 akkasumas qajeelfama dambii kana raawwachiisuuf ba'e 10/2014 keewwata 13 ulaagaa oomishni kun itti geejibamuu danda'u tumee jira.

Namni kamiyyuu tarkaanfiin bulchiinsaa akkaataa labsii lakk.234/2013tiin yoo kan fudhatamu ta'e sirna komiin itti dhiyaatu diriruu akka qabu ni tuma. Dhimmuma xalayaa deeggarsaa waajjira qonnaa sadarkaa gandaatti kennamu kanaan wal qabatee komii yoo qabaate waajjira qonnaa sadarkaa Aanaatti akka komii isaa dhiyeeffatu ni tuma. Haa ta'uyyuu malee, iyyata hayyama darbinsaa sadarkaa gandaatti kenname yoo sadarkaa waajjira qonnaa Aanaatti cime falli qotee bulaan kun qabu maali jettu?, Akkasumas, iyyataan guyyaa murtaa'ee isa qaqqabe irraa kaasee waajjirri qonnaa Aanaa guyyaa seeraan kaa'ame keessatti murtii kennuu yoo dide komataan mirga maalii qabaa?, Dhimma iyyata waajirri qonnaa Aanaa ulaagaa seeraa hin guunne jedhee ajaja kenne irratti manni murtii idilee irra oliyyannoon ilalluuf aangoo nii qabaa?

Walumaa galatti, seerota hojii daldalaa hoogganan labsii, dambii, qajeelfamaan ulaagaalee bu'uuraa kanneen: galmee daldalaa, eyyama hojii daldalaa, hayyama mirkaneessa gahumsa hojii, hayyama oogummaa hojii, waraqaa ragaa darbinsa daandii fi kkf miidhaa daldalli seeraan alaa qabu hanbisuuf bahan akka barbaachisummaa isaatti hunda kabajuun hojii daldalaa hojjechuu dhabuun gocha daldala seeraan alaa dha.

Kanaaf, daldala seera qabessa ta'e daladalaa tokko geggeessaa jira jechuuf ulaagaawwan armaan olii seeraan kan barbaachisan seeraan yeroo tumaman ulaagaa isa tokko guutuun ulaagaa isa kaan kan hin guunne yoo ta'e seera qabeessa hin taasisu. Fakkeenyaaf daldalaan buna daldaluuf galmee daldalaa irratti galmaa'ee hayyama gahumsa hojii baafachuun kallatiimaan hojii daldalaa keessa seenee argame sababa hayyama ragaa mirkaneessa gahumsa hojii waan qabaateef ulaagaa kana guuttachuun seeraan alummaa hojii daldalaa hayamaa daldalaan alatti hojjechuu seera qabeessa gochuu hin danda'u, akkasumas galmee daldalaa irratti galmaa'uun hayyama ragaa mirkaneessa gahumsa hojii baafachuun fi hayyama daldalaa qaama dhimmi ilaalu irraa baasuun hojii daldala

[109] Miiljalee lakk.94.

bunaa osoo hojjechaa jiruu bunuma kana hayyama darbinsa daandii malee osoo geejibaa jiruu qabamee ulaagawwan hunda guutuun isaa waraqaa ragaa darbinsa daandii dhabuun daldala seeraan alaa raawwatamee geejibsiisa meeshaa daldalaa sana seera qabeessa hin taasisu jechuu dha.

**Dhimma 7ffaa**

Himatamaan abbaa qabeenyaa ta'uun, labsii horii dhaabbii fedaraalaa lakk. 819/2007 bahe kwt.12(2,4) fi 17(10) irra darbuun Go/Wallagga Bahaa Aanaa Diggaatti gaafa 26/09/2011 osoo hayyama daldalaa fi waraqaa darbii hin qabaatiin shakkamaa konkolaachisaa harki isaa hin qabamiin waliin ta'uun horii dhaabbii xixxiqqaa 7, dhaltii lama(2) fi jabboota afur(4) walumaa gala horii 13 saalaa fi umuriin osoo adda hin baasiin waliin makuun konkolaataa ISUZU irratti fe'uun osoo ganda baadiyyaa Lalisaa Dimtuu irraa gara Magaala Guddattuu Arjoo seeraan ala geejibsiisuu qabamee himatameera

Manni murtii Aanaa ragaa Abbaa Alangaa erga dhaga'een booda abbaan qabeenyaa yeroo horii kana saalaa fi umuriin gargar hin fo'iin walumaagalatti konkolaataa kana irratti feesisuu ragaa kan hin mirkaneessinee fi dhimma waraqaa darbii ilaalchisee ganda baadiyyaa lalisaa Diimtuu irraa horiin fe'amee ganaa gara Diggaa kan dhaqu Magaala Arjoo keessa darbeeti waan ta'eef yeroo himatamaan kun hayyama darbinsaa gaafatee dhiyeeffatu hin darbine waan ta'eef himatamaan osoo ragaa faccisaa dhiyeessuun hin barbaachisiin bilisaan geggeessuun ciraan qabame himatamaaf haa deebi'u jechuun ajaja dabarsee jira.[110]

Abbaan Alangaa murtii mana murtii kana komachuun mana murtii Olaanaa Godina Wallagga Bahaatti ol iyyatullee Manni murtii kun waraqaan darbinsaa kan gaafatamu erga magaala keessaa bahee deemuu eegaleen booda magaala itti aanuuf kan baafatu malee konkolaataa dhaabbatee jiru irratti kan gaafatamu miti jechuun murtii mana murtii jalaa cimsee jira.[111]

**Gaaffii Marii**

- Murtiin manneen murtiin kennaman bu'uura seeraa ni qabuu? Hayyamni waraqaa dabarsa daandii yeroo fi bakka himatamaan barbaadetti baafachuu qaba jettu seera rogummaa qabu kaasuun mariin gabbisaa.

**Dhimma 8ffaa**

Falmii hariiroo Gurraacha Aanaa fi Waajjira daldalaa fi misooma gabaa Godina Booranaa jiddutti gaggeeffamaa turerratti, himatamaan gogaa gara gabayaa jiddu galeessa geessuuf osoo deemuu

[110] Mana Murtii Aanaa Diggaa lakk. Galmee 13650 ta'e irratti kan gaafa 12/11/2011 murtaa'e.
[111] Mana Murtii Olaanaa Godina Wallagga Bahaa lakk galmee 53316 ta'e irratti kan gaafa 7/2/2012 kenname.

seeraa ala ana harkatti qabe waan ta'eef tilmaama qarshii 61,500 akka naaf kanfaluu jedhe gaafatee. Himataman deebii kenneen himataan gogaa yommuu dabarsutti bu'uura labsiin lakk 814/2006 kwt 9(5)tti waraqaa fe'umsaa kan hin qabne waan ta'eef seeraa ala geejibaa ture. Kanaaf bu'uura seerri ajajuun dhaalame waan ta'eef himanni dhiyaate kufaa akka ta'uu gaafate. Manni murti Ol'aana Godina Boorana falmisiisee murtii akka kennetti, *himatamaan hayyama hojii daldalaa hanga 2007 haareffame of-harkaa qaba. Kanaafuu, ragaa hayyama darbiinsaa yoo dhabellee himataan hayyama hojii daldalaa waan qabuuf meeshaan isaa qabamuun seeraa ala waan ta'eef tilmaama gogaa dhaalamee qarshii 46,500 himatamaan akka kaffalu* jechuun murteesseera[112]

Labsiin bittaa-gurgurtaa kallee fi gogaa lakk 814/2006 kwt 9(1) jalatti namni gogaa fi kallee dhiyeessuu kamiyyuu hayyama hojii daldalaa fi waraqaa ragaa gahumsa hojii daldala gogaa fi kallee baafachuu akka qabu tumee jira. Itti dabalees, kwt 9(5) jalatti dhiyeessaan kamiyyuu gogaa fi kallee bakka gabaa, mana kuusaa, bakka itti qopheessan ykn warshaa tokkoo bakka biraatti geessuuf waraqaa darbiinsa daandii qaama dhimmi ilaallatu biraa baafachuu akka qabu tumeera. Bu'uuruma kanaan, kwt 14(6) daldalaan waraqaa darbinsaa osoo hin qabaatiin gogaa fi kallee bakka tokkoo gara bakka biraatti osoo geessaa jiruu argame, gogaa fi kallicha akka dhaalamu ta'ee hidhaa salphaa ji'a jaha hin caalleen adabama jedha.

Kanaafuu, labsii kanarraa akkuma hubatamu hayyamni hojii daldalaa haala kamiiniyyuu waraqaa darbinsa daandii bakka hin bu'u; waraqaa darbinsa daandii qabaachuun dirqama of-danda'ee daldalaa gogaa fi kalleerratti gatamee dha. Itti dabalees, keewwata 14(6) haala ifa ta'een namni waraqaa darbinsaa osoo hin qabaatiin gogaa fi kallee bakka tokkoo gara bakka biraatti osoo geessuu qabame, gogaa fi kellicha ni dhaalama jedhee jira. Kanaafuu, tumaa seeraa ifa-galaa kana kallattiin dhimma dhiyaaterratti raawwachiisuu dhiisuun ulaagaa seerri gaafatu tokko ulaagaa kan biroo jala galchuun seerri haala barbaadamuun hojiirra akka hin oolle taasisuu dha.

Haaluma kanaan, seerri rogummaa qabu yoo gaafatu daldaltootni ragaa hayyama darbiinsaa (pass permit) baafatanii harkatti qabachuun qaamni dhimmi ilaalu yeroo gaafatu akka agarsiisan seerotni tokko tokko ni akeeku. Fakkeenyaaf, namni buna, gogaa fi kalloo, beeyilada, bakka/gabaa tokkoo fe'ee gara bakka/gabaa biraatti geessu buna sana seera qabeessaan fe'ee adeemaa jiraachuusaa kan agarsiisu ragaa hayyama darbiinsa daandii harkatti qabachuu qaba[113].

[112] Miiljalee lakk. 8 fuula 18 irraa kan gudhatame dha.
[113] Miil jalee lakk.92, keewwata 23(12)

Akkasumas namni gogaa fi kalloo daldalu kamiyyuu meeshaa daldalaa kana bakka tokkoo gara bakka biraatti dabarsuuf ragaa hayyama darbiinsaa harkatti qabachuu qaba. Sochii meeshaa daldalaa tokko bakkaa bakkatti sochoosuuf waraqaan darbiinsaa ni barbaachisa jedhee bakka seerri tumee jirutti osoo ragaa hayyama darbiinsaa hin qabatiin meeshaa daldalaa jedhame kana fe'anii adeemuun gocha seeraa alaa raawwachuudha. Dhimmuma kana waliin wal qabatu murtii armaan gadii haa ilaallu:

**Dhiima 9ffaa**

Mana Murtii Aanaa Beddelleetti himatamaan buna caccabaa kuntaala 114 waraqaa darbinsa daandii seera qabeessa ta'e osoo hin qabaatiin konkolaataa FSR lakk.3-A_42262 AAtti fe'uun osoo geejibaa jiruu harkatti qabameera jechuun Abbaan Alangaa labsii 234/2013keewwata 26(3) irra darbuun yakkaan himateera.

Manni Murtii kunis dhimmicha ofitti fuudhee falmisiisuun himatamaa hidhaa cimaa ji'a jahaa(6) fi adabbii maallaqaa qarshii 2000(kuma lama) murteessee jira.Oliyyataan gara mana murtii olaanaa Godinaa Buunnoo Beddelleetti oliyyatullee mannu murtii oliyyata dhaga'u kun murtii mana murtii Aanaa dogoggora hin qabu jechuun cimsee jira.

Oliyyataan dhimmicha gara Mana Murtii Waliigala Oromiyaa dhaabbii Lixaatti dhiyeeffachuun komii isaa yeroo dhiyeeffatu: Bunni sababa falmii ta'e caalbaasiin qaama mootummaa irraa namni hayyama daldala bunaa fi hayyama gahumsaa qabu Yetim Warqii Ballaxee kan jedhamtu seera qabeessaan bitachuun koree gibraayilii bunicha gurgure kan hoogganu irraa waraqaa ragaa darbinsa daandii kenname qabachuun kan geejibame waan ta'eef kan na gaafachiisu miti fechuun falmee jira. Manni murtii kunis ragaa barreeffamaa mana murtii aanaatti waraqaa deeggarsaa Bulchaa Aaanichaa fi waajjira poolisii irraa gaafa 04/3/2014 barraa'e qaamni geejibu qabatee akka ture ibsuun ega gochi yakkaa kun raawwatee shakkamaan qabamee booda waajjirri daldalaa fi misooma gabaa Aanichaa haati qabeenyaa hayyama seera qabeessa qabduun dorgomtee kan bitatte ta'uun waan hubataameef akka deeggarsi taasifamuuf jechuun deeggarsa himatamaaf barreesse gidduu galeessa godhachuun raawwii yakkichaa yeroo madaalu himatamaan gochicha raawwachuuf yaadee kan raawwate miti jechuun bu'uura seera yakkaa keewwata 23(2) yakka himatamaan kun raawwate hin jiru jechuun murtii manneen murtii jalaa haquun himatamaa bilisaan gaggeesseera.

**Gaaffii Marii**

1. Murtii manneen murtii jalaan bu'uura labsii lakk.234/2013 keewwata 23(12) fi 26(3) tiin himatamaa irratti murtii balleessummaa kenname kana akkamittiin ilaaltu?

2. Murtii manni murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Lixaa himatamaan osoo waraqaa deeggarsaa bulchaa aanaa fi waajjira poolisii irraa qabatee jiruu akkasumas erga to'atamee booda waajjirri daldalaa waraqaa deeggarsaa bunni bitamee qabame daldaltuu hayyama daldalaa qabduun raawwatame waan ta'eef deeggrsa barbaachisu godhaafii jedhee barreesse bu'uura godachuun himatamaan ragaawwan kana hunda dhiyeessee osoo jiruu labsii lakk.234/2013 keewwata 26(3) jalatti balleessa jechuun manneen murtii jalaa dogogoraa, namni tokko yakka raawwate jedhamee balleessa ta'uuf bu'uura seera yakaa keewwata 23(2)tiin kutaan seeraa, kutaan gochaa fi kutaan yaadaa wal faana guutee yoo argame dha jechuun gocha himatamaa kana yeroo ilaalu waraqaa deeggrsaa bulchaa fi Waajjira Poolisii irraa waraqaa deeggrsa qabaachuun akkasumas waajjirri daldalaa waraqaa deeggarsaa kennuun yaada yakka raawwachuu akka hin qabne kan namatti agarsiisu dha jechuun bilisaan geggessee tumaa labsii lakk.234/2013 keewwata 23(12) waliin akkamittiin madaaltu?

Egaa waa'een hayyama waraqaa dabarsa daandii kun irra keessa yeroo ilaalamu waan salphaa kan fakkaatu garuu gara hojiitti yeroo hiikamu baayyee murteessaa fi of eeggannoo cimaa kan barbaadu dha. Kaayyoon waraqaa darbii inni guddaan daldala seeraan alaa to'achuu akka ta'e kutaa hayyama waraqaa darbii ibsa kenname keessatti ka'eera waan ta'eef keessa deebi'uu hin barbaachisu, kaayyoo isaa kana galma ga'uufis keessumattuu sadarkaa naannoo keenyaatti hojji daldala seeraan alaa to'achuu duraan kan gibraayiliif qajeelfamaan kennamee ture bu'uura labsii qaamolee raawwachiiftuu mootummaa naannoo oromiyaa irra deebiidhaan gurmeessuu, aangoo fi hojii isaanii murteessuuf ba'e lakk.242/2014 keewwata 32(24)tiin biiroo daldalaa tiif kennamee jira. Dabalataanis qonnaan bultootaa alatti, ulaagaa seeraa daldalaan tokko guutuu qabu mirkaneessuun waraqaa deeggarsaa osoo hin taane hayyama waraqaa darbii kan kennu waajjira poolisii yookiin qaama bulchiinsaa osoo hin taane bu'uura labsicha[114]keewwata 32(17) biiroo daldalaa sadarkaan sadarkaa jiruun kan kennamu dha. Gama biroon immoo daldalaan yookiin namni oomisha qonnaa geejibu waraqaa darbinsa daandii kana yoom dhiyeeffachuu qabaa kan jedhuuf labsichi[115]keewwata 23(12)tiin oomishini qonnaa seeraan ala socho'a yookiin geejibamaa jira jedhamee erga to'atamee booda ragaan dhiyaatu fudhatama hin qabu jechuun tumee jira. Egaa seerichi hambifannoo tokko malee dhorkee waan jiruuf daldalaan yookiin qaamni oomisha qonnaa seeraan geejibuu barbaadu

[114] Isa olii lakk.92, keewwata 23(12)
[115] Isa olii

osoo oomisha kana geejibuu hin eegaliin dura waraqaa darbinsa daandii qabachuu fi dhiisuu adda baasuu qaba malee sababa adda addaa eeruun akkaataa seerichaatiin kan fudhatama qabu miti.

Dabalataan dhimma waraqaa darbinsaa kana waliin wal qabatee Mana Murtii Waliigala Fedaraalaa dhaddacha ijibbaataan daangaa fi yoomessa dhiyaatinsa waraqaa ragaa darbinsa daandii kana ilaalchisee hiikkoo seeraa kenne itti aansuun haa ilaallu.

**Dhimma 10ffaa**

Himatamaan labsii 813/06 kwt. 24(4) fi 43(5) irra darbuun daldalaa osoo hin ta'iin sukkaara faayidaa dhuunfaaf ooluutii olitti konkolaataa fee'umsaatiin kuntaala 455 fe'ee Finfinnee iraa gara Jimmaatti osoo geejibaa jiruu Aanaa Walisootti qabamuun Abbaan Alangaa himata yakkaa hundeesseen, Manni Murtii Aanichaa himatamaa irratti ragaa Abbaa Alangaa dhaga'uun himatamaan yeroo geejibaa jirutti sanada geejibsisuuf fayyadu hin qabanne jechuun akka of irraa faccisu ajajuun himatamaanis sanada seera qabeessa oomishicha geejibsiisuuf fayyadu hunda dhiyeessee, M/M sanada dhiyaate yeroo geejibsiifamaa jiru qabatee waan hin arganneef fudhatama hin qabu jechuun murtii balleessumaa kennee jira. Manneen Murtii sadarkaa sadarkaan jiran murtii Mana Murtii Aanaa cimsaniiru.

Dhimmichi DhIMMWFtiif[116] dhiyaatee himatamaan akka of irraa faccisu ajajamee mirga of irraa faccisuu fayyadamee ragaa seera qabeessa ta'e hanga dhiyeessuu danda'etti, akkasumas tumaan seeraa, seera qabeessaan ragaa mi'a geegibsiisuuf fayyadu, erga qabamee booda ragaan dhiyyaatu fudhatama hin qabu hanga jedhee tuumee hin jirreetti,ragaan dhiyaate fudhatama hin qabu jechuun sirrii miti jechuun bilisaan geggeessee jira.

**Gaaffii Marii**

- Murtii Manneen murtii naannoo duudhaa dhiyeessaa fi mirkaneessa ragaa waliin wal bira qabuun sirrummaa murtichaa madaalaa.
- Murtii Mana Murtii Waliigala Fedaraalaa Dhaddacha ijibbaataa kana labsii lakk.234/2013 kwt.23(12) waliin akkamittiin ilaaltu?, labsiin lakk.234/2013 kun dhimma sukkaaraaf raawwatinsa ni qabaata jettuu? Maaliif?

Dhimma daldala seeraan alaarratti murtii kennuun wal-qabatee gochi akka danqaa guddaatti ka'uu danda'u tokko dhiyeessa ragaa sobaati. Fakkeenyaaf, bunni seeraa alaa jedhamee qabamerratti qorannaan gaggeeffamee xumuramuun himatni mana murtiitti erga dhiyaatee booda himatamtootni

[116] Murtii Mana Murtii Waliihala Fedaraaalaa Dhaddacha ijibbaataa lakk. Galmee 201776 kan gaafa 29/11/2013 kan jildii dhaan hin maxxanfamne dha.

ragaa amanamummaa hin qabne barreessisanii dhiyeessu. Ragaaleen barreeffamaa dhiyaatan kanneenis; waraqaa gaggeessituu, waraqaa darbiinsaa fi kkf wajjiin kan wal- qabatanii dha. Dhimmi armaan gaditti itti fufnee ilaallu xiqqoo kan ture yoo ta'ellee dhimma amma armaan olitti kaasnee ilaalle hubachuuf baheessa waan ta'eef itti fufnee haa ilaallu.

**Dhimma 11ffaa**

Falmii[117] abbaa alangaa fi Shawwaan Bajawu gidduutti gaggeeffamaa turerratti himatamaan gaafa 9/2/2006 godina wallagga lixaa aanaa Baabboo Gambeel magaalaa Baabboo ganda 02 keessatti hayyama hojii daldalaa osoo hin qabaatiin sangoolee 11 konkolaataatti fe'ee osoo adeemaa jiruu waan qabameef labsii galmeessaa fi hayyama hojii daldalaa lakk 686/2002 kwt 49(1) irra darbeera jedhamee himatame.

Himatamaan hayyama hojii daldalaa manattiin dhiisee malee nan qaba jedhe. Akkan dhiyeeffadhu naaf haa hayyamamu jedhee mana murtii waan gaafateef manni murtii akka dhiyeeffatuuf hayyame. Haaluma sanaan, hayyama hojii daldalaa gaafa 8/2/2006 waajjira daldalaa fi misooma gabaa Loodee Heexosaati kennameefii kan jiru ta'uu ragaa dhiyeeffate. Ragaa dhiyaate kanarratti hundaa'uun himatamaan hayyama hojii daldalaa qaburratti hundaa'ee daldalaa jira jechuun himata dhiyaate kufaa taasiseera.

Dhimmoota dhiyeessii fi mirkaneessa ragaa sanadaa dhimmoota daldala seeraan alaa kana waliin wal qabatee ilaalamuu kan qabu yoom dhiyaachuu qaba kan jedhu ilaalamuu kan qabu dha. Akka qajeeltootti namni yakkaan himatame hanga raagaan A/A irratti hin mirkaneessinetti akka nama qulqulluutti ilaalama.

Bu'uura ragaa Abbaa Alangaatti yoo himatamaa irratti mirkanaa'u akka of irraa ittisu ajajamee himatamaan ragaa gosa kamiyyuu dhiyeeffatee of irraa faccisuu danda'a. Haa ta'uyyuu malee kun yeeroo mara waan hojiirra ooluu qabu hin fakkaatu. Sababni isaas dhimmoota sanadaa daldalaan wal qabatan yeroo meeshaan daldalaa daldalamu keessattuu, geejibamu seera qabeesuummaa meeshaa geejibamuu namni meeshicha gejibsiisuu qabatee argamuu seerotni dirqisiisan yoo jiraatan bifa addaan hojiirra kan oolu ta'a jechuu dha.

Akka fakkeenyaatti labsiin lakk.234/2013 kwt. 23(10 fi 11) "Daldalaan kamiyyuu sanada bittaa fi gurgurtaa, nagahee kaffaltii adda addaa, waraqaa darbiinsaa, hayyama hojii daldalaa fi waraqaa ragaa mirkaneessa gahumsaa osoo hin qabatiin oomisha qonnaa geejibuun ykn iddoo tokko irraa gara iddoo biraatti oofuun ykn geessuun dhorkaa dha.

[117] Miil jalee lakk.8 fuula 71.

Dabalataan, hammeenyummaa gocha daldala seeraan alaa hubatamuun oomishaaleen qonnaa erga to'atamee booda sanadoota ykn ragaaleen dhiyaatu kamiyyuu fudhatama hin qabu jechuun labsii 234/2013 kwt.23(12) fi 819/2006 kwt.12(4) tumanii jiru. Eegaa yeroo seerootni haala kanaan tuman yeroo jiraatu manni murtii ragaa turee dhiyaatu fudhatama dhabsiisuu ni danda'a. Haa ta'uyyuu malee seerootni tokko tokko hayyama darbinsa daandiin meeshaalee daldalaa sochoosuu eeruun yoom akka dhiyaatan yeroo callisan ni mul'ata. Fakkeenyaaf, qajeelfama raabsa zayitaa fi sukkaaraan wal qabatee yeroo meeshaan daldalaa geejibamu harkatti qabachuu dhiisuun booda erga qaama to'atuun to'atamanii booda yoo dhiyaate maal ta'a kan jedhu callisanii jiru. Yeroo akkasii qajeeltoo dirqama dhiyeessaa fi mirkaneessa ragaatiin dhugummaa ragaa turee yookiin boodarra dhufe qorachuun fudhachuu fi fudhachuu dhiisuun kan aangoo mana murtii ta'a jechuu dha. Kanuma kan jabeessuus armaan olitti manni murtii waliigala fedaraalaa dhaddacha ijibbaataa lakk. Galmee 201776 ta'een kan gaafa 29/11/2013 kennames yaada kanuma cimsee jira.

**D. Hojii Daldalaa Gaggessuuf Dandeettii Seeraa Qabaachuu**

Hojiin daldalaa hojii bu'uura seeraan deeggaramee geggefamu waan ta'eef namni hojii daldalaa geggeessuuf seeraan ga'eessa ta'uu qaba.[118]Dhimmootni dandeettii namaa waliin wal qabatanii ilaalaman bu'uura seera maatii fi Hariiroo Hawaasaatiin kan ilaalamee hoogganamu dha.Haala biraan immoo bifa addaan dandeettii seeraa kan barbaadan kan akka lammii biyya tokkoo ta'uu fi dhabuun bu'aa inni qabu iddoo olaanaa qaba. Fakkeenyaaf, bu'uura heera mootummaa fedaraalawaa dimookiraatawaa reppubilika Itoophiyaa keewwata 41(1)[119] lammiin Itoophiyaa kamiyyuu sochii dinagdee biyyaa keessatti hirmaachuu fi ittiin bulmaata isaatiif hojii kamiyyuu hojjechuu akka danda'u mirga gonfachiisee jira. Gama biroon immoo namni lammii Itoophiyaa hin taane tokko akka lammii tokkootti biyyattii keessatti hojii daldalaa hunda irratti hitmaachuuf mirga akka hin qabne ni tuma.[120]

Haaluma kanaan seerotni dhimmoota raawwii hojii daldalaa tuman tokko tokko lammiin biyya alaa hojii daldalaa muraasa irratti hirmaachuu akka hin qabne tumanii jiru. Akkuma fakkeenyaatti namni lammii Itoophiyaa hin taane tokko beellada biyya keessatti daldaluu akka hin dandeenye labsiin daldala beeyiladootaa ni ibsa[121]. Akkasumas lammii biyya alaa hayyama investimentii hin qabne oomisha qonnaa keessatti akka hirmaatu haala mijeessuun dhorkaa akka ta'e tumee kan jiru

[118] Miljalee olii lakk.12 keewwata 10 ilaali.
[119] Miiljalee olii lakk.34 keewwata 41(1) ilaali.
[120] Miljalee lakk.8, fuula 24
[121] Miiljalee olii lakk.74 keewwata 17(5)

hojii oomisha qonnaa irratti hirmaachuun qajeeltoon lammii Itoophiyaaf kan kenname ta'e lammii biyya biraa oomishicha irratti hirmaachisuuf ulaagaa dabalataa hayyama investimanttii kan gaafatu ta'uu ni akeeka.[122] Kanaafuu, namni lammii Itoophiyaa hin taane tokko oomisha qonnaa irratti hayyama oomisha qonnaa osoo hin qabaatiin kan hojjete yookiin beeyilada gabaa biyya keessatti kan daldalu yoo ta'e gocha daldala seeraan alaatiin kan gaafatamu ta'a.

### 2.2.5 Dirqamoota Dabalataa Daldalaan fi Fayyadaman Qabachuu qabu

Fayyadamtootni meeshaa fi tajaajila qulqullina qabu gatii madaalawaan akka argatan gochuuf mootummaan labsii sirna dorgommii daldalaa fi eegumsa mirga fayyadamtootaa lakk. 813/2006 fi Labsii sirna to'annoo gabaa fi qul qullina oomishaalee Qonnaa Naannoo Oromiyaa murteessuuf bahe, Lakkoofsa 234/2013 ba'an akka fakkeenyaatti kaasnee ilaaluu ni dandeenya.

Labsiileen kun dirqama daldalaan tokko bahuu qabu hedduu tarreessan keessaa:

- Gatii, baay'inaa fi makamiinsa meeshaa ykn tajaajila gitaa fi qulqullina hojichi barbaaduun kennuu kkf.

- **Meeshaalee daldalaa hanga fayyadamaan qabatee socho'uu danda'u murtaa'een ol qabatanii aragamuu dhabuu**

Tooftaan daldala seeraan alaa ittiin ittisan inni jalqbaa namoota gara daldalaatti seenan ulaagaa bu'uuraa guuttachuu qaban diriirsuu fi ulaagaa dabalataa daldalaan tokko fayyaaleessa ta'e geggeessuuf waan kabajee daldaluu qabu dirqamoota kana dursee tumuni dha. Akkasumas dabalataan namni kamiyyuu meeshaa daldalaa dhuunfaa fi maatiitiin hangam faayidaa dhuunfaaf qabatee socho'uu qabaa kan jedhuun wal qabatee seerootni hedduun daangaa itti gochuun tuman ni jiru. Bu'aan meeshaa daldalaa qabatanii socho'uu daangaa itti gochuus namni kamiyyuu hanga seeraan tumamee ol qabatee osoo socho'uu yoo qabamee argame itti gaafatamummaa seeraa ni hordofsiisa. Fakkeenyaaf, bu'uura qajeelfama labsii bunaa fi dambii bunaa kana raawwachiisuuf ba'e lakk.002/2012 keewwata 8.2(14 f15) jalatti lammiin Itoophiyaa kamiyyuu faayidaa dhuunfaa isaatiif biyya keessattis ta'e biyya keessaa gara biyya alaatti buna qishira hanga kiiloo giraama 2 tti qabatee akka socho'uu danda'u ni tuma. Kana jechuun namni lammii Itiiphiyaa hin taane yookiin lammii Itoophiyaa ta'eeyyuu kiiloo giraama lamaa ol qabatee osoo socho'aa jiruu kan qabame yoo ta'e itti gaafatamummaa seeraa akka qabu hubatamuu qaba.

[122] Miiljalee olii lakk.92 keewwata 23(20)

Dambin midhaan biilaa fi aagadaa, labsii oomishaalee qonnaa naannoo oromiyaa lakk.234/2014 raawwachiisuuf ba’e lakk.230/2014 keewwatni 8(3 fi 4) tiin fayyadamaan gidduu gala gabaa bu’uuraatti oomisha midhaan biilaa fi agadaa bitu midhaan kana kuusuu fi dabarsee gurguruu hin danda’u, akkasumas namni dhuunfaan tokko faayidaa maatiif fi dhuufaa isaaf istaandardii dhaabbata nyaata addunyaatiin nama tokkoof waggaatti fayyadamuuf hayyamaeen ol kuusuu hin danda’u. Gama biraan maqaa faayidaa dhuunfafan biteen kuusee kan jedhuun fayyadamaan istaandardii nyaata addunyaan waggaa waggaatti baasuu ol kan qabatee yookiin kuusee argame seeraan kan gaafatamu ta’a jechuu dha.[123]

Akkasumas qajeelfama oomisha jimaa, labsii oomisha qonnaa naannoo oromiyaa raawwachiisuuf ba’e lakk. 10/2014 keewwata 11(7)tiin fayyadamaan dhuunfaa faayidaa dhuunfaa isaatiif yeroo tokko jimaa hanga kiiloo giraama 4 qofaa qabatee socho’uu akka qabuu fi hanga seeraan hayyamamee ol qabatee socho’aa osoo jiruu kan qabame yoo ta’e itti gaafatamummaa seeraa kan hordofsiisu ta’u dubbisa fuggisoo(accontario reading) seerichaa irraa ni hubatama. Oomishaalee qonnaa kanaan wal qabatee oomisha aannanii fi bu’aa aannanii waliin wal qabatee dambii fi qajeelfamni ba’ee jira. Haa ta’iyyuu malee Aannanis ta’e bu’aa aannanii namni faayidaa dhuunfaadhaaf qabatee soch’u yookiin kuusuu danda’u seerota kanaan tumamee hin jiru waan ta’eef namni haanga barbaade qabachuun yookiin kuusuun maqaa faayidaa dhuunfaafan qabadhee yookiin kuusee jechuu nii danda’aa? Maaliif?

Gama biroon meeshaalee daldalaa gabaa irratti hanqinni jira jedhamanii beeksisa uummataan ba’anii hangii fi gatiin isaanii mootummaan murtaa’ee daldalaa dhaan fayyadamaaf dhiyaatan bu’uura qajeelfama sirna raabsa meeshaalee bu’uuraatiin daldaltootni qinxaaboo meeshaalee bu’uuraa fayyadamtootaaf sukkaara kiiloo giraama 1 hanga 10, zayita litira 1 hanga 25 olitti bifa addaan qaama aangoo qabuun yoo hayyamame malee gurguruun dhorkaa akka ta’e tumee jira.[124] Kanaaf mi’oota daldalaa qajeelfama kanaan hamataman hanga fayyadamaan daldalaa qinxaaboo yookiin waldaa fayyadamtootaa irraa bitatee fayyadamuu olitti qabatee yookiin kuusee kan argamu yoo ta’e seera rogummaa qabuun[125] kan gaafatamu ta’a jechuu dha.

[123] Miil jalee lakk.94, keewwata 8(3 fi 4)
[124] Qajeelfama sirna raabsa meeshaalee bu’uuraa Biiroo daldalaa fi misooma gabaa Oromiyaa tiin bahe lakk.1/2004 keewwata 10(2(a fi b) ilaali.
[125] Labsii eegumsa shamattoottaa lakk.813/2016 keewwata 24(1b) fi 43 ilaali.

### 2.2.6 Rakkoowwan Hojirra Oolmaa Seerota Daldalaa fi To'annaa Qulqullina Bunaa Sadarkaa Fedaraalaa fi Naannoo Oromiyaa Gidduu jiran

Dhimmootni daldalaa fi to'annaa qulqullina bunaa waliin wal qabatee seerootni sadarkaa mootummaa fedaraalaatti lakk.1051/ 2009 fi mootummaa naanoo oromiyaatti labsii oomishaalee qonnaa lakk.234/2013 yeroo ammaa bahee labsii 160/2002 kana haqee kallattiin labsii bunaa hoogganu kan hin jirre yoo ta'eeyyuu labsiin amma hojiirra jiru buna kana hiikkoo dhaan oomishaalee qonnaa keessatti hammachiisee kan jiru dha. Labsiiwwan lamaanuu dhimmi yakkaas ta'e hariiroo hawaasaa ittiin ilaalamu sadarkaa aangoo manneen murtii adda addaa kan qabatanii jiran yoo ta'u labsiin lakk.1051/2009 keewwata 21 jalatti mana murtii fedaraalaa sadarkaa jalqabaan akka ilaalamuu qabu aangeessuun sadarkaa naannootti immoo bu'uura heera mootummaatiin bakka bu'insaan mana murtii olaanaa naannootti kan ilaalamuu qabu yoo ta'u[126]akkaataa tumaa labsii lakk.234/2013tiin kan ilaalamu yoo ta'e sadarkaa jalqabaatti mana murtii Aanaatiin akka ilaalamuu qabu labsiin manneen murtii lakkk.216/2011 keewwatani 31(4) jalatti tumaawwan yakkaa caffee dhaan tumaman kamiyyuu irratti manni murtii aanaa sadarkaa jalqabaan akka ilaaluu danda'uu tumee jira.

Eegaa dhimma bunaa tokko irratti seerootnii sadarkaa fedaraalaa fi kan naannoo adda adda ta'uun isaanii lammiin Itoophiyaa biyyuma tokko keessatti dhimma wal fakkaatu tokkoon mana murtii garagaraa fi seera garagaraan kan keesummeeffaman yoo ta'e qajeeltoo heera mootummaa fedaraalaa keessatti namni kamiyyuu seera fuulduratti walqixxummaan ilaalamuu keewwata 25 jalatti tumame waliin kan wal faallessu dha.

Labsiiwwan armaan olii jechuun labsii lakk.1051/2009 fi 234/2013 isa kamtu naannoo oromiyaatti hojiirra ooluu qaba kan jedhuun wal qabatee ejjennoon garaagaraatu ogeessota seeraa bira jira.[127]

Ejjenoo 1ffaa: Tumaa yakkaa Labsii Bunaa Federaalaa 1051/2009 bu'uureffachuun murtii kennuu qaba kan jedhan: Bu'uurri ejjennoo kanaa Heera mootummaa RDFI keewwata 55(5) jalatti aangoon seera yakkaa baasuu kan Mana Maree Bakka Bu'oota Uummataati isa jedhu dha. Manni marichaas bu'uura kanaan labsii lak. 1051/2009 keessatti tumaawwan yakkaa gocha qulqullinaa fi daldala bunaa miidhan yakka taasisuun tumee jira. Bu'uura tumaa heera mootummaa RDFI olitti caqasameetiin naannolee aangoo seera yakkaa baasuu kan qabaatan dhimmoota seerri yakkaa

[126] Miiljalee olii lakk.34, keewwata 80(4) fi labsii mana murtii naannoo oromiyaalakk.216/2011 keewwata 30(4)

[127] Rattaa Baqqalaa fi Milkii Makuriyaa, Qorannoo hojii irra oolmaa labsii to'annoo qulqullinaa fi daldala bunaa federaalaa fi naannoo oromiyaa, bara 2013.

federaalaa hin haammatne akka ta’e ni ibsa. Dhimma tumaa yakkaa labsiin 1051/2009 keessa jiran kanarratti Caffeen Oromiyaas labsii qabiyyee walfakkaataa qabu baasuun gochoota tumaa yakkaa labsii federaalaa keessatti ibsaman kana yakka godhee tumee jira. Akka namoota ejjennoo kana qabaniitti seerri naannoon dhimma yakkaa seera federaalaatiin tumame irratti baasu, seera aangoo hin qabne bu’uureffatee baase waan ta’eef, seera gatii (effect) qabu miti kan jedhu dha. Kanaaf manni murtiis seera kana akka hin jirretti lakkaa’ee seera federaalaa dhimmicha bituun murtii kennuu waanti dhorku hin jiru kan jedhu dha.

Dabalataanis gareen ejjennoo kana qaban Heera Mootummaa RDFI keewwata 55(4) fi 51(12) jalatti aangoon seera daldalaa (commercial) baasuu kan mootummaa federaalaa (Mana Maree Baka Bu’oota Uummataa) ta’uu caqasuun dhimmi qulqullinaa fi daldala bunaas dhimma daldalaa waan ta’eef aangoo mootummaa federaalaati yaada jedhu qabu.

Akkasumas adabbiin Labsii 1051/2009 jalatti tumame hanga adabbii labsii 234/2013 jalatti tumamee gadi yeroo ta’utti, seera himatamaaf caalaa fayyadu raawwatiinsa qabaachuu qaba jedhanii falmu. Dabalataanis naannoleen gochaa yakkaa walfakkaataadhaaf adabbii gara garaa tumu yoo ta’e, tumaa heera mootummaa keewwata 25 jalatti kan ibsame mirgi walqixxummaa waan cabsuuf tumaan adabbii yakkaa bifa waaltawaa ta’een raawwatiinsa qabu hojiirra ooluu qaba ejjennoo jedhu qabu.

*Qeeqawwan ejjennoon kana irratti dhiyaatan:*

- Manni murtii labsiin 234/2013 heera mootummaa keewwata 55/5/ jalatti kan tumame waliin wal simsiifamee kan bahe miti yookin kan faallessudha jechuuf aangoo ni qabaa kan jedhu hin deebisu. Labsiin 1051/2009, heerawaadha jedhanii hojiitti hiikuun yookin labsii 234/2013 bu’uura heeraa hin qabu jedhanii bu’aa /effect/ dhoowwuun mataa isaatiin heera hiikuu waan ta’uuf, kun immoo aangoo mana murtii miti kan jedhu dha.
- Labsiin magalata Oromiyaa hundeessuuf bahe irratti qaamoleen mootummaa sadenuu (manneen murtii dabalatee) seerota Caffee naannichaatiin bahan hojiitti hiikuuf dirqama qabu. Sababni isaas Caffeen qaama aangoo olaanaa naannichaa waan ta’eef.
- Heerri mootummaa keewwatni 55(4) fi (5) aangoon mana maree bakka bu’oota uummataatiif kenname seera yakkaa (penal code) fi seera daldalaa (commercial code) baasuu kan ilaallatu yoo ta’u, qabiyyeen labsii 1051/2009 fi 234/2013 immoo dhimma guutummaan dhimma yakkaa yookin daldalaati kan jedhamuu miti. Kutaa labsiilee kanneenii keessaa kan yakka tumu kutaa

tumaalee adda addaa jalatti(1051/2009 keessaa kutaa 4ffaa, labsii 234/2013 keessaa kutaa 5ffaa) yoo ta'u, kun immoo hojiirra oolmaa labsii tokkoo mirkaneessuuf kutaa adabbii (penality clause) teechisuudha malee, seera yakkaa tumuu kan isa jechisiisu miti. Akkasumas qeeqxotni ejjennoo kanaa dhimma labsii kanaan haguugame oomishtoota bunaa namoota dhuunfaas kan dabalatu ta'ee osoo jiruu, bifa dimshaashaatiin seera daldalaa waan taa'eef aangoo federaalaati jedhamuun sirri miti kan jedhu ni kaasu.

- Heerri Mootummaa RDFI ol-aantummaa tumaa Heera Federaalaa malee ol-aantummaa tumaa seerota Mootummaa RDFI bahan kan ibsu miti. Aangoo Heerri ifatti Mootummaa RDFI tiif hin kennin Manni Maree Bakka Bu'oota Uummataa uumuun Mootummaa RDFI tiif kennuu hin danda'u jechuudhaan qeequ.

Qeeqawwan ejjennoo kana irratti ka'an akkuma jirutti ta'ee, galmee qabatamaan Godinaalee Wallagga lixaan wal qabatee yakka bunaan wal qabatu labsii Mootummaa fedaraalaan ba'e bu'uura godhachuun mana murtii Olaanaatti banamee murtii kan argachaa jiru ta'uu lakk.galmee yakkaa 44854, 44887, 47006, 44847 akkasumas Godina Jimmaattis Mana Murtii Olaanaatti dhiyaachaa jiraachuu akka fakkeenyaatti kaasuun ni danda'ama.

Akkasumas bifa ejjeennoo kana deeggaruu danda'uun dhaddachi ijibbaataa naannoo keenyaa kenne itti fufuun haa ilaallu.

## Dhimma 12ffaa

Himata Mana Murtii Aanaa Beddelleetti Abbaa Alangaa dhiyeesseen himatamaan labsii lakk. 160/2002 keewwata. 22(5) fi 23(4) irra darbuun buna caccabaa gabaa buna Itoophiyaa Damee Beddeleetti erga dhiyeesseen booda gara cooraatti akka deebi'uuf hayyamni darbiinsaa yeroo kennamuuf konkolaataa ISUZU tiin gaafa 22/3/2013 sarara bobbii jijjiruun gara magaala Naqamteetti buna keeshaa 65 fe'ee osoo deemaa jiruu qabamuun kunis ragaa dhaan itti mirkanaa'ee manni murtii murtii balleessummaa fi adabbii labsichuma jalatti itti kennee jira. Dhimmichi Mana Murtii Olaanaa Godinichaatti dhiyaatee murtii adabbii fooyyessuun murtii balleessummaa cimseera. Manni murtii waliigalaa dhaddacha lixaa oliyyata abbaa dhimmaan isaaf dhiyaate cimsee jira.

Iyyataan murtii kenname irraa komiin qaba jechuun daddacha ijibbaataatti dhiyeeffachuun, Manni Murtii Waliigala Oromiyaa dhaddacha ijibbaataas iyyaticha fuudhee galmicha qorachuun bitaaf mirga erga falmisiisee booda heera mootummaa fedaraalaa kwt.55(5) seera yakkaa tumuuf aangoo kan qabu mootummaa fedaraalaa ta'uu caqasuun naannoon gochoota seera yakkaa keessatti hin

hammachiifamiin hafan irratti seera baasuu akka danda'an ibsuun dhimma qulqullina bunaa kanaan wal qabatee mootummaan fedaraalaa labsii lakk.1051/2009 baaasuun keewwata gochoota yakkaa tuman baasee waan jiruuf hanga gochi yakkaa kun labsii kanaan hamatametti seeri hojirra ooluu qabu labsii kana jechuun murtii mana murtii jalaa lakk. Galmee 375723 ta'een dhaddacha gaafa 22/10/2013 ooleen murtii manneen murtii jalaa sagalee caalmaan diiguun Abbaan Alangaa labsii lakk.1051/2009 mana murtii aangoo qabutti akka dhiyeefatu ajajuun himatamaan to'anaa jalaa akka ba'uuf ajajeera.

Akkasumas sababoota dhaddachi ijibbaataataa mana murtii waliigala fedaraalaa sababoota murtiiwwan ijibbaataa naannoleen kennan ijibbaataan ilaaluu bu'uura labsii lakk.1234/2013 keewwata 10(1d)tiin seera rohumaa hin qabne caqafamee murtiin ijibbaataa yoo kenname M/M/W/ Fedaraalaa ijibbaatan ilaaluu akka danda'u waan tumuuf kanuma bu'uura godhachuun dhimmi yakka buna seeraan alaa geejibuu kun Mana Murtii Aanaa irraa ka'ee dhaddacha ijibbaataa mana murtii waliigalaa fedaraalaa gahee murtiin dirqisiisaan irratti kenname itti aansuun haa ilaallu.

<u>**Dhimma 13ffaa**</u>

Himatamtootni seera yakkaa 32(1a) fi labsii 160/02 keewwata 23(4) irra darbuun hayyama bunaa daldaluu fi hayyama darbii osoo hin qabaatiin buna qishira kuntaala 65 fe'uun magaala Cooraa irraa gara magaala Beddeelee osoo deemaa jiranii qabamanii Mana Murtii Aanaatti keewwata jalatti himatamaniin hidhaa cimaa waggaa 6 fi ji'a 6 fi qarshii 5000'n adabuun, himatamtootni Mana Murtii Olaanaa naannootti oliyyata dhiyeeffachuun MMO murtii balleesummaa labsichuma jalatti kenname cimsuun adabbii salphiseefi jira. MMWO oliyyata abbootii dhimmaan dhiyaate dhiyaate yoo cufu, abbaan dhimmaa iyyata isaa DhIMMWOtti yeroo dhiyeeffatan labsiiwwan lamaan Lakk.1051/2009 yookiin lakk.160/02 keessaa isa kamtu dhimmichaaf rogummaa qaba jechuun ijoo qabatee labsii 160/2002 tu rogummaa qaba jechuun murtii balleessummaa fi adabbii MMO cimseera.

Iyyattootni dhimmicha gara DhIMMWF ti dhiyeeffataniin, dhaddachichis dhimmicha irratti labsii 1051/09 moo 160/02tu dhimma buna seeraan ala gejibsiifamuuf rogumaa qaba kan jedhu ijoo qabachuun, bitaa fi mirga falmisiisuun bu'uura heera mootummaa fedaraalaa kwt 55(5)tiin seera yakkaa baasuu kan danda'u mootummaa fedaraalaa akka ta'ee fi naannoleen labsii tumaa yakkaa qabu baasuu kan danda'an yeroo mootummaan fedaraalaa seeroota gocha yakkaa hin haaguugamne haguuguuf baasuu qaba malee osoo seerri fedaraalaa dhimmicha haguugu jiruu baasuu hin danda'anii, Akkasumas heerri mootummaa naannoo oromiyaa labsiin 46/94 keewwata 49(3a) tiin caffeen seera heera mootummaa fedaraalaa fi seerota feedaraalaa faalleessu baasuu

akka hin qabne waan tumuuf, yooma seerri ba'ee jiraates seera fedaraalaatu hojiirra ooluu qaba jechuun dhimmoota buna seeraan ala geejibamuun wal qabatee seerri hojiirra ooluu qabu labsii 1051/09 dha jechuun murtii dirqisiisaa kennee jira.[128]

Murtiin kunis bu'uura labsii lakk.*1234/013 keewwata 10(2) guyyaa murtiin kenname* irraa kaasee mana murtii sadarkaa kamittiyyuu dirqisiisummaa kan qabu waan ta'eef labsii lakk. 1051/2009 akka biyyaatti dhimma buna seeraan geejibuu fi amala yakkummaa qaban irratti hojiirra kan oolu dha. Akkasumas murtiin dhaddacha ijibbaataa kun jildii 25ffaa irratti yeroo ammaa maxxanee jira waan ta'eef, falmii yakkaa dhimma bunaan wal qabatu labsii 1051/2009tu hojiirra ooluu qabaa jechuun warri ejjennoo armaan oliittin kaasne deeggaran kaasuun falmu.[129] Sababni isaan murtii dhaddachi ijibbaataa federaalaa kenne yoo hanqina qabaates manneen murtii jalaa irratti amala dirqisisummaa qaba waan ta'eef hanga murtii biraan bu'uura qajeelfama haaraa dhimmoota seera deemsa ijibbaataa fedaraalaa lakk.17/2015 keewwata 177iin hiikkoo seeraa dursa kennaman kessa deebiin ilaaluun ilalamanii hanga hin jijjiramnetti hojirra ooluu qabaa jechuun yaadicha jabeessuun falmu.

Ejennoo 2ffaa: Tumaa yakkaa Labsii Bunaa Naannoo 234/2013 bu'uureffachuun murtii kennuu qaba kan jedhan: Gareen kun yaadni qaban labsiileen Caffee naanootiin bahan hanga qaama ilaallatuun (Mana Maree Federeeshinii) 'heerawaa miti' jedhamee haqamutti manni murtii kaka'uumsa isaatiin gatii (effect) dhabsiisuu hin danda'u yookin hojiirra oolchuuf ni dirqama yaada jedhu kan tarkaanfachiisani dha. Kunis Heera MNO kwt 49(2) jalatti "caffeen dhimmoota keessoo naannichaa irratti abbaa aangoo siyaasaa isa olaanaa dha" jechuun tumame irraa ka'uudhaan Manneen murtii naannichaa fudhatamummaa seeraa caffee 'abbaa aangoo siyaasaa olaanaa' qabu kanaan bahe gaaffii keessa galchuuf aangoo hin qaban yaada jedhus ni kaasu. Dabalataanis qabiyyeen labsii naannoo 236/2013 qabiyyee labsii federaalaa 1051/2009 waliin walitti bu'a kan jedhamu miti yaada jedhu kaasu. Kana deeggaruufis garaa garummaan tumaalee labsiiwwan lameenii jidduu jiru garaa garummaa hanga adabbii qofaa dha. Kun immoo bu'uuraan seerotni kun walitti bu'u kan jechisiisu osoo hin taane, inumaayyuu labsiin 236/2013 tumaa adabbii seera federaalaa caalaatti cimsuun (emphasize gochuun) kaayyoo labsichaa milkeessuuf kan dandeessisu dha jedhu. Kanaan cinatti qajeeltoowwanii fi qabiyyee heera mootummaa RDFI fi qajeeltoowwan sirna federaalizimii irraa akka waliigalaatti kan hubatamu garaa garummaan

[128] Falmii ijibbaataa dhimma yakkaa Abbaa Alangaa fi iyyataa Amraan Taajuu gidduu tureen lakk.galmee 209763 dhaddacha ijibbaataa gaafa 25/5/2014 murtii argate dha.
[129] Murtii dhaddacha ijibbaataa lakk galmee 209763 irratti murtaa'uun jildii 25 fuula 687 irraa eegalee maxxanfamee jira.

(diversity) haala qabatamaa jiru jiddu galeessa godhatee taasifamu hanga dhimma bu'uuraa irratti hin taanetti akka rakkootti fudhatamuu hin qabu jedhu.

Labsiin federaalaa 1051/2009 keewwata 24/3/ jalattis naannoleen hojiirra oolmaa labsichaatiif seerota barbaachisoo ta'an tumuu akka danda'an kan kaa'u ta'uun isaa kanuma kan cimsudha jedhanii fudhatu.

Seera yakkaa baasuun aangoo mootummaa federaalaati yeroo jedhamu qaamni seera baastuu mootummaa federaalaa dhimma kamiyyuu irratti seera yakkaa baasa jechuu akka hin taanes hubatamuu qaba. Dhimmootni amala isaaniitiin naannoo tokko qofa yookin irra jireessaan naannoo tokkoof dhimma dursaa ta'an yeroo jiraatan qaamni seera baastuu naannoolee dhimmicha irratti seera yakkaa tumuu danda'u jedhu. Heerri mootummaa RDFI keewwatni 55(5) aangoo qaama seera baastuu federaalaa yeroo tumu "Seera Adabbii Yakkaa ni baasa" bifa jedhuun ibsamuun isaa koodii Seera Yakkaa baasuu (kan akka seera yakkaa bara 1996 bahe) kan ilaallatu malee tumaalee adabbii yakkaa hordofsiisuuf labsiilee dhimmoota gara garaa ilaallatanii bahan keessatti haammataman kan ilaallatu miti bifa jedhuun kaasu. Kana jechuun tumaa heeraa kana jalatti dhimmoota seera yakkaa federaalaatiin ifatti hin haguugamne yeroo jedhus dhimma seera yakkaa federaalaa (bara 1996 bahe) keessatti hin haammatamne irratti naannooleenis ta'e federaalli tumaa yakkaa baasuu akka danda'an kan agarsiisudha yaada jedhu kaasu.

Dantaa olaanaa naannichi dhimma bunaatiin walqabatee qabu eeguufillee labsiin Caffeen naannichaa baase caalaatti gumaacha jedhamee waan amanamuuf; akkasumas hariiroon mootummaalee federaalaa fi naannoo qajeeltoowwn walkabajuu, waldeeggaruu fi waldanda'uu kan bu'ureffatu ta'uu (seensa, keewwata 50/8/) isaa fi sirni federalaazimii biyyi kun hordoftus garaagarummaa kan keessummeessu ta'uu ibsu.

Dabalataanis dhimmi labsii 234/2013n haguugame oomisha qonnaa waliin kan wal qabatu dhimma bunaas kan ilaallatu ta'ee haala oomishaa, kuusaa fi akkaataa oomishtootni bunaa (qonnaan bultoota dabalatee) oomisha isaanii gara gabaatti ittiin dhiyyeeffatanii fi gurgurataniin kan walqabatu dha. Dhimma kana irratti immoo mootummaan federaalaa seera akka baasu ifatti heera mootummaatiin kennameeraaf jechuun hin danda'amu. Aangoon seera daldalaa baasuun walqabatee heera RDFI keewwat 55(4) jalatti ibsame akkaataa qonnaan bulaan buna oomishe gabaa geessee gurgaratu ilaalchisee seeraa bahu kan ilaallatu akka hin taane ifa dha. Sababni isaa gochaan kun gochaa 'daldalaa' waan jedhamuu hin dandeenyeef. Kanaaf dhimma kana bulchuufi seera

baasuuf aangoon heera RDFI tiin federaalaaf kenname waan hin jirreef dhimma kana irratti seera tumuuf aangoo kan qabu qaama seera baastuu naannooti (Caffee) yaada jedhu kaasu.

*Qeeqawwan ejjennoo kana irratti dhiyaatan:*

- Heerri MNO keewwata 49(3)(a) jalatti seerri Caffee naannichaatiin bahu kamiyyuu heera mootummaa fi seerota federaalaa faallessuu akka hin qabne kaa'eera. Namootni ejjennoo armaan olii kana qeeqan labsiin naannoo 234/2013 qabiyyee labsii federaalaa 1051/2009 haala faallessuun adabbii caalmaa tumuun isaa heera mootummaa naannoo cabsuudhaan seera Caffeedhaan bahe waan ta'eef gatii (effect) qabaachuu hin qabu yaada jedhu kaasu.
- Bu'uura tumaa Heera Mootummaa RDFI keewwata 55(5) tiin seera yakkaa tumuu jedhamee aangoon qaama seera baastuu federaalaaf kenname tumaa itti gaafatamummaa yakkaa hordofsiisu kamiyyuu akka ta'e kan hubatamu malee 'Seera yakkaa koodeeffame' qofa akka ta'eetti hubachuun bu'uura kan hin qabne dha.
- Manni murtii labsii naannoo (lak. 234/2013) kan filatu yoo ta'e, labsii federaalaa (lab. Lak. 1051/2009) gochaadhaan gatii dhabsiisaa jira jechuu dha. Kuni immoo seerri naannoo akka seera federaalaa irratti dursa qabu kan agarsiisu yoo ta'u, bu'uura heeraa kan qabu miti.
- Laabsiin 234/2013- haala waaligalatiin oomishalee qonnaa hundaa hammachuun kan tumame waan ta'eef fi hojiiwwan daldalaa bunaa ilaallatan hunda haala bu'aa qabeessa ta'een kan haaguugu miti, seerri addaa dhimma bunaaf labsii lakk.1051/2009 dha waan ta'eef akkaataa hiikkoo seeraatins seerri addaa seera waliigalaa ni dursa waan ta'eef yaadni ejjennoo kana deeggaru qawwa kana kan deebisu miti.
- Bunni biyya kanaaf meeshaalee al-ergii (export commodity) sadarkaa jalqabaa irratti argamu waan ta'eef, dhimmi oomisha, geejjibaa fi gurgurtaa bunaa dhimma daldalaa akkaataa heera Mootummaa RDFI keewwata 55 (4) tiin mootummaan federaalaa seera irratti baasuu qabu malee akkuma oomisha fayyadamaa biyya keessaatiif oomishamu kamiittiyyuu kan ilaalamu miti yaada jedhu kaasu.

Qeeqawwan armaan oliitti ka'an akkuma jirutti ta'ee, Godinaalee akka Buunnoo Baddalleetti yakka bunaan wal qabatu bu'uura labsii Naannoo Oromiyaatti ba'een kan ilaalamaa jiru ta'u lakk. galmee mana murtii Aanaa Daaboo Haannaa lakk.galmee 12742, lakk galmee mana murtii Aanaa Beddellee lakk.galmee 32107 fi Godina Addaa Naanawaa Finfinneetti, mana murtii Aanaa Aqaaqii

lakk.galmee 12742 irraa ni hubatama. Dhaddachi ijibbaataa naannoo keenyaa galmee armaan gadii irratti immoo bifa ejjennoo armaan olii calaqqisiisuun murteesse itti aansuun haa ilaallu.

**Dhimma 14ffaa**

Himata Abbaa Alangaa Aanaa, Mana Murtii Aanaatti himatamtoota lama konkolaachisaa fi nama biraa tokko waliin seera yakkaa keewwata. 32(1a) fi labsii lakk.160/2002 irra darbuun Aanaa Daaboo Haannaa Ganda Liilloo Saaxoo bakka addaa qanqalchaa jedhamutti gaafa 24/11/2012 janfala bunaa kuntaala sadii tilmaama qarshii 7296 baasu konkolaataa uummataa haayruufii ta'een magaala baddallee irraa gara magaala Naqamteetti geejibsisaa jiranii qabamuun kunis mana murtii Aanaatti ragaadhaan itti mirkanaa'ee labsii himataman jalatti balleessaa qabu jechuun adabee jira. Manni Murtii Olaanaa Godinichaa murtii baleessuumaa himatamaa 2ffaa haquun bilisaan gaggeessuun konkolaachisaa ilaalchisee murtii adabbii foyyeessuun murtii balleessummaa cimseera. Manni murtii dhaddacha lixaa murtii mana murtii Olaanaa cimsee jira.abbaan dhimmaa kanuma komachuun iyyata isaa dhaddacha ijibbaataa mana murtii waliigalaatti dhiyeeffateen, manni murtii waliigalaa dhaddacha ijibbaataa himata bu'uura labsii Caffeen naannoo baase bu'uureffatee dhiyaate labsii dhimmi ilaaluun osoo hin haqamiin adeemsi labsii fedaraalaa dhimma walfakkaataa irratti baase fayadamnu hin jiru waan ta'eef labsii caaffeen ba'e hojjirra oolchuuf Maanni murtii dirqama qaba jechuun murtii mana murtii jalaa . lakk. Galmee 337085 dhaddacha gaafa 16/6/2013 ooleen sagalee caalmaan cimseera.[130]

Ejjennoo 3ffaa: Dhimma hiikkoo Heeraa hordofsiisu waan ta'eef  Mana Maree Federeeshiniitti ergamuu qaba kan jedhan yoo ta'u: Warreen ejjennoo kana deggeran Heera Mootummaa RDFI keessatti tumaan ol aantummaa seera federaalaa yookin seera naannoo argisiisu waan hin jirreef Manneen Murtiitiin seera isa tokko isa kan biraa irra filachuun raawwachiisuun qaawwaa Heeraa hiikkoon akka guututti kan ilaalamuu dha. Kun immoo kallattiin Heera hiikuu waan ta'uuf aangoon isaa bu'uura Heera RDFI kew. 83(1) tiin kan Mana Maree Federeeshinii Itiyoophiyaati kan jedhu dha. Aangoon Heera hiikkuu kunis Mana Maree Federeeshitiif kan kennameef Manni Marichaa ibsituu birmadummaa Saba, Sabilamootaa fi Uummattoota Itoophiyaa waan ta'eefii dha yaada jedhu kaasu. Akkasumas, Heerri Mootummaa sadarkaa seera idileetti kan ilaalamu qabu osoo hin taanee sanada waliigaltee siyaasaa Saba, Sabilamootaa Fi Uummattoota Itiyoophiyaa waan ta'eef hiikkoo fi qaawwa Heerichaa guutuun qaama biraatiif dhiifamuu kan qabu miti jedhu.

[130] Murtii mana murtii waliigala oromiyaa dhaddacha ijibbaataa lakk.galmee  337085 dhaddacha gaafa 16/6/2013 ooleen murtaa'e.

Gareen kun ejjennoo isaanii kana cimsuuf qaawwa Heera keessa jiru hiika Manni Murtii seera Mootummaa RDFI tumame kan Mootummaa Naannoon tumame irra caalchisuun fudhachuun yookiin seera Mootummaa Naannoon tumame kan Mootummaa RDFI irra caalchisuun fudhachuun guutuuf kan deemamu yoo ta'e dorgommii seerota mataa mataa ofii filachuu waan uumuuf bu'a qabeessummaa isaa irra miidhaa isaatu caalaa jedhu.

Gama biraan tumaaleen Labsii to'annoo qulquliinaa fi daldala bunaa Mootummaa Naannoo Oromiyaan tumaman qabiyyee Heera Mootummaa RDFI kwe. 55(4) fi (5) jalatti dhimmoota ibsamnii jiran faana yeroo ilaalamu aangoo isaatiin ala waan ta'e irratti seera baase waan ta'eef bu'uura Heera Mootummaa RDFI kew.9(2) tiin Manni Murtii heerummaa tumaaleen Labsii lakk.234/2013 Mootummaa Naannoo Oromiyaan irratti murtii akka kennuuf gara Mana Maree Federeeshiniif erguuf ni dirqama jedhu. Haa ta'uyyuu malee hanga moojuliin kun qophaa'utti dhimma labsii to'annoo fi daldala bunaan wal qabatee labsiin hiikkoo heeraa barbaada jedhamee gara mana mare federeshiniitti kan qajeelfame kan hin jirre dha.

*Qeeqawwan ejjennoo kana irratti dhiyaatan:*

- Walitti bu'iinsa seerota sadarkaa Mootummaa Federaalaa fi Mootummaa Naannootti dhimma tokko irratti tumamanii jiranii bu'uura qajeeltoowwanii fi juurispruudensii hiikkoo walitti bu'insa seeraan jiruun furmaata kennuun hiikkoo seeraa malee hiikkoo Heeraa miti jedhu. Kanaaf Manneen Murtii filannoo seeraa isaan seerota walitti bu'an gidduutti godhan seera hikuun hojii irra oolchuudha malee gocha qaawwaa Heeraa guutu miti yaada jedhu kaasuun falmu.
- Dabalataan labsiileen lamaan (lak. 234/2013 fi lab. Lak. 1051/2009) tumaa Heeraa waliin walitti bu'an hin qabani. Kun immoo falmiin tumaa Heeraa jira kan jechisiisu miti jedhu.
- Walitti bu'iinsi seeraa jira jechuudhaaf seerri Mootummaa RDFI tumamee fi MNO tumame gidduutti garaagarummaan bu'uuraa yookin wal fallessuun jiraachuu qaba. Labsii naannoo (lak. 234/2013) fi labsii federaalaa (lab. Lak. 1051/2009) gidduu garaagarummaa hanga adabbii malee garaagarummaan bu'uuraa ykn wal faallessuu hin jiru. Kanaaf seera himannaan yookiin gaaffiin mirgaa jalatti dhiyaate bu'uureffachuun Manni Murtii furmaata kennuu ni danda'a jechuun falmu.

Ejjennoowwan ogeessaa seeraa armaan oliitti ka’e akkuma jirutti ta’ee, yaadota bu’uura dhimmi bunaa labsii kamiin osoo hooganeetu biyyaa fi naannoo keenyaaf bu’aa qaba kan jedhuun wal qabatee yaadoota armaan gadii kaasnee kan ilaallu ta’a.

Kutaa waliigalaa hiika bunaaf kenname haa ilaallu. Labsiin 1051/2009 keewwata 2(1) jalatti;

> *“coffee” means the fruit of a coffee tree or parts of such fruits in whatever form and processing…” afaan oromootti yeroo hiikamus, Buna jechuun haalaa fi gosa kaminuu kan argamu ija bunaa ykn qaama ija bunaa jechuudha*

Gama biroon immoo labsii lakk.234/2013 bunaaf hikkaa osoo hin kenniin buna hiika oomishaalee qonnaa jalatti hammachiisee jira.

Oomishaalee Qonnaa kana yeroo labsichii hiika itti kennus: midhaan biilaa, agadaa, dheedhii,zayitaa fi dibataa, kuduraa fi muduraa, mi’eessituu fi urgeessituu, jimaa, buna, baala shaayii, bosonaa fi bu’aa bosonaa, beeyiladaa fi bu’aa beeyiladaa fi kana boodas Biirichaan oomishaalee qonnaa jedhamuun seeraan kan moggaafaman jechuudha.[131]

Dambiileen hedduun labsii kana raawwachiisuuf bahanillee dambiin dhimma bunaa gadi fageenyaan raawwachiisuuf kan hin baanee yoo ta’u dhuguma kaayyoon labsii kanaa osoo buna dinagdee biyyaa fi naannoo keenyaa ta’e hoogganuuf kan ba’e silaa ta’e erga labsiin kun bahee waggaa lamaaf sanaa oliif deemaa jiru dambii baasuun bunaaf hiikkoo kennuun akka hojiirra oolu gochuun ni danda’ama ture. Haa ta’uyyuu malee labsiin fedaraalaa kun akkuma labsiin ba’een dambii fi qajeelfamni labsicha raawwachiisu bahee kan itti hojjetamaa jiru ta’uun labsiin fedaraalaa kun xiyyeeffannoo olaanaa itti kennuun qaawwa cufee kan bahe ta’uun kan hubatamuu qabu dha. Akkasumas labsiin sadarkaa fedaraalaatti ba’e daldala bunaaf hiikkoo ifaa ta’e yeroo kennutti labsiin naannoo oromiyaatti dhimma oomishaalee qonnaa hoogganuuf ba’e hiikkoo daldala bunaaf osoo hin kenniin bira darbee jiraachuun akka hanqinaatti ka’uu kan danda’u dha.

Daangaa labsiiwwanii kana yeroo ilaallus labsiin lakk.1051/2009 keewwata 3 jalatti Itoophiyaa keessatti kallattins ta’e alkallattiin bittaa fi gurgurtaa bunaa irratti nama hirmaatu kamirrattiyyuu akka raawwatinsa qabuun yoo tumu, gama biiroon labsiin lakk.234/2013 keewwatni 4 qaamolee sirna gabaa oomishaalee qonnaa mootummaa naannoo oromiyaa keessatti kallattiinis ta’e al kallattiin hirmaatanii fi raawwachiisan kamiyyuu irratti raawwatinsa ni qabaata jechuun tumee jira.

[131] Miiljalee olii lakk.92 keewwata 2(21) ilaali.

Kanaaf daangaan raawwatinsaan wal qabatee labsiin lakk.1051/2009 akka guutuu biyyaatti kan raawwatinsa qabaatu yoo ta'u, labsiin 234/2013 naannoo oroomiyaa keessatti kan daanga'e dha.

Hojmaata bunni ittiin hooggamanuun wal qabatee labsiin 1051/2009 bunaa qulqullina adeemsa funaanuu, gogsuu, adeemsa bittaa fi gurgurtaa buna jiidhaa fi janfalaa, geejibuu, buna qopheessuu, kuusuu hanga gabaa biyya alaatti erguu kan of keessatti hammatu labsii, dambii fi qajeelfama mataa isaa danda'een kan hoogganamaa jiru yoo to'u, labsiin lakk.234/2013 garuu oomisha qonnaa waliin kan wal qabatee ba'ee fi oomishaalee qonnaa kanneen akka jimaa, aannannii fi bu'aa aannanii fi midhaan biilaa fi agadaaf dambii fi qajeelfamni itti ba'ee kan hojjetamaa jiru yoo ta'u bunaaf hanga moojiiliin kun qophaa'uutti kan hin ba'iin ta'uun labsiin kun gama hoggansaa fi hojmaata bunaan wal qabatee qaawwa seeraa jabaa ta'e kan qabu ta'uun kan haalamu miti.

Tumaalee adabbii labsiiwwan lamaanii yeroo ilaalluttis, akkuma wal fakkeenya qaban, kan labsii feedaraalaa keessatti haguugame kan naannoo keenyaa hin haguugne, akkasumas labsiin naannoo keenyaa kan haguuge labsiin fedaraalaa kan hin haguugne tokko tokkoon kaasnee haa ilaallu. Labsilee lamaan keessatti tumaawwan yakkaa hammataman bifa wal fakkaatuun kan tumaman; labsiin lakk.1051/2009 keewwata 19(2),(3),(6), (7), (10 fi (14) kan tumamee jiru, bifuma Walitti dhiyyenya qabuun labsii lakk.234/2013 keewwta 26(1, 3, 4, 5, 6, 7, 11, 12 fi 13) yoo ta'u, tumaawwan yakkaa labsii lakk 1051/2009 keesstti qofaa kan hammataman keewwata 19(1, 4, 5, 8, 9, 11, 12 fi 13) fi keewwata 20 ilaaluu ni dandeenya.

Gama biroon immoo tumaawwan yakkaa labsii lakk.234/2013 keessatti qofaa kan yakka ta'ani tumaman keewwata 26(2, 14, 16, 17 fi 19) dha.

Walumaa galatti, adabbii yakkaa ilaalchisee namni ulaagaa labsii lakk.234/2013tiin gaafatu cabsee daldala oomishaalee qonnaa kana keessatti hirmaate tarkaanfii bulchiinsaa kan fudhatamu akkuma jirutti ta'ee[132] yakkaanis akka nama gaafachiisu labsicha keewwata 26 jalatti kan tumame irraa ni hubatama. Adabbiin yakkaa tumames seera biraan caalmaatti kan adabsiisu yoo ta'e malee, adabbii hidhaa salphaa baatii 6 hanga waggaa 5 fi maallaqa qarshii 10,000 hanga 150,000, adabbii hidhaa cimaa immoo waggaa 1 hanga waggaa 7 fi maallaqaan qarshii 50,000 hanga 300,000tti akka adabsiisu labsicha keewwata 26(1-22) jalatti tarreeffame irraa ni hubatama.

Gama biroon, adabbii yakkaa ilaalchisee labsii to'annoo fi qulqullinaa gabaa bunaa federaalaa labsii lak.1051/2009 keewwata 19 jalatti dhorkaawwan tarreeffamaniiru. Dhorkaawwan tarreeffaman kana namni cabsee daldala bunaa keessatti hirmaatee argame :-

---

[132] Miiljalee olii lakk.92 keewwata24 ilaali.

Adabbiin yakkaa tumames adabbii hidhaa salphaa baatii 6 hanga waggaa 5 fi maallaqa qarshii 10,000 hanga 40,000, adabbii cimaa immoo waggaa 3 hanga waggaa 10 fi maallaqaan qarshii 60,000 hanga 200,000tti akka adabsiisu labsicha keewwata 19(1-15) jalatti tarreeffamee tumameera.

Adabbii yakkaa labsii lamaan kana yoo ilaallu adabbii salphaan labsiin lameenuu baatii 6 hanga wagaa 5n akka adabsiisu dha. Adabbii cimaa ilaalchisee labsiin naannoo oromiyaa keessatti kan tumame waggaa 1 hanga 7tti kan adabsiisu yoo ta'u, kan federaalaa garuu hidhaa cimaa waggaa 3 hanga 10 kan adabsiisu dha. Adabbiin maallaqaa immoo labsii federaalaa jalatti kan tumame gadi aanaa ta'ee, qarshii 10,000 hanga 200,000 qofa kan adabsiisu dha. Labsiin naannoo keenyaa immoo qarshii 10,000 hanga 300,000tti adabsiisa.

Akkasumas labsiin fedaraalaa dhaabbatni gocha yakka bunarratti hirmaachuun yoo mirkanaa'e itti gaafatamuummaa yakkaa akka hundeessu yeroo tumutti, labsiin naannoo keenyaa immoo callisuun bira darbee jira. Egaa akkuma beekamu dhaabbileen yakkaan kan gaafataman seera addaa keessatti hirmaannaan dhaabbilee yakka keessatti hirmaatan itti gaafatamu yoo jedhamee seeraan yoo tumame qofaa kan nama gaafachisu waan ta'eef callisuun seera addaa yakkaan akka hin gaafachiifnetti kan fudhatamu dha.[133]

**<u>Qabxii Marii</u>**

1) Dhimma to'annoo fi daldala bunaan wal qabatee seera fedaraalaa fi kan naannoo hojiirra oolchuun wal qabatee ejjannoo seeraa ogeessota seeraa bira jiru keessaa ejjannoo seeraa isa kamtu bu'ura seeraa fi dhama qabeessa dha jettanii yaaddu?
2) Tumaa labsii lakk.1051/2009 fi labsii lakk.234/0213 bifa wal fakkaatuun tumamanii jiranii fi bifa garaagarummaa qabuun tumamanii jiran kana akkamittiin ilaalatu?
3) Bu'uura labsii lakk. 234/2013 tiin dhaabbata dhuunfaa gocha yakka buna irratti hirmaachuun raawwatee yoo argame himachuun ni danda'amaa?, yoo hin dandeenyu ta'e falli isaa maal ta'uu qaba?
4) Labsiin lakk.234/2013 keewwatni 24tiin oomishaalee qonnaa oomisha bunaa dabalatee seeraan ala osoo oomishamuu yookiin gaajibamuu qabame qaamni aangoo qabu oomishichaa fi konkolaataa beekamtii abbaa qabeenya konkolaataatiin osoo geejibamaa yoo qabame akka ejensiichaan yeroo ammaa Biiroo Daldalaa sadarkaa sadarkaan akka dhaalamu ni tuma, haa ta'uyyuu malee dambiiwwaan labsii 234/2013 raawwachiisuuf ba'aan dambiiwwan kan akka

[133] Seera yakkaa bara 1996 ba'e keewwata 34(1): Qaamolee bulchiinsa mootummaa osoo hin dabalatiin jaarmiyaan namummaan seeraa kennameef ifatti yommuu tumametti raawwataa yakkaa muummee ta'uun, kakaastummaan yookiin miiltummaan yakkaan adabamuu ni danda'a.

dambii jimaa lakk.224/2013 keewwata 28 fi dambii midhaan biilaa fi agadaa lakk.230/2014 keewwata 31 jalatti qaamni bulchiinsaa oomisha qonnaa gochi seeraan alaa irratti raawwatame akka dhaalu malee konkolaataa daldala seeraan alaa beekamtii abbaa qabeenyaatiin ittiin geejiban dhaaluu ilaalchisee tumaan aangessu tumamee hin jiru. Kanaaf konkolaataan oomisha qonnaa ittiin geejibamaa ture yoo qabame tarkaanfii seeraa fi bulchiinsaa qaama kamtu fudhata jettu?

5) Tumaawwan addabbii labsii lakk. 234/2013 jalatti tumamanii mirga fayyadamaa eegsisuuf taa'aniin wal qabatee hammachiisuun yakka taasisee labsichuma keewwata 26 jalatti tumee jiru kana labsii dorgommii daldalaa fi mirga shamattootaa lakk.813/2006 wal qabatee wal irra hin bu'uu?, yoo kan wal irra bu'u ta'e falli isaa maal ta'uu qaba jettanii yaaddu?
6) Naannoleen bu'uura labsii 1051/2009 keewwata 24(3) tiin seera baasan kun seera sadarkaa akkamii qabu baasuu danda'u jettanii yaaddu?
7) Dhaddachi ijibbaataa mana murtii waliigala fedaraalaa dhimma buna geejibuu waliin walqabateen qofaa irratti murtii dirqisiisaa kenne waan ta'eef naannoo keenya keessatti falmii buna seeraan alaa na jalaa qabame jechuun qaamolee bulchiinsaatis ta'e mana murtii idileetti komeen dhiyaachuu qabu bu'uura labsii naannoo oromiyaa lakk.234/2013tiin moo bu'uura labsii fedaraalaa lakk.1051/2009tiin dhiyaachuu qabaa jettu?, Murtiin dhaddacha ijibbaataa dhimma yakkaa buna irratti raawwatamuun wal qabatee labsii fedaraalatu raawwatinsa qaba jedhee murteesse dhimmoota qaamolee bulchiinsaan murtii kennanii fi manneen murtii dhaddacha siviliifiis raawwatinsa nii qaba jettanii yaadduu?

### 2.2.7 Labsii Oomisha, Eegumsaa fi Itti Fayyadama Bosonaa lakk.1065/2018

Heerri mootummaa biyyoolessaas ta'e kan naannoo kunuunsaa fi eegumsa bosonaa ilaalchisee addatti qajeeltoo kaa'e hin qabu. Haa ta'uyyuu malee, tumaaleen mirga misoomaa fi nageenyaa jiraattotni naannoo keenyaa qaban keewwata 43 fi 44 jalatti tumee jira. Aangoo seera qabeenya uumamaa tumuu fi bulchiinsa qabeenya uumamaa heera mootummaa fedaraalaa keewwata 51(5),52(2d) fi 55(2a) jalatti akkasumas heera mootummaa naannoo oromiyaa keewwata 40(3), 49(3a) jalatti ibsaman tumaalee heera mootummaa dhimma bosonaa ilaallatani dha.

Egaa biyyi keenya bulchiinsa sirna fedaraalaa jalatti bulaa jiraachuun ishee beekamaa dha. Kanuma bu'uura godhachuun mootummaan naannolee dhimmoota naannoo irratti aangoo seera baasuu akka qabanii fi heera mootummaa fedaraalaa waliin haala wal simuun aangoo heeraa fi seera baasuu akka qaban heerri mootummaa fedaraalaa keewwatni 50(5) fi heerri mootummaa naannoo oromiyaa

keewwatani 49(3a) tumuun akkasumas, mootummaan fedaraalaa fi mootummaan naannolee aangoo walii kabajuu akka qaban heerri mootummaa fedaraalaa keewwatni 50(8) tume jira.

Heerri Mootummaa Fedaraalaa keewwata 51(5) jalatti mootummaan federaalaa lafaa fi qabeenya uumamaa fi ambaawwaan seena qabeessa ta'an eegumsa fi itti fayyadama isaanii ilaalchisee aangoo seera baasu qaba jedha. Haaluma kanaan itti fayyadama lafaa fi qabeenya umamaa ilaachisee manni maree bakka bu'oota uummataa aangoo seera baasuu akka qabu heerichumti  kwt. 55(,2,a))n ibsa.
Aangoo Mootummaa federaalaatiif ifatti tarreeffamaan kennamanii fi aangoo waliinii mootummaa federaalaa fi naannooleetiif kennamaniin alatti aangoon jiru kan mootummaa naannoo akka ta'e heerichuma keewwata 52(1) irraa ni hubatama. Akkasumas, Mootummaan Naannoo akkaataa seera mootummaan fedaraalaa baasuutiin lafaa fi qabeenya uumamaa kan bulchu ta'uu heericha kwt.52(1,d) irraa ni hubatama. Dhimmoota yakkaan wal qabatees, seera yakkaa baasuuf aangoon isaa mootummaa fedaraalaaf kan kenname ta’ee, Seera Yakkaa federaalaatiin ifatti hin haguugamne irratti mootummaan naannoo aangoo seera baasuu akka qaban tumaa heericha kwt.55(5) irraa ni hubatama.
Aaangoo heera mootummaa fedaraalaatiin mootummaa fedaraalaa fi naannoleef kenname bu’uura godhachuun mootummaan fedaraalaa labsii lakk.1065/2018 akka guutuu biyyattiitti hojiirra oolu baasee jira. Labsiin kun gochoota dhorkamanii fi gochoota yakkaa keewwata 25 fi 26 jalatti tumee jira.
Gama biroon immoo mootummaan naannoo oromiyaa labsii bosonaa lakk.72/95 bu’uura labsii lakk.234/2013 keewwata 28(2)tiin al kallatiin haquun dhimma bosonaas hiikkoodhaan omishaalee qonnaa keessatti ramaduun labsiin kun dhimma bosonaa irrattis raawwatinsa akka qabutti tumammee jira. Labsiin lakk. 234/2013 kunis gochoota dhorkamanii fi adabbii yakkaa keewwata 23 fi 26 jalatti tumee jira. Dabalataan akka bulchiinsa mootummaa naannoo Oromiyaatti abbaan taayitaa eegumsa naannoo, bosonaa fi jijjirama qilleensaa Oromiyaa qajeelfama lakk.01/2012 bu’uura labsii lakk.1065/2018 keewwata 27tiin baasuun yeroo ammaa kana hojiirra jira.
Akka naannoo keenyaatti dhimma bosonaa irratti labsiilee armaan olii sadarkaa fedaraalaa fi naannootti ba’an wal faana hojiirra oolaa jira. Namni gocha yakkaa bosona naannoo Oromiyaa irratti raawwate jedhamee kan ittiin gaafatamaa jiran seeraa fedaraalaa fi labsii naannootiin ba’eeni dha, kun immoo kallattimaan namni garagaraa gocha tokko raawwataniif seerota garaagaraan akka dhimmi isaanii ilaalamu gochuun mirga wal qixxummaa seera fulduratti lammiileef heeraan kenname kan sarbu dha.

Akkuma fakkeenyaatti dhimmoota yakkaa bosonaan wal qabatanii mana murtii naannoo Oromiyaatti dhiyaachaa jiran itti aansuun haa ilaallu.

**Dhimma 15ffaa**

Abbaan alangaa Aanaa Ayiraa himatamtoota Toleeraa Waldeefaa N-2 irratti himannaa yakkaa dhiyeesseen, hayyama osoo hin qabaatiin Go/W/Lixaa Aanaa Ayiraatti gaafa 14/06/2014 ganama sa'a 4:00 irratti xaawulaa muka waddeessaa baay'inni isaa 54 tilmaama qarshii 5248 baasu gaarii gaangeetiin waliin ta'uun seera yakkaa kwt.32(1a) fi labsii lakk.1065/2018 kwt.25(1) fi 26(8) irra darbuun yakka raawataniittu jechuun mana murtii aanaatti himachuun manichi murtiis ragaa bitaafi mirgaa dhaga'uun kewwatuma jalatti himatamaniin hidhaa cimaa waggaa shaniif ji'a jaha tiin tokkoo tokkoo isaani yoo adabu, manni murtii olaanaa immoo dhimmicha oliyyannoon ilaaluun murtii balleesummaa cimsuun murtii adabbii gara hidhaa cimaa waggaa sadii fi ji'a 7tiin fooyyessuun murteesseera. Dhimmi kun iyyata dhaddacha ijibbaataa naannoo keenyaatti dhiyaatee falmiin bitaa fi mirgaa geggefamee murtiin mana murtii jalaa akka cimu ta'eera.[134]

**Dhimma 16ffaa**

Gama biroon, Abbaan Alangaa Aanaa Diggaa himatamaa Wandee Tasfaayee jedhamuun oomisha qonnaa bu'aa bosonaa kan ta'e cilee kuntaala 10 tilmaama qarshii 3000 baasu hayyama daldalaa fi darbinsaa malee konkolaataa minibaasiitiin Guddattuu Arjoo irraa gara magaala Naqamteetti osoo geejibaa jiruu waan qabameef labsii lakk.234/2013 keewwata 2(21) fi 26(5) jalatti mana murtii aanichaatti dhiyeessee jira.Manni murtii aanichaas ragaa bitaa fi mirgaa falmisiisuun keewwatuma jalatti himatameen hidhaa cimaa waggaa 1 fi qarshii 4000tiin adabee jira.

Manni murtii olanaa Godinaa fi manni murtii waliigala dhaddacha lixaa iyyata dhiyaate hin dhiyeessisu jechuun kufaa godhee jira. Akkasumas, dhaddachi ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Oromiyaa iyyata dhiyaate murtiin mana murtii jalaan kenname dogoggora bu'uura seeraa hin qabu jechuun murtii jalaa cimsee jira.[135]

**Gaafilee marii**

1. Dhimmoota armaan olii bu'aa bosonaan wal qabatee labsii lakk.1065/2010 fi labsii lakk.234/2013 dhiyaataniin wal qabatee bu'uura heera mootummaatiin labsii isa kamtu raawwatinsa qabaata jettanii yaaddu? Maaliif?

[134] Falmii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa fi iyyattoota Toleeraa Waldeefaa N-2 dhaddacha ijibbaataa naannoo oromiyaa lakkgalmee 420793 dhaddacha gaafa 14/06/2015 ooleen murtaa'e dha.

[135] Falmii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa fi iyyataa Wandee Tasfaayee dhaddacha ijibbaataa naannoo oromiyaa lakkgalmee 422059 dhaddacha gaafa 19/07/2015 ooleen murtaa'e dha.

2. Dhimma bosonaa naannoo oromiyaan wal qabatu naannoo oromiyaatti seerri raawwatinsa qabaatu labsii 72/95 osoo hin taane labsii 1065/2010 dha jechuun dhaddachi ijibbaataa mana murtii waliigalaa oromiyaa lakk.303547irratti dhaddacha gaafa 11/02/2012 ooleen kenne dhimma armaan oliif raawwatinsa ni qabaataa? Maaliif?

### 2.2.8 Labsii Bittaa Horii Dhaabbii Lakk 819/2006 fi Labsii Gogaa Fi kalloo lakk.814/2006

Qabeenya akka biyyaatti, addatti immoo oromiyaan qabdu keessaa horiin isa tokko dha. Qabeenya kana akaataa galii mootummaa fi uummataa madisiisuu danda'uun, fayyaa hawaasaa eegamuu danda'uun seeraan hoogganuun murteessaa dha. Bu'uuruma kanaan kayyoo horii dhaabbii qulqullinaa fi gatiidhaan dorgomaa ta'e gabaa biyya keessaa fi biyya alaaf karaa si'oomina qabuu fi hamayyaa'aa ta'een sirna gabaa horii dhaabbii diriirsuun akka barbaachise labsichi ifoomsee jira.[136] Hojii horii dhaabbii fi gogaa fi kalloo irratti bobba'uun hojii daldalaa waan ta'eef ulaagaawwan bu'uuraa daldalaan tokko guutachuu qabu kanneen akka galmee daldalaa irratti galmaa'uu, hayyama gahumsa hojii baafachuu, hayyama daldalaa baadachuu, hayyama darbinsaa fi kkf mataduree kanaafis raawwatinsa waan qabuuf irra deddebii barreeffamaa hambisuuf kutaa kana jalatti ibsuun osoo hin barbaachisiin bira darbameera.

Labsii beeyilada lakk 819/2006 kwt 5 fi 6, dambii labsii lakk.819/2006 raawwachiisuuf bahe lakk. 341/2007 keewwata 5-7tti fi qajeelfama dambicha raawwachiisuuf ba'e lakk. 004/2007 keewwata 5-8 jalattii hirmaattoota gabaa fi ulaagaa isa xiqqaa hirmaataan gabaa sun guuttachuu qabu teeechisee jira. Isaanis,

- Gabaa sadarkaa 1ffaa keessatti horsiisee bulaa, furdistoota, ergitoota, manneen foonii, hojii gamtaa bittaa raawwatanii fi fayyadamtoota qofatu hirmaata.
- Sadarkaa gabaa 2ffaa keessatti ammoo horsiistoota gurguranii fi ergitoota, qeeraawwan, mana foonii, fayyadamtoota jiddutti, warra furdisee gurguruu fi ergitoota, manneen foonii fi fayyadamtoota jidduu,
- Akkasumas hojiiwwan gamtaa gurguran fi ergitoota, qeeraawwan, manneen foonii fi fayyadamtoota jiddutti kan gaggeefamuu dha.

Akkasumas, labsii goggaa fi kalloo lakk 814/2006 kwt 5 fi 6, Dambii labsii lakk.814/2006 ba'e raawwachiisuuf ba'e lakk. 339/2007 keewwata 4-6 fi Qajeelfama dambii lakk.339/2007 raawwachiisuuf bahe lakk. 005/2007 keewwata 3-4 jiru keessatti haluma wal fakkaatuun hirmaatoota gabaa teechisee jira. Akkuma beekamu namni gochawwan dhoramanii fi yakkaan

[136] Seensa labsii horii dhaabbii 819/2006.

nama gaafachiisan jedhamanii labsii lakk.819/2006 fi lakk.814/2006 jalatti tumaman irra darbuun badii raawwate seeraan akka nama gaafachiisu labsiiwwan lamaanuu tumanii jiru. Haa ta'iyyuu malee labsiin lakk 234/2013 beelladaa fi bu'aa beelladaa hiikkoo dhaan oomishaalee qonnaa jalatti akka ramadaman gochuun labsichi horii dhaabbii fi gogaa fi kalloo irrattis raawwatisa akka qabaatu taasifamuun labsichuma keewwata 23 fi 26 jalatti gochoota dhorkamanii fi yakkoota nama adabsiisan jechuun wal duraa duubaan tumee jira.

**Gaaffii marii**

Naannoo oromiyaa keessatti dhimmoota beelladaa fi horii dhaabbiin wal qabatee seeroota fedaraalaa labsii lakk.819/2006 fi 814/2006 dhimmoota horii dhaabbii fi gogaa fi kalloon wal qabatan kan ba'ee fi labsii lakk.234/2013 dhimmoota oomishaalee qonnaa to'achuuf ba'ee jira. Haa ta'uyyuu malee dhimmootni horii dhaabbii fi bu'aa isaa kan ta'e gogaa fi kalloo waliin kan wal qabatu labsii sadarkaa fedaraalaan ba'een moo labsii kan naannoo oromiyaa lakk.234/2013tu naannoo keenya keessatti raawwatinsa qabaata jettanii yaaddu? maaliif?

Dhimmoota daldala seeraan alaa irratti geggeffamu keessaa saliixni fi boloqqeen adii kanneen gara jalqabaatti caqafamani dha. Kanuma to'achuufis, dambiin saliixaa fi boloqqee adii mana mare ministeerotaan ba'ee hojiirra oolee jira. Dambiin saliixaa fi boloqqee adii lakk.178/2002 namni hojii saliixaa fi boloqqee adii irratti hirmaachuun dhiyyeessaa yookiin al ergaa yookiin tajaajila dhimma saliixaa fi boloqqee adii irratti hirmaachuu barbaadu ulaagaawwan bu'uuraa galmee daldaalaa irratti galmaa'uu, hayyama gahumsa hojii qabaachuu,[137]hayyama hojii daldalaa qabaachuu, hayyama darbinsa daandii yeroo geejibu qabaachuu fi kkf kan gaafatudha. Akkasumas daldalaan hojii daldala saliixaa fi boloqqee adii irratti hirmaatu keewwata 3 fi 4 bakka bittaa oomisha kanaaf hayyamametti raawwachuu akka qabu ni tuma. Namni kamiyyuu ulaagaa seeraa taa'e kana cabsuun hojii daldalaa keessati hirmaatee kan argame meeshaan seeraan ala qabame qaama aangoo qabuun dhaalamuun akkuma jirutti ta'ee, daldala seeraan alaatiiin kan gaafatamu ta'a. Sadarkaa gabaa hirmaattotaaf dambichaan kaa'amee ala bituun dhorkaa ta'uu fi daldalaan yookiin namni kamiyyuu gabaa hayyamameef alatti bittaa fi gurgurtaa raawwachuun akkasumas gochawwan dambichaan dhorkaman raawwatee argame akka barbaachisummaa isaatti seera yakkaa rugummaa qabuun[138] seeraan kan nama gaafachisu dha.

[137] Dambii saliixaa fi boloqqee adii lakk.178/2010 keewwata 5.
[138] Isa olii keewwata 26.

**Qabxii marii**

Dambiin saliixaa fi boloqqee adii lakk.178/2010 keewwatni 26 gochoota dambii kana keessatti dhorkaman namni kamiyyuu raawwatee yoo argame seera yakkaa rogummaa qabuun kan gaafatamu ta'a jedha. Haa ta'uyyuu malee seerri yakkaa rogummaa qabu isa kami jettanii yaaddu?

### 2.2.9 Labsii Dorgommii Daldalaa fi Eegumsa Mirga Fayyadamtootaa

Eegumsa fayyadamtootaa karaawwan lamaan raawwachiisuun ni danda'ama. Karaawwan kunneenis akka dantaa uummataattii fi akka dantaa dhuunfaatti ilaaluuni dha.[88] Eegumsa fayyadamtootaa akka dantaa uummataatti ilaaluun raawwachiisuun dhiyeessitoota meeshaalee fi tajaajilaa dantaa fayyadamaa irratti miidhaa geessisan gama qaama mootummaatiin adda baasuufi tarkaanfii irratti fudhachuu dha. Sababoota dhimmi eegumsa fayyadamtootaa akka dantaa uummataatti ilaalamuun mootummaan himannaa akka dhiyeessu taasisfamuuf inni tokko, fayyadamtootni miidhamtoota ta'an eenyu akka miidhaa isaan irraan gahee fi eenyu himachuu akka qaban adda baafachuuf rakkachuu danda'u. Kana malees, shamattootni akka nama dhuunfaatti odeeffannoo mirga isaanii raawwachiifachuuf isaan barbaachisu walitti qabuuf, keessattuu gochaawwan walxaxoo akka mala gurgurtaa piraamiidii adda baasuuf, baasii olaanaa isaan barbaachisuu danda'a. Gochaawwan bifa kanaatiin mirgi fayyadamtootaa yeroo gaaffii keessa galu qorannaa gaggeesuu fi himannaa dhiyeessuudhaan bu'a qabeessa ta'uu kan danda'u qaama mootummaa aangeffame dha.[139] Kana malees, odeeffannoo walitti qabuudhaa fi seera cabsitoota to'annaa jala oolchuudhaaf humna fayyadamuun barbaachisaa ta'uu danda'a.

Sababoota dhimmi eegumsa shamattootaa akka dantaa uummataatti ilaalamuun mootummaan himannaa akka dhiyeessu taasisfamuuf inni biraa dhimmi shamattootaa dantaa uummataa (public good) tiin kan walqabatu ta'uu isaati. Sababni inni kan biraa hudhaawwan hojimaataa nama dhuunfaa quunnaman (bureaucratic bottlenecks) salphisuufi dha.[140] Inni kan biraa baasiin namootni dhuunfaa mirga isaanii kabajchiisuuf baasan bu'aa argatan waliin walmadaaluu dhiisuu danda'a. Kun immoo namootni dhuunfaa gaaffii isaanii kana akka dhiisan taasisa. Akka waliigalaatti, eegumsa fayyadamtootaa akka dantaa uummataattii fi akka dantaa dhuunfaatti (public and private enforcement) ilaaluun filannoon raawwachiisuu kun dhimmoota bakka

---

[139] Hassan Qaqaya & George Lipimile, The effects of Anti-Competitive Business Practices on Developing Countries and their Development Prospects, United Nations Conference on Trade and Development, New York and Geneva, 2008: iii

[140] W.Averit and Robert H.Lande, Consumer Choice: The Practical Reason for Both Antitrust and Consumer Protection Law, Loyala Consumer Review, 1998: 47.

walbu'an osoo hin taane waldeeggaraa deemuu danda'ani dha.[141]

## I. Gocha Daldala Seeraan Alaa Ittisuu Keessetti Gahee Qooda Fudhattootaa.

Eegumsaa fi mirga fayyadamtootaa waliin wal qabatee akka addaatti, daldala seeraan alaa immoo akka waliigalaatti yoo danda'ame akka hin raawwatamne yookiin miidhaan isaa gadi aanaa akka ta'u gochuuf sektara tokko qofaan osoo hin taane qaamoleen mootummaa hundi atoomuun hojjechuun kan filannoof dhiyaatu miti. Kanaaf manneen hojii mootummaa keessaa sektaroota daldala seeraan alaa ittisuu keessatti shoora alaanaa qaban akka armaan gadiitti kaasnee kan ilaallu ta'a.

### A. Sektaraalee Mootummaa Hojii Daldalaa Hordofuun Gocha Daldala Seeraan Aalaa Ittisan

Akkuma beekamu hojiin daldalaa hojii akka feeteen nama kamiiniyyuu hojjeramu osoo hin taane sirna fi seera mataa isaa danda'een kan geggeeffamu dha. Seerootni daldalaa kunis eenyuun raawwiin isaanii hordofamuu qabaa kan jedhu gahee fi hojii seektaraalee mootummaa fedaraalaa fi kan naannoo keenyaa ilaaluun murteessaa dha. Bu'uuruma kanaan labsiin qaamolee raawwachiiftuu mootummaa naannoo oromiyaa irra deebiidhaan gurmeessuu, aangoo fi hojii isaanii murteessuuf bahe lakkoofsi 242/2014 sektaraalee mootummaa hojii daldalaa hordofuu keessatti qooda olaanaa taphatan, kanneen akka Biiroo Qonnaa, Biiroo Fayyaa, Biiroo Daldalaa, Biiroo Bishaanii fi Inarjii, Abbaa Taayitaa Eegumsa naannoo fi kkf fudhannee ilaaluu ni dandeenya.

Hojiin to'annoo seerummaa hojii daldalaa kunis namoota hojii daldalaa hojjechuu barbaadaniif galmee daldalaa irratti galmeessuu, hayyama hojii daldalaa, hayyama hojii oogummaa, hayyamma gahumsa hojii kennuu fi ulaagaalee biroo barbaachisaa ta'an akka guutan taasisuun akka hojii eegalan gochuu dha. Ittaansuun hojii daldaltootni akka hojjetaniif hayyama argatan sana haala seerri gaafatuun hojjechaa jiraachuu isaanii ulaagaalee adda addaa irratti hundaa'uun to'achuu dha. Ulaagaalee hojiin daldalaa ittiin to'ataman akkaataa akaakuu hojii daldalaa sanatti garagarummaa kan qaban yoo ta'u isaan keessaa kanneen beekamoo ta'an kanneen armaan gadiiti. Isaanis, daangaa gabaa keessatti hojjetamu daangessuu, daandii meeshaan daldalaa irra geejjibamuu fi haala itti geejjibamuu qabu ibsuu, qodaa meeshaan daldalaa itti naqamu adda

[141] Dessalegn Adera, The Legal and Institutional Framework for Consumer Protection in Ethiopia, Research paper submitted in Partial Fulfillment of the Requirements for the Master of Laws Degree at the School of Law, Addis Ababa University, 2011: 28

baasuu, gitaa fi amanamummaa safartuu/madaallii meeshaan daldalaa itti gurguramu qulqulleessuu, gita fayyummaa fi qulqullina meeshaa daldalaa adda ittiin baasan sakatta'uu, sadarkaa gahumsa nama hojii daldalaa hojjetu adda baasuu, gatii fi facayiinsa meeshaalee daldalaa bu'uuraa ibsuu fi kkf kan hammatuudha. Haaluma kanaan, qaamoleen seerummaa hojii daldalaa to'atan ulaagaalee fi maloota hojii daldalaa ittiin hordofan kanneen bu'uura godhachuun hojiin daldalaa tokko (akka ulaagaalee seerummaa hojichaa ittin mirkanessanitti) seeraan yookaan seeraa ala gaggeeffamaa jiraachuusaa hodofuun seeraa ala gaggeeffamaa kan jiru yoo ta'e tarkaanfii seeraa fi/yookaan bulchiinsaa fudhachuu danda'u.[142]

Bu'uura labsii lakk.242/2014 keewwata 18(23) fi 18(35)tiin[143] Biiroon Qonnaa, manneen qalmaa keessatti foon dhukkuba irraa bilisa ta'e hawaasaaf akka dhiyaatu hordofuu, qalma seeraan alaa hordofuu fi tarkaanfii seeraa fudhachuu, akkasumas, qonnaan bulaan yookiin horsiisee bulaa oomisha qonnaa gara gabaatti geeffachuu barbaaduuf xalayaa deeggarsa daandii kennuu fii kkf kaasuun ni danda'ama.

Labsichi aangoo fi gahee Biiroo Fayyaa tarreessu keewwata 23(11 18, fi 22) dhimmoota hojii fayyaa waliin wal qabatee ogeessa fayyaadhaaf hayyama hojii oogummaa kennuu, iddoo nyaataa, dhugaatii fi kanneen biroo itti oomishamuufi qophaa'u, akkasumas kuufamu fayyaa namaa fi nannoo irratti miidhaa kan hin dhaqqabsiifne ta'uu isaa mirkaneessuu, to'achuu qaama dhimmi ilaalu waliin tarkaanfii barbaachisaa ta'e fudhachuu fi namoota dhaabbata fayyaa dhaabaniif hayyama gahumsa hojii kennuun hordoffii barbaachisaa ta'e gochuu akka qabuu fi kkf tumee jira.[144]

Dhimmoota qotee bulaa irraan kan hafe waraqaa darbinsa daandii kennuu, seerotni hojii daldalaa to'achuuf bahan hojiirra ooluu isaanii mirkaneessuu, daldaltoota dhuunfaa fi dhaabbilee daldalaa adda addaa irratti to'annoo gaggeessuu, hojiin daldala seeraan alaa akka hin raawwatamne ittisuu, tarkaanfii bulchiinsaa fudhachuu fi tarkaanfiin seeraa akka fudhatamu gochuun Biiroo Daldalaatiif kan kenname dha.[145] Akkasumas,bu'uura dambii bittaa saliixaa fi boloqqee adii lakk.307/2006 keewwata 2(1)(9)tiin sekterri daldala hoogganu oomisha, qopheessa, geejibaa salixaa fi boloqqee adii akka hordofuu fi tarkaanfiin seeraa akka fudhatamuu ni taasisa jechuun tumee jira.[146]

Dhimmoota daldala seeraan alaa calla guddistuu misooma bosonaa fi bu'aa bosonaa waliin wal

[142] Miiljalee olii lakk.8 fuula 32 fi 33.
[143] Miiljalee olii lakk.63 keewwata 18
[144] Isa olii keewwta 23
[145] Isa olii keewwata 32(17 fi 24
[146] Miiljalee olii lakk.77 , keewwata 2(1)(9)

qabatan to'achuu, akkaataa seeraatiin qaama dhimmi ilaalu waliin tarkaanfii seeraa fudhachuu fi naanneessa bu'aalee bosonaa fi adamoo seeraan alaa to'achuu,tarkaanfii sirreeffamaa fudhachuu fi akka fudhatamu taasisuu Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoon akka raawwatamuu qabu labsichi tumee kan jiru ta'uun ni hubatama.[147]

**Dhimma 17ffaa**

Himata Geexee Mogos himtamtoota Waajjira Daldalaa fi Misooma Gabaa Magaalaa Adaamaa fi Waajjira Eegumsa Fayyaa Bu/Mg/Adamaa irratti dhiyeessiteen himtamtootni hojii daldalaa tajaajila midhaan daakuu kennitu ni cufna jechuun na doorsisaa waan jiraniif jeequmsa akka narraa dhaaban akka murtaa'u jechuun gaafatteetti.[148] Himatamtootni deebii akka kennanitti, himattuun baabura midhaan, barbaree fi mi'eessituu adda addaa daaku kan hojjetu yoo ta'u baaburri sun sagalee guddaa dhageessisuun, barbaree fi mi'eessituu qilleensa keessatti ol aarsuun jiiraattotaa fi barattoota daa'immanii naannoo sanatti baratan jeequu fi fayyummaa isaanii miidhurratti waan argamuuf faayidaa ummata waliigalaa eegsisuuf tarkaanfii fudhatame seera qabeessa ta'uu ibaniiru.

Manni murtii dhimma kana akka murteessetti garuu himattuun baaburri sagalee guddaa akka hin dhageessifne akkasumas urra'aan daakuu qilleensatti akka hin bittinoofne meeshaa taasisu galchitee jirti. Ragaan namoota sadii dhiyaatanii baaburri sun akka nama hin jeeqne ibsaniiru. Kanaafuu himatamtootni bakka hojii himattuu deebuun jeequmsa kaasan bu'uura s/h/h kwt 1149tti jeequmsa akka dhaaban murteesseera.[149]

Murtii kanarraa akka hubatamutti, himatamtootni aangoo fi dirqama seerummaa hojii daldalaa himattuun hojjetuu hordofaa deemuu qabu. Bu'uuruma kanaan, fakkeenyaaf, biiroon eegumsa fayyaa iddoo nyaataa, dhugaatii fi kanneen biroo itti oomishamuu fi qophaa'u, akkasumas kuufamu fayyaa namaa fi naannoo irratti miidhaa kan hin dhaqqabsiisne ta'uu isaa ni mirkaneessa, ni too'ata, qaama dhimmi ilaalu waliin tarkaanfii barbaachisaa ni fudhata.[150] Waajjirri daldalaa fi misooma gabaa hojiin daldalaa seeraa ala akka hin hojjetamne ni to'ata, tarkaanfii bulchiinsaas ni fudhata.[151] Haaluma kanaan, to'annoo himatamtootni godhaniin hojii daldalaa himattuun hojjechaa jirtu qulqullina kan hin qabne yoo ta'e yookaan naannorratti

[147] Isa olii keewwata 43(28 fi 35) ilaali.
[148] Geexee Mogos vs. Waajjira Daldalaa fi misoomaa gabaa magaalaa adaamaa fi waajjira eegumsa fayyaa bulchiinsa magaalaa adaamaa, mana murtii aanaa adaamaa, galmee lakk 73675
[149] Miiljalee olii lakk.8 fuula 33
[150] Miiljalee olii lakk.63 keewwata 23(18)
[151] Isa olii keewwata 32(24)

miidhaa kan geessisu yoo ta'e akeekkachiisa kennuutti dabalee tarkaanfii barbaachisaa ta'e fudhachuuf aangoo qabu jechuu dha. Dhimma armaan olii kanarrattis himatamtootni hojiin hojjetamaa jiru miidhaa kan geessisu ta'uu ibsuun hayyamni hojii daldalaa himattuu akka hin haaromfamne akkasumas hojii daldalaa hojjetaa jirtu bakka biraatti akka jijjiirtu murteessuu fi murtii kana himattuutti deemani ibsuun isaanii seera qabeessa.[152] Manni murtii hojii seeraa alaa himatamtootni hordoofan akkasumas murtii dabarsan raawwachiisuuf tattaaffii isaan taasisan akka hin raawwanne dhorkee jira. Murtiin akkasii tattaaffii gocha daldala seeraa alaa to'achuuf taasifamu gadi kan buusuu dha.

Walumaa galatti qaamoleen bulchiinsaa yookiin seektaraaleen mootummaa kanneen bu'uura tumaa labsii, dambii fi qajeelfamaa jiruun: Nama hojii daldalaa seeraan alaa hojjete irratti tarkaanfii bulchiinsaa kan akka galmee daldalaarraa haquu, hayyama hojii daldalaa isaa dhorkuu ykn haquu, hojii daldalaa isaa cufuu/saamsuu, akkasumas, bakka seerri addatti aangessee jirutti immoo akka barbaachisummaa isaatti oomisha qonnaa yookiin industirii seeraan alaa dhaaluu dha.

### B. Gocha Daldala Seeraan Alaa Qabuu fi Qorachuu

Poolisiin qaamolee hojii daldala seeraan alaa sakatta'uu, qabuu fi qorachuu keessatti gahee olaanaa qaban keessaa isa jalqabaati. Ogeessota to'annoo qulqullina meeshaalee daldalaa gaggeessan deeggaruu, namoota hojii daldala seeraan alaa irratti hirmaatan ykn hirmaachuuf qophii taasisaa jiran yoo argan ykn eeruun isaan yoo gahe to'annoo jala oolchuu, dhimmicha qulqulleessuu fi gara seeraatti dhiyeessuu dha.[153]

Gama biraan, dhimmoota qorannoo yakkaa mirga shamattootaa bu'uura labsii lakk.813/2006 keewwata 36tiin: qorannoo dhimmoota tarkaanfii bulchiinsaa fi adabbii bulchiinsaan wal qabatee jiru ofiisara qorannoo abbaa taayitaa dorgommii eegumsa mirga shamattootaatiin akka geggeefamu ni kaa'a. Tumaan seeraa kun kan jechaa jiru qorannoowwan tarkaanfii bulchiinsaa fi adabbii bulchiinsaa waliin wal qabatee ka'un kan ilaalatu ta'uun hubatamuu qaba. Haa ta'uyyuu malee, sadarkaa mootummaa feedaraalaatti bu'uura labsii Abbaa Alangaa Waliigalaa lakk.943/2008 keewwata. 22(7)tiin aangoon qorannoon dhimmoota tarkaanfii bulchiinsaa fi adabbii bulchiinsaan kan wal qabatu gara komishinii poolisii federaalaatti darbee jira.

Sadarkaa naannoo keenyaatti jalqabumaa kaasee dhimmoota eegumsa mirga shamattootaa qaama biraaf akka qoratuuf kan kenname waan hin taaneef, dhimmoota ittisa yakkaa fi yakkoota daldala seeraan alaa dabalatee aangoo manneen murtii naannichaa ta'an Abbaa Alangaa waliin ni qorata

[152] Miiljalee olii lakk 8 fuula 35
[153] Miiljalee olii lakk.8 fuula 39

jechuun labsiin 242/2014 kwt.41(16)[154] fi labsii lakk.236/2013 keewwata 2(2) ni tumu.

Akkuma tumaa labsii kana irraa hubatamu hanga seeraan dhimma daldala seeraan alaa qaama biraaf hin kennamnetti aangoo eeruu fuudhuu, qorachuu fi qabuun olaantummaan seeraa akka mirkanaa'u gochuu keessatti poolisiin gahee bakka hin bu'amne kan qabu dha.

Labsiin dorgommii daldalaa fi eegumsa mirga fayyadamtootaa lakk 813/2006 kwt 3(1) keessattii raawwii labsichaa daangaa biyyattii guutuu keessatti akka ta'e ni akeeka. Labsii dhimmoota gurgudda lama kan hammatee dha. Isaanis dorgommii daldalaa fi eegumsa mirga fayyadamtootati. Dorgommii daldalaan wal-qabatee dhimmichi guutumatti aangoon qorachuu fi himachuu abbaa taayitaa dorgommii daldalaaf eegumsa mirga fayyadamtootaaf kan kenname ta'uu seericha irraa hubatama. Haaluma kanaan, tumaalee labsicha kwt 36 haa ilaallu:

1. Abbaan taayitaa odeefannoo mataa isaatiin ykn namoota irraa argamu irratti hundaa'uun
   a. Bu'uura labsii kanaa kwt 32 fi 42 badiiwwan tarkaanfii bulchiinsa hordofsiisan akkasumas kwt 43 (3) ykn (7) adabbii yakkaa hordofsiisan iddoo kamittuu yammuu raawwatamu
   b. Bu'uura labsii kana kwt 43(2),(3),(4),(5),(6) gochonni adabbii yakkaa hordofsiisan magaalaa finfinnee fi Dirree dawaa keessatti raawwatamani qoraannoo ni gaggeessa.

Akkuma armaan olitti ibsamuuf yaalame abbaan taayitaa dhimmoota dorgommi daldalaan wal-qabatee tarkaanfii bulchiinsaa hordofsiisan iddoo kamittuu yammuu raawwataman qorachuuf aangoo kan qabuu dha. Kwt 36(1) b jalatti akka ibsame jirutti garuu abbaan taayitaa dhimmoota mirga fayyadamtoota wal-qabatee jiru ilaalchisee dhimmoota magaala finfinnee fi magaala dirree dawaa keessatti raawwataman qofa qorachuuf aangoo qaba. Dhimma kana waliin kan wal qabatu mana murtii olaanaa Arsii lixaatti jalqabee dhaddacha ijibbaataa gahe itti fufuun haa ilaallu.

**<u>Dhimmaa 18ffaa</u>**

Galmee qorannaa yakkaa Tasfaalam irratti himatamaan sukkaara seeraa ala konkolaachis ofii isaatiin fe'ee ossoo geejibuu qabamee qorannoon waajjira poolisii magaala Arsii Nageelleen qorannoon gaggeefame himatamaan waajjira poolisii irratti himannaa hariiroo hawaasaa waajjira poolisii magaalaa Arsii Nageellee irratti aangoo qorachuu ossoo hin qabaatiin qabeenya kan koo seeraa ala waan na jalaa qabaniif jechuun himannaa hundeessee. M/M ol'anaan G/Arsii lixaa waajjirri pool. yakkaa kamuu qorachuuf aangoo waan qabuuf dhimmi qabeenyaas galmee yakkaa

[154] Miiljalee olii lakk.63 keewwata 41(16)

keessatti murtii argachu kan qabu dha jechuun himannaa kufaa taasisee M/M/W dhaddachi kibbaa waajjirri dhimma kana aangoo qorachuu hin qabuu seeraan alaa qabee jechuun murteessee jira.

Akkuma beekamu dhimmi dorgommi daldala guutumatti abbaa taayitaa dorgommi daldalaa fi eegumsa mirga fayyadamtootaf akka kennamee jiruu dha. Haa ta'uyyuu malee dantaa fayyadamtoota ilaalchisee dhadachi eegumsa mirga fayyadamtoota sadarkaa naannootti osoo hunda'ee aangoo mana murtii bulchiinsa abbaa taayita federaalatti kennameen ala hin qabaatu. Hima biraan dhimma yakkaa eegumsa mirga fayyadamtootaan wal-qabatee jiru ilaaluuf aangoo hin qabaatu. Haaluma wal-fakkaatuun dhaddachi sadarkaa federaalaatti hundaayee jirus dhimmoota yakkaa finfinneef dirree dawaatti raawwataman ilaaluuf angeefamee akka hin jirre labsii irraa hubachuun ni danda'ama. Gama biraatiin immoo akkuma armaan oliittin kaasuuf yaalame bu'uura labsii aangoo qaama raawwachiiftuu hundeessuuf bahe lakk 242/2014 keessatti poolisii fi abbaan alangaa dhimmoota yakkaa aangoo manneen murtii naannicha ta'an waliin qorachuu akka qaban angeefamani jiru.

Gama biraatiin immoo dhimmi seeroota daldala too'achuuf bahan kan akka dambii sirna too'annoo qulqulinaa fi daldala bunaa lakk 433/2011 keewwata 43(11b), dambii jimaa lakk.224/2013 keewwata 27(6bii), dambii midhaan biilaa fi agadaa lakk.230/2014 keewwta 32(5b), dambii bittaa horii dhaabbii lakk.341/2007 keewwata 19(5b) fi dambii bittaa gogaa fi kalloo lakk.339/2007 keewwata 16(6(b) qaama nageenyaa poolisii dabalatee meeshaa seeraan ala daldalamaa yookiin geejibsiifamaa jiruu kan qaban yoo ta'e kaffaltiin onnachiiftuu akka kennamu kan taasifamus hojii ittisa daldala seeraan alaa poolisiif kenname akka milkeessuuf yaadame kan kenname dha. Kanaaf oomishaaleen qonnaas ta'e oomishaaleen industirii hojii daldalaaf oolan bakka itti daldalamuu qabanii alatti akka hin daldalamnetti, poolisii fi to'attootni xiyyeeffannoon hordofuun yakki daldala seeraan alaa akka hin raawwatane ittisuu keessatti iddoo olaanaa qabu.

### C. Aangoo Gocha Daldala Seeraan Alaa Himachuu

Egaa akkuma beekamu aangoo himannaa yakkaa kanaan wal qabatee aangoon yakkaan wal qabatee mana murtii aangoo qabutti himachuu bu'uuraan qaama biraaf seeraan hanga hin kennamnetti, kan Abbaa Alangaaf kanname ta'uu tummaa seera yakkaa bara 1996 ba'e kwt. 211 ilaaluun gahaa

dha.[155] Dabalataan dhimmoota yakkaa faayidaa haawaasaa fi mootummaa miidhan yammuu raawwatamaniif aangoo manneen murtii naannoo ta'an poolisii waliin ta'uun qorachuu akka ta'es ibsamee jira, labsii mana hojii A/A waliigalaa Oromiyaa lakk.214/2011 kwt. 7(26) tiin galmee qoratamee xumurame irratti mana murtii aangoo qabutti himannaa hindeessuu ni danda'a.[156]

Akka waliigalaatti, aangoon himannaa yakkaa A/A'f kan kenname yoo ta'ellee dhimmoota mirga himannaa eegumsa mirga shamattootaa labsii 813/06 kwt.37tiin Dhaddacha Abbaa Taayitaatti, tarkaanfiin bulchinsaa fi adabbiin bulchiinsaa akka fudhatuuf akkasumas, manni murtii fedaraalaa adabbii yakkaa akka kennuuf Abbaa Alangaa Abbaa Taayitaatiin dhiyaataa jedha.

Haa ta'uyyuu malee yeroo ammaa kana bu'ura labsii mana hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa lakk. 943/2008 keewwata 22(6)tiin aangoo himannaa Abbaa Alangaa idilee fedaraalaa ta'ee jira. Dhimmi ijoon kutaa kana jalatti ilaalamuu qabu gochoota yakkaan wal qabatee A/A aangoo himannaa akka qabu kaasuuf qofaa osoo hin taane himannaa qulqulina qabu qopheesuu waliin wal qabatee rakkoowwan mudataniin wal qabatee dhimmoota jiran kaasuun kan ilaallu ta'a.

## Dhimma 19ffaa

Dhimmi kun himannaa Abbaan Alangaa Aanaa Guraawaa himatamaa Haabtaamuu Haayiluu jedhamuu fi barreessaa dhimma seeraa ta'ee irratti gaafa guyyaa 27/7/2014 lakk-WAAAG/178/1/2014 fi LGAA 02638 tiin barraa'een yakka tajaajila gatii maxxanfameen oliitti nagahee malee gurguru raawwateera jechudhaan labsii dorgommii daldalaa fi eegumsaa shammaatootaa labsii lakk- 813/2008kwt 43(6) fi kwt 17(1) jalatti mana murtii aanaa Guraawwaatti dhiyeesse irraa kan fudhatamee dha. Himannaa abbaa alangaatis gabaabinaan yoo ilaallu himatamaan kun heyyama daldalaa baafatee barreessaa dhimma seeraa ta'ee osoo Hojjetaa jiru gaafa 26/07/2014 ganama keessaa toora sa'atii 5:00 yoo ta'u godinaa Harargee bahaa aanaa Guraawaa magaalaa guraawaa iddoo addaa mana Murtii aanaa Guraawaa fulduratti gatii iyyannaa gosa adda addaa maamiltootaaf ittin barreessu qarshii 25-250 (qarshii digdamii shanii hanga dhibba lamaa fi shantamaatti) jechun mana daldalaa isaatirratti maxxansee osoo jiru midhamtuu dhunfaa A/e Iftuu Ahimad jedhamtuuf himannaa barreessuun Qar. 350 (dhibba sadii fi shantama) erga irraa

[155] Seera yakkaa bara 1996 hahe keewwata 211(1) jalatti kan tumame yeroo caqasnutti; Seerichaan haala addaan ifatti kan tumame yoo ta'e malee, dhimma kamiyyuurratti murtiin akka kennamuufi adabbiin akka murtaa'u taasisuuf himanni kan dhihaatu abbaa alangaan ta'a.

[156] Bu'uura labsii lakk.214/2011 keewwata 5(26)tiin galmee qorannaa yakkaa irratti bu'uura seeraatiin murtii nii kenna, mootummaa bakka bu'ee himannaa ni hundeessa, falmii nii gaggeessa, faayidaa uummataatiif abrbaachisaa ta'ee yoo atgame himata nii kaasa, himata ka'e akka itti fuf ni taasisa jechuun tumee jira.

fudhateen booda nagahee osoo hin muriin waan kaffalchiseef yakka tajaajila gatii maxxanfameen oliitti nagahee malee gurguru raawwateen himatameera kan jedhu dha.[157]

**Gaaffii Marii**

- Barreessaa dhimma seeraa gatii darbaa kaffalchisee labsii shammaatootaa labsii 813/2006 tiin himachun akkamiitti ilaaltu?

**Dhimmaa 20ffaa**

Abbaan Alangaa himatamtuu Tigist Abarraa jedhamtu irratti himata yakkaa hundeesseen himatamtuun kun seera yakkaa bara 1996 bahe kwt. 433 irra darbuun magaala Adaamaatti qaama aangoo qabu irraa hayyama barreeffamaa ykn turjumaanaa osoo hin qabaatiin nama Daayqoon Yaareed jedhamuuf chaappaa nama hojii turjumaanaa hojjechuuf hayyama qabu, yeroo sanatti to'annaa seeraa jala jiruun fayyadamtee nama Taammiruu Rattaa jedhamutti waan kenniteef yakka bu'uura seeraatiin hayyamni itti kennamuu qabu hayyama malee hojjettetti jechuun lakk galmee Abbaa Alangaa 11285tiin himachuun Mana Murtii Aanaa Magaalaa Aadaamaa Lakk. Galmee 35285 irratti Manni Murtii adabbii maallaqaa qarshii 1000'n dhaddacha gaafa 04/09/2014 ooleen adabeera.

Qulqullina himannaa yommuu jennuu seera rogummaa qabu jalatti ragaa rogummaa qabuun deegaranii mana murtiitti himata dhiyeessuu dha. Keessuma dhimma armaan olii Mana Murtii Aanaa Magalaa Adaamaatti dhiyaate yeroo ilaallutti ijoon dubbii himata keessatti caqafamee fi seerri yakkaa ittiin himatame kan wal unate hin fakkaatu. Dhimma kanaan wal qabatee Abbaan Alangaa seera yakka idillee bu'uura gochuun himata yakkaa kan hundessee yoo ta'u, dhimmichi immoo seera addaatiin uwwisa kan argate bakka ta'ee jirutti seera rogumaa hin qabnee caqasee kan himate dha. Sababni isaas seerri yakkaa keewwatni 433 waan waliigalaa ta'ee dhimmi barreessa uummataa labsii mataa isaa danda'e kan qabuu fi sadarkaa naannoo keenyaatti labsii kenna hayyamaa fi bulchiinsa abukaatootaa fi barreessitoota dhimma seeraa mootummaa naannoo Oromiyaa lakk.182/2005[158] keewwata 76(2) jalatti gocha yakkichaa tumee kan jiruu fi dhimmi armaan oliis kanaan kan hammatamuu qabu ture. Himannaan yakkaa bu'uura murtii adabbii waan ta'eef, himatni ijoo dubbii dhimmichaa fi akkasumas seera rogummaa qabu waliin hin dhiyaatu taanaan kaayyoo seerichi akeekee ba'e akka galma hin genyee gochuun daldalli seeraan alaa akka

---

[157] Moojulii Mirkaneessa Galmeessa Sanadaa fi Kenna Hayyamaa kan bara 2014 barraa'e fuula 142.

[158] Labsii kenna hayyamaa fi bulchiinsa abukaatootaa fi barreesitoota dhimma seeraa mootummaa naannoo Oromiyaa lakk.182/2005[158] keewwata 76(2); Akkaataa Labsii kanaatiin hayyama barreessaa dhimma seeraa osoo hin baasin yookiin osoo hin haaromsin tajaajila yoo kenne yookiin kennuuf yoo yaale adabbii maallaqaa qar shii 2,000 gadi hin taaneefi 10,000 hin caalleen yookiin hidhaa salphaa ji'a sadii gadi hin taaneefi waggaa tokkoo hin caalleen ni adabama.

baballatu ni goodha. Dhimmuma 19 irratti kaasne kanaanis wal qabtee tajaajila kenneef nagahee osoo muruu qabu nagahee malee mallaqa fudhachuun kallattimaan kan seerota taaksii waliin wal qabatanii ilaalamuu qaban ta'ee osoo jiruu A/A labsii 813/2006 jalatti himachuun isaa kallatimaan hanqina himanaa A/A waliin kan wal qabatu waan ta'eef ittisa daldala seeraan alaa keessatti gufuu waan ta'uuf seerota rogummmaa qabu adda baasuun beekumsaan A/A himannaa qopheessuu qaba.

### D. Daldala Seeraan Alaa fi Aangoo Manneen Murtii.

Daldala seeraan alaa to'achuu keessatti gaheen manni murtii qabu salphaa miti. Haa ta'uyyuu malee sababa bay'ina seerootaa fi walxaxinsa dhimmootaa irraan kan ka'e gochoota daldala seeraan alaa seeratti dhiyeessuun olaantummaa seeraa mirkaneessuuf aangoo hundee dubbii manneen murtii beekanii adda baasuu irratti rakkoon darbee darbee nii mul'ata.[159] Keessattuu tumaalee labsii dorgommii daldalaa fi eegumsa mirga fayyadamtootaa fi baalawwan sammuu namaa adoochan(narcotic substance) naannessuu fi fayyadamuu akka fakkeenyaatti kaasuun ni danda'ama. Dhimmoota

Egaa akkuma beekamu labsiin lakk.813/2006 dhimmoota aangoo abbaa taayitaa dorgommii daldalaa fi eegumsa mirga fayyadamtootaa sadarkaa federaalaa hundeessee jira. Labsichi keewwata 32 jalatti dhaddacha abbaa taayitaa dorgommii daldalaa fi eegumsa mirga fayyadamtootaa sadaarkaa fedaraalaatti hundeessee jira.

Dhaddachi kunis falmii dorgommii daldalaa:

- dhimma eegumsa mirga fayyadamtootaa,
- sababa dorgommii daldala seeraan alaatiin miidhaa daldaltootarra gahuu fi sababa sarbamuu mirga fayyadamtootaan miidhaa fayyadamaarra gama maallaqaa fi hamileen Magaalaa Finfinnee fi Dirree Dawwaa keessatti gahu ilaalchisee falmii beenyaarratti murtii akka kennuuf seeraan aangeffamee jira.

Haa ta'uyyuu malee dhaddachi abbaa taayitaa dorgommii daldalaa fi eegumsa mirga fayyadamtootaa sadarkaa fedaraalaa kun dhimmoota yakkaa mirga fayyadamtootaa irratti raawwatamu ilaalchisee murtii kennuuf guutummaa guutuutti aangeffamee hin jiru. Kana jechuun dhimmoota yakkaa mirga fayyadamtootaatiin wal qabatee raawwatamee yoo argame sadarkaa fedaraalaatti jechuun bulchiinsa magaalaa Finfinnee fi Dirree Dawaatti manneen murtii aangoo

[159] Barreessaan moojilichaa yeroo hojjirra turetti ijjoonnoon garagaraa ogeessota seeraa biraa kan calaqqisan ta'uu irraa ka'amee kan barreeffame dha.

hundee dubbii bu'uura labsii manneen murtii fedaraalaa irra deebiin hundeessuuf ba'e lakk.1234/2013tiin qabanitti kan dhiyaatu ta'a jechuu dha.

Akkasumas, labsicha keewwatni 34, tokkoon tokkoo naannolee akka barbaachisummaa isaatti qaama abbaa seerummaa fi mana murtii oliyyata dhaga'aa bulchiinsa eegumsa mirga fayyadamtootaa hundeessuu akka danda'an aangessee jira. Naannoleen kan hundeessuu danda'anis, abbaa taayitaa eegumsa mirga fayyadamtootaa osoo hin taane dhaddacha eegumsa mirga fayyadamtootaa qofa ta'uus tumaa labsicha irraa ni hubatama.

Haaluma wal fakkaatuun labsiin[160] lakk.242/2014 keewwata 32(38) dhaddachi mirga fayyadamtootaa haala itti gurmaa'uu danda'us mana murtii keessatti akka hundeeffamu Biiroon Daldalaa yaada mootummaaf ni dhiyeessa jechuun ni tuma. Dadhachi sadarkaa naannoo keenyatti hundeeffamu kunis aangoo dhaddachi dorgommii daldalaa fi eegumsa mirga fayyadamtootaa fedaraalaa dhimma eegumsa mirga fayyadamtootaa irratti qabu wajjiin wal fakkeenya qaba jedhamee waan fudhatamuuf miidhaa daldaltootaan fayyadamtoota irra gahu ilaaluu ni danda'a. Dhaddachi abbaan taayitaa sadarkaa fedaraalaatti hundaa'e kun dhimmoota dorgommii daldalaatiin wal qabatan irratti tarkaanfii bulchiinsaa fi adabbii bulchiinsaa akka murteessan labsii lakk.813/2006 keewwata 32 fi 42 tiin aangeffamanii jiru. Kanaaf, manneen murtii idilee dhimmoota bulchiinsaa fi hariiroo hawaasaa dorgommii daldalaan wal qabatan cabinsa tumaalee labsichaa kutaa 2(keewwata 5 hanga 13) jala jiran simatanii ilaaluuf hin danda'ani. Akkasumas, cabinsa tumaalee labsichaa mirga shamattootaa fi tamsa'ina meeshaalee yookiin tajaajilootaan wal qabatan labsicha keewwata 14 hanga 26 ilaalchisee miidhaa dhaqqabuun wal qabatee gaaffii beenyaa dhiyaatu magaalota Finfinnee fi Dirree Dawaatti kan ilaalu dhaddachaalee abbaa seerummaa abbaa taayitichaati.[161]

Sadarkaa mootummaa naannooleetti dhimmoota dhaddacha abbaa taayitaa dorgommii daldalaa fi eegumsa shamattootaa fedaraalaatti dhiyaatanii ilaalaman naannolee keessatti yeroo mudatan abbaan taayitichaa aangoo dabalataa akka qabaatuuf aangeffamee hin jiru. Inumaayyuu labsichi keewwata 34 jalatti naannoleen akka barbaachisummaa isaatti qaama abbaa seerummaa eegumsa shamatootaa fi mana murtii bulchiinsaa oliyyata dhaga'u hundeessuu ni danda'u jechuun naannolee aangessee jira. Haa ta'uyyuu malee seeraan ifatti dhaddacha mirga shamattootaa kabachiisu mana murtii idilee naannolee keessatti hanga gurmaa'utti magaalota Finfinnee fi

[160] Miiljalee olii lakk.63 keewwata 32(38); dhaddachi mirga fayyadamtootaa ilaalu haala itti gurmaa'uu danda'u irratti mana murtii idilee keessatti akka hundeeffamu yaada mootummaaf ni dhiyeessaa, hojiirra oolmaa isaas ni hordofa jechuun tumee jira.
[161] Labsii lakk.813/2006 keewwata. 32(1c) .

Dirree Dawaan alatti Manneen Murtii idilee gahee seera kanneen hiikuu akka hin dandeenye wanti dhorke hin jiru.[162]

Aangoon dhaddachaalee abbaa seerummaa abbaa taayitichaatiin oliyyannoon ilaalaman isa xumuraa yoo ta'ellee, murtii mana murtii bulchiinsaa abbaa taayitichaa oliyyannoo dhaga'u irraa keesumattuu labsicha keewwata 33(3) waliin wal qabatee qaamni dogoggorri seeraa raawwateera jedhu guyyaa murtiin kenname iraa kaasee kan lakkaa'amu guyyaa 30 keessatti mana murtii waliigalaa fedaraalaatiif oliyyannoo isaa dhiyeeffachuu akka danda'u labsichi keewwata 39(2) jalatti tumee jira.

Labsiin dorgommii daldalaa fi eegumsa shamattootaatiin wal qabatee dhimmoota badii yakkaa hordofsiisan irratti manneen murtii idilee aangoo qaban ifatti adda baasee teechisuu baatus, tumaa labsichaa keewwata 36(1a) fi 37(1b( irraa kan hubatamu cabinsa tumaalee labsichaa keewwta 43(1) fi (7) waliin dhimmi wal qabatu bakka kamittiyyuu yoo raawwatame kan dhiyaatu mana murtii fedaraalaatti dha.[163] Tumaaleen labsichaa keewwatni 43(2,3,4,5 yookiin 6) jala jiran magaalota Finfinnee fi Dirree Dawaa keessatti yoo caban yakkaan mana murtii idilee federaalaatti kan dhiyaatu yoo naannolee keessatti raawwate immoo mana murtii idilee naannoo keessatti dhiyaata. Dhimma aangoo mana murtii idilee labsii lakk.813/2006tiin wal qabatee naannoo keenyaa ka'ee mana dhaddacha ijibbaataa M/M/W/ fedaraalaa ga'e hubannoof akka tolutti itti aansuun mee haa ilaallu.

**<u>Dhimma 21ffaa</u>**

Oliyyataan abbaa qabeenya konkolaataa sukkaara seeraan ala fe'uun geejibaa jirta jechuun waajjira poolisii magaala Nageleetti qabameen seeraan ala na jalaa qaban jechuun Mana Murtii Olaanaatti Waajira poolisii himateen, poolisiin konkolaaticha qabun sirrii dha jechuun manni murtii jalaa murteesse, manni murtii waliigalaa Oromiyaa manni murtii himata yakkaa bu'uura labsii 813/2006 tiin dhiyaatu ofitti fuudhee ilaaluuf aangoo hin qabu waan ta'eef konkolaatichi oliyyataaf haa kennamu jechuun murteessee jira.[164]

Dhimma armaan olii irraa kan hubatamuu gocha yakkaa daldala seeraan alaan wal qabatee qorataan poolisii qoratee xumuruun A/A konkolaataa fi sukkara ciraa gochuu mana murtii aanaatti dhiyesuun

[162] Milkii Mkuriyaa, Mojulii sirna dorgommii daldalaa fi eegumsa shamttootaa biyya keenyaa, Guraandhala 2007.
[163] Isa olii
[164] Murtii dhaddacha ijibbaataa mana murtii waliigala fedaraalaa lakk galmee 126017 jildii 21 irratti ilalaamee murtii mana murtii waliigalaan kenname diiguun dhimmichi manuma murtii dhaddacha yakkaatti ilaalamee hamga murtii xumuraa argatuttu dhimma ciraadhaan qabamee dhiyaate(konkolaataa) manuma murtii dhaddacha yakkaatu kennuu qaba jechuun murteessee jira.

osoo falmaamaa jiruu sababa himatamaan badeef galmeen cufamee booda himata sivilii qaama qabe irratti banameen M/M/W/Oromiyaa jalqabumayyuu dhimmi yakkaa labsii 813tiin mana murtiitti dhiyaachuu hin qabu ture jechun hanga himatni qaama angoo qabutti dhiyaatutti abba qabeenyaaf haa deebi'u jechuun kan murteesse. Haa ta'uyyuu malee hafuura labsichaa waliigalaa fi addatti immoo tumaaleen labsichaa keewwatni 43(2), (3), (4), (5) yookin (6) jala jiran naannolee keessatti yoo caban Manneen Murtii Federaalaa akka ilaalan labsichi hin aangessine. Sabani isaan yakkootni dorgommii daldalaa fi eegumsa fayyadamtootaa dhimmoota yakkaa fedaraalaa jedhamanii seeraan tumamanii hin jiran.[165] Kana jechuun immoo manneen murtii idilee kan naannolee dhimmoota yakkaa armaan olitti kaasne kana simatanii akka hin ilaalle seerri daangessu hanga bahutti aangoo seera hiikuu isaanii bahachuu wanti dhorku hin jiru.

Gama biroon labsii lakk.813/2006 kanaan wal qabatee jijjirama seeraa taasifame ilaaluunis gaarii dha. Labsiin aangoo fi gahee hojii qaamolee raawwachiiftuu mootummaa federaalaa lakk.1263/2021 keewwatni 40(1 fi 2d)tiin maqaa mana hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Fedaraalaa gara Ministeera Haqaatti jijjiruun abbaan taayitaa dorgommii fi eegumsa mirga fayyadamtootaa of danda'ee hojii isaa kan hojjechaa ture yeroo ammaa kana ministeera haqaa jala galee aangoo fi gahee hojii labsii 813/2006tiin gonfate akka hojjetu ta'ee jira.

Dhimmotni labsii lakk.813/2006 waliin walitti fiduun yookiin walitti hidhuun tumaa labsichaan fala argachuu qaban dabalataan ilaaluun baayyee murteessaa dha. Dhimmoota daldala, geejibaa fi qulgullinaa boba'aa walliin wal qabatan bu'uura labsii lakk.838/2006[166] keewwata 30 tiin labsiin lakk.813/2006 raawwatinsa akka qabaatuuf tumee jiru irraa hubachuun ni danda'ama. Kanuma bu'uura godhachuun qajelfamootni boba'aa ba'anii yeroo ammaa hojiirra jiran itti gafatamummaa seeraa dhufu bu'uura labsii daldalaa fi eegumsa mirga fayyadamtootaan akka mirkanaa'uu qaban kan qajeelchan ta'uu hubachuun ni danda'ama.[167]

## Gaaffii Marii

- Mata duree kana jalatti wanti ilaalamuu qabu, Koonkolaachisaan boba'aa seeraan alaa raabsa boba'aa irraa fe'ee osoo seeraan ala geejibaa jiruu yoo qabame seera isa kamiin gaafatama jettanii yaaddu? Seera rogummaa qabu kaasuun mari'adhaa!
- Yeroo ammaa kanatti dhimmootni dhiyeessii, bittaa fi gurgurtaa simmintoo waliin wal qabatu seera yakkaa yookiin labsii dorgommii fi eegumsa fayyadamtootaani moo labsii

[165] Labsii lakk1234/2013 keewwata 3 fi 4.
[166] Labsii 838/2006 keewwata 30.
[167] Qajeelfama boba'aa lakk.904/2014, 905/2014, 906/2014 ilaali.

galmeessa daldalaa fi kenna hayyamaan dhiyaachuu qaba jittu qajeelfama gurgurtaa simintoo lakk. 940/2015 bahee keewwata 8(3) wal bira qabuun mari’adhaa.

Akkasumas dhimmoota qajeelfama sirna raabsa meeshaalee bu’uuraa lakk.1/2004 jalatti hammataman irratti jechuun mootummaan qaala’insa jireenyaa tasgabbeessuuf meeshaalee bu’uuraa filataman kan akka sukkaaraa, Zayitaa fi daakuu qamadii akkasumas qamadii dheedhii haala uummanni argachuu danda’uu fi gatii murtaa’een gurguramuu qaban hojmaata oomishoota kanaaf diriireen ala kan daldalame bu’uura labsii lakk.813/2006 tiin itti gaafatamummaan seeraa kan mirkanaa’u ta’a.

Dabalataan qajeelfamni raabsa, gurgurtaa fi daddabarsa meeshaalee bu’uuraa addumatti zayita nyaataa naannoo oromiyaa lakk.06/2012 ba’e keewwatni 14 gochoota daldala seeraan alaa tumaa qajeelfamichaa cabsuun raawwatamu gara labsii lakk.813/2006 fi seeroota rogummaa qaban kanneen akka labsii 980/2008 fi kkftti kan qajeelche ta’uutu hubatama. Akkasumas daangaa raawwatinsa qajeelfamichaa yeroo tumutti zayita nyaataa mootummaan biyya alaa irraa akka bitamu deeggarsa godhuun ala kan jiran kanneen akka, zayita dhaabbattoota addaa addaa fi daldaltootaan bitamee dhiyaatu, dhaabbilee ofii isaanii zayita dheedhii ala irraa galchanii galteewwan biroof fayyadaman irratti,zayita nyaataa midhaan dibataa irraa argamu kan oomishan, raabsan fi qinxaaboo dhaan gurguran irratti qajeelfamichi akka raawwatinsa hin qabaanne keewwata 4 jalatti tumee jira.

### 2.2.10 Qorichoota Ykn Baalawwan Sammuu Adoochuu Naanneessuu Yookiin Fayyadamuu

Aangoo manneen murtii mootummaa fedaraalaas ta’e sadarkaan naannoo keenyaatti wal qabatee ijoo falmisiisaa ta’aa kan jiru inni biraan yakka qorichoota yookiin baalawwan sammuu adoochuu nanneessuu yookiin fayyadamuu waliin kan wal qabatanii ka’ani dha. Dhimmoota yakka qorichoota yookiin baalawwan sammuu namaa adoochuu naannessuu yookiin fayyadamuu kun bu’uura labsii manneen murtii federaalaa duraanii lakk.25/88niis ta’e labsii 1234/2013 gochoota yakkaa qorichoota yookiin baalawwan sammuu adoochuu dhimmoota yakkaa mana murtii federaalaa jala akka kufan tumee jira.[168]

Bu’uura labsii duraaniitiin dhimmi qorichoota yookiin baala sammuu namaa adoochuu sadarkaa fedaraalaatti mana murtii Olaanaatti kan dhiyaatu ta’ee bakka bu’insaan mana murtii waliigalaa

[168] Labsii Manneen Murtii Fedaraalaa lakk.25/88 keewwata 4(10) ,miiljalee olii lakk.165 keewwata 4(7) irratti tumamee jira.

Naannoo ilaalaa tureera.[169] Haa ta'uyyuu malee labsiin lakk. 25/1988 kun labsii lakk.1234/2013 keewwata 57tiin guutummaa guutuutti haqamee jira.

Yeroo ammaa kanatti akkaataa labsii lakk. 1234/2013 keewwata 8 hanga 15 jiran yeroo ilaallutti, aangoon hundee dubbii Manneen Murtii Federaalaa jijjirama bu'uuraa kan fidee jiru yoo ta'u, aangoon hundee dubbii Manneen Murtii Fedaraalaa Sadarkaa Jalqabaa, dhimmoota abbaan seerummaa itti gaafatame ofitti fuudhanii sadarkaa jalqabaatiin ilaaluun murtii kennuu yoo ta'u, manneen murtii ol'aanaa fedaraalaa bifa addaan seerota rogummaa qaban kan birootiin warra gara mana murtii kanaatti sadarkaa jalqabaan akka ilaalamaniif qajeelfaman akkuma jirutti ta'e, bu'uuraan mana murtii ol'iyyannoo ta'anii, hir'ina yookiin dogongora seeraa yookiin ijoo dubbii, walumatti hir'ina murtiin mana murtii jalaa qabu ol'iyyannoodhaan ilaaluun sirreessuu fi manni murtii waliigala fedaraalaa immoo dhimmoota sadarkaa duraan fuudhee akka hin keessummeessinee fi irra jireessaan tajaajilli abbaa seerummaa walfakkaatummaa fi tilmaamamummaa akka qabaatuuf akka hojjetu labsichaan kan bocamee jiruu fi aangoon manneen murtii fedaraalaa bocama isaa irraa yeroo ilaalamu amala piraamidii akka qabatu jechuun, manni murtii jalaa dhimmoota bal'aa ta'e akka keessummeesuu manni murtii itti aanu aangoon dhimmoota sadarkaa duraan ilaaluu dhiphachaa akka deemu ta'ee kan tumame dha.[170]

Labsiin lakk.1234/2013 kun erga mirkanaa'ee hojiirra oolee kaasee sadarkaa manneen murtii naannoo keenyaatti yakkoota baala sammuu adoochuu kanaan wal qabatee ejjennoon wal fakkaataan ogeessota seeraa bira akka hin jiraanne taasisee jira. Kanuma kan agarsiisu dhimmoota itti aananii dhiyaatan kan akka fakkeenyaatti haa ilaallu.

## <u>Dhimmaa 22ffaa</u>

Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha bahaa himatamaa Biniyaam Ijiguu jedhamuun magaalaa Adaamaatti mana barumsaa keenyaa jedhamutti baala sammuu namaa hadoochu akka hin qabamnee fi hin naanneffamne dhorkame kaanaabisii jedhamu festaala gurraachaan maree kiisa surree duuba kaawwatee qabatee osoo naannessuu harkaa fi harkatti qabamee seera yakkaa keewwata 525{4a} irra darbuun yakka baala sammuu namaa adoochuu qabatanii argamuu raawwateera jechuun lakk.galmee Abbaa Alangaa 01223 irratti gaafa 22/09/2014 himatamee jira. Manni murtii Waliigala Oromiyaa dhaddacha bahaa ofitti fuudhuun falmisiisaa turee lakk galmee

[169] Isa olii

[170] Ibsa wixinee marii fi barreeffama labsii lakk 1234/2013 irratti taasifame irraa kan fudhatame dha.

398569 irratti murtii balleessummaa kennee jira.[171]Lakk.galmee 01207[172], 01188[173], Manuma Murtii Waliigala Oromiyaa Dhaddacha Bahaatti dhiyaatee kan jiru ta'uu hubatamee jira.

Gama Biroon immoo, himata Abbaan Alangaa Godina Jimmaa guyyaa 15/02/2015 barreeffameen himatamaan Ingidaawarq Wadaajoo kan jedhamu hayyama addaa osoo hin qabaatin gaafa guyya 13/01/2015 guyyaa irraa sa'aatii 9:30 yoo ta'u magaalaa Jimmaa ganda Hermaataa iddoo waajjira paartii badhaadhinaa fuulduratti baala sammuu namaa adoochu kanaabis jedhamu giraama 12.55 ta'e mana isaa keessatti qabatee waan argameef seera yakkaa bara 1996 bahe keewwata 525(4a) irra darbuun yakka baala sammuu nama hadoochu qabachuu raawwateera jechuun Mana Murtii Olaanaa Go/Jimmaa lakk.galme 62252 irratti himachuun Manni Murtiis ofitti fuudhuunilaaleeMurtii balleessummaa kennee jira.[174]

Egaa ejjannoo gara garaa sadarkaa naannoo keenyaatti ogeessota bira kan jiru ta'uun murtiiwwan armaan olii ragaa dha. Ejjennoo garaagaraa akka qabatu ogeessa seeraaf sababa kan ta'e labsii lakk.1234/2013 keewwata 12(1) aangoo mana murtii olaanaa fedaraalaa isa tumu kana karaa lama kaasnee haa ilaallu.

Inni jalqabaa: Labsiin lakk 1234/2014 keewwata 4(7) yakki baala(qoricha) sammuu nama adoochu nanneessuun wal-qabatu aangoo manneen murtii federaalaa akka ta'e kan tumu yoo ta'u dhimmoonni labsicha keewwata 4 jalatti tumamanii seera birootin aangoo mana murtii ol-aanaa federaalaa ta'an irratti aangoo sadarkaa jalqabaa akka qabu labsiin kun keewwatni 12(1) ni ibsa. Seerri yakki baala sammuu nama adoochu qabatanii argamuu aangoo federaalati jechuun tumu kan hin jirre yoo ta'u dhimmi ifatti aangoo mana murtii ol-aanaa ta'ee hin tumamne irratti manni murtii federaalaa sadarkaa jalqabaa aangoo sadarkaa duraa akka qabu labsiin kun keewwatni 15(1) ni ibsa.

Kanaafuu, hanga seera birootin aangoo mana murtii ol-aanaa federaalaa ta'uun hin ibamnetti dhimmichi dhimma aangoo mana murtii sadarkaa jalqabaa mana murtii federaalaa kan ta'uudha.

---

171 Himata Abbaan Alangaa Waliigala oromiyaa dhaddacha dhaabbii bahaa himatamaa Biniyaam Ijjiguu kan jedhamuun seera yakkaa bara 1996 bahe keewwata 525(4a) itta darbuun yakkaa baala sammuu adoochuu nanneessuu raawwataniiru jechuun mana murtii waliigala oromiyaa daddacha dhaabbii bahaatti himate lakk galmee mana murtii 398569 irratti murtii kennee jira..

172 Himata Abbaan Alangaa Waliigala oromiyaa dhaddacha dhaabbii bahaa himatamtoota Balaay Damissee faa namoota 2 seera yakkaa bara 1996 bahe keewwata 525(4a) itta darbuun yakkaa baala sammuu adoochuu nanneessuu raawwataniiru jechuun mana murtii waliigala oromiyaa daddacha dhaabbii bahaatti himate.

173 Himata Abbaan Alangaa Waliigala oromiyaa dhaddacha dhaabbii bahaa himatamaa Shumat Taaddasaa kan jedhamuun seera yakkaa bara 1996 bahe keewwata 525(2d) itta darbuun yakkaa baala sammuu adoochuu nanneessuu raawwateera jechuun mana murtii waliigala oromiyaa daddacha dhaabbii bahaatti himatee manni murtichaas lakk galmee 385473 irratti murtii balleessummaa fi adabbii kennee jira.

174 Himata Abbaan Alangaa Godina Jimmaa himatamaa Ingidaawarq Wadaajoo kan jedhamuun seera yakkaa bara 1996 bahe keewwata 525(4A) itta darbuun yakkaa baala sammuu adoochuu nanneessuu raawwateera jechuun mana murtii Godina Jimmaatti himatee manni murtichaas lakk galmee 62252 irratti murtii balleessummaa fi adabbii kennee jira.

Dhimma aangoo mana murtii federalaa sadarkaa jalqabaa immoo manni murtii ol-aanaa ilaaluu akka danda'u heerri mootummaa federaalaa keewwata 80(4) irraa kan hubatamu yoo ta'u labsiin 216/2011 keewwata 30(4) kanuma kan ibsu waan ta'eef manni murtii Olaanaa aangoo hundee dubbii yakka baala sammuu namaa adoochu sadarkaa jalqabaan ofitti fuudhee ilaaluuf aangoo kan qabu ta'a.

Karaan hiikkoo seeraa inni lammaffaan: seeraa yakka bara 1996 ba'e keewwata baala sammuu namaa adoochuu tumamee jiru yeroo ilaallutti; yakkootni baala sammuu namaa adochaniin wal qabatee yakka taasiisuun yeroo seerri yakkaa duraanii bara 1954 ba'es seera adaba yakkaa keewata 510 jalatti tumammee ture. Yeroo ammaa kana immoo seera yakkaa keessatti yaadota dabalataa hammachuun seera yakkaa bara 1996 bahe keewwata 525 jalatti akka hammatamee jiru hatata z mikiniyat sababoota yaadota haaraa hammatamanii ibsa itti kennee jira.[175] Osoo labsiin aangoo manneen murtii federaalaa ba'ee hojiirra hin ooliin dura bu'uura seera deemsa falmii yakkaa hojiirra jiruun keewwatni 510 kan yeroo ammaa seera yakkaa kwt 525 seera deemsa falmii yakkaa gabatee 1ffaa Mana Murtii Awraajjaatti akka dhiyaachuu qabu tumee jira. Akkasumas, dambiin lakk 17/1967 gabatee 1ffaa seera deemsa falmii yakkaa hojiirra jiru fooyyesse Aangoo dhimma baala sammuu namaa adoochuu kana irratti jijjirama osoo hin taasisiin akkanumatti dhiisuun bira darbee Manuma Murtii Awraajaa kanatti dhimmi yakka baala sammuu nama hadoochuu dhiyaachaa tureera.
Haa ta'uyyuu malee erga mootumaan Federaalaa heera mootummaan hundaa'ee asitti labsiin aangoo manneen murtii federaalaa murteessuuf bahe labsiin 25/88 kwt 4(10) yakki baala sammuu adoochu dhimma mana murtii federaalaa akka ta'e tumuun keewwata 12(1) jalatti dhimmi baala sammuu adoochu sadarkaa jal-qabaatti mana murtii olaanaa federaalaatti kan dhiyaatu akka ta'e tumee ture. Bu'uura Heera Mootummaa FDRI keewwata 80(4)tiin falmiin yakka baala sammuu adoochuu naannessuu mana murtii waliigalaa Naannootti dhiyaachaa ture.
Gama biraan, labsiin Manneen Murtii Feedaraalaa lakk.1234/2013 bahee labsii 25/88 guutummaa guutuutti haqee jira. Labsiin kun dhimmoota baala sammuu hadoochuun wal qabatee kwt.4 jalatti aangoo manneen murtii fedaraalaa akka ta'uuf bu'uuruma labsii duraaniitiin tummee jira. Haa ta'uyyuu malee aangoo hundee dubbii manneen murtii sadarkaa jalqabaa fedaraalaa. fi mana murtii olaanaa fedaraalaa yeroo tarreesutti akka labsii 25/88tti gochoota yakkaa kwt.4 jala jiran tokko tokkon funaanee MMJF fi MMOF kaa'ee kan hin jirre ta'uutu hubatama.

[175] Yeroo seerri yakkaa bara 1996 bahe maree parlaamaatti ta'ee fi yaadota haaraa seera kanaan hammataman kitaaba hatetaa za mikiniyaat fuula 246.

labsichi aangoo dhimma yakkaa ilaaluu mana murtii olaanaa fedaraalaa kwt.12(1)irratti yeroo tumu: labsii kana keewwata 3 fi 4 kan ibsamanii fi yakkoota Mana Murtii Olaanaa Fedaraalaa tiif seera rogummaa qabuun kenname jechuun kaa'ee jira. Egaa as irratti wanti hubatamuu qabu, seera rogummaa qabuun gaaleen jedhu, kan keewwata 12(1) jala kan jiru seera rogummaa qabu kun seera deemsaati moo seera bu'uuraati kan jedhu sirritti hubatamuu kan qabu dha.

Bu'uura labsii lakk.1234/2013 keewwata 12(1)tiin seerri rogummaa qaba jedhamee yaadamu seeroota amaloota aangoo manneen murtii tarreessan labsii Malaammaltummaa, Shororkeesummaa, seera deemsa falmii yakkaa fi kkf fudhachuun ni danda'ama.

Jalqabuma kaasee yakka baala sammuu hadoochuun yakka aangoo fedaraalaa waan ta'eef seerri addaa yakka kana gara mana mana murtii Awraajjaatti geessu SDFY waan ta'eef bu'uura labsii 1234/2013 keewwata 7tiin seerri deemsa falmii yakkaa hanga labsii kana waliin walitti hin buunetti hojiirra akka oolu wan tumuuf, dhimma yakka baala sammuu hadoochu aangoo mana murtii adda baasuuf hojiirra oolchuu seerri nu dhorku hin jiru.

Seerri deemsa falmii yakkaa gabateen 1ffaa yakka sammuu namaa hadoochuun wal qabatu seera yakkaa duraanii 510, kan ammaa 525 Mana Murtii Awraajaatti akka dhiyaatu ni kaa'a.Yeroo ammaa kana Aangoon manneen murtii awraajaa fi waradaa mana murtii sadarkaa jalqabaa fedaraalaatif kennamee jira waan ta'eef iddoo tokkotti mana murtii jalqabaa fedaraalaatiif kan dhiyaatu ta'a. Akkasumas "wixineen seera deemsa falmii yakkaa fi ragaa" keewwatni.525 aangoo mana murtii sadarkaa jalqabaa akka ta'uu qabutti wixineeffamee jira.

Walumaa galatti, himatamaan mirga oliyyannoo heeraan kennameef akka fayyadamuuf osoo mana murtii Sadarkaa jalqabaa fedaraalaa iraa jalqabee daran mirgicha kan bal'isuu fi bu'uura labsii lakk.1234/2013 kwt.12(1)tiin seerri yakkoota qoricha baala sammuu namaa adochan kana gara mana murtii olaanaa fedaraalaatti qajeelchan waan hin jirreef, akkasumas akkaataa SDFY hojirra jiruu fi wixinee seera deemsaa falmii yakkaa fi ragaa ilaaluun sadarkaa fedaraalaatti yakka baala sammuu hadoochuun wal qabatee gara mana murtii jalqabaa fedaraalaatti waan qajelchaniif, dabalataanis kan mana murtii olaanaa fedaraalaaf seeraan hin kennamne immoo akkaataa labsicha kwt.15(1)tiin Mana Murti sadarkaa  jalqabaa ta'a waan ta'eef dhimma yakkoota qoricha baala sammuu namaa adoochan sadarkaa jalqabaan ofitti fuudhee ilaaluu kan danda'u Mana Murtii Fedaraalaa Sadarkaa jalqabaa ta'a.

Sadarkaa Naannoo keenyaatti immoo bu'uura heera mootummaa federaalaa keewwata 80(4) tiin fi labsii lakk. 216/2011 keewwata 30(4)tiin dhimmi baala sammuu namaa adoochuu mana murtii olaannaatti kan ilaalamu ta'a

# BOQONNAA SADII

## Aangoo Manneen Murtii fi Qaamolee Raawwchiiftuu Ciraa Qabame Irratti Qaban

### 3.1 Seensa

Hammeenyummaa gochi daldala seeraan alaa hawaasaa fi guddina dinagdee biyyaa irratti qabu gidduu galeessa godhachuun gahee fi aangoo qaamolee mootummaa sadaniif kenname keessaa qaamoleen hojii raawwachiiftuu kaayyoo fi galma akka seektera seekteraatti seeraan kennameef gahee fi aangoo seera raawwachiisuu bahachuuf akka mijatutti bakka bu'insaan qajeelfama baasuu fi dhimmoota seeraan kennameef irratti immoo seerota rogummaa qabu caqasuun qaamolee daldala seeraan alaa irratti hirmaatan tarkaanfii bulchinsa kanneen akeekkachiisa kennuu, hayyama daldalaa dhorkuu, haquu fi akka barbaachisuummaa isaatti seera rogummaa qabuun aangoon qabeenya dhaaluu yeroo kennamuuf hanga qabeenya daldalli seeraan alaa irratti geggeeffame dhaaluutti aangoo qabaachuu ni danda'u.

Haa ta'uyyuu malee biyya sirna dimookiraasii geggeessitu keessatti, aangoon mootummaa qaama tokkoon akka monoppooliin hin qabamnetti qaamoleen mootummaa tokko hundeessan sadii jechuun bakki bu'oota uummataa seera akka baasu, manni maree yookiin kaabineen seera akka raawwachiisuu fi manni murtii seera akka hiikuuf heeraan aangoon qoodamee kan kennamee fi tooftaa wal madaallii(check and balance) dhaan akka hojiin mootummaa raawwatamuuf diriiree jira. Qajeeltoon kun garuu bifa addaan aangoo seera irraa bakka bu'insaan (delegated power) qaamolee raawwachiiftuuf qajeefama baasuu fi tarkaanfii bulchiinsaa fudhachuun mirga dinagdee lammiilee daangessuu kennamuu ni danda'a.[176]

Heerri Mootummaa Fedaraalaa Demookiraatawaa Rebupilika Itoophiyaa aangoo abbaa seerummaa (judicial Power) sadarkaa fedaraalaa fi naannoleetti mana murtiif kan kenname ta'uu fi namni kamiyyuu dhimma seeraan fala argatu kamiyyuu (justiciable matter) mana murtiitti yookiin qaama dandeettii abbaa seerummaa qabutti dhiyeeffachuu ni danda'a.[177] Kanaaf dhimmoota qaamolee bulchiinsaan tarkaanfiin yookiin murtiin fudhatamu isa dhumaa osoo hin taane akkaataa dhimmichaa irratti hundaa'uun oliyyannoon gara mana murtii idilee deemuun seera qabeessummaan tarkaanfii yookiin murtii kan ilaalamu ta'a jechuu dha.

[176] Taamirat Malifiyaa, Judicial Review and Competence of Admnistrative Tribunals to give Final Decision in Ethiopia:a Comparative Study with South Africa and the UK, March 2013,pp12.
[177] C.T,Emery and B.Smite, Judicial review (London:Sweet and Maxwell,1986),pp.23

Ximura Boqonnaa kana irratti leenjitootni:

- Kaayyoo fi barabaachisummaa tarkaanfiin bulchiinsaa fi murtiin bulchiinsaa qaamolee bulchiinsaaf kenname adda baasuun ni hubatu.
- Daangaa aangoo qaamolee raawwachiiftuu tarkaanfii yookiin murtii bulchiinsaa bu'uura seeraan fudhatan adda baasuun ni hubatu.
- Aangoo manneen murtii tarkaanfii yookiin murtii qaamoleen raawwachiiftuu oliyyannoon ilaalan adda baasuun ni hubatu.
- Sababoota manneen murtii idilee tarkaanfii yookiin murtii qaamolee raawwachiiftuu keessa deebiin ilaalan irratti hubannoo ni argatu.

### 3.2 Barbaachisummaa Tarkaanfii Bulchiinsaa Qaamolee Raawwachiiftuuf Kennamuu

Akkuma beekamu qaamoleen bulchiinsaa seeraan qaamolee raawwachiiftuu jalatti kan ramadaman ta'ee aangoo fi gaheen hojii isaanii qaama seera baasuun seera bahuun kan murtaa'uu dha. Qaamni heeraan seera baasuuf aangoo qabu gahee fi aangoo qaama raawwachiiftuu yeroo seeraan daangessee kennuuf kaayyoo fi galma biirooleen yookiin sekteraaleen hundaa'an gidduu galeessa godhachuun aangoo seera baasuu heeraan isaaf kenname irraa bakka bu'insaan dhimmoota adda ba'anii beekaman irratti qajeelfama akka baasuu fi dhimmoota kanneen akka daldala seeraan alaa to'achuu waliin wal qabatanii jiran tarkaanfii bulchiinsaan hanga qabeenya daldala seeraan alaa waliin wal qabatan dhaaluutti aangessuu ni danda'a[178]

Sababootni qaamolee bulchiinsaaf adeemsa seera raawwachiisuu keessatti tarkaanfii bulchiinsaa fudhachuun mirga lammileen qabeenya horatan qabachuu daangessuu hanga dhaaluu fi daldalaa bakka barbaachisaa ta'ee argametti hayyama daldalaa isaa haquun sirna daldalaa keessaa baasuu akka fudhatan kan taasifameef;

- Dhimmootni tokko tokko beekuumsa yookiin ogeessa addaa fi namoota dhimmicha irratti muuxannoo addaa/teekniikaa/ qabaniin akka raawwatamu waan barbaadamuuf,
- Dhimmoota dinagdee biyyaa utubuu keessatti shoora olaanaa taphatan yeroo gabaabaa keessatti akka xumura argatan gochuuf fi akkasumas sektaraaleen hojii isaanii guyyaa guyyaa hojjetaniin muxannoo addaa horatanii waan qabaniif,

- Dhimmoota dinagdee biyyaaf bu'aa olaanaa qaban baasii xiqqaadhaan bifa bu'aa qabeessa ta'een(effective and efficient) raawwachuuf fi

[178] Miiljalee olii lakk.63

- Baay'ina dhimmaa yookiin ba'aa mana murtii irra jiru xiqqeessuuf yaadameeti.[179]

### 3.3 Aangoo Qaamolee Bulchiinsaa Tarkaanfii Yookiin Murtii Bulchiinsaa Fudhachuu

Aangoon qaamolee raawwachiiftuudhaaf kan kennamu bu'uura qaamni seera baasu heeraan aangeffame seera rogummaa qabuun gahee fi aangoo qaamolee raawwachiiftuu kana qooduun aangicha kan gonfatani dha. Kanaaf aangoon qaamoleen bulchiinsaa murtii bulchiinsaa kennuu seera irraa kan maddu ta'uu hunatamuu qaba.[180]

Bu'uuruma kanaan, sadarkaa naannoo keenyaatti, aangoo qaamolee raawwachiiftuu ilaalchisee qaamoleen murtii akka kennaniif aangeffaman hedduu dha.

Akka waliigalaatti, aangoon isaanis akeekachiisa afaanii kaasee hanga meeshaalee qabaman irratti murtii kennuudha. Seera qabeessummaa meeshaalee daldalaa qabaman irratti murtii akka kennaniif kan aangeffaman qaamolee raawwachiiftuu sadarkaa waajjiraa fi koreetti hundeeffananii jiraniin raawwatamuu ni danda'a. Qaamolee raawwachiiftuu keessaa ittisa daldala seeraan alaa keessatti shoora olaanaa taphatanii fi seeraan aangoon tarkaanfii bulchiinsaa fudhachuu kennameef keessaa muraasa kaasuuf;

Bu'uura labsii galmeessa daldaa fi kenna hayyaamaa lakk.980/2008 keewwata 2(36), 4(11) fi 46tiin qaamni hojii daldalaa bulchu daldalaa hojii daldalaa irratti hirmaatu akeekkachiisa barreeffamaa, saamsuu, dhorki, haqinsa hayyamaa fi kkf tarkaanfii bulchiinsaa akka fudhatu aangessee jira. Labsiin bulchiinsa nyaataa fi qorichaa lakk 1112/2011 qaamni hojii raawwachiiftuu sektara fayyaa hoogganuuf aangoon seeraa kennameef qaama dhimma fayyaa irra hojjejetu hordofuu bakka labsii, dambii fi qajeelfamni cabutti akeekkachiisa barreeffamaa kennuutii hanga hayyama hojii isaa haquutti tarkaanfii bulchiinsaa akka fudhachuu danda'uu keewwatni 65(1-4)tti jiru tumee jira. Akkasumas, bu'uura labsii lakk.1051/2009 keewwata 18(7)tiin abbaan taayitaa bunaaf shayee sadarkaa fedaraalaa yookiin sadarkaa naannootti qaamolee bulchiinsaa gaheen kun kennameef qaamni bittaa bunaa irratti hirmaatu hojii bittaa kan danqu yookiin balleessu yookiin dandeettiin qaama daldala bunaa irratti hirmaatu yeroo hir'achuun isaa mirkanaa'u bu'uura dambii fi qajeelfama ba'uun waraqaan ragaa mirkaneessa gahumsaa isaa akka dhorkamu yookiin akka haqamu gochuun qaama dhimmi ilaallatu beeksisuu ni danda'a. haqamuun waraqaa ragaa gahumsa hojii immoo kallattimaan waraqaan ragaa hayyama daldalaa akka haqamu gochuu akka danda'u

[179] Aberham Yohannes & Desta G/Michael, Administrative law, 2009, pp.86

[180] Sadarkaa fedaraalaalaatti aangoo Qaamolee raawwachiiftuu murteessuuf bahe lakk.1263/2014 fi Sadarkaa naannoo keenyaatti labsii Qaamolee raawwachiiftuu naannoo oromiyaa lakk.242/2014 ilaaluun ni danda'ama.

labsiin galmeessa daldalaa fi kenna hayyamaa ni tuma.[181] Dabalataanis, daldalaan horii dhaabbii yookiin gogaa yookiin kalloo adeemsa bittaa fi gurgurtaa keessatti gochoota nama dogoggorsan raawwatee argamnaan tarkaanfiin bulchiinsaa qaamolee bulchiinsaa hayyama daldalaa kennuuf aangeffameen akka kennamu seeraan tumamee jira.[182]

Sadarkaa Naannoo keenyaatti immoo labsiin oomishaalee qonnaa lakk.234/2013 keewwatni 24(1) namni sirna bittaa fi gurgurtaa oomishaalee qonnaa irratti hirmaate faallaa tumaalee labsii kanaatiin haala ulfaatina dhimmichaa irratti hundaa'uun akkeekkachisa afaanii, kan barreeffamaa kennuu, hayyama daldalaa fi hayyama mirkaneessa gahumsaa dhorkuu yookiin haquu fi adabbii maallaqaatiin tarkaanfii bulchiinsaa duraan ejensii misooma gabaaf kan kennamee ture yeroo ammaa biiroon daldalaa akka fudhachuu danda'u tumee jira[183].

Gama biroon qaamoleen bulchiinsaa akka barbaachisummaa isaatti yeroo seeraan meeshaa daldalaa daldalli seeraan alaa irratti geggeeffame qaamolee bulchiinsaa hoogganaa isaaniitiin yookiin itti gaafatamaa qaama bulchiinsaa yookiin hojjeetaa qaama bulchiinsichaa aangoon kennameef qofaa ta'uu akka qabu seerootni hedduun ni tumu.[184] Sababni isaas murtiin bulchiinsaa qaamolee bulchiinsaa kennamu mirga qabeenya horatanii qabachuu fi itti fayyadamuu heeraan nama kamifiyyuu kennamu daangessuuf aangoo sana seera irraa argachuun dirqama waan ta'eef dha. Kanuma bu'uura godhachuun murtiin bulchiinsaa meeshaan daldalaa fayyaa waliin wal qabatu,[185] bunaa waliin kan wal qabatu[186], saliixaa fi boloqqee adii waliin kan wal qabatu[187], horii dhaabbii waliin wal qabatu,[188] gogaa fi kalloo waliin kan wal qabatu[189], fi oomisha qonnaa naannoo oromiyaa waliin kan wal qabatu[190] gochi daldala seeraan alaa irratti raawwatame akka dhaalamuuf qaamoleen bulchiinsaa sagarkaa jalqabaan murtii dabarsuu akka qaban seeraan tumamee jira.

Oomishaalee industirii kanneen akka zayita nyaataa biyya alaatii deeggaarsa mootummaatiin fichiisiistoota filatamaniin galu kan dhokse kan kuuse gatii mootummaan murteessee ol kan gurgure sarara hayyamameef ala kan geejibee fi imaanaa itti kenname cabsuun hawaasa akka qaqqabsiisu ramadamef yoo qaqqabsiisuu baate tumaalee labsii 813/2006 keewwattoota roga

[181] Labsii galmeessa daldalaa fi kenna hayyamaa lakk.980/2008 keewwata 30(7)
[182] Miiljalee olii lakk.75 keewwata 15(5), miiljalee olii lakk.74 keewwata 12(3) fi miiljalee olii lakk.63 keewwata 32(24)
[183] Isa olii
[184] Wixinee labsii seera adeemsa bulchiinsaa naannoo oromiyaa murteessuuf qophaa'e keewwata 25.
[185] Labsii to'annaa nyaataa fi qorichaa lakk.1112/2011 keewwata 65(5)
[186] Labsiin bittaa fi to'annoo qulqullina bunaa fedaraalaa lakk.1051/2009 keewwata 18(5)
[187] Miiljalee olii lakk.77 keewwata 23.
[188] Dambii horii dhaabbii mana mare ministeerotan bahe lakk.341/2007 keewwata 19
[189] Dambii gogaa fi kalloo mana mare ministeerotan bahe lakk.339/2007 keewwata 16
[190] Miiljalee olii lakk.92 keewwata 24(2).

qabaniin yakkaan gaafatamuun akkuma jirutti ta'ee zayitiin nyaataa gochaan seeraan alaa irratti raawwatame akka dhaalamu ta'ee mootummaaf galii nii ta'a jechuun tumee jira.[191] Bu'uura seeraatiin murtii bulchiinsaa kan fudhachuu qabu waajjira daldalaa[192] sadarkaa sadarkaan jiru ta'uu tumaan qajeelfama kanaa ifoomsee jira.

**Gaaffii marii**

Bu'uura labsii horii dhaabbii lakk. 819/2006 keewwarta 15(8) fi akkasumas labsii gogaa fi kalloo lakk. 814 keewwata 12(5)tiin horiin dhaabbii yookiin gogaa fi kalloon qaamolee bulchiiinsaan seeraan alummaan isaanii mirkanaa'e akka dhaalamu murteessuun herrega cufaa dhimma kanaaf qophaa'e keessatti akka turuu fi namni yakkaan himatame yeroo adabamu qabeenya ciraan qabame akka dhaalamee mootummaaf galii ta'u jedhamee manni murtii dhaddacha yakkaan murteessu akka waan kaasinaa mootummaatti galii ta'uutti kan tumame yoo ta'u, gama biroon dambii labsii horii dhaabbii raawwachiisuuf ba'e lakk.341/2007 keewwatni 19(5b) fi dambiin labsii gogaa fi kalloo raawwachiisuuf bahe lakk.339/2007 keewwatni 16(6b)tiin qaamni murtii qaamolee bulchiinsaan kenname irraa komii qabu yeroo seeraan isaaf kaa'ame keessatti mana murtii idileetti kan hin dhiyeessine yookiin manni murtii idilee dhimmicha ilaaluuf rogummaa qabu yoo cimse maallaqni qaamolee bulchiinsaan akka dhaalamu ta'ee herrega cufaatiin taa'e bahii ta'ee baasiin adda addaa seeraan beekamtii qabu hir'ifamee inni irraa hafe mootummaaf akka galii ta'uutti tumee jira. Kanaaf garaagarummaa labsiiwwan kanaa fi dambii labsiiwwan kana raawwachiisuuf bahan gidduu garaagarummaa jiru akkamittiin araarsuun danda'ama? Tumaa labsichaatu raawwatinsa qabaata moo tumaa dambiiwwan labsiwwan kana raawwachiisuuf bahantu fudhatama qabaata? Isinoo dhimma kana akkamittiin ilaalaa jirtu qabatamaan, muxannoo isin bira jiru kaasuun irratti mari'adhaa.

Gama biroon qabxiin sirriitti as jalatti sararamee ilaalamuu qabu dhimmoota daldaala seeraan alaan wal qabatee qaama aangoo qabuun meeshaan daldalaa to'annaa seeraa jala gale yeroo seerri addatti qaamolee bulchiinsaaf aangoo murtii bulchiinsaan dhaaluu yeroo kennamuuf dhimmichi qaamolee bulchiinsaa sadarakaa sadarkaan jiraniin ilaalamee yeroo qaamolee bulchiinsaa murtii kennaniif kenname keessatti murtii xumuraa hin argatiin kallattiin gara mana murtii idilee deemuun akka hin danda'amne hubatamuu qaba.

Akka waliigalaatti, murtii bulchiinsaa qaamolee bulchiinsaan kennamu akkuma labsiin, dambiin fi qajeelfama dhimma sana hoogganu bu'uura godhachuun dhimmoota tokko tokko irratti ogeessi

191 Qajeelfama raabsa gurgurtaa fi daddabarsa meeshaalee bu'uuraa(zayita nyaataa) naannoo oromiyaa lakk 06/2012 keewwta 14(1),

192 Isa olii keewwata 13 fi labsii Qaamolee raawwachiiftuu nannoo oromiyaa lakk.242/2014 keewwata 32(24)

sektaraa garee isaa waliin[193] yookiin hooggannaa yookiin koree hundaa'uun[194] akka murtiin dhaalamuu kennamu seerota hedduu irratti tumamee jira. Dhimma qaamni bulchiinsaa tarkaanfii bulchiinsaa fudhate osoo oliyyataan qaama bulchiinsaa itti aanee jirutti hin iyyatiin kallattimaan mana murtii idileetti dhiyaatee hanga dhaddacha ijibbaata mana murtii waliigala fedaraalaa ga'e itti fufuun haa ilaalu.

**<u>Dhimma 23ffaa</u>**

Himataan obbo Eebbisaa Amantee kan jedhamu kutaa magaala Araadaatti nama dhuunfaa irraa mana kireeffatee himatamaa 2ffaa waajjira daldalaa fi Industirii kutaa magaala addis kifla katamaa irraa galmee daldalaa fi hayyama daldalaa hojii hoteelaa fudhachuun osoo hojjechaa jiruu kiliraansii kaffaltii gibiraa qaama dhimmi ilaalu irraa fidachuun akka hayyamni daldalaa karaa himatamaa 2ffaa haareffamuuf gaafatullee yeroo hedduu deddebisuun gaafa 28/4/2009 hayyamni daldala hojichaa sababa sagalee hoteelicha keessaa ba'uun naannoo faaluu himatamaan 1ffaa waajjira eegumsa naannoo kutaa magaalichaa waan mirkaneesseef akka hin haarofnee fi akka dhorkamee jiru beeksiiseera. Kanaaf hayyamni daldalaa kun akka dhorkamu kan taasisan seeraan ala waan ta'eef hayyama kana himatamaan 2ffaa akka naaf haarressuu murtiin naaf haa kennamu jechuun mana murtii bulchiinsa magaalaa Finfinneetti himata duraan dhiyeeffateera.

Manni murtichaas dhimmicha ofitti fuudhuun wal falmisiisee booda hayyamni daldalaa himataa seeraan ala dhorkame waan ta'eef himatamaan 2ffaa dirqamee akka hayyama daldalaa himataa kana akka haaressu murteesseera. Himatamtootnis murtii kana komachuun mana murtii bulchiinsa magaala finfinnee oliyyata dhaga'uutti dhiyeefatanillee murtiin mana murtii jalaa kan komatamu miti jechuun murtii jalaa cimsee jira.

Kanumaan himatamtootni iyyata isaanii mana murtii oliyyannoo bulchiinsa magaala finfinnee dhaddacha ijibbaataatti dhiyeeffachuun wal falmitootni falmii isaanii barreeffamaan erga dhiyyeeffatanii booda dhaddachichi labsii lakk.980/2008 keewwata 46 fi 47(3)tiin manni murtii idilee tarkaanfii bulchiinsaa qaamni bulchiinsaa fudhate ilaaluu kan danda'u mana murtii oliyyannoo dhaga'u oliyyannoo dhiima dogoggora seeraa qofaa irratti dha malee himata kallattii duraan ilaaluuf aangoon hundee dubbii hin kennamneef waan ta'eef manni murtii bulchiinsa

[193] Miiljalee olii lakk.92 keewwata 24(2), dambii lakk.178/2002 keewwata 23.dambii gogaa fi kalloo keewwata 13, dambii dhaabbii horii keewwata 17.
[194] Dambii aannanii labsii lakk.234/2013 raawwachiisuuf ba'e lak. 221/2013 keewwata 27, Qajeelfama eegumsa qabeenya bosonaa Oromiyaa lakk.01/2012 keewwata 10.3(B3).

magaala finfinnee dhimma kana himata duraan fuudhee ilaaluun isaa dogoggora buraa seeraa raawwateera waan ta'eef murtiin manneen murtii jalaa akka digamu jechuun murteesseera.

Dhaddachi ijibbaataa mana murtii waliigala fedaraalaa dhimmi kun isaaf dhiyaate kana murtii dhaddacha ijibbaataa mana murtii bulchiinsa magaala finfinnee kenne cimseera.[195]

Egaa kutaa kan ajalatti akkuma kaasuuf yaalame dhimmotni addatti qaamolee bilchiinsaaf tarkaanfii bulchiinsaa yookiin murtii bulchiinsaa akka fudhataniif seeraan kennaman ilaalchisee dhimmoota daldalaa wajjiin wal qabatan fakkeenyaaf hayyama daldalaa kennuu, haaressuu, dhorkuu fi barbaachisaa ta'ee yoo argame seera bu'uureeffachuun haquun aangoon isaa qaama bulchiinsaaf akka kennamee jiru labsii 980/2008 keewwata 46 tumee jira. Bu'uura labsii kana keewwata 47(1)tiin bu'uura labsii kanaatiin tarkaanfii ogeessi fudhatu irraa komii namni qabu komii isaa guyyaa tarkaanfiin bulchiinsaa fudhatame iraa kan lakaa'amu guyyaa 10 keessatti qaama aangoo qabu itti gaafatamaa olaanaaf akka dhiyeessuu fi qaamni aangoo qabu hoganaan guyyaa 5(shan) keessatti barreeffamaan murtoo isaa beeksuu, yoo guyyaa jedhame kanatti beeksisuu dide mana murtii aangoo qabutti oliyyata isaa dhiyeeffachuu akka danda'u tumee jira.[196] Namni bu'uura labsicha keewwata 47(2)tiin murtii kenname irraa yookiin yeroo kaa'ame keessatti deebii hin arganne guyyaa murtiin kenname irraa kaasee kan shallagamu ji'a lama(2) keessatti dhimma seeraa irratti qofaa oliyyata isaa mana murtii rogummaa qabutti dhiyeeffata jechuun keewwatni 47(3) tumee jira. Kanarraa ka'uun akkasumas murtii dhaddachi ijibbaataa fedaraalaa armaan olitti murteessen manneen murtii idilee dhimmoota tarkaanfiin bulchiinsaa qaamolee bulchiinsaan fudhataniin wal qabatee himata kallattiin mana murtiitti kan dhiyaatu osoo hin taane bifa oliyyannoon kan dhiyaatan ta'uun jala sararamee hubatamuu qaba.

## Gaaffii Marii

- Bu'uura labsii lakk.980/2008 keewwata 47(3)tiin namni murtii qaama bulchiinsaan fudhatame irraa komii qabu mirga oliyyannoo qaama bulchiinsaa duguugee erga fayyadamee booda gara mana murtii idilee aangoo qabutti bifa oliyyannoon akka dhiyaachuu danda'u tumee jira. Haa ta'uyyuu malee manni murtii fedaraalaa kan idilee aangoo oliyyaannoo bu'uura labsii kanaatiin qabu mana murtii Sadarkaa kamiti? Yaada keessan seera rogummaa qabu waliin kaasuun irratti mari'adhaa.

[195] Daddacha ijibbaataa mana murtii waliigala fedaraalaa jildii 23 lakk.galmee 145733.
[196] Miiljalee olii lakk.41 keewwata 47(2) ilaali.

- Murtiin mana murtii rogummaa qabu bu’uura labsii lakk.980/2008 keewwata 47(3)tiin murtii kennu ol iyyatamuu ni danda’aa? maaliif?

### 3.4 Dhimmoota Ciraa Qabaman Irratti Tarkaanfii Adeemsa Seeraan Fudhatamu Oliyyannoon Ilaaluu

Murtii qaamolee bulchiinsaa oliyyannoon ilaaluun irra jireessaan aangoo manneen murtii idileef seeraan kennamu dha. Sababni isaas murtii qaamolee bulchiinsaa kana sadarkaa naannootis ta’e fedaraalaatti sadarkaa mana murtii kamitti ilaalamuu qaba kan jedhu seeraan kan murtaa’u dha.[197] Aangoon mana murtii kan inni xiyyeeffatu seera qabeessummaa murtii qaamolee bulchiinsaa ilaaluu dha. Kan inni xiyyeeffatus, qaamoleen kun aangoo isaaniif kenname bu’uura godhachuun murteessuu[198], seera, labsii, dambii fi qajeelfama kan gidduu galeessa godhate ta’uu fi dhabuu ilaaluu dha.[199] Manni murtii aangoo murtii qaamolee bulchiinsaa kana keessa deebiin kan ilaaluuf aangoo uumamaan manni murtii seera hiikuuf kennameef fayyadamuun mirga lammiileen heeraa fi seeraan gonfatan akka qixa sirriin fayyadaman gochuuf yaadameeti.

Manneen murtii uumamaan seera yeroo hiikan sababa isa dhugaa yaada seera baastotaa barbaaduun bira gahuu keessattis muxannoo addaa qabu jedhamee waan amanamuufi dha.[200] Akkasumas bu’uura heera mootummaa FDRE keewwata 79(1) fi 37(1) tiin aangoon abbaa seerummaa mana murtiitiif kan kennamee fi dhimma seeraan fala argatu kamiyyuu namni kamiyyuu mirga haqa argachuu qaba. Kunis manni murtii idilee mirga eegduu namoota dhuunfaa ta’uu kan dhugoomsu dha. Dabalataanis, seera hariiroo hawaasaa keenya keewwata 401 fi 402 fi labsii lakk.216 keewwata 30(6) yommuu ilaallu manni murtii idilee aangoo murtii qaamolee bulchiinsaa keessa deebiin yookiin bifa oliyyannootiin akka ilaaluu danda’an kan namatti agarsiisu dha.

Manni murtiis murtii qaamolee bulchiinsaa keessa deebiin yeroo ilaalu bu’uura labsii seera deemsa bulchiinsaan[201] ta’ee, qaamoleen kun tarkaanfii maalii fudhatan kan jedhu osoo hin taanee aangoo isaanii ta’uu fi adeemsa seeraa isaa keessa darban irratti xiyyeeffachuun murticha kan ilaalaan dha. Manneen murtii idilee murtii qaamolee bulchiinsaa oliyyannoon yeroo ilaalan seera rogummaa qabuun dhimmoota dogoggora seeraa qofa irratti jedhee yoo daangesse malee yoo callisee oliyyannoon ilaaluu ni danda’a jedhe daangaa yeroo seeraan oliyyannoof taa’e keessatti oliyyannoon isaaf dhiyaannaan ijoo seeraa fi firii dubbii ilaaluu waan dhorku miti. Sababootni

---

[197] Labsii manneen murtii fedaraalaa lakk.1234/2013 fi labsii manneen murtii naannoo oromiyaa lakk.216/2011
[198] Miiljalee olii lakk.183 keewwata 55(1b)
[199] Isa olii.
[200] C.T.Emery and B.Smite judicial review (London ) Swweet and Maxwel;1986.27
[201] Labsii seera deemsa bulchuunsaa fedaraalaa lakk.1183/2012.

manneen murtii idilee seeraan aangoon murtii qaama bulchiinsaa keessa deebiin akka ilaalu kan aangeffaman;

### A. *Seeraan Alummaa Murtichaa*

Qaamoleen seera raawwachistuu murtii bulchiinsaa kannuu kan danda'an seera rogummaa qabuun yoo aanga'an qofaa dha. Akkasumas aangoo murtii bulchiinsaa kennameef keessatti murticha kennan moo miti kan jedhu mana murtiin aangoo oliyyannoo yookiin murtii bulchiinsaa keessa deebiin ilaaluun ilaaluu nii danda'a.[202] Hima biraan, aangoo akkaataa seeraan kennameef fayyaalessaan/in good faith/ aangichatti fayyadamuun murteesse moo miti kan jedhus manni murtii ilaalamuu ni danda'a. Murticha kan murteessan jalqabumaa aangoo osoo hin qabaatanii yookiin aangoo kennameef ol darbuun kan murteessan yoo ta'e yookiin aangoo kennameef hamminaan (in bad faith) fayyadamuun murticha kan kennan yoo ta'e oloiyyannoon ilaalamuu ni danda'a.

### B. *Seerotni Deemsaa Eegamuu Isaanii Mirkaneessuun*

seerota deemsaa bu'uuraa ta'an mirga dhaga'amuu, yaada qajeelaan dhimmoota dhiyaatan ilaaluu, mirga wal qixaa tajaajilamtootaa, murtii tilmaamawaa fi iftoomina qabaatu kennuu fi kennuu dhabuu fi kkf seeraan akka dirqamaatti qaama bulchinsaan yeroo murtii kennu hordofuu qabu kabajuu fi kabajuu dhabuu isaani manni murtii aangoo murtii qaamolee bulchiinsaa keessa deebiin ilaaluu qaban kan ilaalan ta'a.

Egaa manneen murtii oliyyannoonis ta'e murtii bulchiinsaa keessa deebiin ilaaluuf qaamolee bulchiinsaan murtii xumuraa kan argatee fi faloota hunda duguugee kan fayyadame (exhaustions of remedies) ta'uu qaba.[203] Dhimuma kanaan kan wal qabatu murtii mana murtii dursa qaamolee bulchiinsaaf dhiyaatu dhuma irratti oliyyannoon gara mana murtii idilee deemuu qabu himata duraan mana murtiitti dogoggoraan dhiyaatee murtii argate itti aansuun haa ilaallu.

## <u>**Dhimma 24ffaa**</u>

Himata haariiroo hawaasaa tiin himataan Faqqadaa Gurraa kan jedhamu gaafa 21/05/2014, seera qabeessaan buna janfala kuntaala 7 tilmaama qarshii 59455 kan baasu mana jireenyaa kootii gaariidhaan fe'adhee bakka mana magaazina dhuunfaa kootii dabarsee kaa'een osoo jiruu himatamtootni Gammachuu Fiqaaduu, Abduramaan Mahaammad kan jedhaman hojjettoota waajjira daldalaa kan ta'an, waajjira daldalaa aanaa Beddellee fi waajjira waldalaa Magaalaa

[202] Miiljalee olii lakk.183 Keewwata 55(1b)
[203] Miil jalee lakk.183, Keewwata 54-56

Beddellee waajjira keenyatu nu ajaje jechuun mana magaazina kootti ol seenuun buna kana seeraan ala na jalaa fudhachuun gurguratanii ru waan ta'eef buna kana akka naaf deebisan yookiin tilmaama qarshii isaa akka naaf kaffalan jechuun himatamaniiru.

Himatamtootni deebii isaanii keessatti bunni sababa himannaa ta'e seeraan qaama aangoo qabuun waan dhaalameef, manni murtii kunis sadarkaa jalqabaan himata kana ofitti fuudhee ilaaluuf aangoon hin kennamneef jechuun mormii sadarkaa duraa bu'uura sdfhh keewwata 244(2a)tiin dhiyeeffataniiru. Manni murtii Aanaa Beddellees mormii ka'e kana qorachuun himataan hayyama daldalaa midhaanii yoo qabaateyyuu lafa isaa irraa qotee jira waan ta'eef labsiin 1051/2009 fi labsiin oomisha qonnaa 234/2013 daldaltoota daldala seeraan alaa geggessan irratti raawwatinsa qabaata malee qotee bulaa ooyiruu isaa irraa funaannate hin dabalatu jechuun mormii ka'e kufaa gochuun ragaa himatamaa fi himatamtootaa dhaga'uun buna janfalaa kana seeraan ala himataa irraa dhaalan buna isaa yookiin timaama qarshii inni himata keessatti caqase himataaf haa kaffalan jedheera.[204]

## Dhimma 25ffaa

Falmii hariiroo hawasaa himattuun Yeetimworq Ballaxaa kan jedhamtu anni eeyyama buna bittaa raawwachuuf kan barbaachisu guuttachuun caalbaasii buna caccabaa fi janfala seeraan ala qabame kuntaala 114 ta'e tilmaama qarshii 361,036 baasu gibraayilii bunaa aanaa Dooraniitiin bahe dorgomuun mohadhee qarshii ittin mo'adhe bulchiinsa aanaa Dooranii irraa xalayaa deeggarsaa bunicha akkan fe'adhee gurguruuf naaf kennamee gaafa 5/3/2014 konkolaataa FSR lakk.gabatee 42246 ta'een osoon geejibsiisaa jiruu magaala Beddelleetti himatamaan 1ffaa (waajirri Poolisii na jalaa qabanuun himtamaan 2ffaa waajirri ejensii misooma gabaa kan yeroo ammaa waajjira daldalaa jedhamu immoo na jalaa gurguruuf caalbaasii baasanii waan jiraniif himatamtootni kun buna janfalaa fi caccabaa fi akkasumas baasii adda addaa dabalatee 413,658 akka naaf gadi lakkisan jechuun Mana Murtii Olaanaa Buunnoo Beddelleetti himannaa hariiroo hawaasaa dhiyeessitee jirti.

Himatamtootnis mormii sadarkaa duraa dhiyeessaniin manni murtii kun himmannaa kana sadarkaa duraan ofitti fuudhee falmisiisuuf aangoo hin qabu. Sababni isaas akkaataa labsii lakk.1051/2009 keewwata 18(6) fi dambii labsii kana raawwachiisuuf bahe lakk.433/2011 keewwta 43(10)tiin ciraa irratti murtii kan kennu qaama bulchiinsaati waan ta'eef iyyatni kun kan dhiyaachuu qabu qaamuma bulchiinsaaf ta'ee murtii qaamolee bulchiinsaa irraa komee kan qabu yoo ta'es, sadarkaa olii qaamolee bulchiinsaa diriree jiruun oliyyata dhiyeeffachuu mirga isaa kana duguugee erga

[204] Murtii Mana Murtii Aanaa Beddeellee lakk.galmee 44368 dhaddacha gaafa 30/02/2015 ooleen murtaa'e dha.

fayyadamee booda gara mana murtii aangoo qabuutti oliyyataan dhiyeefachuu danda'a malee himata hariiroo hawaasaa kallattin mana murtiitti dhiyeessuuf mirga hin qabu jechuun falmee jira.

Manni murtiis bu'uura labsii lakk.216/2011 keewwata 30(6) jalatti manni murtii kun murtii qaamni aangoo seeraan kennameef murteesse irratti oliyyannoon kan murteessu malee dhimma himannaa akkasii kallatiin fuudhee kan ilaalu akka hin taanee ifatti tumamee jira. Dhimmi kun immoo labsii lakk.1051/2009 keewwata 18(5 fi 6) fi dambii 433/2011 keewwata 43(1) dhimma oliyyannoon dhiyaatu waan ta'eef manni murtii kun himannaa kallatiin dhiyaate kana ofitti fuudhee ilaaluu hin qabu jechuun bu'uura seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa keewwata 244(2a) fi 245 himannaan kun mana murtii kanatti dhiyaachuu hin qabu jechuun murteessee jira.[205]

**<u>Gaaffii Marii</u>**

1. Murtii mana murtii aanaa Beddeellee dhimma bunaa kanaan wal qabatee labsichi qonnaan bulaa ooyiruu isaa irraa funaannate irratti labsiin fedaraalaa lakk1051/2009 fi labsiin naannoo oromiyaa lakk. 234/2013 raawwatinsa hin qabu waan ta'eef dhimma bunaa himatamaa kanaan wal qabatu manni murtii kun ofitti fuudhee ilaaluu wanti isa dhorku hin jiru jechuun xinxala geggeessee mormii sadarkaa duraa bira darbuun murtii murteesse kana seera qabeessummaa isaa akkamitiin madaaltu?
2. M/M Olaanaa Godina Buunnoo Beddeellee sababoota aangoo dhabuu mana murtii idilee yeroo xinxalutti labsii lakk.216/2011 keewwata 30(6) caqasuun manni murtii olaanaa kun dhimma bunaan wal qabatee himata duraan osoo hin taane murtii qaamni bulchiinsaa murteessee qaamni murticha irraa komii qabu mirga oliyyannoo seeraan gara qaamolee bolchiinsaa diriiree jiru duguugee erga fayyadamee booda gara mana murtii olaanaa oliyyannoon kan dhiyaatu dha jechun sababeessee jira. Haa ta'uyyuu malee murtii qaamolee bulchiinsaan labsiiwwan fedaraalaan ba'an fayadamanii (labsii lakk.1051/2009 fi dambii labsicha raawwachiisuuf ba'e lakk.433/2011) murteessanis oliyyannoon manni murtii olaanaa naannoo keenyaa ilaaluu ni danda'aa? Moo manni murtii olaanaa naannoo aangoo oliyyannoo kan qabaatu murtiin qaamolee bulchiinsaan kenname seera caffeen baaseen (labsii 234/2013 fi dambiiwwan labsicha raawwachiisuuf bahan) yoo kennani dha jettanii yaaddu? Muxannoo gama keessaniin jiru kaasuun irratti mar'adhaa.
3. Murtiin manni murtii idilee dhaddacha hariiroo hawaasaa dhimma bunaan wal qabatee himannaa duraan ilaalee erga murtii kenneen booda osoo qaamoleen bulchiinsaa

[205] Murtii manna murtii olaanaa Godina Buunnoo Baddallee dhaddacha Hariiroo Hawaasaa lakk.08052 dhaddacha gaafa 02/03/2015 ooleen murtaa'e dha.

dhimmichuma aangoo isaanii gidduu galeessa godhachuun murteessanii murtiin qaamolee bulchiinsaa fi manneen murtii idilee kun osoo faallaa ta'e jechuun manni murtii himatamaaf murteessee akka qabeenyichi abbaa dhimmaaf akka deebi'u ajejee gama biroon immoo, qaamoleen bulchiinsaa immoo gochi raawwate seeraan ala jechuun osoo qabeenyichi dhaalamee mootummaaf haa deebi'u jechuun murteessanii murtii isa kamtu raawwatamuu qaba jettu?

Dabalataanis dhimmi itti fufnee ilaallu kallattiin daldala seeraan alaa waliin kan wal hin qabaanne yoo ta'ellee aangoo qaamolee bilchiinsaaf seeraan kenname manni murtii himata duraan ilaaluu akka hin qabaanne dhaddachi ijibbaataa murtii jildiin hin maxxanne irratti murteesse akka armaan gadiitti haa ilaallu.

**Dhimma 26ffaa**

Dhimmichi kan jalqabe Mana Murtii Olaanaa Godina Wallagga Lixaa yoo ta'u himataan mana murtii jalaa waamamaan ammaa obbo Bantii Galaalchaa jedhamu himatamaa mana murtii jalaa/iyyataan ammaa Itiyoo telekoom jedhamuun bunaa fi baargamoo lafa hektaara 0.0345 irratti dhaabuun osoon kununsaa jiruu gaafa 15/11/2011 lafa bal'inni isaa 1m fi bal'inni isaa 50m boolla qotuun optikaal faayibarii kan jedhamu sarara neetwarkii diriirsuun boollicha sirnaan osoo hin duuchiin hafuun sababa boollaa kanaan lolaan walitti qabamuun biqilaan bunaa akka firii hin godhanne gochuun miidhaa maallaqaa qarshii 500,000 ana irraan geessiseef beenyaa naaf kaffaluu qaba jechuun himatee jira.

Himatamaanis dhaddachatti dhiyaatee mormii sadarkaa duraa kaafateen manni murtii kun dhimma kana himata duraatiin ilaalee murtii kenuuf bu'uura labsii lakk.1148/2011 aangoo hin qabu jechuun maallaqni gaafatames miidhaa ga'e waliin kan wal simu miti jechuun deebii isaa dhiyeessuun falmeera. Manni murtii olaanaas lakk.galmee 45625 irratti falmisiisuun mormii ka'e kufaa gochuun beenyaa gaafatame akka himatamaan kaffalu murteesseera. Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa lakk.galmee 386381 irratti hanga maallaqaa irra deebiin manni murtii olaanaa ilaale akka murteessu gadi qajeelchee jira. Manni murtii godinaas galmicha sochoosuun miidhaa ga'e waggaa 15f shallagame qarshii 457776 himatamaan akka kaffalu murteesseera. Murtii kana komachuun mana murtii waliigala oromiyaatti iyyatullee oliyyatni isaa haqameera.

Iyyatni ijibbaataa mana murtii waliigala fedaraalaatii iyyataan dhiyeeffateen manni murtii jalaa dogoggora seeraa bu'uuraa raawwateera, sababni isaas manni murtii jalaa bu'uura labsii

lakk.1148/2011tiin himata isaaf dhiyaate ilaalee murtii kennuu hin qabu jechuun akkasumas, haala shallaggii beenyaa irrattis komii qabu dhiyeeffateera.

Dhaddachi ijibbaataas, falmii bitaa fi mirgaa erga falmisiisee booda manni murtii bu'uura 79(1) dhimmoota mana murtiin ilaalamuu danda'an irratti aangoo akka qaban namatti agarsiisa. Haa ta'uyyuu malee dhimmootni mana murtiin kan ilaalaman ta'ee qaama mootummaa hojii raawwachiiftuuf seeraan kan kennameef yoo ta'e bifa addaan kan ilaalu ta'a. Akkasumas, heera mootummaa 78(4) fi 37tiin yeroo cimdiin dubbifamu seera deemsaan kan hoogganaman amala abbaa seerummaa kan qabaniif seeraan aangoo abbaa seerummaa kennamuu akka danda'u nama hubachiisa. Qaamolee mana murtiin ala aangoon abbaa seerummaa kennameef murtii isaan kennan murtii kenname sirna seeraan mana murtii idileen keessa deebiin yookiin oliyyannoon ilaalamuun olaantummaan seeraa akka mirkanaa'u ta'uun garuu dirqama dha. Dhimma ammaa qabame irrattis bu'uura labsii 1148/2011 keewwata 32(8) abbaan taayitaa tajaajila telekoomi Itoophiyaa waldhabdee dhimmoota akka amma of harkaa qabnu ofitti fuudhee murtii akka kennuuf seeraan aangeffamee jira. Namni murtii abbaa taayitichaan kennamu irraa komii qabu bu'uura labsichaa keewwata 32(10)tiin qaama oliyyata dhaga'utti akka dhiyeeffachuu qabu tumee jira. Akkasumas namni murtii qaama oliyyannoon ilaalee murteesse irraa komii qabu akkaataa labsicha keewwata 40(8)tiin dhimma seeraa qofaa irraatti mana murtii olaanaatti dhiyeeffachuu akka danda'u kaa'ee jira. Murtiin manni murtii oliyyannoon ilaalee murteessus kan dhumaa ta'a. Kanaaf dhimmoota labsii dhaan qaamolee bulchiinsaaf aangoon abbaa seerumaa kennameef ilaalchisee murtii isaan kennan oliyyannoo dhaan qaama bulchiinsaaf erga dhiyaatee booda oliyyannoon gara mana murtii dhuufuu qaba malee himannaa duraatiin mana murtiitti dhiyaatee ilaalamuu kan hin qabne manni murtii ofitti fuudhee murteessuun isaa dogogora bu'uuraa raawwateera jechuun murteessee jira.[206]

Akkuma murtii kana irraa hubachuun danda'ame hojiin seera hiikuu mana murtiif seeraan kan kennameef yoo ta'eyyuu bifa addaan qaamolee seera raawwachiiftuuf kan kennameef taanaan manni murtii aangoo uumamaa seera hiikuu (inherent power of the court) jedhuun qofaa aangoo dabalataan qoodamee qaama bulchiinsaaf kenname bu'uura seeraan hanga irra deebi'ee hin fudhamnetti manni murtii dhimma sana irratti himata duraan fuudhee wal falmisiisee murteessuu hin danda'u. Haa ta'uyyuu malee murtii qaamoolee bulchiinsaan ilaalamee oliyyannoo qaamolee bulchiinsaan dugugamee xumuramee booda(exhaust local remedy) himata duraan osoo hin taane

[206] Dhaddachi ijibbaataa mana murtii waliigala fedaraalaa falmii iyyataa Itiyoo telekoomii fi waamamaa obbo Bantii Galaalchaa gidduu tureen lakk.galmee 225293 irratti dhaddacha gaafa 28/2/2015 ooleen murtaa'en kan jildiin hin maxxanfamnedha.

oliyyannoon gara mana murtii idilee kan deemu ta'uu murtiin dirqisiisaa dhaddacha ijibbaataa mana murtii waliigala fedaraalaa armaan oliitti kenne ilaalle ni akkeekee jira.

Haala adda ta'een dhimmoota ciraa daldala seeraan alaan qabame waliin seera qabeessummaa isaa adda baasuun qaamolee raawwachiiftuuf kenname bira darbuun kallattiin gara mana murtii deemuun kan ilaalamu osoo hin taane oliyyaanoo dhaan  kan ilaalan ta'a.

### 3.5 Aangoo Manneen Murtii Dhaddacha Hariiroo Hawaasaa Ciraa dhiyaate irratti qaban

Dhimmootni xiyyeeffannoo addaa boqonnaa kana jalatti argachuu qaban aangoo qaamolee raawwachiiftuu daldala seeraan alaa irratti tarkaanfii fudhachuu fi aangoo manneen murtii dhaddacha yakkaa ragaa ciraa ta'ee mana murtii dhiyaatuun kan wal qabatu ilaaluun murteessaa dha. Kanuma sirriitti hubachuuf akka saamudaatti gochoota daldalli seeraan alaa irratti irra deddebiinraawwataman keessaa dhimmoota buna waliin wal qabatan adeemsa to'annaa fi ciraa qabame irratti murtii seera qabeessa kennuun olaaantummaa seeraa mirkaneessuu waliin kan wal qabatu haa ilaallu.[207]

Dhimmoota falmii hariiroo hawaasaa bunaan wal qabaatnii ka'an kan addatti qaama raawwachiiftuuf hin kennamiin hafan bu'uura labsii lakk.1051/2009 keewwata 21(2) tiin mana murtii fedaraalaa sadarkaa jalqaatii jechuun tumee jira. Haa ta'uyyuu malee buna akkaataa seeraan alaatiin addemsa labsii, dambii fi qajeelfamni qajeelchuun alatti osoo hojjetamuu, kuufamuu fi geejibamuu yoo argame jalqaba qaama bulchiinsaaf erga ilaalamee booda oliyyannoon gara mana murtii akka deemu lansiin 105/2009 kwt.18(5) fi dambiin lakk.433/2011 kwt. 43(10) nii tuma.

Qaamni seera baasu gochoota seeraan alaa buna irratti raawataniin keessattuu ciraa dhimma kanaan qabamu irratti murtii ciraa kana dhaaluu akka mootummaa fedaraalaatti qaama aangoo qabu yookiin akka mootummaa naannootti qaama aangoo qabuun ta'ee koree itti gaafatamaa olaanaan geggefamun ta'a jechuun bifa dirqii(shall) qabuun dambiin lakk.433/2011 kwt 43(6) tumee jira.

> *"Any decision about seized coffee, vehicle, extra load shall be made by a committee led by a high level official of the Authority or the appropriate regional organ of any level."*

Akkasumas,qaamni aangoo qabu akka federaalaattis ta'e akka naannootti hundaa'u qaama mootummaa keessaa enyu ta'uu akka qabu fi adeemsa maalii keessa darbee murtii kennuu akka

[207] Sababni akka saamudaatti labsii bunaa fudhannee akka ilaalu kan barbaachiseef yeroo hedduu dhimmotni buna wajjiin wal qabatan mana murtii jalaa kaasee hanga dhaddacha ijibbaataatti kan ilaalamaa jiruu fi seerota gocha daldala seeraan alaa ittisuuf bahan waliinis keessattu adeemsa tarkaanfii bulchiinsaa fudhatamu Qaamolee bulchiinsaa itti aananii jiraniin ol iyyatamuu fi darbees abbaan dhimmaa yoo komii qabaate adeemsaa gara mana murtii idileetti oliyyatamu kan wal fakkaatu  waan ta'eef barreessaa moojulichaan filatamuu danda'eera.

qabu qajeelfamni lakk.02/2012 kwt. 10.3 jalatti ifatti taa'ee jira. Qaamni buna gochi daldala seeraan alaa irratti raawwatameera jedhamee shakkames gosa bunaa irratti hundaa'uun yeroo seeraan kaa'ame keessatti fi sektara daldalaa sadarkaa sadarkaa jiruun dhiyaatee murtii kan argatu ta'uu seerotni dhimma bunaa kanaan ba'anii jiran kan akkeekan ta'uu tumaa seerotaa kana irraa ni hubatama. Buna seeraan ala jedhame qabame buna dhiyeessii ykn buna gabaa biyya alaaf dhiyaatu yoo ta'e mana kuusaa misooma gabaa Itoophiyaa dhiyoo jirutti qulqullinii fi sadarkaan buna isaa adda ba'ee nagahee seera qabeessaan yeroof galii akka ta'u gochuu dha.

Konkolaataan karaa seeraan alaa buna fe'uun yookiin geejibsiisuun shakkamee qabame hanga qulqullaa'ee murtiin itti kennamutti waajjira poolisii dhiyeenya jirutti qabamee turuu akka qabu ni ibsa.[208] Namni bunni ykn konkolaataan koo seeraan ala na jalaa qabame jedhu sa'aatii 48 keessatti odeeffannoo fi ragaa qaama angoo qabuuf ykn kan naannoo qaama aangoo qabutti dhiyeessuu qaba[209]. Dhimma buna asheeta diimaa ykn buna janfalaa ykn kana faana fe'isa dabalataa waliin konkolaataa qabameen yoo ta'e guyyaa nagahee fudhaterraa kaasee guyyaa hojii 3 keessatti Aanaa ykn bulchiinsa magaalaa sadarkaan jirutti dhiyeeffachuu qaba.

Buna dhiyeessii ykn gabaa biyya alaaf oolu ykn kana waliin konkolaataa, fe'isa dabalataa yoo ta'u guyyaa naga'ee fudhatee kaasee guyyaa hojii 5 keessatti Godinatti ykn sadarkaa Godinaatti bulchiinsa magaalaa qaama aangoo qabutti dhiyeeffachuu qaba. Namni murtii qaamni aangoo qabu sadarkaa sadarkaan kennu irratti komii qabus;

- ❖ Murtii bulchiinsaa dhimma bunaan wal qabatee *Aanaatti murtaa'e* gara *Godinaatti,*
- ❖ Sadarkaa *Godinatti* dhimma buna dhiyeessi ilaalchisee murtii murtaa'e komataan buna dhiyeessaa yoo ta'e qaama dhimmi isaa ilaalu naannootti kan komii isaa dhiyeessu yoo ta'u, Godinatti dhimma buna dhiyeessi ykn buna gabaa biyya alaaf dhiyaatu yoo ta'e fi komataan buna biyya alaatti ergu yoo ta'e qaama aangoo qabu federaalaaf ta'a.[210]

Dhimmoota hundaafuu komiin oliyannoo kan dhiyaachuu qabu guyyaa murtiin kennamee irraa kaasee guyyaa hojii 5 keessatti dhiyaachuu akka qabus dambichi keewwatni 43 tumee jira. Komeen oliyyaannoo qaama bulchinsaa itti aanee jiruun kan cime yoo ta'ee fi namni murtii kenname irraa komii qabu guyyaa galagalchi murtii isa gahe irraa kaasee guyyaa 60 keessatti mana murtii idilee dhimmi kun isa ilaalatutti oliyyata isaa dhiyeeffachuu danda'a. Komataan yeroo isaaf kennamatti

[208] Dambii bittaa fi to'annoo qulqullina bunaa lakk.433/2011 keewwata 43(2)
[209] Isa olii, keewwata 43.
[210] Isa olii.

oliyyannoo hin dhiyeeffanne ykn manni murtii idilee dhimmi isaa ilaallatu murtii jalaa yoo cimse akkamittiin ciraan kun qaama kamiin gurguramee qaama eeruu dhiyeesseef, kan qabee fi mootummaa naannicha bulchu qabameef galii ta'u dambicha keewwata 43(11(bfic) fi akkasumas qajeelfamicha kwt.10.4 irratti tumamee jira.

Egaa tumaa dambiicha keewwara 43(11) irraa kan hubatamu adeemsa oliyyannoon gara mana murtii idilee deemuun murtiin qaama bulchiinsaan kan cimu yoo ta'e murtii dhaddacha yakkaa dhimma daldala seeraan alaan wal qabatee nama yakkicha raawwate jedhamee himatamaa jiru kan eegu akka hin taanee fi akkasumas bilisa ba'uun himatamaa gocha yakkaan himatamee murtii manni murtii dhaddacha hariiroo hawaasaa dhimma ciraa daldala seeraan alaa irratti oliyyannoo ilaalee murtii jalaa cimse irratti dhiibbaa akka hin qabne beekamuu qaba. Haa ta'uyyuu malee yeroo tokko tokko ciraan daldala seeraan alaan qabamee waajjira poolisii jiru seeraan ifatti qaama hojii raawwachiiftuuf seeraan kennamee osoo jiruu sababa A/A ciraa tarree ragaa godhee dhiyeesseef yeroo hanga murtiin yakkaa kennamutti callisee yeroo taa'utu mul'ata. Kun immoo deeggarsa seeraas kan qabu miti.

## <u>Qabxii Marii</u>

1. Dambiin lakk.433/2011 keewwatni 43(6)*: Any decision about <u>seized coffee, vehicle, extra load</u> shall be made by a committee led by a high level official of the Authority or the appropriate regional organ of any level." Gaaleen murtii kamiyyuu (any decision)* kan jettu murtii mana murtii dhaddacha yakkaan dhimma ciraa daladala seeraan alaa irratti ajaja kennus dursuun murtiin qaamolee bulchiinsaa kennamuu qaba jechuu barbaadetuu?, qabiyyee keewwarichaa guutuu isaa kaayyoo fi galma labsii bunaa lakk.1051/2009 waliin wal bira qabuun mari'adhaa.
2. Labsiin lakk.1051/2009 kwt. 21(2) dhimmoota hariiroo hawaasaa ilaallatan mana murtii fedaraalaa sadarkaa jalqabaatti akka dhiyaachuu qabu ni tuma, dhimmoota gocha daldala seeraan alaa buna irratti raawwatamuun wal qabatee ka'u tarkaanfii bulchiinsaa akkaataa dambicha kwt. 43 jalatti fi qajeelfamicha kwt. 5.5(5) murtii qaamni bulchiinsaa kenne irratti oliyyatni nama komateen yoo oliyyatamu *manni murtii idilee dhimmichaaf rogummaa qabu dhimmicha simatee akka ilaalu* ni tuma. Haa ta'uyyuu malee manni murtii rogummaa qabu kun mana murtii sadarkaa jalqabaa akkaataa labsii lakk.1051/2009 keewwata 21(2) irra jiru moo Mana Murtii Olaanaa Fedaraalaati jettanii yaaddu?

3. Murtii qaamni bulchiinsaa murteesse abbaan dhimmaa komachuun gara mana murtii idileetti yoo oliyyatame murtii bulchiinsaa kana yoo jijjiruun murteesse, namni murtii mana murtii oliyyannoon ilaalee murteesse irraa komii qabu komii isaa mana murtii sadarkaa itti aanutti oliyyachuu ni danda'aa?
4. Bu'uura labsii lakk.1051/2009 kwt.21(2) tiin falmii hariiroo hawaasaa bunaan wal qabatu dhimma akkamiitu sadarkaa duraan ykn himata duraan mana murtii sadarkaa jalqabaa fedaraalaa yookiin bakka bu'insaa mana murtii olaanaa naannootti dhiyaata jettu?

Akka waliigalaatti bu'uura dambii lakk.433/2012 keewwata 43(6)tiin buna seeraan alaa kan dhaalu mootummaa naannoo qaama aangoo qabu ta'ee koree itti gaafatamaa olaanaan geggefamuun akka ta'e kaa'a. Qajeelfamni lakk.02/2012 keewwata 10.3(1) tiin bunni seeraan alaan shakkame, konkolaataa, fe'umsi dabalataa seeraan ala ta'uun isaa yeroo mirkanaa'u karaa hojjeettoota to'ataa gabaa fi itti gaafatamaa isaanii akka dhaalamu ta'ee qaama olaanaaf dhiiyaataa jechuun ni tuma. Aakkasumas, bu'uura labsii hojii raawwachiiftuu naannoo Oromiyaa lakk.242/2014 keewwata 32(24) Biiroo Daldalaa caasaa isaa sadarkaa sadarkaa jiruun kan raawwatamu ta'a. Murtii qaamni bulchiinsaa kenne kana seera qabeessummaa isaa qaama komii qabuun yeroo isaaf dhiyaatu oliyyannoon akka ilaaluu qabuu fi himannoo sadarkaa duraa dhimma bunaa gochi daldalli seeraan alaa irratti raawwateera jedhu manni murtii idilee ilaaluuf aangoo akka hin qabne hubachuun bayeessa ta'a.

Akkasumas seeroota akka labsii bittaa horii dhaabbii, labsii gogaa fi kalloo, labsii bulchiinsaa nyaataa fi daawwaa, labsii omishaalee qonnaa oromiyaan wal qabatu, dhimmoota saliixaa fi boloqqee adiin wal qabu, zayitaa fi daakuu mootummaan deeggaramee dhiyaatuu fi kkf wal qabatan tarkaanfi meeshaalee seeraan ala ta'uu isaanii dursa kan ilaalee murtii kennuu qabu qaama raawwachiiftuu waan ta'eef qaamoleen haqaa kana hubachuun dammaqinaan hojjechuu fi seericha hojiirra oolchuu qabu. Dhimma falmii bunaa seena ala qabame jechuun mana murtii olaanaa godina addaa adaamaa irraa ka'ee mana murtii wliigala fedaraalaa ga'e hubannoof akka tolutti itti aansuu haa ilaallu.

**<u>Dhimma 27ffaa</u>**

Falmiichii kan eggalee sadarkaa mana murtii Ol'aanaa Godina Addaa Adaamaa irraa yoo ta'uu, himatamtootni Tuujii Hajii, Zaynabaaa Sa'iid fi Balaaynash Tashoomaa kan jedhaman waliin ta'uu himannaa himatamaa Waajjira qonnaa fi Qabeenya uumamaa aanaa adaamaa irratti dhiyeesaniin''nuti hojii daldala qinixaaboo fi jumulaa buna irratti haayama baasnee waan boobaaneef buna kuntaala 60 dhiyeesaa seera qabeesaa irraa Finfineetti bitnee konkolaata lakk.

gabatee 3-98394 irratti bakka tokkotti fe'anee osoo gara Godina Arsii Magaalaa Sireetti geejibsifachaa osoo jiruu konkolaatichi waan garagaleef konkolaachisaan nagaheewan bunicha ittin bitnee qabatee waan milqeef nutis bunnii yeroo nu bira gahuu qabuutti waan hin geenyeef yoo barbaadnuu konkolaataan gargaluu isaa dhageenyee wajjirrii Poolisiis buunicha gara waajjira himatamaatti galchuu isaa waan hubaneef wajjirra himatamaa yoo gaafanuu waan didaniif bunichuma yookiin tilmaama gatii bunichaa kuntaala 60 qarshii 517,495.00 akka nuuf kafalamuu''jechuun himanaa dhiyeesaniruu.

himatamaan immoo deebii mana murtiitti dhiyeesaniin moormii sadarkaa duraa dhimmicha jalqaba qaama buulchinsaa biratti osoo hin iyyatiin kalatiin mana murtiitti dhiyeesuun kan hin danda'aamne ta'uu ibsuu dhiyeesani,deebii falmii muumee dhiyeesaniin waajjirrii isaani bunnii himattoota irraa kan hin fudhanee fi hin to'annee ta'uu, bunni seeraan ala to'atamu Gabaa Jiduu Galeesaa( ECEX)tti ni ergama jedhanii waan yaadaniif haayama daldalaa waan qabaniif qofa himanaa kan dhiyeesan malee bunii isaan gabaa jiduu galeesaaf dhiyaachuu isaa ragaa agarsisuu kan hin dhiyeesinee ta'uu,wajjirrii Poolisii bunii waajjira isaanitti galii godhee kuntaala 59 qofa ta'uu ibsuun falmaniruu.Waajirri poolisis ibsa mana murtii jalaatti kenneen konkolaataan gargaluu oddeffannoon konkolaataan gargaluu dhaqabee miseensoonii Poolisii bakka balaa yoo gahaan konkolaatichi buna fe'ee waliin gargaluu isaa fi bakka sana kan ture nama gargaaraa konkolaachisaa dha jedhu qofa ta'uu isaa,yoo isa gaafataniis bunni fe'amee kan seera qabeesa haa ta'uu kan seeraan ala waan beekuu kan hin jire ta'uu itti himuu isaa,namnii bunnii kiyya jedhu yeroo sanatti kan hin dhiyaane waan ta'eef buniicha wajjira himatamaatti galii gochuu isaa ibseera.

Manni murtii olaanaas mormii himatamaatiin ka'e bira darbuun, bitaa mirga falmisisuun ragaa namaa d/kennittoota ammaa dhaga'uun,guyyaa ragaan dhaga'aamee himatamaan waan hin dhiyaaneef mirga ragaa dhiyeesuu isaani bira darbuun fi guyyaa ragaa namaa dhaga'uuf bellamameeti waan haafanif ragaa himattootaa qofa dhaga'uun murtii kenneen bunii d/kennitootaa kan seeraa qabeesaa ta'uu ragaadhaan huubachifameera waan ta'eef himatamaan akka himattootaaf tilamama bunichaa akka kaffalu kafalu murtesseera.

Himatamaanis murtii mana murtii olaanaatiin kenname komachuun, mana murtii waliigala oromiyaa dhaddacha dhaabbii bahaatti dhiyeeffateen, dhimmichi ni dhiyeessisa jedhamee manni murtii bitaa mirga erga walfalmisisee booda dhaddacha gaafa guyyaa 28-05-2011oleen galmee kana irratti murtii kenneen bu'uura dambii 161/2000 labsii 602/2000 rawwachisuuf baheen qaama

ilaalatuu biratti iyyachuudhaan murtii buulchinsaa kennamuu irraa ol’iyyachuun malee kalattiin mana murtiitti himachuun hin danda’amu jechuun murtii mana murtii jalaa diiguun murtesseera.

Himattootni murtii manni murtii waliigalaa dhaddacha dhaabbii bahaa kenne komachuun mana murtii waliigala feederaallatii ol’iyyatanii manni murtii waliigala feederaalaas lakk.galmee 17365ttin dhaddacha gaafa guyyaa 27-05-2012 oleen murtii kenneen labsiin 602/2000 labsii 1051/20009 ttin kan haaqamee waan ta’ee fi Bu’uura labsii 1051/20009ttin falmii Haariroo Haawasaa Buna ilaaluuf manni murtii sadarkaa duraa Feederaalaa waan angeefameef labsii haaqamee fayyadamuun murtiin manni murtii ammaa kun kennee sirri miti jechun murtii manni murtii ammaa kun galmee kanaan kennee turee haaquun dhimmicha qajeelfamaan mana murtii waliigala oromiyaa dhaddacha bahaatti akka dhimmicha ilaalu ajajeera.

Komii Ol’iyyannoo himatamaan duraanii Ol’iyyataan ammaa gaafa guyyaa 02-12-2010 barresuun mana murtii waliigalaa oromiyaatti dhiyeesan gabaabinaan; namnii buna socho’osuu kamuu haayama darbiinsa qabachuun dirqama ta’ee osoo jiruu fi konkolaachisaan himatamtootaa haayama darbinsaa waan hin qabneef baqatee osoo jiruu manni murtii jalaa ijoo kana bira darbuun murtii kennuun isaa dogongoora dha, wajjirrii poolisii bunii qabamee ragaa tokko ille hinqabnee buna seeraan ala gejibsisfamaa turee ta’uu gargaara konkolaachisaa irraa qulqulleesee booda bunii erga qabamee booda kan turuu ta’uu kan miidhamuu waan ta’eef gara ECEXtti erginee kan gurguramee ta’ee osoo ragaa nagahee sobaa d/kennittoon ammaa dhiyaasaniin akka kafalluu murtaa’uun isaa sirri miti, Bunnii falmiif sababa ta’ee buna seeraan ala ragaa tokko illee kan hinqabnee ta’uu hubatamee murtiin mana murtii jalaa akka nuuf haaqamuu’’jedhaniruu.

Abbukkattoon d/kennitoota ammaa Falmii mana murtii ammaati dhaga’aamee irratti yoo falman‘’deebii kennittooni haayama bunaa seera qabeesa ta’ee waan qabaniif nagaheedhaan Finfinee irraa bitanii konkolaachisaatti kennaniin osoo konkolaachifamuu konkolaataan gargalaan konkolaachisaan Wajjira Poolisii deemee iyyanaan isa galakisanii yoo immo abbootiin qabeenya kaafachuuf jedhan Wajjirrii Poolisii Ol’iyyataatti dabarsee kennee malee buna seeraa ala miti jedhaniruu.

Manni murtiis, falmii godhame kana seerota rogumaa qaban waliin qorachuun ol’iyyataan ammaa deebii gaafa guyyaa 07-09-2010 baraa’een falmii mana murtii jalaatti dhiyeeseen buna falmiif ka’uumsa ta’ee waajjirrii Poolisii qabee isaan biratti akka geesee ibsuun haa falman malee bunii qabamee sababa haayama darbinsaa ykn haayama daldalaa dhabuu isaatin kan qabamee ta’uu ibsanii waantii falman waan hinjireef mana murtii ammaa kanatti falmii ol’iyyannoo dhiyeesaniin

falmiin himattota jalaa/d/kennittoon ammaa haayama daldalaa fi haayama darbinsaa hin qaban jechuun falmiin kaasan falmii haaraa mana murtii jalaatti hinkaa'anee waan ta'eef falmii gama kanaan mana murtii ammaa kanatti dhiyeesan bu'uura SDFHH kewa 329(1)ttin kufaa godheera.Falmiin gama kanaan mana murtii kanatti dhiyeesan falmii haaraa ta'uun isaa akkuma eggameetti ta'ee Wajjirrii Poolisii buna to'atee ol'iyyataa ammaatti dabarsee kennee mana murtii jalaatti jiduu lixaa ta'uun falmii kessa seenee yoo falmuu kan ibsee konkolaataan buna falmiif ka'uumsa ta'ee fe'ee turee gargaluu isaatin fi konkolaachisaanis miliquu isaatin buna konkolaataa waliin gargalee kaasuun gara Ol'iyyataa ammaatti akka dabarsan kan ibsan yoo ilaalluu bunii falmiif ka'uumsa ta'ee kan qabamee Konkolaataan gargaluu isaatin fi konkolaachisaan naannoo sanat argamuu dhabuu isaatin waan ta'eef falmiin ol'iyyataa ammaa bunii seeraan ala yoo socho'uu qabamuu isaatin kan to'atamee ta'uu ibsuun falmiin dhiyeesee fudhatamumaa hinqabuu jechuun oliyyataan gatii bunaa kafaluuf itti gaafatamumaa qaba jechuun murtii mana murtii olaanaa cimsee jira.[211]

## **Gaaffii marii**

1. Himattootni bunni keenya seeraan ala nu jalaa qabameera jechuun bu'uura labsii lakk.1051/2009 tiin kallatimaan mana murtii idileetti himata dhiyeessuu ni danda'uu? Murtii mana murtii Go/Addaa Adaamaa dhimmicha Sadarkaa duraan ofitti fuudhee ilaaluum murtii kenne tumaa labsii armaan olii waliin akkamittin madaaltu?
2. Murtiin nama murtii waliigala oromiyaa dhaddacha dhaabbii bahaa oliyyataan isaaf ilaaluun bu'uura Dambii labsii lakk.602/2000 raawwachiisuuf ba'ee lakk.161/2000 caqasuun manni murtii idilee dhimma bunaa seeraan ala qabameera jedhamee abbaa dhimmaan dhiyaatu sadarkaa duraan ofitti fuudhee ilaaluuf aangoo hin qabu jechuun murtii mana murtii jalaa diige akkamittin madaaltu, tumaa labsichaa rogummaa qabu kaasuun mar'adhaa.
3. Murtii manni murtii waliigala fedaraalaa murtii manni murtii waliigala naannoo murteesse labsiin 602/2000 labsii lakk.1051/2009tiin haqamuun falmii bunaa manni murtii sadarkaa jalqabaa dhimma hariiroo hawaasaa waliin wal qabatu ofitti fuudhee akka falmisiisuu danda'uuf aangeffamee waan jiruuf labsii haqameen manni murtii waliigalaa oromiyaa murteessuun sirrii miti jechuun muricha haquun falmisiisee akka murteessu gochuun isaa sirrii dha jettuu? Labsii lakk.1051/2009 keewwata 18 waliin akkamittiin madaaltu?

[211] Murtii Mana Murtii Waliigala Oromiyaa Dgaddacha Bahaa, lakk galmee 294869 dhaddacha gaafa 12/08/2013 ooleen kenname.

4. Waajirri poolisii konkolaataa buna fe’uun osoo konkolaachaa jiruu buna fe’ee galagale osoo of bira tursee ragaa jiru qulqulleessuun abbaa qabeenyaaf deebisuu danda’uu maaliif waajjira qonnaa fi qabeenya uumamaa geessuun barbaachise jettanii yaaddu?osoo balaa qaqqabeen lubbuun namaa darbee konkolaataan gara waajjira himatamaa nii deemaa laata?
5. Bu’uura labsii lakk.1051/2009tiin namni hayyama daldalaa jimlaafi qinxaaboo qabu daldalaa dhiyeessaa irraa bituun osoo sanada geggeesituu abbaa taayitaa dhimmicha hoogganu irraa hin fudhatiin yookiin hin qabaatiin hayyama daldalaa qofaan geejibuu ni danda’aa?
6. Konkolaataan buna magaala finfinnee daldalaa dhiyeessaa irraa daldaltoota jimlaafi qinxaaboo qabuuf hayyama daldalaa qofaan osoo geejibaa jiruu sababa galagaleef qofaa sanuu konkolaachisaan konkolaaticha oofu miliqee osoo jiruu geejibsiisa sanada malee raawwatamaa ture seera qabeessa ni taasisa jettanii yaadduu? Akkasumas Qaamolee bulchiinsaa buna karaa seeraan alaa socho’aa osoo jiruu balaa kufaatii konkolaataa sanarra ga’een odooffannoo argataniin buna to’achuun tarkaanfii bulchiinsaa irratti fudhachuu seerri isaan dhorku jiraa?
7. Sirrummaa murtii mana murtii waliigalaa oromiyaa dhaddacha dhaabbii bahaa murtii mana murtii olaanaa cimsuun murteesse bu’uura labsii lakk.1051/2009tiin keewwata rogummaa qabu waliin kaasuun mari’adhaa.

Egaa dhimma armaan olii yeroo labsii rogummaa qabu waliin ilaallu jalqabuma bunni akkaataa labsii lakk.1051/2009tiin bittaa fi gurgurtaa bunaa, haala qophii bunaa, buna kuusuu fi geejibuu bunaa waliin adeemsa seeraan/labsiin taa’een ala kan raawwatame yoo ta’e daldala seeraan ala buna irratti raawwatame dha jechuu akka dandeenyu tumaa labsichaa gutummaan yeroo dubisu kan hubatamu dha. Akkuma dhimma armaan olii irraa hubatamu, himattootni hayyama daldalaa jimlaa fi qinxaaboo qabaniiniin daldalaa buna dhiyeessu irraa kan bitan dhimma dhiyaaterraa ni hubatama. Haa ta’uyyuu malee daldalaan hayyama daldalaa jimlaa fi qinxaaboo qabu keessumaa daldalaan jimlaa buna kan bituu danda’u gabaa gidduu galeessa (ECEX) irraa akka bituu qabuu fi yeroo bunicha geejibu hojjettota abbaa taayitichaatiin piloompiidhaan saamsiisisuun sanada gaggeesituu qabachuun yeroo qaama aangoo qabuun gaafatamus agarsiisuuf akka dirqama qabu labsichi keewwatni 2(29) fi 11(5) wal duraa duubaan tumee jira. Haa ta’uyyuu malee yeroo gara dhimma armaan oliitti deebinu jalqabumaa konkolaachisaan yeroo konkolaataan galagalu gargaaraa isaa achitti dhiisee baqachuun yeroo qaamni nageenyaa bakka konkolaataan galagale gahanii ilaalan gargaaraan sanada seera qabeessummaa buna geejibamaa jiru gaafatamu akka hin agarsiifnee fi

boodarras abban qabeenyaa kan dhiyeesse hayyama daldalaa fi sanadaa bittaa malee bunni qabame buna ECEX irraa bitaamuu fi hojjettoota abbaa taayitichaan pilppmpiin saamsamee sanadni bobbii kennamee bobbaafamuu osoo hin dhiyaatiinii fi hin mirkanaa'iin bunni geejibamaa jiru seera qabeessa jechuun mana murtii godina addaa Adaamaan kennamee fi mana murtii waliigala oromiyaa dhaddacha dhaabbii bahaan murtiin cime labsicha kan bu'uureffate miti.

Qabxiin inni biroon, dhimoota aangoo tarkaanfii bulchiinsaa qaamolee bulchiinsaaf bu'uura labsii lakk.1051/2009 keewwata 18tiin kennamee fi dhimmoota labsichuma keewwata 21 jalatti dhimmoota hariiroo hawaasaa buna waliin wal qabatu mana murtii sadarkaa jalqabaaf kennamee jiru kana wal duraa duubaan dhima armaan olii waliin wal bira qabnee kan ilaallu ta'a. Murtii armaan olii keessatti murtii manni murtii waliigala oromiyaa dhimma aangoo bulchiinsa ta'uu qaba jechuun murtii jalaa diige manni murtii waliigala fedaraalaa labsiin 602/2000 labsii lakk.1051/2009tiin haqamuun manni murtii sadarkaa jalqabaa fedaraalaa dhimma falmii hariiroo hawaasaa ilaaluu waan danda'uuf M/M/W/Oromiyaa dhimmicha ofitti fuudhee ilaaluu qaba jechuun gadi deebisee jira. Dhuguma akkuma manni murtii waliigala fedaraalaa xiinxala isaa keessatti caqase manni murtii fedaraalaa sadarkaa jalqabaa falmii hariiroo hawaasaa ofitti fuudhee akka ilaaluu danda'u keewwatni 21 ni tuma. Haa ta'uyyuu malee dhimmuma bunaa kanaan wal qabatee bunni karaa seeraan ala ta'een bittaa fi gurgurtaan yoo raawwatame, haalli qophii bunaa fi gejibsiisi bunaa haala labsichi kaa'een ala kan raawwatamu yoo ta'e qaamoleen bulchiinsaa akka tarkaanfii bulchiinsaa fudhatan keewwata 18 jalatti tumee jira. Kanaaf tumaa labsii kana hojiirra oolchuun seera baastuun tumaa walitti bu'u lama ni baasu jedhamee waan hin tilmaamamneef kaayyoo fi galma labsichaa gidduu galeessa godhachuun hiikuun murteessaa dha. Labsichi keewwata 18 jalatti tarkaanfii bulchiinsaa qaamoleen aangoon kennameef akka fudhatan kaa'uun haalli raawwii isaa garuu ifaan kan hin tumammnee fi dambii bahuun yookiin jiruun kan fala argatu ta'a jechuu dha. Yeroo dhimmi armaan olii mana murtii dhiyaatetti dambiin labsii lakk.1051/2009 raawwachiisuuf haaraan kan hin baane ta'uu fi dambiin labsii lakk.1051/2009 raawwachiisuuf bahe yeroo amma hojiirra jirus lakk.433 bara 2011 kan ba'e ta'uun isaa beekamaa dha. Asitti wanti sirriitti hubatamuu qabu labsiin lakk. 1051/2009 keessatti qajeeltoowwan taa'an hanga dambiin haaraan bu'uura labsichaan ba'utti dambii dura ba'e jechuun dambii lakk161/2000 seerri fayyadamuu nama dhorku jiraayii? Bu'uura labsii lakk.1051/2009 keewwata 22(2) tiin dambiin lakk.161/2000 labsicha waliin hanga walitti hin bunetti bu'uura labsii kanaa keewwata 18 fi dambii duraanii lakk.161/2000 keewwata 22tiin yommuu ilaalamu murtii manni murtii waligalaa manni murtii idilee dhimma kana sadarkaa duraan ofitti fuudhee ilaaluuf aangoo hin qabu jechuun

murteesse bu'uura labsichaa kan qabu fakkaata. Sababni isaas dambiin lakk161/2000 kan guutummaan guutuutti kan haqame dambii lakk.433/2011tiin waggaa tokkoo booda waan ta'eef osoo dambii kanaan hin haqamiin dura hanga labsii lakk.1051/2009 walitti hin buunetti raawwatinsa akka qabaatuuf keewwatni 22(2) tiin fi hiikkoo seeraatiin hojiirra oolchuu seerri dhorku waan jiru miti.

### 3.6.Aangoo Manneen Murtii dhaddacha yakkaa Ciraa Dhiyaate irratti Qaban

Uumamumaan dhimmootni hariiroo hawaasaa fi dhimmootni yakkaa amala addaa seeri yakkaa qabu irraan kan ka'e eegumsi lammilee mirga isaan gonfatan akka seeraan itti fayyadamaniif, akkasumas adabbiin yakkaa lubbuu, bilisummaa dhabsiisuu yookiin daangessuu, mirga qabeenya fayyadamuu dhiphisuu waan danda'uuf dhimmoota hariiroo hawaasaa irraa addatti immaammata haqa[212] yakkaa, seera yakkaa fi seera deemsa falmii yakkaa[213] mataa isaa danda'een geggeffamaa jira. Imaammata haqa yakkaa Itoophiyaa keewwata 3.20(h) fi akka naannoo keenyaatti, labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa Oromiyaa fooyyeesuuf ba'e lakk.236/2013 keewwata 2(7) jalatti labsii lakk.214/2011 keewwata 7(22) fooyyessuun yoo tumu adeemsa qorannaa yakkaa fi murtii haqaa kennisiisuu keessatti meeshaalee ciraa akka ragaatti qabaman irratti qajeelfama yookiin murtii seeraa barbaachisaa ta'e ni kenna jecha.[214] Akkasumas Maanuwaaliin yakkoota addaa addaa Biiroo A/A Waliigalaa keewwatani 90(10) A/A yeroo galmee sdfy kwt.42(1a) tiin shakkamaa irraa galmee yeroo cufu, galmichaan wal qabatee ciiraan yoo jiraate ciricha irratti murtii akka kennuuf seeraan qaama biraaf kan kenname yoo ta'e dhimma ciraa qofaa irratti qaama aangoo qabuuf akka murtii irratti kennu akka qajeelchuu qabu ni akeeka.

Gama biroon immoo, galmeen qorannoo isaa xumuramee dhimma ciraan wal qabatu himata Abbaa Alangaa irratti tarree ragaa ta'ee mana murtiitti guyyaa dhiyaaterraa kaasee to'annaa fi beekamtii mana murtiitiin kan turu ta'uu[215]fi dhimmi ciraa kunis murtii xumuraa kan argatu gaafa manni murtii murtii xumuraa kenne ta'a jechuu dha.[216] Haa ta'u iyyuu malee Abbaan alangaas ta'e Manni murtii aangoo kana kan qabaatu dhimmoota ciraan wal qabatee qaama biroof seera rogummaa qabuun addatti kan hin kennamne yoo ta'e ta'uun beekamuu qaba. Sababani isaas bu'uura seera rogummaa qabuun dhimma ciraa qabamu irratti dursa akka seera qabeessummaa isaa ilaalee murteessuuf qaama biraaf yoo kennamee jiraate murtiin qaama bulchiinsaa sanaan kennamuu fi

---

[212] Imaammata haqaa yakkaa Itoophiyaa bara 2003 raga'ee ba'e.
[213] Seera yakkaa bara 1996 ba'ee fi seera deemsa falmii yakkaa bara 1954 ba'e 33(3) fi 97 ilaaluu ni dandeenya.
[214] Labsii mana hojii A/A waliigala Oromiyaa lakk.214/2011 fooyyessuuf ba'e lakk236/2013
[215] Seera deemsa falmii yakkaa keewwata 97 , wixinee seera deemsa falmii yakkaa fi ragaa keewwata 90
[216] Seera yakkaa bara 1996 ba'e keewwata 98 fi 140.

qaamolee haqaan kennamu garaagara yoo ta'e raawwii irratti nama rakkisuu waan danda'uufi dha. Murtiin wal faalleessu dhimma tokko irratti qaama garaagaraan kan kennamu yoo ta'e murticha raawwachiisuuf murtii isa kamtu bu'uura seeraa qaba kan jedhu ilaaluun dirqama waan ta'uuf rakkoo kana keessa osoo hin galiin qaamni murtii kennuuf aangoon kennameef sadarkaa duraan murticha murteessuuf seerri na aangesseera moo miti kan jedhu dursa kan ilaalamuu qabu dha.

Himata yakkaan wal qabatee ciraa gochi daldala seeeraan alaa irratti raawwatameera jedhamee nama gocha yakkaa raawwate irratti himata yakkaa Abbaan Alangaa qopheessuun mana murtii dhiyeessu ciraa sadarkaa duraan fudhee seeraan alummaa ciraa qabame qaama biraaf kenname osoo qaamni kun tarkaanfii seeraan hin fudhatiin ciricha tarree ragaa fi dhuma irratti manni murtii ajaja akka itti kennuuf mana murtii dhiyeessuu irratti manni murtii ajaja kennuu fi dhiisuun wal qabatee ogeessa seeraa bira ejjennoon wal fakkaataan hin jiru.

Akkuma beekamu ciraan tarree ragaa Abbaa Alangaa ta'ee mana murtiitti kan dhiyaatu waan gurguddoo lamaaf oola jedhamee yaadama. Inni jalqabaa jalqabumayyuu ciraan bu'aa yakkaati jedhamee qorannaa yakkaa keessatti adda ba'e murtii Abbaa Alangaatiin akka ragaatti ijoo dubbii koo naaf mirkaneessa jechuun tarree ragaa qabatamaa (real evidence) ta'ee kan dhiyaatu yoo ta'u, as jalatti dirqama ragaa dhiyeessuu fi mirkaneessuu dhimma yakkaa irratti seeraan Abbaa Alangaa irratti gatame ba'achuuf adeemsa demamu ta'uu qalbeeffatamuu kan qabu dha. Maanuwaaliin yakkoota adda addaas haala ittiin ciraa akka ragaatti dhiyessuu danda'amu irratti keewwata 107(3)tiin ciraa amala addaa ciraan sun qabuun mana murtiitti dhiyeessuun kan hin danda'amne ta'uu A/A hubannaan suura kaasuudhaan, viidiyoodhaan waraabuun yookiin sanada dhimmicha ibsuu danda'aniin deeggaramuu isaa ibsa ragaa keessatti mirkaneessuun mana murtiitiif ibsuutu irra jiraata jechuun ibsee jira. Dhimmoota ciraan mana murtiitti akka manni murtii akka ragaatti fayyadamee dhuma irratti murtii irratti kennuu kan hin dandeenye ciraawwan daldala seeraan alaa irratti geggeefamee ciricha irratti murtii kennuu qaama hojii raawwachiiftuuf kan kenname yoo ta'e dha.

Inni biraa fi kan baayyee murteessaa ta'e ciraa dhiyaatu irratti manni murtii, murtii seera qabeessa ta'e akka irratti kennuuf kan dhiyaatu ta'uu hubatamuu kan qabu dha. Manni murtiis ragaa Abbaan Alangaa kan nama, barreeffamaa fi ragaa ciraa dhiyaate mirkaneessuu fi dhabuu adda baasuun eraga murtii barbaachisaa himatamaa irratti kennee booda kan itti aanuu qabu ciraa dhiyaate kana irratti murtii bu'uura seeraa kennuuf seerri na aangessu jira moo miti kan jedhu eeggannaa guddaan

kan ilaalamuu qabu dha jechuun hayyootni seeraa jabeessanii kaasan ni jiru.[217] Ciraan kan dhaalamu akkaataa seera yakkaa keewwata 98 tiin ulaagaa kan guutu yoo ta'e qofaa akka ta'e ni tuma. Dhimma ciraa kana irrattis adeemsa murtii ciraan wal qabatuun akeektuu wayii seerri deemsa falmii keewwatni 97 kaa'ullee, wixineen seera deemsa falmii yakkaa fi ragaa mana maree ministeerotaan mirkanaa'ee bakka bu'oota uummataan mirkaneeffamuu eeggachaa jiru keewwatni 90(6) jalatti ciraa mana murtiitti dhiyaatuun wal qabatee manni murti akka waan filannoon murteessuu danda'uutti caqafamee jira. Kana jechuun akka tumaa wixinee seerichaatti ciraa dhiyaatu irratti kan dirqamaan murteessu osoo hin taane akka haala isaatti, seerota biroo waliin wal bira qabee qaama biraaf hin kennamne yoo ta'e kan ciricha irratti murteessu kan kanaan achi garuu akka waan dhiisuu danda'uun jecha amaariffaa (fird betu liwasin yichilal, discretionaery power of the court) jechuun ka'ee jira.

Akkuma beekamu ciraa gocha daldala seeraan alaatu irratti raawwatame jedhamee qamolee bulchiinsaan murtiin haa dhaalamu yookiin hin dhaalamani kan jedhu osoo hin kennamiin gara mana murtii idilee dhaddacha hariroo hawaasaan akka ilaalamuu hin qabne seerotni[218] hedduun tumaanii waan jiraniif kan falmiif ka'umsa ta'u miti. Haa ta'uyyuu malee dhiima himannaa yakkaa irratti gochi daldala seeraan alaa raawwateera jedhamee nama himatameen wal qabatee tarree ragaa irratti ciraan caqafamee yoo jiraate manni murtii himatamaa qofaa irratti itti gaafatamummaa yakkaan kan wal qabatu murteessa moo ciraas itti dabalee ajaja barbaachisu kannuu qaba moo hin qabu kan jedhu irratti ogeessa seeraa bira ejjennoo gara garaatu jira. Ejjeennoon inni tokko, himannaa yakkaa himatamaa tarree ragaa isa irratti ciraa(exibhibit) qabatee dhiyaateen wal qabatee manni murtii ragaa himatamaa irratti dhiyaatee fi ragaa faccisaa ilaaluun himatamaan balleessaa yakkaa qabaachuu fi dhiisuu isaa qofaa ilaalee murteessuun, dhiima ciraan wal qabatu seeraan qaama biroof(qaama bulchiinsaaf) kennamuu fi dhiisuu seerota dhimmichaaf rogummaa qaban sakatta'uun yoo qaama biroof kennamuu seerri akeeku jiraate kanuma caqasuun qaamuma bulchiinsaa kanaan akka ilaalamu qajeelchuun bira darbuu qabaa jechuun ogeessotni seeraa ejjennoo kana tarkaafachisan nii jiru. Sababni isaan kaasanis manneen murtii biyya keenyaa aangoo hundee dubbii dhimma tokko ilaaluuf kan kennamuuf seeraani waan ta'eef seeraan ciraa daldala seeraan alaa waliin wal qabatuun qaama biroof kennameera taanaan manneen murtii dhimmicha ilaaluu hin danda'anii jedhu. Fakkeenyaaf, labsii to'annaa qulqullina fi bittaa bunaa lakk.1051/2009

[217] Obbo Dassaaleny Biraanuu leenjisaa seeraa fi Abbaa Seeraa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa marii dhimma kanaan taasifne irratti yaada kennani irraa kan fudhatame dha.

[218] Labsii bunaa, labsii bittaa horii dhaabbii, labsii gogaa fi kalloo, labsii oomishaalee qonnaa oromiyaa, dambii salixaa fi boloqqee adii, qajeelfama zayitaa fi kkf fudhachuu ni dandeenya.

keewwata 18(5 fi 6), dambii labsicha raawwachiisuuf bahe lakk.433/2011 keewwata 43(6) fi labsii oomishaalee qonnaa naannoo oromiyaa lakk.234/2013 keewwata 24(2) kaasuun falmu. Itti dabaluunis yaada isaanii adeemsi mirkaneessa ragaa dhimmoota bulchiinsaa fi mirkaneessi ragaa yakkaa garagara kan ta'ee fi kaayyoo fi galmi tarkaanfii bulchiinsaa fi seera yakkaa illee gara gara waan ta'eef walitti qabamanii iallalamuu hin qabanii, yoo bifa addaan akka ragaa qabatamaatti (real evidence) fayyadamuun barbaachisaa ta'ee yoo argame qofaa dha malee Abbaan Alangaa ciraa kana akka tarree ragaatti fayyadamee dhiyeessuuf dirqama hin qabuu jedhanii yaadasaanii jabeessanii falmu. Akkasumas kan ciraa godhee dhiyeessu ta'ee fi manni murtii akka mootummaaf galii ta'u kan ajaju yoo ta'e mirgi namoota eeruu daldala seeraan alaa kennanii fi qaban akkam ta'a? kan jedhu waan hin deebisneef dhimmi dladala seeraan alaa waliin wal qabatee adeemsa bulchiinsaan ilaalamee osoo mirgi namoota eeruu kennee fi qabee ilaalamee gaarii ta'a.

Akkasumas ciraa daldala seeraan alaa waliin wal qabatee himata Abbaa Alangaa irratti akka ragatti dhiyaachuun akka manni murtii ajaja irratti kennu kan gaafatamu yoo ta'e sababa adda addaatiin galmeen yakkaa dhaddacha irraa kan cufamu yoo ta'e galmeen murtii xumuraa osoo hin argatiin ciraa irratti ajaja barbaachisu kennuun waan nama danquuf ciraan gochi daldalli seeraan alaa irratti raawwatame tarkaanfiin atattamaa fudhatamee akka gabaa irra hin oolle gufuu ta'uu waan danda'uuf ciraa qaama biroof tarkaanfiin bulchiinsaa akka irratti fudhatu seeraan angeffame gara mana murtiitti dhiyeessuun hin gorfamuu jedhu.

Manni murtii yeroo baay'ee murtii balleessummaa kennee qabenyi ciraan qabame mootummaaf galii haa ta'u jedha malee dhimma namoota gocha daldalli seeraan alaa raawwachuu eeruu dhiyeessanii fi qaban callisuun yeroo bira darbutu mul'ata, kun immoo gocha daldala seeraan alaa hirmaannaa uummataan ittisuu gaaffii keessa galchuun kaayyoo fi galmi labsiiwwan daldala seeraan alaa dhorkuuf ba'aniif danqaa ta'uu ni danda'a jedhu.

Yaadi kunis ogeessa seeraa dhimma daldala seeraan alaa irra waggaa baayyee hojjechaa turee[219] fi kallattii godina wallagga lixaa irra dhimmootni yakkaa daldala seeraan alaa keessattuu buna waliin wal qabatan dursa ciraa irraa saamudni suurri erga fudhatamee booda qaama aangoo qabuun tarkaanfiin bulchiinsaa fudhatamee ibsi barreeffamaa yeroo Abbaa Alangaaf ergamu Abbaan Alangaas kanuma tarree ragaa barreeffamaa irratti barreeffama qaama aangoo qabu irraa ciraa irratti tarkaanfiin bulchiinsaa fudhatamuu ibsu bu'uura maanuwaalichaatiin[220] mana murtii aangoo

---

[219] Obbo Iddoosaa Badhaasaa , Abbaa Alangaa Abbaa Adeemsa hojii yakkoota adda addaa odina wallagga lixaa, akkasumas abbootiin alangaa Teedroos Gaaddisaa, Wandimmuu Laggasee fi Bookaa Taaffasee .

[220] Maanuwaalii yakkoota adda addaa biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa kan bara 2012 ba'e keewwata 107(3)

qabuuf himannaa isaa waliin dhiyeessuun kan himatamtoota adabsiisaa jiru ta'uu dhimmootni armaan gadiitti itti ansuun kaasnu ni agarsiisu.

**Dhimma 28ffaa**

Falmii Abbaan Alangaa Godina Wallagga lixaa fi himatamtoota Dassaalany Shifarraa faa namoota 2 gidduu tureen, himatamtootni kun konkolaataa gosti ishee Bajaajii taate irratti buna qishiraa seeraan alaa kiiloo giraama 230 ta'e fe'anii osoo geejibaa jiranii qabamaniiru jechuun himannaa mana murtii Godina Wallagga Lixaatti lakk. galmee A/A Go.09273 tiin seera yakkaa keewwata 32(1a) fi labsii bunaa lakk.1051/2009 keewwata 19(10) irra darbaniiru jechuun himateen ragaa namaa suuraa fi ragaa ciraa ilaalchisee qaamni aangoo qabu seeraan ala jechuun dhaaluu kan ibsu ibsa ragaa barreeffamaa tarree ragaa keessatti ibsuun ragaa namaa qabu waliin himannaa dhiyeesseen Manni murtichaa ragaa isaaf dhiyaate kana xiinxaluun murtii balleessummaa himatamtoota irratti kennee jira.[221] Akkasumas bifuma wal fakkaatuun lakk. Galmee A/A Godina Wallagga Lixaa. 09317 [222]Mana Murtii Godinichatti ciraan mana murtiitti osoo hin dhiyaatiin ilaalamee murtiin balleessumaa kenname kanuma jabeessa.

Gama biroon immoo Abbaan Alangaa beekes ta'u dogoggoraan himata yakkaa tarree ragaa ciraa qaama bulchiinsaan dhaalamuu qabu osoo hin dhaalchisiin Mana Murtii idileetti fide jennaan mana murtii himatamaa irratti murtii itti fakkaate kennuun dhimma ciraa waliin wal qabatus murtii fi ajaja itti fakkaatu kennuu seerri dhorku hin jiruu jechuun ogeessitni seeraa falman ni jiru. Sababni isaanis labsiiwwan hedduu[223] isaanii yoo ilaallu kutaa adabbii keessatti yakkicha yeroo ibsee adabbii tarreessu qabeenyi oomishnii yookiin meeshaan gochi seeraan alaa irratti raawwatame dhaalamuun akkuma jirutti ta'ee jechuun adabbii gocha yakkaaf taa'e tumuun isaa abbaa seeraa adabbii ilaallatuun adabee ciraa irratti ajaja kennuu kan dhorku hin jiru jedhu. Kanaaf manni murtii ciraa irratti murteessuu kan danda'u yeroo himata Abbaa Alangaa irratti akka ciraatti yoo dhiyaatee fi dhimma ciraa sanaan murtiin hin kennamne yoo ta'e dha jechuun yaadicha tarkaanfachiisu. Yaaduma kana kan cimsu murtii manneen murtiitti dhiyaatanii murtii xumuraa argatan kana itti aanuun haa ilaallu.

---

[221] Abbaa Alangaa Godina Wallagga Lixaa fi himatamtoota Dassaaleny Shifarraa gidduu lakk. galmee A/A 09273tiin falmii yakkaa Mana Murtii Godina Wallagga Lixaatti taasifame dha.

[222] Falmii yakkaa Abbaa Alangaa godina wallagga lixaa fi himatamtoota Roorisaa Gurree faa namoota 2 lakk galmee A/A 09317 ilaali.

[223] Labsii lakk.1051/2009 keewwata 19, labsii lakk.234/2013 keewwata 26 fi kkf.

## Dhimma 29ffaa

Falmii Abbaa Alangaa Aanaa Sokorruu fi himatamtoota Yohaannis Taakkalaafaa faa-2 konkolaataa fe'umsaa ISUZU irratti buna seeraan alaa kiiloo giraama 5850 ta'e fe'anii osoo geejibaa jiranii qabamuun seera yakkaa keewwata 32(1a) fi labsii lakk.160/2002 keewwata 23(6) mana murtii Aanichaatti lakk.020817 irratti himateen ragaa A/A dhiyaate ciraa waliin xinxaluun murtii balleessummaa kennuun bunni ciraan qabamee dhiyaate dhaalamee mootummaaf galii haa ta'u jedhameera. Bifuma wal fakkaatuun Mana Murtii Aanaa Sibuu Sireee lakk.23761[224] irratti murtii balleessumaa kennuun ciraan qabamee jiru mootummaaf galii akka tu'u ajajeera.

## Gaaffii Marii

Dhimma ciraa ragaa ta'ee himata yakkaa irratti dhiyaatuun ejjennoo lamaan armaan oliitti ka'e kana keessaa isa kamtu bu'uura seeraa fi dhama qabeessa dha jettu?, qabatama isin bira jiru kaasuun mari'adhaa.

Dabalataan dhimmuma daldala seeraan alaa zayita nyaataa waliin kan wal qabateen murtii qaamoleen bulchiinsaa murteessanii fi manni murtii idilee dhaddacha yakkaa irratti murtii balleessummaa kennee booda ciraa himatni yakkaa irratti dhiyaateen wal qabsiisee irratti murtii adda addaa wal faallesse kenname itti aansinee haa ilaallu.

## Dhimma 30ffaa

Falmii Abbaa Alangaa Aanaa Gimbii fi himatamaa Tufaa Ayyalaa gidduu turerratti himatamaan zayitii nyaataa Magaalaa Naqamtee irraa seeraan ala fe'ee magaala Gimbii irraa gara Aanaa Gullisoo ganda Calliyatti osoo socho'aa jiru waan qabameef labsii lakk. 813/2006 keewwata 43(4) jalatti himatameera. Himatamaan jecha amantaa fi waakkii isaa bu'uura seera deemsa falmii yakkaa keewwata 35tiin kan kennee fi ragaan abbaa alangaa irratti waan mirkaneesseef manni murtii aanaa Gimbii lakk.galmee 11670 irratti hidhaa waggaa sadii fi qarshii 1000 adabee ciraa himataan wal qabatee irrattis mootummaaf galii akka ta'u jechuun murteessee jira.

Gama biroon immoo koreen gabaa tasgabbeessituu magaalaa Gimbii ammoo gocha himatamaan raawwate seeraa ala miti jedhe murteessuun ciraan abbaa qabeenyaaf akka deebi'u murteesseera.

Himatamaan murtii jalaa komachuun oliyyata Manni murtii Olaanaa Godina Wallagga Lixaatti dhiyeeffatee manni murtichaas dhimmicha keessa ilaaluun manni murtii idilee aangoo hin qabu

[224] Falmii yakkaa Abbaa Alangaa fi Himatamtoota Salamoon Girmaa faa n-2 mana murtii aanaa sibuu Sireetti gaggeeffamaa ture.

jechuun murtii jalaa diiguun himatamaas ta'e murtii ciraa irratti kenname akka hin raawwatamne ajajeera.[225]

## Gaaffii Marii

1. Murtii mana murtii Aanaa Gimbii dhimma ciraan kan wal qabatu erga murtii balleessumaa himatamaa irratti kennee booda ciraan mootummaaf galii haa ta'u jechuun ajajee, akkasumaan osoo mana murtii oliyyata dhaga'uun murtiin mana murtii jalaa cimeera ta'ee fi gama biroon immoo murtii koree gibraayilii murtii bulchiinsaatiin ciraan daldala seeraan alaa irratti raawwatameera jechuun qabame seeraan ala miti ulaagaa hunda guuttatee waan jiruuf abbaa qabeenyaaf haa deebi'u jechuun murteesse kana keessaa murtii lamaan keessaa murtii isa kamtu seera fulduratti raawwatinsa qabaata jettu?
2. Ragaa ciraa daldala seeraan alaa ta'ee qabame akka manni murtii ajaja itti kennuuf himata A/A irratti dhiyaatuun wal qabatee bifa addaan sur-sagaleen fi ragaa barreeffamaan deeggaramee dhimma ragaa qofaaf dhiyaachuu qaba moo? Akka manni murtii tooftaa mirkaneessa ragaa ta'ee booda dabalataan ciricha irratti ajaja barbaachisu akka irratti kennuuf dhiyaachuu qaba jettanii yaaddu?Maaliif? Muxannoo isin bira jiru kaasuun mari'adhaa.

Kanuma waliin murtii dhaddachi ijibbaataa mana murtii waliigala fedaraalaa jildii 21ffaa irratti kenne dhimma ammaaf rogummaa waan qabuuf itti aansuun haa ilaallu.

## Dhimma 31ffaa

Himataan obbo Tasfaalem G/Mikaa'eel kan jedhamu konkolaataa FSR lakk.gabatee 03-0188468 A/A qabeenyummaan isaa kan himataa ta'e sababa hayyama darbii osoo hin qabaatiin sukkaara geejibeera jechuun bu'uura labsii lakk.813/2006 keewwata 27(1) jalatti tumame irra darbuun himatamaan waajjira poolisii magaala Negellee osoo aangoo hin qabaatiin gaafa 28/03/2007 na jalaa qabee jira waan ta'eef konkolaataa kana akka gadi naaf lakkisu jechuun mana murtii godina Arsii Lixaatti himateera.

Himatamaanis dhiyaatee konkolaataa kana seeraan ala qabnee jirra osoo hin taane sukkaara kuntaala 100 konkolaataa isaa kanaan seeraan ala hayyama darbii malee osoo geejibaa jiruu qabamee yakkaan qoratamaa turee A/A himata yakkaa gaafa 07/08/2007 labsii lakk. 813/2006 keewwata 43(5) sukkaara seeraan ala geejibaa osoo jiru qabamee himatameera jechuun sukkaaraa fi konkolaataa ragaa ciraa gochuun mana murtii aanaatti banuun osoo falmii irra jiruu himatamaan

[225] Dhimma 20ffaa moojulii gochaa daldala seeraan alaa seeraa fi hojmaata jedhu fuula 56 irraa kan fudhatame.

dhaddacha irraa waan badeef galmeen yeroof cufameera. Konkolaataan galmee yakkaa irratti akka ragaa ciraatti dhiyaatee murtii mana murtii kan eeggachaa jiru waan ta'eef konkolaataan kun seeraan ala kan qabame miti jechuun falmeera.

Kanumaan manni murtii olaanaa himatni hariiroo hawaasaa dhiyaateef galmeen qorannoo yakkaa dhugummaan qoratamee himatni yakkaa ragaa ciraa sukkaaraa fi konkolaataa qabu jiraachuu galmee haadhoo fichisiisee hubachuun erga mirkaneeffatee booda ciraan galmee yakkaa irratti dhiyaate murtii xumuraa osoo hin argatiin himata hariiroo hawaasaan ilaaluun deeggarsa seeraa kan qabu miti jechuun murteessee jira. Himataan murtii kana komachuun mana murtii waliigala Oromiyaatti oliyyannoo dhiyeeffateen manni murtichaa abbotii dhimmaa wal falmisiisuun manni murtii jalaa himata bu'uura labsii lakk.813/2006 keewwata 43(5)tiin dhiyaateef ofitti fuudhee ilaaluf aangoo kan hin qabne waan ta'eef, konkolaataan qaama aangoo qabuun ilaalamee fala kan argachuu qabu ta'ee osoo jiruu qabamee turuun isaa seeraan ala waan ta'eef murtiin mana murtii olaanaan kenname dogoggora bu'uura seeraa qaba jechuun murticha haquun konkolaataan himataaf akka gadi lakkifamu jechuun murteessee jira.

Abbaan dhimmaa murtii kana komachuun iyyata ijibbaataa mana murtii waliigala fedaraalaatti dhiyeeffateen dhaddachichis falmii abbootii dhimmaa erga dhaga'een booda dhimmi yakkaa kan gaggeeffamuu qabu bu'uura seeraa diriiree jiruun ta'uu akka qabuu fi falmiin bu'uura seeraa diriiree jiruun ala taasifamuu fi murtiin kennamu bu'uura seeraa hin qabaatu. Kanaaf himata yakkaa waliin ciraan dhiyaatu qabeenyichi mootummaaf yookiin abbaa qabeenyaaf akka deebi'u murtiin kennamu amala addaa himata yakkichaa fi dhimmichaaf tumaawwan seera yakkaa fi s/d/f/yakkaa bu'uura godhachuun mana murtii yakkicha ilaaluun kan murtaa'u ta'a. kanaan ala mana murtii yakkicha ilaaluuf aangoo hin qabneen dhiyaateera sababa jedhuun dhimma ciraa dhaddacha yakkaan ilaalamee murtii xumuraa argachuu qabu himata hariiroo hawaasaa dhiyeeffachuuf sababni himannoo nama dandeessisu hin jiru. Dabalataanis falmiin dhaddacha yakkaa fi hariiroo hawaasaa taasifamuu, ijoon dubbii qabamuu fi ragaawwan dhiyaatan akkasumas sirni madaallii ragaa garaagara dha jechuun ciraan himata yakkaan qabame mana murtii dhiyaatee murtii kan argatu *yakkicha irratti murtiin xumuraa yeroo kennamu abba qabeenyaaf haa deebi'u yookiin mootummaaf galii haa ta'u yeroo jedhamu yookiin seera rogummaa qabuun qaama aangoo qabuun ajajni* yeroo kennamu ta'uu akka qabu ibsuun murtii mana murtii waliigala oromiyaa diiguun murtii mana murtii olaanaa cimsee jira.

## Gaaffii Marii

Murtii mana murtii olaanaa fi murtii dhaddacha ijibbaataa kana akkamittiin ilaaltan keessumaa ciraa sukkaara kuntaala 100 kana Abbaan Alangaa ciraan wal qabsiisee dhiyeesse ciricha irratti manni murtii dhaddacha yakkaa osoo murtii xumuraa hin kenniin yookin seera rogummaa qabuun qaama aangoo qabuun ajajni osoo hin kennamiin himata H/H diyeessuun bu'uura seeraa hin qabu jechuun xiinxale ilaalchisee, galmee sababa himatamaan badeef adda cite jiru irratti qaamni aangoo qabu tarkaanfii bulchiinsaan ciraa sukkaarichaa fi konkolaataa irratti bu'uura qajeelfama gibraayilii gabaa tasgabeessituun ilaalee fala kennuu ni danda'aa?

Dhimmoota ciraa daldala seeraan alaan dhaaluun wal qabatee ijoon biroo ilaalamuu qabu mirga yookiin dantaan qaamolee sadaffaa haala kamiin keesumaa'uu qabaa kan jedhu ilaaluun baayy'ee murteessaa dha. Seerri yakkaa keewwatni 98 adeemsa qabeenyi dhaaluu hordofuu qabu kaa'ee jira. Manni murtii seera bu'uureeffachuun qabeenya yakkamtichaa guutummaatti yookiin gartokkeen akka dhaalamu murteessuu akka danda'u, gochi yakkaa murtiin balleessummaa itti kennameen yakkamaan kallattiinis ta'e alkallattiin qabeenyi akka dhaalamus tumee jira. Akkasumas, ajaji dhaaluu qabeenya karaa seera qabeessa ta'e argames akka dabalatu nii tuma.[226] Qabeenya bu'aa yakkaa ta'an yeroo dhaalamanitti mirga qaama sadaffaa akkam ta'uu qabaa kan jedhu seerichi callisaan bira darbee jira.

Gama biroon immoo wantoota balaafamoo ta'an dhaaluu waliin kan wal qabatu tumuun wantootni yookiin meeshaaleen balaafamummaa hin qabne yookiin seeraan hin dhorkamne kamiyyuu qabeenya qulqulluu qaama sadaffaa yoo ta'an mirgi namoota kanaa kan eegame dhaa jechuun seerri yakkaa keewwata 140(2) jalatti tumee jira. Mirga qaama sadaffaa kan eegu keewwatni kun qabeenyi dhaalamuuf deemu qabeenya balaafamoo yoo ta'ani dha. Haa ta'uyyuu malee qabeenyi dhaalamuuf deemu kun wantoota balaafamoo hin ta'iin bu'uura seera yakkaa keewwata 98 tiin geggefamu yoo ta'e mirgi garee sadaffaa kun akkam ta'a kan jedhu irratti seerichi homaa hin jenne. Keessumaa ciraa daldala seeraan alaati jedhamee kan qabame bunaa abba konkolaataatiin seeraan ala osoo geejibuu yoo qabame konkolaataa buna seeraan ala geejibaa ture akka dhaalamu ni tuma. Haa ta'uyyuu malee konkolaataan kun qaama sadaffaan wabummaan qabameera yoo ta'e mirgi dursaa qabeenya wabiin qabate irratti seeraan qabu maal ta'a kan jedhu ifa miti.

Akkasumas dhimma yakkaan wal qabatee sababa labsiiwwan daldala seeraan alaa dhorkuuf bahan cabsee yoo argame akka qabeenyichi dhaalamu ni beekama, haa ta'uyyuu malee dhimma yakkaa

[226] Seera yakkaa bara 1996 keewwata 98(2)

irratti mirgi dursaa raawwatinsa ni qabaataa? Yoo qabaate immoo dantaa hawaasa bal’aatu dursuu qaba moo akka seera hariiroo hawaasaa dhimmootni kan akka wabummaan qabeenya qabachuu mirga dursaa akka qabatan ta’a kan jedhu ijoo seeraa fala argachuu qabu dha. Kanuma waliin kan wal qabatu dhima itti aananii jiraan haa ilaallu.

**Dhimma 32ffaa**

Abbaan Alangaa namoota Masaay Zallaqaa faa n-5 jedhaman meeshaalee bu’uuraa kan ta’e sukkaara kuntaala 865 hayyama darbinsaa malee osoo geejibsiisanii to’atamaniiru jechuun labsii lakk.813/2006 keewwata 24(4) fi 43(5) kan himate yoo ta’u himatamtoota 1ffaa fi 2ffaa himata jalatti himatamaniin murtii balleessummaa fi adabbii kennuun himatamtoota 3ffaa hanga 5ffaatti jiran immoo itti gaafatamummaa hin qaban jechuun bilisaan geggessuun sukkaara kuntaala 865 ciraan qabame bu’aa yakkaati jedhamee gurguramee mootummaaf galii akka ta’u manni murtii aanaa magaalaa laga xaafoo laga daadhii ajaja kenneera.

Iyyataan Al-Hasan Industirii Nyaataa I/G/Murtaa’en mana murtii aanichaatti dhiyeesseen qabeenyi dhaalame qabeenya koo ta’ee osoo jiruu akka dhaalamu waan murtaa’eef qaama falmichaa taanee qorannoon akka nurratti geggefamu akkasumas sukkaarri akka dhaalamu kan murtaa’e akka nuuf ka’u jechuun gaafateera. Manni murtichaas iyyannoo kana fuudhee erga dhaga’ee booda qabeenyi sukkaaraa bu’aa yakkaa ta’e labsiin dhaalamee booda haala itti iyyannoon dhiyaatee itti keessummaa’u hin jiru jechuun iyyannoo dhiyaate kufaa taasisee jira.iyyataan murtii mana murtii komachuun oliyyannoo isaa mana murtii olaanaa fi mana murtii waliigalaa oromiyaa gidduugaleessa dhaddacha yakkaatti kan dhiyeeffate ta’ullee murtiin mana murtii akka cimu ta’ee jira.

Iyyataan, iyyata ijibbaataa dhimma ciraa kanaan kan wal qabatu dhiyeesseen qabeenyi kan abbaa horee ta’uu heera mootummaan beekamtii kan argate osoo abbaan qabeenyaa hin falmiin kan dhaalame dhimmicha itti gallee falmuu akka dandeenyu seerri osoo nu deeggaruu kufaa kan ta’e sirrii miti jechuun falmii dhiyeesse waamamaa A/A waamuun falmisiisuun dhaddachi ijibbaataa kun iyyataan ammaa dhimma yakkaa irratti qabeenyi akka ciraatti qabame bu’aa yakkaati jedhamee yommuu dhaalamu, qaamni abbaa qabeenyaa ciraa qabamee sanaati ofiin jedhu haalatti itti seenee falmatu sirna deemsa falmii yakkaa keessattis ta’e labsii eegumsa shamattootaa keessatti wanti

tumame hin jiru waan ta’eef manneen murtii jalaa iyyannoo dhiyaate kufaa taasisuun murtii kennan dogoggora kan qabu miti jechuun murtii jalaa cimsee jira.[227]

## Gaaffii Marii

- Murtii manneen murtii kana akkamittiin ilaaltu, keessumattuu heerri mootummaa fedaraalaas ta’e kan naannoo keenyaa namni kamiyyuu mirga eegumsa qabeenya dhuunfaa heera irraa kan madde ta’uu heerri biyya keenyaa keewwata 40(1) jalatti tumamee fi mirga haqa argachuu heericha keewwata 37(1) fi seera yakkaa keewwata 98, 99 fi 140(2) waliin akkamittiin madaaltu?
- Seerri yakkaa keewwata 98 fi heerri FDRE keewwatni 40 walitti bu’a moo kan wal deeggarudha jettanii yaaddu
- Sirna seerraa biyya keenyaa keessatti erga ciraa irratti manni murtii murtii xumuraa argatee adeemsi seeraa qaamni sadaffaa mirga isaa kabachiifachuu danda’u nii jiraa?

Dhimma biroo ciraa daldalli seeraan alaa osoo geddeeffamaa jiruu qabamee qaamni gocha yakkaa sana raawwate seeratti dhiyaatee erga murtiin balleessummaa kennamee booda ciraa himataan wal qabatee dhiyaate irratti kenneen wal qabatee ijoowwan falmisiisoo mana murtii fedaraalaa dhaddacha ijibaataatti ilaalamaa turee murtii argate itti fufnee haa ilaallu.

## Dhimma 33ffaa

Konkolaataan ISUZU fe’umsaa qabeenyummaan isaa kan obbo Barihee Hagoos taate lakk gabatee 3-29644 A/A taate abbaan qabeenyichaa iyyataa yeroo ammaa Baankii Wagaagan irraa qarshii 90000 konkolaataa kana qabsiisuun liqeeffatee ji’aan qarshii 2905 kaffalaa osoo jiruu gidduutti kaffaltii kana waan adda kuteef konkolaatittiin seera foolkilojariitiin gurguramteen idaa abbaa qabeenyaa konkolaatitti irra jiru irraa akka baastuuf raawwachifachuuf jedhu ajaja abbaa taayitaa geejibaa fedaraalaatiin konkolaatattiin abbaa taayitaa galii fi gumurukaa dame maqalee sababa konkolaatattiin boondaa feetee argamteef kan dhaalamte ta’uu kan itti himame ta’uu ibsuun konkolaaticha irratti nama kamiyyuu dura mirga dursa kan qabu ta’uu ibsuun waamamaan abbaa taayitaa galii fi gumurukaa Itoophiyaa konkolaatitti akka isaaf kennu akka isaaf murtaa’uuf mana murtii gidduugaleessaa magaala Maqaleetti himateera.

Waamamaan abbaa taayitaa galii fi gumurukaa Itoophiyaa sababa yakki ittiin raawwatameef mana murtii sadarkaa sadarkaan falmaamaa tureen iyyataanis gidduu seenee falmataa turee qabeenyi kun

[227] Murtiilee barsiisoo mana murtii waliigalaa oromiyaa jildii 9ffaa lakk.galmee 336031.

dhaalamee mootummaaf galii akka ta'u kan murtaa'e ta'uu fi akkasumas murtiin erga xumura argatee booda irra deebiin kan iyyatni dhiyaatu miti jechuun falmeeraa.

Iyyataan dhimmichi adda addaa waan ta'eef murtii xumuraa argateera jechuudhaaf kana nama dandeessisu waan hin taaneef konkolaalataa qabsiisaanin qabadheera waan ta'eef mirgi dursaa naaf eegamuu qaba jechuun falmii isaa jabeessee itti fufeera.

Manni murtii dhimmichi dhiyaateef qorachuun konkolaataan falmichaaf ka'umsa taate sababa yakka gumurukaan dhaalamtee mootummaaf galii akka taatu dhaddachi ijibbaataa mana murtii fedaraalaatiin murtii xumuraa argatteetti waan ta'eef bu'uura 32(2) fi 244(2B fi D)tiin iyyaticha kufaa taasisee jira. Iyyataan aammaa murtii kana komachuun mana murtii waliigala naannoo Tigraayitti dhiyeeffatullee oliyyannoon isaa bu'uura s/d/f/h/h keewwata 337tiin haqameera.

Iyyataan konkolaataa qabsiissaan qabatee jiru sababa konkolaataan yakka gumurukaan dhaalamtee jirtuuf dhimma takkaa xumura argate lammaffaa hin ilaalamu jechuun manni murtii jalaa himannicha kuffise keewwattoota mirgoota qabsiisaa tuman kan gidduugaleessa godhate miti waan ta'eef dogoggora seeraa bu'uuraa raawwatameera jechuun dhaddacha ijibbaataa fedaraalaatti dhiyeeffateera. Waamamaanis deebii kenneen mirgi qabsiisaa kan hojjetu dhimmoota hariiroo hawaasaaf malee dhimmoota yakkaaf mitii, dabalataan iyyataanis kanaan dura bu'uura s/d/f/h/h keewwata 418tiin mana murtii olaanaa Maacaw galmee banameen gaafficha dhiyeessee kufaa waan ta'eef murtiin xumuraa kennamee dhiisuun mirga dursaa bu'uura godhachuun himata dhiyeessuun isaa dogoggora waan ta'eef murtiin mana murtii jalaa dogoggora hin qabu jechuun falmee jira.

Dhaddachi ijibaataa xiinxala seeraa hedduu keessa darbuun bu'uura labsii lakk.286/1994 keewwata 80 namootni qabsiisaan meeshaa qabatan mana hojii gibira sassaabu dura mirga kan qaban ta'uu tumamee waan jiruuf manni hojii gibira sassaabu seericha raawwachiisuuf sochii inni taasisu balleessitoota mana murtiitti yeroo adabsiisuu fi balleessitootni qabeenya yakkicha ittin raawwatan akkaataa seerichaatiin mootummaan akka dhaalu bu'uura seeraan yoo murtaa'e qabeenyicha dhaalame irratti mirga kan qaban sababa gocha yakkaan qabeenyichi akka dhaalamu sababa murtaa'eef qofaa mirga qabsiisaan gonfatan mirgicha ni dhabu jechuu akka hin taane yaada seera baastotaa haguuggii seerota hedduu yeroo walitti qabnee ilaallu kan nama hubachiisu ta'ee argameera. Kanaaf osoo yakki hin raawwatamiin iyyataan qabsiisa mirga dursaa seera fulduratti ragga'e waan qabuuf sababa liqeeffataan yakka dalageef qabsiisni seera qabeessa raawwatame kan gatii dhabu miti waan ta'eef mirga dursaa waamamaa dura argachuu qaba jechuun qabeenya qabsiisaan wabii ta'ee kaffalamee irraa hafu yookiin tilmaama qabeenyaa yeroo konkolaataan

dhaalame baasu qabeenya raawwataa yakkichaa irraa waamamaan haa raawwachiifatu jechuun murteessee jira.[228]

**Gaaffi marii**

1. Adeemsi seeraa bu'uura seera deemsa falmii yakkaa fi seera yakkaan murtiin balleessummaa kennamee booda qabeenyi yakki ittin raawwatame erga dhaalamee booda mirgi qaama sadaffaa akka kabachiifatuuf dhaddachi ijibbaataa murtii dirqisiisaa kenne kenne seera yakkaa keewwata 98 waliin akkamittin ilaalamaa?
2. Akkuma beekamu dhimmi yakkaa dhimma faayidaa fi dantaa uummataati jedhamee yaadama, haa ta'uyyuu malee mirga uummata bal'aa fi kan namoota dhuunfaa qaama sadaffaa wal dorgomsiisuun qaamni sadaffaan qabsiisaan mirga dursaa kan yakkaan qabeenyi mirga dursaan qabsiifame sababa yakka raawwateef yoo dhaalame mirgi dursaa nama kamiyyu dursu mootummaa sababa yakki rawwateen qabeenya dhaalaa argatee harka isaa gale dursa argachuu qaama sadaffaa eegamuu qaba jedhee murteesse akkamittin ilaaltu? Mirgi dursaa hariiroo hawaasaa seera yakkaaf ni raawwata?

[228] Murtii Mana Murtii Waliigala Fedaraalaa Dhaddacha Ijibbaataa jildii 14ffaa lakk.galmee 81215 irratti murtii kenname dha.

# Madda Wabii


**1. Kitaaboota**

1. Abate Ayana, The Law and Practice of Adminstrative courts in Ethiopia:the case of Addis Abeba City Adminstrative Tribunals, April 2011
2. Abreham Yohanis and Desta G/Michael, Administrative Law, Teaching Material, 2009.
3. Belayneh Bogale, the nature of cross border contraband trade across the main route of Moyale-Hawassa,2018.
4. C.T.Emery and B.Smite judicial review (London ) Swweet and Maxwel;1986.
5. Despina Kyprianou, Comparative Analysis Of Prosecution Systems (Part II): The Role Of Prosecution Services In Investigation And Prosecution Principles And Policies,
6. Dr.Abdi Yuya & Dr.Kassahun Dubale, Causes, Practices and Consequiences of Illegal Tarade in Oromiya Regional State, Adama Science and Technology University in Collaboration with Oromiya Trade Bureau,2022
7. Enforcmeny Manual To Combat Illicit Trade in Kenya, 2020.
8. Evena Chan, The Decision To Investigate And Prosecute In China, Hong Kong, (2006)
9. Halliday Simon, judicial review and compiliance with administrative law Oxford:Hart,2004.
10. James Hamilton, The Role Of Puplic Prosecutors In Upholding The Rule Of Law In Ireland, (2008)
11. John Buchanan, Police Prosecutor Teams: Innovations In Several Jurisdiction, National Institute Of Justice, Research In Action, (1989)
12. Lauren Kohn, Using Adminstrative Law to Secure Informal Livelihoods: Lessons from South Africa,May 2017.
13. National Action Plan and Implementation Frame Work To Combat Illicit Trade(Republic of Kenya),June 2019,
14. Peter J.P. Jak, The Relationship Between Public Prosecutors And The Police In The Member States Of The Council Of Europe, Conference of prosecuros general of Europe 6th session, May 2005,
15. R.J.F Gordon, Judicial review: law and procedure, Lodon Sweet and Maxwell,1996
16. Republic of Kenya National Action Plan and Implementation Framework to Combat Illicit Trade in June 2019-2022.

**2. Seerota**

**Seerota Sadarkaa Fedaraalaa**

1. Heera Mootummaa Fedaraalawaa Dimookiraatawaa Itoophiyaa, bara 1995
2. Labsii Gahee Hojii Qaamolee Raawwachiiftuu Fedaraalaa irra Deebiin Gurmeessu fi Gahee hojii isaanii murteessuuf bahe, lakk 1263/2021
3. Labsii Manneen Murtii Fedaraalaa lakk.1234/2013
4. Labsii Galmeessaa fi Hayyama Daldalaa, lakk 980/2008
5. Lbasii Galmeessaa fi Kenna Hayyamaa fooyyeessuuf ba’e lakk.1150/2019
6. Labsii Misoomaa Guddina Albudota, lakk 678/2010
7. Labsii Misoomaa Guddina Albudota, lakk 678/2010 fooyyeessuuf ba’e lakk.1213/2020
8. Labsii Beeyiladootaa, lakk 819/2006
9. Labsii Gogaa fi Kalloo lakk.814/2006
10. Labsii To’annaa Qulqullinaa fi Gabaa Bunaa Federaalaa, lakk 1051/2009
11. Labsii Nyaata, Dawwaa fi Eegumsa Fayyaa To’achuuf bahe lakk 661/2009
12. Labsii To’annaa Nyaataa fi Qorichaa lakk.1112/2019
13. Labsii Ommishaa fi Daldala Madaabaraa lakk.137/1998

14. Labsii To’annaa Boba’aa lakk.838/2006
15. Labsii Dorgommii Daldalaa fi Mirga Shamattootaa lakk.813/2006
16. Seera Hariiroo Hawaasaa Itoophiyaa, 1960.
17. Seera adaba yakkaa Bara 1954
18. Seera deemsa falmii yakkaa Itoophiyaa bara 1954
19. Seera Yakkaa RDFI bara 1996
20. Seera Daldalaa 1243/2021
21. Labsii Sirna Seera Bulchiinsa Fedaraalaa 1183/2020
22. Labsii Farra Ilbiisotaa lakk.674/2002
23. Labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigala Fedaraalaa lakk.943/2008
24. Imaammata Haqa Yakkaa Itoophiyaa Bara 2003.
25. Dambii saliixaa fi Boloqqee Adii lakk.178/2002
26. Dambii saliixaa fi Boloqqee Adii fooyyessuuf ba’e lakk.307/2006
27. Dambii To’annaa Qulqullina fi Bittaa Bunaa lakk.433/2011
28. Dambii Labsii Horii Dhaabbii Raawwachiisuuf Ba’e lakk.341/2007
29. Dambii Labsii Gogaa fi Kalloo Raawwachiisuuf Ba’e lakk.339/2007
30. Dambii Labsii Boba’aa Raawwachiisuuf Ba’e Lakk.521/2015
31. Dambii Labsii lakk.661/2002 Raawwachiisuuf Ba’e lakk.299/2006
32. Dambii Galmeesseessaa fi Kenna Hayyamaa lakk.392/2016

**Seerota Naannoo**

33. Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa.
34. Labsii Qaamolee Hojii Raawwachiiftuu Naannoo Oromiyaa lakk.242/2014
35. Labsii Gurmaa’ina, Aangoo fi Hojii Manneen Murtii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe, Labsii Lak. 216/2011.
36. Labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Mootummaa Naan noo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe Lak.214/2011
37. Labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa Lakkoofsa 214/2011 Fooyyeessuuf Bahe, Lakkoofsa 236/2013
38. Labsii Sirna To’annoo Gabaa fi Qulqullina Oomishaalee Qonnaa Naannoo Oro miyaa Murteessuuf Bahe, Lakkoofsa 234/2013
39. Wixinee Labsii Seera Deemsaa Naannoo Oromiyaa murteessuuf qophaa’e.
40. Labsii Bulchiinsa Hojiiwwan Misooma Albuudaa Naannoo Oromiyaa Mur teessuuf Bahe Lakkoofsa 91/1997 Irra Deebiidhaan Fooyyessuuf Bahe, Lak. 223/2012
41. Labsii Kenniinsa Hayyamaafi Bulchiinsa Abu kaatoofi Barreessitoota Dhimma Seeraa Mootum maa Naannoo Oromiyaa lakk.182/2005
42. Dambii Labsii lakk.182/2005 Raawwachiisuuf ba’e lakk.177/2008
43. Dambii Sirna Gabaa fi To’annaa Qulqullina Aannanii lakk.221/2013
44. Dambii Sirna Gabaa Fi To’annoo Oomisha Jimaa Naannoo Oromiyaa lakk.224/2013
45. Dambii sirna Gabaa fi To’annaa Midhaan Biilaa fi Agadaa lakk.230/2014
46. Qajeelfamoota Sadarkaa Fedaraalaa fi Naannoo Keenyaatti Ba’anii Jiran
47. Qajeelfama Sirna Raabsaa Meeshaalee Daldalaa Bu’uuraa Qopheesseera (qaj. lakk 1/2004) /Qajeelfama Biiroo Daldalaa fi Misooma Gabaa Oromiyaas (BDMGO)/.
48. Qajeelfama Bunaa fi Shayee Fedaraalaa lakk.02/2012
49. Qajeelfama Labsii fi Dambii Horii Dhaabbii Raawwachiisuuf kan bahe lakk.004/2007
50. Qajeelfama Labsii fi Dambii Gogaa fi Kalloo Raawwachiisuuf kan bahe lakk.005/2007
51. Qajeelfama Dambii Saliixaa fi Boloqqee Adii Raawwachiisuuf ba’e.
52. Qajeelfama Kenniinsa Hayyamaa Hojii Daldalaa lakk.17/2011

53. Qajeelfama Raabsa Gurgurtaa fi Daddabarsa Meeshaalee Bu'uuraa Zayita Nyaataa Naannoo Oromiyaa lakk.06/2012
54. Qajeelfama Raabsa Gurgurtaa fi Daddabarsa Meeshaalee Bu'uuraa Qamadii fi Daakuu Qamadii Naannoo Oromiyaa lakk.06/2012
55. Qajeelfama Sirna Gabaa Jimaa Naannoo Oromiyaa lakk.10/2014
56. Qajeelfama Waraqaa Darbinsaa Daandii Naannoo Oromiyaa lakk.13/2015
57. Qajeelfama To'annoo fi Sassaabbii Galii Bu'aa Bosonaa Fi Bineensota Bosonaa Oromiyaa Irra Deebiin Fooyya'ee Ba'e lakk.09/2015
58. Qajeelfama Dambii Saliixaa fi Boloqqee Adii Raawwachiisuuf ba'e lakk.892/2014
59. Qajeelfama raawwii rabsaa, wal harkaa fuudhinsaa fi Gurgurtaa Bu'aalee Boba'aa lakk. 904/2014
60. Qajeelfamaa Kananinsa hayamaa jarmayalee boba'a kubaniyawan irraa kallattin bitani fayadaman lakk 905/2014
61. Qajeelfama fi haala kenninsa heyyama Daldala Qinxaaboo boba'aa Bakka buufanni boba'aa hin geenyetti Lakk 906/2014
62. Qajeelfama Bulchiinsa To'annaa Galmeessaa fi Kenna Hayyama Ogeessa Fayyaa lakk.770/2013
63. Qajeelfama Eegumsa Qabeenya Bosonaa Oromiyaa lakk.01/2012.
64. Qajeelfama sirna iyyannaa ijibbaataa mana murtii waliigala fedaraalaa lakk.17/2015.

**Dhimmoota.**

1. Falmii Abbaa Alangaa Aanaa fi Waasil Rashiid gidduutti Mana Murtii Aanaa Magaalaa Adaamaatti lakk. Galmee 27050 taasifamee murtaa'e.
2. Dhaddacha ijibbaataa mana murtii waliigala fedaraalaa jildii 12ffaa lakk galmee 58931.
3. Abbaa Alangaa Waliigalaa Naannoo Oromiyaa fi Sheek Abdallaa Ismaa'el, BH Dhaddacha Bahaa, galmee A/A lakk 101955.
4. Abbaa Alangaa Waliigalaa Naannoo Oromiyaa fi Sheek Abdallaa Ismaa'el, MMWO Dhaddacha Bahaa galmee lakk 226512
5. Falmii Abbaa Alangaa Aanaa fi himatamaa Hamsaaluu Kindee Mana Murtii Aanaa Giggaatti lakk.galmee 08249 irratti murtii argate.
6. Murtii mana murtii aanaa haramayaa dhaddacha yakkaa lakk.galmee 55343 irratti gaafa 20/12/2014 kenname ilaalii.
7. Mana Murtii Aanaa Diggaa lakk. Galmee 13650 ta'e irratti kan gaafa 12/11/2011 murtaa'e.
8. Mana Murtii Olaanaa Godina Wallagga Bahaa lakk galmee 53316 ta'e irratti kan gaafa 7/2/2012 kenname.
9. Murtii Mana Murtii Waliigala Fedaraaalaa Dhaddacha ijibbaataa lakk. Galmee 201776 kan gaafa 29/11/2013 kan jildii dhaan hin maxxanfamne dha.
10. Mana Murtii Aanaa Magaalaa Sabbataatti himatamaa Kifloom Bakratsiyoon irratti Abbaan Alangaa himannaa yakkaa hundeesseen lakk.galmee mana murtii 16742 irratti murtii argate dha.
11. Oliyyannoo dhaan dhimmumti kun mana murtii olaanaa Go/A/N/Finfinnee lakk.galmee 73515 irratti murtii mana murtii jalaa cimse dha,
12. Falmii iyyatta ijibbaataa Obbo Kifloom Bakratsiyoon fi Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa tureen lakk.galmee 393113 dhaddacha gaafa 20/07/2014 murtaa'e dha.
13. Geexee Mogos vs. Waajjira Daldalaa fi misoomaa gabaa magaalaa adaamaa fi waajjira eegumsa fayyaa bulchiinsa magaalaa adaamaa, mana murtii aanaa adaamaa, galmee lakk 73675
14. Murtii mana murtii waliigalaa dhaddacha ijibbaataa jildii 22ffaa lakk.galmee 128035

15. Murtii mana murtii waliigala oromiyaa dhaddacha ijibbaataa lakk.galmee 337085 dhaddacha gaafa 16/6/2013 ooleen murtaa'e.
16. Falmii ijibbaataa dhimma yakkaa Abbaa Alangaa fi iyyataa Amraan Taajuu gidduu tureen lakk.galmee 209763 dhaddacha ijibbaataa gaafa 25/5/2014 murtii argate dha.
17. Himata Abbaan Alangaa Godina Jimmaa himatamaa Iyyu'eel Girmaa kan jedhamuun seera yakkaa bara 1996 bahe keewwata 525(4A) itta darbuun yakkaa baala sammuu adoochuu nanneessuu raawwateera jechuun mana murtii Godina Jimmaatti himatee manni murtichaas lakk galmee 62254 irratti dhaddacha gaafa 02/03/2015 ooleen murtii kennee jira.
18. Himata Abbaan Alangaa Godina Jimmaa himatamaa Fiqir Balaay faa namoota 2 kan jedhaman seera yakkaa bara 1996 bahe keewwata 525(4A) itta darbuun yakkaa baala sammuu adoochuu nanneessuu raawwataniiru jechuun mana murtii Godina Jimmaatti himatee manni murtichaas lakk galmee 62305 irratti dhaddacha gaafa 27/03/2015 ooleen murtii kennee jira.
19. Daddacha ijibbaataa mana murtii waliigala fedaraalaa jildii 23 lakk.galmee 145733
20. Murtii Mana Murtii Anaa Beddeellee lakk.galmee 44368 dhaddacha gaafa 30/02/2015 ooleen murtaa'e dha.
21. Murtii manna murtii olaanaa Godina Buunnoo Baddallee dhaddacha Hariiroo Hawaasaa lakk.08052 dhaddacha gaafa 02/03/2015 ooleen murtaa'e dha.
22. Dhaddachi ijibbaataa mana murtii waliigala fedaraalaa falmii iyyataa Itiyoo telekoomii fi waamamaa obbo Bantii Galaalchaa gidduu tureen lakk.galmee 225293 irratti dhaddacha gaafa 28/2/2015 ooleen murtaa'en kan jildiin hin maxxanfamnedha.
23. Abbaa Alangaa Godina Wallagga Lixaa fi himatamtoota Dassaaleny Shifarraa gidduu lakk. galmee A/A 09273tiin falmii yakkaa Mana Murtii Godina Wallagga Lixaatti taasifame dha.
24. Himata yakkaa Abbaa AlangaaGo/W/Lixaa lakk.09273 himatamtoota Habtaamuu Magarsaa faa N-3 irratti Mana Murtii Olaanaa Go/W/Lixaa irratti taasifame dha.
25. Falmii yakkaa Abbaa Alangaa godina wallagga lixaa fi himatamtoota Roorisaa Gurree faa namoota 2 lakk galmee A/A 09317.
26. Falmii yakkaa Abbaa Alangaa fi Himatamtoota Salamoon Girmaa faa n-2 mana murtii aanaa sibuu Sireetti gaggeeffamaa ture.
27. Murtiilee barsiisoo mana murtii waliigalaa oromiyaa jildii 9ffaa lakk.galmee 336031.
28. Murtii Mana Murtii Waliigala Fedaraalaa Dhaddacha Ijibbaataa jildii 14ffaa lakk.galmee 81215.